



Qajeelfama Sakatta'insaa Sadarkaa Isaa Eeggate

Muummee Naannoo Fi Kunuunsa Qabeenya umamaa Tennessee

Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Seerichi Onkololeessa 13, 2018 irraa eegalee hojiirra oola

Guyyaa Ba'e: Waxabajjii 17, 2022

GABATEE QABIYYEE

KUTAA 1

KUTAA 1.2 ADEEMSA SAKATTII SADARKAA ISAA EEGGATEE

UNKAWWAN QAJEELCHA SAKATTII SADARKAA ISAA EEGGATEE*

[BAAFATA GUUTINSA ULAAGAA HOJMAATAA](#)

[QOPHII SAKATTA'IINSA GUUTINSA ULAAGAA](#)

KUTAA 2

KUTAA 2.2 SIISTEMOOTA TAANKARIWWAN KUUSAA LAFALAA BARATAMOO

KUTAA 2.4 SIISTEMOOTA UST HOJIIN ALA TA'AN

KUTAA 3

BOQONNAAWWAN TEEKINIKAA-YAA'AA ADDA BAASUU

Kutaa 3.1 Safartuu Taankarii Maanuwaalii

Kutaa 3.2 Safartuu Taankarii Awutoomaatikaalaa

Kutaa 3.3 Istaatistikaal Inveniterii Riikoonsileeshin

Kutaa 3.4 To'annoo Inteeristishiyaalii

Kutaa 3.5 Ujummoo Dhiibbaan Hojjetu

Kutaa 3.6 Ujummoo Xuuxuun Hojjetu

Kutaa 3.7 Qorannoo Dhimmisuu Taankarii

KUTAA 4

BOQONNAAWWAN TEEKINIKAA-DHIMMISUU HAMBISUU

Kutaa 4.1 Ulaagaalee Daanda'uu Ittisuuf Barbaachisan

Kutaa 4.2 Ulaagaalee Yaa'iinsaa fi Guutinsa Irra Darbaa Eeguuf Gargaaran

KUTAA 5

SIIDAA UST

DAMBIIWWAAN UST

IMAAMMATOOTA / QAJEELFAMA

Kutaa 5.1 "Qajeeltoowwan Gochoota Naamusaa Qondaaltota Mootummaa"

Kutaa 5.2 "Imaammata Waldhibdee Fedhii Dhuunfaa"

Kutaa 5.3 "Qajeelfamoota Ragaalee Hawaasaaf Deebii Kennuuf Gargaaran"

Kutaa 5.4 "Imaammataa Galmeessa Ragaalee"

Kutaa 5.5 "Imaammata Diviizhinii Akka Hojjettoonni Waliigaltee Gaafatummaa

Irraa Bilisa Isaan Godhu Hin Mallatteessine Dhoroku (Waakkattoota)"

Kutaa 5.6 "Muummee Imaammata Gaafatamummaa Jalaa Bilisa Bahuu"

Kutaa 5.7 "Arrabsoo, Sodaachifamuu yookaan Roorrifamuu Gabaasuu"

Kutaa 5.8 "Imaammaata Ofiin Gabaasa Gochuu"

Kutaa 5.9 "Vaalvii Wayita Balaa Tasaa"

Kutaa 5.10 "Imaammata Raawwii Dhiyeessiiwwan Seeraan Alaa"

Kutaa 5.11 "Imaammata yookaan Sanadoota Qajeelfamaa Qopheessuu"

Kutaa 5.12 "Imaammata Deebisa Guutinsa Ulaagaa"

Kutaa 5.13 ".09(6) Wixinee Xumuraa Qajeelfama Adeemsa Sakattii 20220316"

Kutaa 5.14 "Qajeelfama Boba'aa Hin Qulqulloofnee_20211006"

KUTAA 6

MAANUWAALII – QAJEELCHA WAABEFFANNAABAA ABBAA QABEENYAA TAANKARII

MAANUWAALII – QAJEELCHA WAABEFFANNAABAA TO'ATAA TAANKARII

XALAYAAWWAN KEESOO DHIMMA GUUTINSA ULAAGAA IBSAN

QAJEELCHA EENYUMMEESSA UJUMMOO SIBILAAN ALAA BULCHIINSA MISISIIPPII

*UNKOOTA

Yaadachiisa

IBSA UNKAA	LAKKOOFSA
Yaadachiisa Warra Bitanii	CN-1392
Jijjiirraa Teessoo Ergaa Abbaa Qabeenyaa	CN-1383
Yaadachiisa Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa	CN-1260
Yaadachiisa Agarsiistuu Abbaa Qabeenyummaa	CN-1186
Unka Yaadachiisa Fee'umsaan Duraa	CN-1288
Jijjiirraa Abbaa Qabeenyummaa Gurguraan Gabaafamu	CN-0911

Guutinsa Ulaagaa Hojmaataa

IBSA UNKAA	LAKKOOFSA
Gabaasa Qorannoo Hojmaata Safartuu Taankarii Aawutomaatikaalaa Kan Waggaa	CN-2624
Gabaasa Qorannoo Elektiroonikaalaa To'annoo Bakka Duwwaa Qaama Lamaan Gidduu Jiru Kan Waggaa	CN-1339
Gabaasa Qorannoo Haayidiroostaatikii Qindoomina Qabiyyee Saampii	CN-2664
Ragaa Guyyuu Kan Sakattii Ijaan Qaamolee Raabsituu Mijaawoo Hin Taane Irratti Godhamuu	CN-1284
Cheekliistii Mijaa'ummaa Meeshaalee	CN-1285
Gaafannoo Qormaata Eegumsa Gaalvaanik Kaatodikii	CN-1140
Unka Dubbisa Reektifaayerii Eegumsa Iimpireesdi Kaarentii Kaatodikii	CN-1282
Gaafannoo Qormaata Eegumsa Impireesdi Kaarentii Kaatodikii Kan Yeroo Ammaa	CN-1309
Unka Qorannoo Xuuxxuu Dhangala'aa Kan Haayidiroostaatikii Sadarkaan Isaa Gadi Bu'aa	CN-2644
Gabaasa Safartuu Taankarii Maanuwaalii Kan Ji'aa	CN-1367
Unka Sakattii Daawwannaa Faasiliitii Kan Ji'aa / Waggaa	CN-2544
Gabaasa Qorannoo Elektiroonikaalaa To'annoo Bakka Duwwaa Qaama Lamaan Gidduu Jiru Kan Ji'aa	CN-1340
Galmeessii Sakattii Baaldii Dhangalaatii To'atuu Kan Ji'aa	CN-1286
Sakattii Hojmaata Guutiinsa Irra Darbaa Ittisuu Gargaaranii	CN-2584
Sakattii Jabeenya Sarara Sirroominaa fi Kan Adda Baastuu Dhimmuu	CN-1341
Galmees sakatta'iinsa Raabsituu Kurmaanaan Godhamu	CN-1287
Gabaasa Qorannoo Haayidiroostaatikii Kan Meeshaa Yaa'iinsa Ittisuu	CN-1366
Ibsa Mijaa'inaa	CN-1283
Gabaasa Qorannoo Dhimmisuu Taankarii	CN-1601

Baafata Guutinsa Ulaagaa Hojmaataa

Qophii Sakatta'iinsa Guutinsa Ulaagaa



Adeemsa Sakattii Guutinsa Ulaagaa Hojmaataa Qajeelfama Sakatta'insaa Sadarkaa Isaa Eeggate

Muummee Naannoo Fi Kunuunsa Qabeenya umamaa Tennessee

Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Seerichi Onkololeessa 13, 2018 irraa eegalee hojiirra oola

Sanadi Yeroo Dhumaaf Kan Gulaalame: Waxabajjii 17, 2022

Fuulli kun itti yaadamee duwwaatti hambifame

Gabatee Qabiyyee

1. AKEEKKACHIISA	1
2. ADEEMSA SAKATTII GUUTINSA ULAAGAA HOJMAATAA SADARKAAN ISAA EEGAMEE	1
3. SAKATTIIF QOPHAA'UU	1
a. Labsii Imaammata Anniisaa 2005.....	1
b. Kuusdeetaa Yaadachiisaa Ilaalaa.....	1
c. Odeeffannoo Waa'ee Mooraa GasLog Ilaalaa	2
d. Galmee Faasiliitii Ilaalaa	2
e. Sakattiif Dursuun Beellama Qabadhaa.....	2
f. Guyyaa fi Sa'atii Sakattiin Itti Godhamu Mirkaneessaa	3
g. Unka Xalayaa FO-030 Naqadhaa	3
h. Konkolaataa Qabadhaa	3
4. Guyyaa Sakattii.....	3
5. Ilaalcha Ragaalee.....	4
a. Ragaalee Yaa'aa Adda Baasuu (RD).....	4
1. Istaatistikaal Inventerii Riikoonsileeshinii (SIR).....	6
2. Safartuu Taankarii Awutoomaatikaalaa (ATG).....	6
3. Siistema Itti Fufiinsaan Dhangalaatii Taankarii Keessatti Mudatu Adda Baasu (CITLDS).....	7
4. To'annoo Inteeristishiyaalii	7
5. Safartuu Taankarii Maanuwaalii (MTG)	7
6. Qorannoo Dhimmisuu Taankarii	8
7. Ujummoo dhiibbaan hojjetu	8
8. Ujummoo Xuuxuun Hojjetu	9
9. Jenerreetara Taankariwwan Faayyidaa Dachaa / Kan Wayita Balaa.....	9
b. Ragaalee Ittisa Daanda'uu.....	10
1. Impireesdi Kaarenti yookaan Sirnoota Gaalvaanikii	10
2. Diriirsa Taankarii Keessoo	10
c. Baaldii Dhangalaatii To'atuu (Boqonnaa Teekinikaa 4.2 Ilaalaa)	10
d. Raabsituu (Boqonnaa Teekinikaa 4.2 Ilaalaa)	11
e. Mirkaneessa Guutiinsa Irra Darbaa.....	11
f. Diriirsa	11

g.	Suphaa/bakka buusa, hojiirra oolmaa yoo qabaate.	12
h.	Bobo'aawwan Kan Biroo	12
6.	Sakattii Meeshaa	12
a.	Meeshaalee UST fi Peerimeetirii Faasiliitii Sakatta'aa.	13
b.	Qindaayina Siistemaa Mirkaneessaa.....	13
c.	Bakka Argama Karaalee Seensaa/Xuuxxuuwwan/Buufataalee Biroo Kan Paampii Taarbaayinii Bishaan Keessaa	14
d.	Bakka Argama Qaawwaa Guutiinsaa/Baaldii Yaa'insa To'atuu(anii)	15
e.	Bakka Argama Meeshaa Guutiinsa Irra-darbaa To'atu (filaaperii yookaan cuftuu aawutomaatikii miti yoo ta'e).....	16
f.	Bakka Argama Raabsituu.....	16
g.	Meeshaa Eegumsa Kaatoodii	18
h.	Madaallii Bakka Hojii	18
7.	Keessoo Faasiliitii	19
8.	Ragaalee Suuraa kaafachuu fi/yookaan Iskaan Gochuu	19
9.	Yeroof Tajaajilaan Ala Kan Ta'e (Odeeffannoo dabalataaf Boqonnaa TOS SIM ilaalaa):	20
10.	Fakkii Bakka Hojii Kaafachuu.....	20
11.	Uumamuu dhimmuu Shakkame yookaan Dhiibbaa Naannoo Irratti Qabaatu	20
12.	Marii O/O	20
13.	Hordoffii Sakattii	21
a.	Sarbamiinsi Bira Ga'ame Hin Jiru	21
b.	Qalbifannaawwan	21
c.	Ragaalee Guyyaa Sakattiin Booda Gulaalliif Galfaman	21
d.	Ragaalee Guyyaa Sakattiin Booda Gulaalliif HIN Galfamne	21
e.	Jijjiirraa Abbaa Qabeenyummaa	21
f.	Ittisa Daanda'uu	22
g.	Sarbamoota Bira Ga'aman (Xalayoota FO-036)	22
h.	Qabiinsa Sanadaa fi Faana Bu'iinsa	23

1. AKEEKKACHIISA

Sanadi kun qajeelfama qofa waan ta'eef mirgootaa fi dirqamoota seeraan kennaman irratti dhiibbaa hin qabaatu. Haalota kam keessattuu murtoowwan ejensiin kennaman seerotaa fi dambiiwwan haalicha irratti hojiirra ooluu danda'an addatti hojiirra oolchuun kan godhaman ta'u. Maqaalee daldalaa yookin oomishoota daldalaa maqaa dhahuun gargaarsa yookin gorsoota haala itti fayyadamaa of keessatti hin haammatu.

2. ADEEMSA SAKATTII GUUTINSA ULAAGAA HOJMAATAA SADARKAAN ISAA EEGAMEE

Sakattiin kun abbootiin qabeenyaa taankarii sagantaa taankarii kuusaa lafa jalaaf ulaagaa akka guutaniif barsiisuu fi deeggaruuf carraa kan kennuufdha.

Odeeffannoon armaan gadii tarkaanfilee sakattii kana jalqabuu fi xumuruuf gargaaraniif akka baafataatti kan dhiyaatedha. Sanada qofaatti of danda'ee ba'e ta'uuf kan yaadame miti. Ulaagaalee waliigalaa Imaammata "Sakattiif Qophaa'uu" fi Boqonnaalee Teekinikaa hundarratti eeramaniin kan deeggaramedha. Boqonnaaleen Teekinikaa odeeffannoo tokkoon tokkoo meeshaalee sakatta'amaniif fi ragaalee barbaachisaniif kan qabatedha. Xalayaaleen, ragaaleen, kkf'n, kanaan walqabatan hunduu akkaataa Qajeelcha Sakattii Sadarkaa Isaa Eeggate irratti eerameen wayita fuudhaman yookaan kennaman faana dhahamuun *GasLog, Mobile Inspection Application (MIA)* irratti ol-kaayamuu qabu.

3. SAKATTIIF QOPHAA'UU

a. Labsii Imaammata Anniisaa 2005

Labsiin Imaammata Anniisaa 2005, tokkoon tokkoo faasiliitii yoo xinnaata waggaa sadiitti (3) altokko sakatta'amu akka qaban ni dirqamsiisa. Tarreen meeshaalee waggaa sadiin (3) sakatta'amu qabaniif *GasLog* irratti olkaawwameera. Tarrecha ilaaluudhaan naannoo sirrii ta'eef waggaa isa jalqabaa fayyadamuudhaan meeshaalee sakatta'amuuf jiran filadhaa. Ramaddii qabeenyaa irratti hundaa'uun sakattiiwwan daangaalee Waajjira Bakka Hojii Kan Dhimma Naannoo duraan jiruun alatti ramadamuu malu. Sakattiileen walxaxiinsa, abbaa qabeenyaa/to'ataa (O/O), kkf irratti hundaa'uun qindaa'uu danda'u. Marsaa yookaan tarree sakattii kaa'ame wajjiin walin tuqu taanaan sakattaatonni gaaffilee O/O'n sakattiif wayitiin akka ba'uuf gaafatan ilaalcha keessa galchuu qabu.

b. Kuusdeetaa Yaadachiisaa Ilaalaa

Kuusdeetaa Yaadachiisaa ilaaluudhaan odeeffannoon O/O fi mooraa jiran sirrii fi guutuu ta'uu isaanii mirkaneessaa. Meeshaalee asteriskiitti dabalataan kutaa fi malli ujummoon dhimmisuu adda baasu jiraachuullee mirkaneessaa. Odeeffannochis Siistema Yaadachiisaa UST-appilikeeshinii Bulchiinsaa UST, fuula Fooyya'iinsa Sakatta'aan Godhamanii irratti haareffamuu qabu. Sakatta'iinsi erga uumameen booda tattaaffiiwwan daddabalataa hambisuuf sakattii uumuu fi wayitii baasuufiin dura MIA irratti jijjiirama barbaachisu galchuu ni dandeessu. Kutaa itti aanutti darbuun dura tokkoon tokkoo fuulaa irratti jijjiiramoonni kutaa irratti uumaman olkaawwamuu isaanii mirkaneessaa. Haaromsa kuusdeetaa yaadachiisaa xumuruuf maqaa keessan galchuun jijjiiramoota erguu qabdu.

Jijjiiramoondi mala dhimmisuu adda baasu irratti godhaman Leenjii To'ataa B irratti dhiibbaa qabaachuu kan malan yemmuu ta'u, irra-deebiin akka leenji'u taasisuu yookaan immoo Gargaaraan Taankarii To'ataa B'tiin hin haaromfamne yoo ta'e immoo MIA keessatti sarbama geessisuu mala. Odeeffannoon dabalataa waayee ulaagaalee to'ataa A,B,C kutaa 13.g armaan gadii irraa ni argama.

Jijjiiramno abbaa qabeenyummaa fi teessoo irratti godhaman Kutaa Yaadachiisa'atiin mirkaneeffamuu qabu. Wayita sakattiitti garagalcha unkoota armaan gadii duwwaa ta'an harkaa qabaachuu keessan yeroo hundumaa mirkaneeffadhaa: Yaadachiisa Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa CN-1260, Jijjiirraa Teessoo Ergaa Abbaa Qabeenyaa CN-1383, Yaadachiisa Fooyya'e, Kan Gurguraan Jijjiirraa Abbaa Qabeenyummaa Taankarii Ittiin Gabaasu CN-0911, Yaadachiisa Bitaa CN-1392 fi Yaadachiisa Agarsiistuu Abbaa Qabeenyummaa CN-1186.

c. Odeeffannoo Waa'ee Mooraa GasLog Ilaalaa

Sanadoota sakattii(wwanii) fi seenaa dhimmisuu kanaan duraaf GasLog ilaalaa. O/O'n to'attoota A fi B ramaduu adda baasuuf kuusdeetaa Gargaaraa Taankarii Ilaalaa. Hin taane taanaan, MIA fayyadamuudhaan xalayaa wayitii FO-030 keessatti yaadachiisaaf jijjiiramaa dabalaa. Faasiliitiin sun tarreerra jiraachuu fi dhiisuu isaa adda baasuuf marsariitii UST irraa tarree dhorkiinsa dhiyeessii ilaalaa. Faasiliitiin tarreerra jira taanaan, halluu diimaan Gaslog irratti mallatteeffamuu jiraachuu qaba. GasLog taankariiwwan kunneen halluu diimaan mallatteeffamuu isaanii hin mullisu taanaan, qajeelfama dabalataaf Hogganaa Waajjira Bakka Hojii Kan Dhimma Naannoo (EFOM) UST mariisissaa. GasLog galmeen hojiirra oolmaa banaa/adeemsarra jiraachuu kan mullisu taanaan, sakattiin hogganaa dhimmoota Kutaa Hojiirra Oolmaa'tti kan darbu ta'uu yookaa sakattiin yeroo biraatti darbuu akka qabu adda baasuuf hogganaa dhimmoota Kutaa Hojiirra Oolmaa quunnamaa.

d. Galmee Mooraa Ilaalaa

Sakattii kanaan duraan walqabatee galmee faasiliitii ilaaluudhaan taateewwan dhimmisuu gabaafaman yookaan qorannoon dhimmisuu irratti adeemsifamaa jiru yoo jiraate adda baasaa. qorannoon dhimmisuu irratti adeemsifamaa jiru yookaan tarkaanfiin sirreeffamaa fudhatamaa jiraachuun yoo adda baafame, sakattii godhamuuf jiru ilaalchisee hogganaa dhimmoota faalamaa beeksisaa. Wayita sakattiitti taateen dhimmisuu argamu galmee qorannoo uumamuu dhimmuu adeemsarra jiruun yookaan tarkaanfii sirreeffamaa fudhatamaa jiruun karaa adda addaan furamuu mala. Hogganaan taatee illee sakattii irratti argamuu danda'a. Boollawwan qorannoof/qulqulleessuuf kaawwamanii fi uumamuu yaa'aa adda baasuuf hin yaadamne jiraachuu ni danda'u.

e. Sakattiif Dursuun Beellama Qabadhaa

Dhuunfaadhaan, O/O'f bilbiluun sakattiif wayitii qabadhaa. Wayita sakattiif wayitii qabsiifattanitti, O/O fi teessoon ergaa sirrii ta'uu mirkaneeffadhaa. Jijjiirraan abbaa qabeenyaa yookaan kan teessoo ergaa jiraate, Unka Taankariiwwan Kuusaa Lafa Jalaaatiif Yaadachiisa jiran abbaa qabeenyaaf fi akkasumas yoo barbaachiseef, unka Gurguraa abbaa qabeenyaa galmaa'ee jiruuf ergaa. Wayita bilbilaatti, O/O yookaan bakka bu'aan aboonsaa kennammeef (DAR) fi kan siistema UST beeku, kan hojiinsaa wayita sakattiitti bakka sana ta'uu danda'uu fi karaalee seensaa, cuftuuwwan raabsituu hunda banuu kan danda'uu fi akkaataa asii gaditti ibsameen odeeffannoo

waraqaan dhiyeessuu kan danda’u jiraachuu isaa mirkaneeffadhaa. Bilbila kanbiraa bakka bu’aa bakka sanatti argamuuf jiruus fudhadhaa. Bilbilaa quunnamuu yoo hin dandeenye, xalayaa wayitii irratti eeraa (mirkaneessi barreeffamaan iimeeliin godhamu xalayaa bakka bu’uu kan danda’u yemmuu ta’u meeshaa itti anutti darbaa.

Hubachiisa:

- Wayita RP’n akkaataa EPA’n gaafatuun marsaa sakattii waggaa-3 Kan Diviizhinichaaf ulaagaa guutuu dadhabutti immoo, sakattaatonni to’attoota isaamii wajjiin dhimmicha irratti mari’achuu fi qajeelfamawwan dabalataaf DDFO haasofsiiisuu qabu.
- Miidhama qaamaa fi/yookaan miidhaa siistema UST irra gahuu malu hambisuudhaaf hojjettoonni karaalee seensaa, cuftuwwan raabsituu kkf banuu irraa of qusachuu qabu.

f. Guyyaa fi Sa’atii Sakattiin Itti Godhamu Mirkaneessaa

Xalayaa wayitii guutuun yookaan ergaa iimeelii guyyaa fi sa’atii sakattii ibsu kan galmee sakattii wajjiin jiru maxxansiisaa. Akkaataa qajeelfamoota GasLog irratti eerameen GasLog irraa sakattii haaraa uumuudhaan bakkeewwan duwwaa sakattii dirreerra wajjiin walii qabanne hundumaa guutaa.

g. Unka Xalayaa FO-030 Naqadhaa

Faankishinii GasLog kan ergaa walitti maku fayyadamuun unka xalayaa FO-030 naqachuun xalayaa sakattii mirkaneessu (cheeklistii wajjiin) kennaa. Xalayichis abbaa qabeenyaa ragaa kuusdeetaa Yaadachiisaa keessa jiraniif ergamuu qaba. Xalayichi yoo didame yookaan abbaa dhabuun yoo isinitti deebi’e, teessoo sirrii argachuudhaaf O/O quunnamaa. Yoo O/O’n to’ataa A fi B hin ramadne ta’e, xalayaa wayitii irratti yaadachiisaaf jijjiirama dabalaa. Ergaawwan GasLog keessa jiran hundumaa faana dha’uun sanadoonni hundumtuu sirna moggaasa maqaa ammatti hojiirra jiruun olkaawwamuu isaanii mirkaneessaa: 9999999 OI # Qarqaaba Sakattii JJ-GG-WWWW (guyyaan faayidaarra oole guyyaa sakattiiti). Sanadoota sakkattii qarqaabaan taatee GasLog darbe irratti ol fe’aa.

h. Konkolaataa Qabadhaa

Geejjiba nageenyi isaa eegame (konkolaataa mootummaa yookaan dhuunfaa, Enterprise®, Konkolaataa Kiraa, kkf.). Filannoolee gatii gadi bu’aa imaammattoota imalaa fi qajeelfamoota Waajjira Diviizhinii/Bakka Hojii amma hojiirra jiran ilaalaa.

4. Guyyaa Sakattii

- Taabileetii, PPE, kkf ramadaman dabalatee meeshaalee walitti qabadhaa (sanada “Sakatta’iinsaaf Qophaa’uu” irraa ilaalaa).
- Ragaaleen kanaan dura fedhiin galfaman dabalatee ragaalee waraqataa jiran sassaabbadhaa. Bakka faasiliitii sanatti tajaajilli interneetaa shibo-maleessaa hin argamu yoo ta’eef, hubannoowwan sakattiin argaman waraqaa irratti galmeessuuf yookaan moosaajii (appilikeeshinoota MS-365, kkf.) fayyadamuuf of qopheessaa.
- Marsariitii yookaan tajaajiloota GPS fayyadamuun kallattiin bakkoonni itti argaman mirkaneessaa. Karaalee deemsaa hundarra bu’a qabeessa ta’an irratti yookaan jeequmsa/harkifannaa sababa tiraafikaan uumamuu malu hambisuuf iddoowwan dhaabbii hedduun jiraachuu danda’u.

- Wayita geessanitti O/O faasiliitii beeksisaa. Kan hojiirra oolu taanaan, galmeessii daawwataa irratti mallatteessuun argamuu keessan mullisaa (waakkannaa hin mallatteessiinaa, appeendiksii ilaalaa). Bakka bu'aan tokkollee yoo hin argamne, bilbila dabalataa yoo qabaattan bilbilaa yookaan hojjeta dirreerra jiru quunnamaa. Dirreerraa namni quunnamamu yoo hin jiraanne, gara waajjiraatti deebi'uun xalayaa unka FO-036 NS isaan walqabatu ergaa.
- MIA irratti odeeffannoo sakattii galchaa. Bakka faasiliitii sanatti tajaajilli interneetaa shibomaleessaa hin argamu yoo ta'eef, hubannoowwan sakattiin argaman wayita carallaan shibomaleessaa argamutti MIA irratti galmeessuuf, qalama/waraqata yookaan moosaajii (applikeeshinoota MS-365, kkf.) fayyadamaa.
- Maqaa faasiliitii, teessoo, fi Lakkoofsa ID mirkaneessaa.
- Maqaa abbaa qabeenyaa fi teessoo mirkaneessaa.
- Mallattoo to'ataa C ramadamee ilaaluuf gaafadhaa yookaan qajeelcha ilaalaa (To'ataan Gita B kan Gita C tiif illee kan leenji'ee jiru yoo ta'ee fi balaawwan tasaa fi dammaqsituuwaniif deebuu kan kennu taanaan faasiliitii namaan hin to'atamneef hin barbaachisu). Hin argamu taanaan immoo, xalayaa Bu'aa Sakattii Ibsu irratti akka sarbamaatti dabalaa. Ulaagaalee to'ataa A,B,C dabalataaf 13.g armaan gadii ilaalaa.
- Sakattiin dura yookaan erga xumurtanii fayyadama "Bakka Argama Koo" jedhutti gargaaramuun GasLog irraa ko'ordineetiwwan laattiitiyuudii/loongiitiyuudii siistema taankarii sanaa argachuu:
- Yoo taankariin UST dhaan to'atamuu hin galmaa'iin jiru argame ibsuudhaan, O/O'n unka yaadachiisaa akka guutu gochuun akkasumas O/O mallatteessisiisaa. Taankarii hin galmaa'iin jiru xalayaa Bu'aa Sakattii Ibsu irratti dabaluu afaan seeraa eeruun hojiirra oolmaaf dabarsaa.
- faasiliitiin sun halluu diimaan kan mallatteeffame ta'ee garuu immoo sochoosuuf immoo aboosaa yoo hin qabaanne, mallattoon halluu diimaa sun ammayyuu jiraachuu adda baasaa. Mallattoon halluu diimaa ka'eera taanaan, suuraalee qaawwaa gutinsaa fudhachuun faasiliitiin sun hojiirra jiraachuu isaa mullisaa, suuraalee billiitoo fudhannaa dabalatee odeeffannoo hojiirra oolmaa qaban hundaa funaanuun, gulantaawwan oomishaa galmeessaa, akkasumas garagalcha gabaasa sakattii Kutaa Yaadachiisaatti dabarsaa.

5. Ilaalcha Ragaalee

Ragaaleen guyyaa sakattiin (yoo O/O'n ragaalee sakattiin gaggeeffamuun dura galchuu filate) mala elektiroonikaawaan galfaman fudhatama argatanitti kan ilaalamu ta'a. Garagalchawwan waraqaarratti maxxanfaman ergaadhaan kan galfaman taanaan, O/O'n garagalchoonni kunneen akka hin deebine yoo ibsan irraan kan hafe, sakatta'aan sanadoota sana meeshaa TDEC/Diviizhiniitti gargaaramuun dubbisuun ragaalee dhiyaatan galii kan godhu ta'a. Ragaaleen odeeffannoo waa'ee mooraa sirriitti kan ibsan ta'usaa mirkaneeffadhaa. Tokkoon tokkoo siistema UST GasLog keessa jiraniif kutaa ragaalee hojiirra oolmaa qaaman guutaa. Guyyaan sakattii duraan dursee Diviizhiniidhaan kan ba'e yoo ta'e, ragaaleen hunduu dhiyaachuun wayita sakattiitti ilaalchaaf argamuu qaba.

a. Ragaalee Yaa'aa Adda Baasuu (RD)

Boqonnaa Teekinikaa yookaan cheeklistii O/O hojiirra oolmaa qabu ilaalaa. Malli RD faayyidaarra oolee taateen dhimmisuu jiraachuu yoo mullise, GasLog irraa kutaa hojiirra oolmaa qabu guutuun, akkasumas EFOM fi hogganaa dhimmaa beeksisuun, akkasumas *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa*

Hojjetaa ammatti hojiirra jiru hordofaa. uumamuu dhimmuu jiraachuu malu ilaalchise hin beeksifamiin jirtu yoo ta'e, xalayaa unka FO-038a, uumamuu dhimmuu Jiraachuu Malu-Hin Gabaafamne jedhu ergaa. Akkaataa seera 0400-18-01-04(1)(a)5 irratti eerameen, maloonni uumamuu yaa'aa adda baasuuf faayyidaarra oolan hunduu madaallii qaama sadaffaan gaggeeffame dirqama qabaachuu kan qabanii fi marsariitii Humna Hojii Biyyaalessaa Kan Madaalliiwwan Dhangala'aa Adda Baasuu (NWGLDE) irratti kan galmaa'ee jiru ta'uu qaba. Meeshaan yookaan malli harcaatii adda baasuuf fayyadu NWGLDE irratti galmaa'ee jiruu fi kan deeggarsi teekinikaa ammaan booda irratti hin kennamne kamuu ulaagaalee kanneen guutuuf dhimmi itti ba'amuu hin qabu.

Akkaataa .02(8) irratti eeramee jiruun, sakattiin Daawwannaa Faasiliitii irratti ji'aan godhamuu fi sanadaan olkaawwamu godhamuu qaba. Abbootiin qabeenyaa fi/yookaan hojjettoonni ragaalee daawwannaa sakattiinii kan hojmaataa fi suphaa kan waggaa tokkoo (1) qabachuu qabu (akkaataa keewwata xiqqaa(2)(b) Seera 0400-18-01-.03 irratti eeramee jiruun). Ragaaleen tokkoon tokkoo bakkaa ilaalamanii, tokkoon tokkoo bakka ilaalamee fudhatama argachuu yookaan tarkaanfiin fudhatamuu yoo barbaachise, ibsa tarkaanfilee rakkinicha sirreessuuf fudhatamanii, fi meeshaan bittinnaa'uu ittisuuf gargaaru sababa daddafiin hin dhaqqabsiisneef guyyota 30'n gaditti kan ilaalamu taanaan ragoota dhaqqabsiisuu isaa agarsiisan dabalatee kan hammate ta'uu qabu. O/O'n Unka Sakattii Bakka Hojii Kan Ji'aa / Waggaa Diviizhinii (CN-2544), unka dhaabbilee akka biyyaatti fudhatama qaban, yookaan unka Diviizhinii kanaan dura mirkanaa'an akka fayyadaman ni jajjabeeffamu. Feeloon Dhimma Naannoo kan Diviizhinichaa unkoota dursanii mirkaneessuuf fi tarree unkoota duraan dursanii mirkaana'aniif itti gaafatamummaa ni fudhata.

1. Istaatistikaal Invenierii Riikoonsileeshinii (SIR)

Ragaaleen odeeffannoo armaan gadii kennuu qabu (Boqonnaa Teekinikaa 3.3 ilaalaa):

- Fuula cuunfaa qabxiilee ji'aanii kan darbiinsa, kufaatii yookaan Kan hin murtoofne ta'uu agarsiisan
- Gurguraa SIR
- Mala SIR (Siistema Itti Fufiinsaan Dhangalaatii Taankarii Keessatti Mudatu Adda Baasu (CITLDS) yoo ta'e, kutaa iii kanaa gadi jiru ilaalaa) (NWGLDE kan galmaa'e ta'u qaba)
- Malichi akkuma ulaagaa kan guddina taankarii fi keessa darbiinsaa kan qaamni saddaffaan (NWGLDE) ragaa kennuuf baase ni guuta
- Hammi harcaatee herregame sa'atiitti gaaloonii 0.10 hin caalu
- Deetaan Invenierii (hin gulaalamne) kan ji'oota kudha lamaan darbanii kan agarsiisan:
- Bishaan ji'aan ilaalamee fi galmaa'e
- Gulantaan peetiirooliyeemii galmaa'e $1/8^{faa}$ inchiitti kan dhiyaatudha
- Deetaan hin gulaalamne guyyoota soddoma kan hammatudha (Miti taanaan, Dhimmoota Teekinikaa SIR Boqonnaa 3.3 ilaalaa)
- Meetiroonni waggadhaan safaramu
- Ragaaleen kan ji'oota kudha lamaan darbanii ni argamu
- Bu'aalee qorannoo Applikeeshinii Bilbilaa GasLog Kan Sakattii (MIA) irratti galmeessaa

2. Safartuu Taankarii Awutoomaatikaalaa (ATG)

Ragaaleen odeeffannoo armaan gadii kennuu qabu (Boqonnaa Teekinikaa 3.2 ilaalaa):

- Odeeffannoo waa'ee mooraa
- Maqaa fi # moodela oomishaa
- Gosa qorannoo (dhaabbataa, itti fufiinsa kan qabu, Siistema Itti Fufiinsaan Dhangalaatii Taankarii Keessatti Mudatu Adda Baasu (CITLDS) yoo ta'e, kutaa iii kanaa gadi jiru ilaalaa)
- Hanqinoota hanga qabiyyee taankarii madaalaa
- Ragaaleen ATG kan ji'oota kudha lamaan darbanii ni argamu
- Qorannoon yoo xinnaate ji'atti 0.2 gph kan safaru ta'a
- Bu'aalee qorannoo MIA GasLog irratti galmeessaa
- Seenaan dammaqsituu kaninni barbaachisu ragaaleen ji'oota lamaa (2) yookaan isaan olii yoo dhibe yookaan bu'aawwan qoraannoo kufaatii/dogoggora yoo qabaatan qofadha. Haa ta'uuyuu malee, O/O'n fedhaan odeeffannocha yoo kennee fi dammaqsituun yoo mullise, gulaalliin dabalataa dammaqsituu sanaaf kan barbaachisu ta'uusaa adda baasuuf sababoota sana madaalaa (piroobii dammaqsitucha fa'aa)
- Qorannochi ulaagaalee qaama sadaffaan waraqaa ragaa kennuuf bahan kan guutudha
- Gabaasi Qorannoo ATG Kan Waggaa ilaalchaaf banaadha (Onkoloolessa 13, 2021 irraa

kaasee gabaasonni qorannoo sadan darbanii sakattiidhaaf jiraachuu qabu).

3. Siistema Itti Fufiinsaan Dhangalaatii Taankarii Keessatti Mudatu Adda Baasu (CITLDS)

Ragaaleen odeeffannoo armaan gadii kennuu qabu:

- Fuula cuunfaa odeeffannoo waa'ee mooraai dabalatee qabxiwwan ji'aa qabu
- Gurguraa CITLDS
- Mala CITLDS
- Cuunfaa hamma dandeettii dabarsaa meeshaa kan ji'aa, malichi tarreeffama NWGLDE wajjiin kan deemu ta'uusaa mirkaneessuuf
- Hanqinoota hanga qabiyyee taankarii
- Ragaaleen kan ji'oota kudha lamaan darbanii ni argamu
- Maqaa fi lakkoofsa moodela oomishaa ATG
- Qorannoon yoo xinnaate ji'atti 0.2 gph kan safaru ta'a
- Bu'aalee qorannoo MIA GasLog irratti galmeessaa

4. To'annoo Inteeristishiyaalii

Haalota akka wayita to'annoon inteeristishiyaalii (IM) n taankarii yookaan ujummoowwan qofaa irratti faayidaarra ooluu keessatti mudataniif furmaata kaa'uuf taankariiwwanii fi ujummooleen Boqonnaa Teekinikaa 3.4 irratti bakka adda addaatti eeramnii jiru. Ragaaleen odeeffannoo armaan gadii qabaachuu fi unkoota sadarkaa isaanii eeggataniin ergamuu isaanii mirkaneessaa (unki kanbiraan odeeffannoo unka sadarkaa isaa eeggate irratti galmaa'ee jiruun walfakkaataa ta'e qabuu fi Diviizhiniidhaan dursee mirkanaa'e jiraate irraan kan hafe):

Taankaroonni fi ujummoonni dhiibbaan hojjetan galfamanii jiran yookaan gaafa 7/24/07 booda bakka buufamanii jiran hunduu akka lammaffaatti IM dhaan qabamuu qabu, haa ta'uyyuu malee, karaalee armaan gadiitiin IM'n taankariiwwanii fi ujummoowwan dulloomoo irrattillee faayidaarra ooluu danda'a:

- To'annoo inteeristishiyaalii - mala elektiroonikaalaa qofaan
- Gosa meeshaa to'annoo (dhangala'aa, dhiibbaa, gargar baasaa)
- Meeshaan to'annoo qaama sadaffaa irraa waraqaa ragaa (tarree NWGLDE irraa) kan argatedha
- Gabaasonni haalhojii seensarii kan ji'oota lamaan darbanii ni argamu
- Gabaasonni seenaa dammaqsituu kan ji'oota lamaan darbanii ni argamu
- Bu'aalee qorannoo MIA GasLog irratti galmeessaa

5. Safartuu Taankarii Maanuwaalii (MTG)

Ragaaleen odeeffannoo armaan gadii in kennuu?

- Guddinni taankarii fi diyaameetiriin isaa O/O dhaan kan mirkanaa'edha
- Malichi guddina taankarii (2,000 yookaan isaa gadi kan ta'e) fi umrii taankarii (Tennessee keessatti, taankarii Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda galfame kamiyyuu, to'annoo inteeristishiyaalii gaggeessuu qaba; kanaaf, safartuu taankarii maanuwaalii fi qorannoo dhimmisuu taankarii walitti dabalani fayyadamuun ammaan booda kan eyyemame miti. Guddina taankarii (turtii qorannoo fi diyaameetirii dabalatee) Gabatee 1'ffaa MTG Boqonnaa Teekinikaa 3.1 irra jurratti hundaa'uun qorannoon jabeenyaa waan barbaachiseef gaggeeffameera
- Garaagarummaan yeroo ulee safaraarra jiru guddina taankariif kan mijatudha
- Safarii gulantaa dhangala'aa taankarii keessa jiruu wayita turtii qorannichaatti yeroo mijatetti jalqabaa fi dhumarratti ni galmaa'a
- Safarii gulantaa kan jalqabaa fi dhuma turtii qorannoo barbaachise irratti uleewwan safaraa walitti aananii jiran lamaaniiin fuudhamu irratti kan hundaa'udha
- Gulantaan peetirooliyeemii iinchii 1/8ffaatti siqan kan safaraman yemmuu ta'u safartoowwanis hamma 1/8ffaatti siqanii kan galmaa'anidha
- Ragaaleen kan ji'oota kudha lamaan darbanii ni argamu
- Bu'aalee qorannoo MIA GasLog irratti galmeessaa

6. Qorannoo Dhimmisuu Taankarii

Qorannoon dhimmisuu taankarii uumamuu yaa'aa adda baasuuf (MTG qofaarratti hojiirra oolmaa kan qabu) yookaan qorannoo uumamuu dhimmuu mudachuu maleef yoo barbaachise, kanneen adda baasaa:

- Qorannoon dhimmisuu taankarii guutuu ta'e qorannoo bakka hir'inaa of keessaa qabudha
- Qorannoon dhimmisuu taankarii waggoota shanan (5) darban keessatti kan godhamee jiruu fi safartuu taankarii maanuwaalii wajjiin kan raawwate yoo ta'e
- Foormaatiin gabaasichaa odeeffannoo Boqonnaa Teekinikaa 3.7 irratti eeraman dabalachuu qaba

7. Ujummoo dhiibbaan hojjetu

Kanneen adda baasaa: [filannoo tasaa tokkoo **fi** kan wayitawaa tokko barbaada (Boqonnaa Teekinikaa 3.5 ilaalaa)]

a. Kan tasaa (adda baastuu yaa'aa sarara irratti mudatuu kan aawutomaatikaalaa):

i. Adda Baastuu Yaa'a Sarara Makaanikaalaa

Qorannoo harcaatii sarara irratti mudatu kan waggaan qodhamu (iskuweer iinchii tokkotti (psi) paawondii 10 irratti 3.0 gph yookaan reetii harcaatii kanaan walfakkaatu, qabxii darbiinsa/kufaatii argarsiisu qofaa kan hin taanee ta'uu qaba. Adda baastuun harcaatii yoo hin darbiin hafe, bakka buufamuu qaba) Bu'aan waggootan sadan darbanii kan qorannoo harcaatii sarara irratti mudatu kan waggaan qodhamuu sakattiidhaaf dhiyaachuu qaba., yookaan immoo

ii. Adda baastuu yaa'aa sarara elekrikaalaa

Qorannoo harcaatii sarara irratti mudatu kan waggaa qodhamu (10 psi irratti 3.0 gph yookaan reetii harcaatii kanaan walfakkaatu, qabxii darbiinsa/kufaatii argarsiisu qofaa kan hin taanee ta'uu qaba. Adda baastuun yaa'aa yoo hin darbiin hafe, bakka buufamuu qaba); Bu'aan waggootan sadan darbanii kan qorannoo harcaatii sarara irratti mudatu kan waggaa qodhamuu sakattiidhaaf dhiyaachuu qaba.

- b. Wayitaawaa (qorannoo jabeenya sararaa kan waggaa yookaan to'annoo ji'aanii)
 - i. Yoo qorannoo jabeenya sararaa kan waggaa ta'e, qorannichaaf odeeffannoo Boqonnaa Teekinikaa 3.5 irratti eeraman dabalatee dhiyaachuufii qaba, yookaan
 - ii. Adda baastuu yaa'aa sarara elekrikaalaa - qorannoolee ji'oota kudha lamaan (12) darbaaniin 0.2 gph yookaan qorannoo kan waggaa 0.1 gph kan qabu. Bu'aalee qorannoo MIA GasLog irratti galmeessaa yookaan,
 - iii. To'annoo ji'aanii - bu'aalee keessaa kan ji'oota kudha lamaan (12) darbanii kan qabu. Bu'aalee qorannoo MIA GasLog irratti galmeessaa

8. Ujummoo Xuuxuun Hojjetu

Kanneen adda baasaa (Boqonnaa Teekinikaa 3.6 ilaalaa):

- Ameerikaa (U.S.) Ujummoo Xuuxuun Hojjetu - qorannoo jabeenya sararaa kan waggaa sadii (3) yookaan ragaalee to'annoo ji'oota kudha lamaan (12) darbanii
- Ujummoo Xuuxuun Hojjetu Kan Awurooppaa (nageenyi isaa kan eegame) - Ujummoo xuuxuun hojjetu kan kanneen armaan gadii guutuuf saxaxamee fi hojjetameef uumamuu yaa'aa adda baasuuf hin barbaachisu:
- Ujummoon gulantaan gadii tempireechara dareen gaditti hojjeta
- Ujummoon gulantaan gadii wayita xuuxuun gadhiifamutti qabiyyeewwan taankarii kuusaatti akka garagalchuuf saarbiidhaan kan kaawwamedha
- Vaalvii mirkaneessaaf kaawwame tokko qofti ka jiru yemmuu ta'u ujummoo xuuxuun hojjetutti aanee jala kan jirudha (ujummoo amma jiruuf dursee kan mikaneeffame yoo ta'e, irra deebiin galchuun hin barbaachisu)
- Oomishni guula harkisa lafaan yaa'an kan akka ujummoo guutiinsa fageenyarraa yookaan ujummoo balfa boba'aa ujummoo xuuxuun hojjetu kan nageenyi isaa eegameen to'atamu

9. Jeneretara Taankariwwan Faayidaa Dachaa / Kan Wayita Balaa

Dhuma bara 2017 keessa, Ejensiin Eegumsa Naannoo Yuunaayitid Isteetsi boba'aan diiseel kana booda akka bakka bu'iinsaatti fudhatamuu akka hin dandeenye Diviizhinii beeksisee ture, kanaaf, siistemoonni UST baayyeen jalqaba ilaalcha keessa hin galfamne turan amma ulaagaalee to'annoo jala seenaniiru. Gosti boba'aa faayyidaarra ooluu fi bakka boba'aan sun itti hojiirra ooluu wayita taankariwwan faayyidaa dachaa to'annutti wantoota ilaalcha keessa galchuu qabnu lamaanidha. Diviizhinichi ulaagaa kanneen guutuu isaanii adda baasuuf bilili fe'isawwan sadan darbanii ilaaluu qaba. Odeeffannoo dabalataaf Kutaa 2.2 kan Siistemoota UST Baratamoo qajeelcha kanarra jiru ilaalaa.

b. Ragaalee Ittisa Daanda'uu.

1. Impireesdi Kaarenti yookaan Sirnoota Gaalvaanikii

Unki kanbiraan odeeffannoo unka sadarkaa isaa eeggate irratti galmaa'ee jiruun walfakkaataa ta'e qabuu fi Diviizhiniidhaan dursee mirkanaa'e yoo jiraate irraan kan hafe, unki gaafannoo kan impireesdi kaarentii yookaan siistema gaalvaanikii guutamee galfamuu qaba. Boqonnaa Teekinikaa 4.1 ilaalaa.

Bu'aalee qorannoo eegumsa kaatodikii kan waggaa sadan (3) dhiyoo kanaa, bu'aalee qorannoo eegumsa kaatodikii kan waggaa sadan (3) isaan duraa, fi hojiirra oolmaa yoo qabaate immoo, bu'aaleen qorannoo eegumsa kaatodikii suphaan siistema CP irratti godhamee ji'oota ja'a (6) keessatti godhamee sakattiidhaaf dhiyaachuu qaba. Unki gaafannoo kan impireesdi kaarentii yookaan siistema gaalvaanikii guutamee galfamuu qaba (unki kanbiraan odeeffannoo unka sadarkaa isaa eeggate irratti galmaa'ee jiruun walfakkaataa ta'e qabuu fi Diviizhiniidhaan dursee mirkanaa'e yoo jiraate irraan kan hafe). Bu'aaleen qorannoo CP akka agarsiisutti safaroonni galmaa'an meeshaa ijaasaa gabaafame wajjiin walfakkeenya kan hin qabne yoo ta'e, wayita sakattii dirreerraa godhamutti O/O wajjiin haasa'uudhaan adeemsawwan Kutaa 12 armaan gadii irratti eeraman hordofaa.

Sirna Impireesdi Kaarentiif, unki Ragaa Hojmaata Reektifaayerii Kan Eegumsa Impireesdi Kaarenti Kaatodik Guyyaa 60 (CN-1282) kan yoo xinnaate safarwwan sadan (3) darban qabu dhiyaachuu qaba yookaan immoo odeeffannoon kun Unka Daawwannaa Faasiliitii Diviizhiniin Godhamu Kan Waggaa (CN-2544) irratti argamuu danda'a (unki kanbiraan odeeffannoo unka sadarkaa isaa eeggate irratti galmaa'ee jiruun walfakkaataa ta'e qabuu fi Diviizhiniidhaan dursee mirkanaa'e yoo jiraate irraan kan hafe).

2. Diriirsa Taankarii Keessoo

Eegumsi impireesdi kaarentii yookaan gaalvaanik kaatodikii yoo hin argamne yookaan hojiirra hin jiraanne, taankarii(wwa)n raawwatanii cufamuu qabu. Boqonnaa Teekinikaa 4.1 ilaalaa. O/O'n CP dabalun dura ragaaleen qabachuu qabu kaninni dabalatu:

- Saxaxa CP Ogeessaan Hojjetame
- Erga impireesdi kaarentiin (IC) dabalamee kaasee ji'ootaa sadii (3) hanga ja'aa (6) bu'aawwan qorannoo dhimmisuu godhamanii (kutaa qorannoo dhimmisuu taankarii armaan ol jiruu fi Boqonnaa Teekinikaa 3.7 ilaalaa)
- IC'n galfamee ji'oota ja'a (6) keessatti qorannoo CP gaggeeffame

c. Baaldii Dhangalaatii To'atuu (Boqonnaa Teekinikaa 4.2 Ilaalaa)

Galmeessiin baaldii yaa'insa to'atuu kan ji'oota kudha lamaan darbanii xumuramuun, sababasaan immoo tarkaanfilee fudhataman mullisuun, fi unka Diviizhiniin kan sadarkaa isaa eeggate CN-1286 irratti gabaafamuu qaba yookaan immoo odeeffannoon kun Unka Daawwannaa Faasiliitii Diviizhiniin Godhamu Kan Waggaa (CN-2544) irratti argamuu danda'a (unki kanbiraan odeeffannoo unka sadarkaa isaa eeggate irratti galmaa'ee jiruun walfakkaataa ta'e qabuu fi Diviizhiniidhaan dursee mirkanaa'e yoo jiraate irraan kan hafe).

d. Raabsituu (Boqonnaa Teekinikaa 4.2 Ilaalaa)

Galmeessiin raabsituu kurmaanaan xumuramuun, sababasaan immoo tarkaanfilee fudhataman mullisuun, fi unka Diviizhiniin kan sadarkaa isaa eeggate CN-1287 irratti gabaafamuu qaba yookaan immoo odeeffannoon kun Unka Daawwannaa Faasiliitii Diviizhiniin Godhamu Kan Waggaa (CN-2544) irratti argamuu danda'a (unki kanbiraan odeeffannoo unka sadarkaa isaa eeggate irratti galmaa'ee jiruun walfakkaataa ta'e qabuu fi Diviizhiniidhaan dursee mirkanaa'e yoo jiraate irraan kan hafe).

e. Mirkaneessa Guutiinsa Irra Darbaa

Meeshaan guutinsa irra darbaa ittisu yoo xinnaate waggaa sadiitti (3) altokko qoratamuu qaba. Seera .02(3)(a)4 ilaalaa. Yoo xinnaate, qorannoon sun meeshaan guutiinsa irra darbaa ittisuuf kaawwame gulantaa sirrii irratti hojiitti eegaluuf kan qophaa'e ta'uusaa fi wayita peetirooliyeemiin gulantaa sanarra ga'u hojiitti akka galu kan mirkaneessuu ta'uu qaba. Seera .02(3)(c) ilaalaa.

Unki kanbiraan odeeffannoo unka sadarkaa isaa eeggate irratti galmaa'ee jiruun walfakkaataa ta'e qabuu fi Diviizhiniidhaan dursee mirkanaa'e yoo jiraate irraan kan hafe, bu'aaleen qorannoo xumuraman unka akka biyyaatti fudhatama qabu kan akka warra Inistiitiyuutii Meeshaalee Peetirooliyeemii (PEI) fa'aan maxxanfaman irratti dhiyaachuu qaba.

Kanneen armaan gadii wayita tokkoon tokkoo sakatta'iinsaatti filannoolee armaan gadii keessaa tokkoon isaaniitiin mirkaneeffamuu qaba:

- Vaalvii Kubbaa Bololi'uun Hojjetu (ujummoo xuuxuun hojjetu, qaqqabiinsa dhiibbaa fayyadamuun godhamu, guutiinsa fageenyarraa yookaan deebisa hurkaa kowaakshiyaalii sadarkaa I faana faayidaarra ooluu hin danda'u)
- Abbaan qabeenyaa taankarii vaalvii kubbaa bololi'uun hojjetu cinatti bantuu fi cuftuu filaaperii dabalee glachuu yoo filate, akkaataa PEI RP-100 irratti eeramee jiruun, gulantaa cufiinsaa kan bantuu fi cuftuu kubbaa bololi'uun hojjetu gadi ta'e irratti hojiitti kan galu ta'uu qaba.
- vaalvii filaaperii (guyyaa sakattiitti jiraachuu isaa mirkaneessaa)
- Dammaqsituuwwan gulantaa olaanaa (guyyaa sakattiitti jiraachuu isaa mirkaneessaa)

Siistemoota daddarbiinsa yeroo tokkotti gaaloonii digdamii-shan (25) hin caalleen guutaniif yookaan siistema TOS UST duwwaa ta'aniif mirkaneessi guutiinsa irra darbaa hin barbaachisu. Kutaa 2.4 fi Boqonnaa Teekinikaa 4.2 qajeelcha kanaa ilaalaa.

f. Diriirsa

Ji'oota kudha lamaan (12) darban keessatti diriirsi haaraan gaggeeffameera yoo ta'e yookaan faasiliitiin sun yeroo jalqabaaf yoo sakatta'ame (duraan kan hin galmoofne ta'ee), ragaaleen diriirsaa biilii wayita diriirsuu, cheeklistii galchiinsaa, kan kaffaltiin ogeessa galchiinsaa ittiin gaafatame, fi gadnaquun dura qorannoo dursaa siistemoota irratti gaggeeffame dabalatee (kutaa qorannoo dhimmisuu taankarii armaan olii yookaan Boqonnaa Teekinikaa 3.7 ilaalaa). Sirna xuuxinsaa of eeggaannoo qabuuf, galmeen diriirsaa warra agarsiisa qoqqoodinsaa akka

sakatta'insi vaalvii tokko qofti ujummoo diriirsa raabsituu gajjallaatti argamu mul'isa yookaan steementii kontraakterichaa kan mallattaa'e walfakkeenya mirkaneessuuf akkasumas akkamitti akka murteen darbe ibsu jiraachuu isaa adda baasaa.

g. Suphaa/bakka buusa, hojiirra oolmaa yoo qabaate.

Ragaalee suphaa mala yaa'aa adda baasuu yookaan meeshaa eegumsa kaatodikiif godhame ibsan (meeshaalee dhaabbiidhaan diriirfaman hundaaf suphaan godhamee waggoota sadiif (3)). Akkaataa .02(8) irratti eerameen, siistemoota UST hundaaf, sakattiin daawwannaa daasiliitii kan waggaa raawwatamuu qaba (Unka Diviizhinii CN-2544). Uleewwan safaraa dullooman yookaan miidhaan erra ga'e bakka buufamuu qabu.

- Ragaalee suphaa taankariwwan istiilii yookaan taankariin pilaastikaa faayiberiirraa hojjetaman (FRP) yookaan ujummoo FRP'f godhaman ibsan. Bu'aalee qorannoo jabeenyaa yookaan to'annoo ji'aa, kan suphaa hordofuun godhamanii (kutaa qorannoo jabeenyaa armaan olii ilaalaa).
- Aanoodonni sirna eegumsa kaatodikiitti dabalamanii ji'oota ja'a (6) hin caalle keessatti garuummoo yoo xinnaate ji'oota sadii (3) booda bu'aalee qorannoo jabeenyaa raawwatamanii. Qorannoo dhimmiisuu taankariif kutaa ragaa mala uumamuu yaa'aa adda baasuu armaan olii fi Boqonnaa Teekinikaa 3.7 ilaalaa.

h. Bobo'aawwan Kan Biroo

UST duraa duuba kaawuudhaan siistamichi boba'aawwan itaanooliidhaan wal-makan itaanolii 10% ol -ta'an yookin makaa baayoodiiseelii 20% ol ta'e gara tajaajilaatti kuusuudhaaf tolfame, abbootiin taankariichaa dirqama qabiyyeewwan siistemicha UST oomishoota kuufaman waliin wal-simuu isaanii ibsu agarsiisuudhaa Cheeklistii Mijaa'ana Meeshaa (CN-1285) fi Ibsa Mijaa'inaa (CN-1283) guutanii deebisuu qabu.

Hojiirra oolmaa kan qabu taanaan, Cheeklistiin Mijaa'ina Meeshaa kan Siistemoota Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa boba'aawwan biroon wal-makanii (CN-1285) fi Ibsi Mijaa'inaa (CN-1283) akka barbaadametti galfamuu isaanii Kutaa Yaadachiisaa irraa ilaalaa. Cheekliisticha O/O'tti geessaa yookaan bakka unkichi itti argamu agarsiisaa (marsariitii Diviizhinichaa irraa fuula Boba'aawwan Kan Biroo <https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/compliance-inspections/alternative-fuels.html>) kan guutanii Dviizhiniif erguuf gargaaran. Unki kun yeroo baayyee Unka Yaadachiisa Diriirsaan Duraa Diviizhinii (CN-1288) wajjiin kan galfamudha.

6. Sakattii Meeshaa

Odeeffannoon armaan gadii tarkaanfilee sakattii kana xumuruuf gargaaraniif akka baafataatti kan dhiyaatedha. Sanada qofaatti of danda'ee ba'e ta'uuf kan yaadame miti. Ulaagaalee waliigalaa Imaammata "Ulaagaalee waliigalaa Sakattiif Barbaachisan" fi Boqonnaalee Teekinikaa hundarratti eeramaniin kan deeggaramedha. Kunneen odeeffannoo tokkoon tokkoo meeshaalee sakatta'amanii fi ragaalee barbaachisanii kan qabatedha.

a. Meeshaalee UST fi Peerimeetirii Mooraa Sakatta'aa.

Baafanni kun akkaataa itti meeshaa sakatta'an ilaalchisee bakka qaamni sakatta'amuuf jedhu itti argamu irratti hundaa'uun sakatta'aa gargaaruudhaaf kan saxaxamee ture yemmuu ta'u ramaddii ballaaf mijachuu dhiisuu danda'a. Meeshaaleen muraasni bakka sakkatta'amuuf jiru baayyeetti yoo kan argaman ta'e irra deebi'amu danda'u. Tariiba sakattii isa sirrii karaarraa kaachisuuf utuu hin taanee qaamoleen siistemaa hunduu sakatta'uu isaanii mirkaneessuuf kan yaadamedha. O/O yookaan DAR'n wayita sakattiitti karaalee seensaa fi gadnaqxuuwwan nageenyi isaanii eegame dhiyeessuu fi cuftuuwwan irraa kaasuu qabu. Sakatta'aniis yeroo gahaa fudhatee meeshaalee hundumaa sakatta'uu qaba. Ragaan uumamuu dhimmuu agarsiisu yoo argame, EFOM fi hogganaa taatee beeksisuun, *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfama Hojjetaa* ammatti hojiirra jiru hordofaa, akkasumas uumamuu dhimmuu raabsituu dabalatee, karaalee seensaa/xuuxxuuwwan STP, dhiibbaa naannoo irratti qabaatu [akkaataa seera .05(2) irratti eerameen, peetirooliyeemiin sirna UST keessa ba'e argamuu, meeshaalee to'annoo isaan walqabatan, yookaan qaama taankarii, sararaa, gadnaqxuu, meetirii yookaan mala harcaatii sarararratti mudachuu malu adda baasu, kan peetirooliyeemii gadnaquuf hin saxaxamne, akkasumas peetirooliyeemiin naannoo keessatti akka oomisha bilisaatti yookaan akka hurkaatti biyyee, ijaarsawwan lafa jalaa keessatti, sararoota balfaa fi tajaajilootaa, fi cinaa bishaan lafarraa fi bishaan dhugaatiitti argamuu fa'aa kan dabalatu], haalota hojii hin baratamnee, fi kkf ilaalchisee tarkaanfilee fudhatamuu qabaniif Seera 0400-18-01-.05 ilaalaa.

Erga sakattii yeroo darbe godhameetii fooyya'iinsi godhame yoo hin jiraanne irraan kan hafe, akkaataa kaa'umsa isaanii dabalatee meeshaa Diviizhiniidhaan kennameen suuraa faasiliitii UST fudhadhaa. Sarbamoota, taatee siistema taankariirraa jallachuu (bishaan xuuxxuu keessatti argamuu, ujummoon dachaatuun miidhamuu, sarbamooni jiraachuu isaanii adda baasuuf yoo rakkattan) hundumaa suuraa kaafachuun warreen dabalataan ilaaluun barbaachisuuf immoo ragaa olkaa'aa. Suuraaleen foormaatii elektiroonikaalaan olkaawwamuu kan qaban yoo ta'u, wayita barbaadametti immoo deeggarsaaf ogeessa teekinikaatti ergamuu danda'a.

Odeeffannoo Abbeentaa: Faasiliitiiwwan muraasni kan hojjettoonni guutiinsa ulaagaaf suuraa kaasuu dhorkan kan akka dhaabbilee mootummaa, daldalaa, yookaan industirii kan meeshaaleen/adeemsonni tariitii hojiirra jiraachuu malan keessatti imaammatoota nageenya fi/yookaan kaampaanii qabaachuu malu. Hojjetaan, DAR faasiliitii sanaa gaafachuun suuraalee karaa faasiliitichaa walitti qabuun erguu danda'a. Iyyannoowwan odeeffannoo abbeentaan walqabatan ilaalchisee, to'ataa keessan kan filannoo jiraachuu maluuf qondaala to'annoo sanada abbeentaa Diviizhinii (Daayirektara Diviizhinii) quunnamuu danda'u haasofsiisaa (hiikkoowwan Seera 0400-18-01-.01(4) jalatti eeraman ilaalaa).

Ragaaleen abbeentaa sirrii ta'amne sanadaa fi bulchiinsa qabiinsaa adda ba'e kan barbaadanidha.

b. Qindaayina Siistemaa Mirkaneessaa

- Kunis lakkoofsa, guddina, qabiyyeewwan, bakka argamaa, taankaroonni hunda-galeessa ta'uu isaanii, kkf kan dabalatuu fi ragaalee Diviizhinii wajjiin kan walbira qabanidha. Kuusdeetaa Yaadachiisaa fi meeshicha, fi kkf gidduu ragaan waldhiitu yoo argame, odeeffannochi Siistema Yaadachiisaa UST-appilikeeshinii Bulchiinsaa UST, fuula

Fooyya'iinsa Sakatta'aan Godhamanii irratti haareffamuu qabu.

- Hojiirra kan oolu taanaan, gargar baastuun zayitii/bishaanii jiraachuu fi taankarii qofa qofaatti qabachuu danda'u kan to'atamuu fi galmaa'ee hin jirre jiraachuu isaa adda baasaa. Yoo hin galmoofne ta'e, Unka Yaadachiisaa guutuun Kutaa 2.2 Kan Siistemoota UST Baratamoo ilaalaa.

c. Bakka Argama Karaalee Seensaa/Xuuxxuuwwan/Buufataalee Biroo Kan Paampii Taarbaayinii Bishaan Keessaa

- Coccobi yookaan dhimmisi jiraachuu isaa addaa baasuun galmeessa'atii qajeelfamoota dabalataaf EFOM hordofaa (Seeronni 0400-18-01-.05 fi .09(6) hojjiira ooluu danda'u).
- In baraachisa taanaan, ujummoon veentii uumamuu yaa'aa adda baasuu quunnamee jiraa?
- Bishaan/biyyeen yookaan wantoonni harca'an/alaatii itti seenan kan sakattiin gahaan akka hin gaggeeffamne dhorkuu danda'an jiraachuu isaanii ilaalaa.
- Walfudhannaa keenyanii, chaappaawwan, kopheewwan/gaaskeetiwwan sakatta'aa. Vaalviwwan kubbaa bololi'uun hojjetan kan argaman taanaan, sirriitti akka hojjetuuf irra keessi taankarii jabaatee hidhamuu mirkaneessaa. Vaalviwwan kubbaa bololi'uun hojjetan ujummo xuuxuun hojjetu, deebisa hurkaa kowaakshiyaaalii sadarkaa I, guutiinsa fageenyarraa fi qaqqaabiinsa dhiibbaa fayyadamuun godhamu faana faayidaarra ooluu hin danda'an. Fakkeenyonni kaninni dabalatu: paappeetiin hurka deebisan sirnaan taa'uu, kubbaayyaan piroobii ATG sirnaan galfamuu fi kan hin cabne ta'uu qabu, giroomeetii piroobii ATG shiboorraa tolfame jiraachuu dhabuu yookaan miidhamuu, bakkeewwan safaraa faayidaarra hin oolle yookaan kan biroo, kkf.
- Kan argamu yoo ta'e, sararoonni hunda-galeeyyiin daanda'uurraa kan eegaman ta'uusaanii adda baasaa (ujummoon deebisa hurkaan walqabatan CP hin barbaadan, Kutaa 2.2 Siistemoota UST Baratamoo, Kutaa Deebisa Hurkaa Marsaa I fi II ilaalaa).
- Xuuxxuuwwan Adoolessa 24, 2007 booda galfamaniif yookaan xuuxxuuwwan to'annoo inteeristishiyaalii kan mala dhimmisuu adda baasuun walqabatuuf guyyaa diriirsuun raawwatee fi caccabuun itti argame irratti utuu hin hundaa'iin, xuuxxuu yookaan kopheen seensaa suphamuu yookaan bakka buufamuu qabu (Boqonnaa Teekinikaa 3.4 kan, To'annoo Lammataa fi To'annoo Inteeristishiyaalii ilaalaa). Wantoonni harca'an yookaan dhangala'aan yoo argame, O/O'n yookaan DAR'n hatattamaan achii kaasuu fi akkaataa ulaagaalee naannoo fi federaalaa irratti eerameen harca'aawwan/dhangala'oo/haftee yoo dhabamsiisan ni gorfama. Bakka kaa'umsaan yookaan hojmaata seensarii wajjiin walitti hin bu'u taanaan harca'aan/dhangala'aan/hafteen hammaan xiqqaan rakkoo hin qabaatu.
- Seensariwwan xuuxxuu yoo jiraatan, bakka sirrii kaawwamuu fi haaluma saxaxa isaaniitti uumamuu dhimmuu adda baasuuf sirnaan hojjechaa jiraachuu isaanii mirkaneessaa. Sakattaatonni qorannoo dammaqsituu seensarii jalqabsiisuu hin qabani; unki kanbiraan odeeffannoo unka sadarkaa isaa eeggate irratti galmaa'ee jiruun walfakkaataa ta'e qabuu fi Diviizhiniidhaan dursee mirkanaa'e yoo jiraate irraan kan hafe, akkaataan hojii inni sirriin Gabaasa Qorannoo Elektiroonikaalaa To'annoo Bakka Duwwaa Qaama Lamaan Gidduu Jiru Kan waggaa (CN-1339) irratti galmaa'eera.
- Mataan paampii taarbaayinii bishaan keessaa (STP) CP kan hin barbaanne ta'us, qaamoleen ujummo sibiilaa fi walqabsiistonni dadacha'oon lafa yookaan bishaaniin walqabatanii jiran CP

ni barbaadu. Boqonnaa Teeknikaa 4.1 ilaalaa.

- Meeshaan ijaarsaaf faayidaarra oole gabaafamee ture gaaffii keessa galee kan jiru yoo ta'e, kanaan akka mirkanaa'uuf gaafadhaa:
 - kaffaltiin diriirsuu kan ittiin gaafatame (waggootan sadan (3) darban keesatti kan diriirfame yoo ta'e,) yookaan;
 - Sanada suuraa meeshaa ujummoon irraa tolfame kan qaama sadaffaa beekamtii qabun galfame, yookaan;
 - Taankariin yookaan ujummoon guyyaa xumuraa 1999 faana waliigaluuf yoo haaromsamee hin beeku ta'ee fi baafamuu qaba ta'erraan kan hafe qorannoo CP godhame yookaan CP mijataa dabalame.
- Meeshaan ijaarsaaf faayidaarra oole odeeffannoo gabaafame wajjiin kan waldhiitu yoo ta'e, odeeffannochi Siistema Yaadachiisaa UST-appilikeeshinii Bulchiinsaa UST, fuula Fooyya'iinsa Sakatta'aan Godhamanii irratti haareffamuu qabu.
- Yoo Total Containment Inc. dhaloota tokkoffaa ujummoo dachaatu (TCI) adda baafame, FO-035 isaan walqabatu kennaa. Fakkeenyaaf suuraalee Boqonnaa Teekinikaa 3.5 ilaalaa.
- Maloonni uumamuu yaa'aa adda baasan kan barbaachisan taanaan, jiraachuu fi bakka sirrii kaawwamuu isaanii. Maloota uumamuu yaa'aa sararaa adda baasan kan elektiroonikaalaatiif qorannoon waggaa maaloota uumamuu dhimmuu adda baasan sanaa hin godhamne taanaan, odeeffannoo qixeeffama dhimmisa sarara dhiibbaan hojjetuun walqabatan maxxansiisuuf bakka bu'aan aboosaa qabu jiraachuu qaba. Veeder Root ELLD yoo ta'e immoo, sakatta'aan wiilii safaraa yookaan Rolatape'tti gargaaramee gosa ujummichaa fi qindaa'ana dheerinasaa mirkaneessuun tilmaamni dheerina ujummochaa dheerina odeeffannoo qixeeffamaa dhiyaate irratti gabaafame (30% kan dheerina ujummoo isa sirrii yookaan faana shantamaa gadi kan ta'e) faana walsimuusaa adda baasuun ELLD'onna sirnaan qixeeffamuu isaanii mirkaneessuu qaba.

d. Bakka Argama Qaawwaa Guutiinsaa/Baaldii Yaa'insa To'atuu(anii)

- Baaldiiwwan yaa'iinsa to'atan hojjechaa jiraachuu isaanii ilaaluun mirkaneessaa (qaawwaa, cabaa, harca'aan jiraachuu dhiisuu). Harca'aan yookaan dhangala'aan argame yoo hatattamaan baafame, akka sarbamaatti hin lakka'aamu. Wayita sakattiitti hin baafamne taanaan, xalayaa bu'aalee sakattii ibsu irratti akka sarbamaatti baafamuu akka qabu gaafadhaa. Daangaa yeroo kaawwame keessatti yoo hin baafamiin hafe, Yaadachiisa Tarkaanfii Hojiirra Oolmaa irratti akka sarbamaatti galchaa. Sakatta'aan wayita qorannootti baaldii dhangalaatii to'atu kan cabe yookaan miidhame yoo arge, qaamni miidhame qaama oomishaan suphiinsaaf dhiyeessuu danda'uu fi suphaan akka irratti gaggeeffamu kan eyyemu yoo ta'e irraan kan hafe bakka buusuun akka barbaachisu O/O beeksisuu qaba. Kaampaanonni baayyeen sarar-baastota baaldii yaa'insa to'atanii ni dhiyeessu; haa ta'uyyuu malee, oomishtonni baayyeen suphaa baaldii yaa'insa to'ataniif jecha sarar-baastota diriirsuutti walii hin galani. Akkaataa miidhaan baaldii yaa'insa to'aturra ga'e itti mullaturraa ka'uun, O/O'n bakka buusuu dhiisuun qorannoo walfudhannaa gaggeessuuf carraa ni qabaata. Qorannoon walfudhannaa godhamee baaldiin yaa'iinsa to'atu jabaataa ta'uusaa yoo agarsiise, bakka bu'iinsi kan hin barbaachifne ta'a. Adeemsawwan Qorannoo Haayidroostaatikii dhaaf Appeendiiksii 1 kan Boqonnaa Teekinikaa 4.2 irra jiru ilaalaa. O/O

beeksisuudhaan bakka buusuun godhamuun dura sa'atii torbaatamii lama (72) keessatti sakatta'aan argamee dhiibbaan naannoorratti dhaqqabe jiraachuu akka adda baasuuf xalayaa bu'aa sakattii ibsu keessatti gaafadhaa. Sirnaan beeksifameera taanaan, sakatta'aan jijjiiramni halluu fi/yookaan oomishni walabaa biraan jiraachuu adda baasuuf baaldii dhangalaatii to'atu jalasaa ni sakatta'a. Faalamni dhiibbaa qabaatuu malu yoo argame, sakattiin naannoo godhamuun in barbaachisa (xalayaa unka FO-001scsb namoota ilaallatutti ergaa). Kunis ballistuu boollaa tokko irraangadee bakka kuusaa taankarii kan baaldii miidhaan irra dhaqqabe qabateeru, garuu immoo alasaa hin taanee kaa'uufaa dabalata.

- Yoo barbaachisa ta'e ujummoon coccobsu jiraachuusaa adda baasaa (SIR'dhaaf olkaatota CP jalaa baasuuf yookaan diriirsa vaalvii filaaperiif)
- Safarr karaa ujummoo coccobsuu ulee safaraa yookaan ATG'tti fayyadamuun godhamuu isaanii adda baasaa (SIR qofaaf). Uleen safaraa haala gaariirra jiraachuu kan qaban yemmuu ta'u hanga iinchii 1/8^{ffaa}'tti safaruu danda'uu qabu. Uleen safaraa haala gaariirra jira jedhamu, kan hin cabne, fiixeensaa kan hin dulloomne, safarooni isaa kan hin dulloomnee fi sirriitti kan dubbifaman, halluunsaa itti qabatee kan jiruu fi kan hin dulloomne, akkasumas teefilooniidhaan uwwifamee kan jiru yoo ta'edha.
- Meeshaan guutiinsa irra-darbaa to'atu jiraachuu (hojiirra oolmaa kan qabu yoo ta'e, vaalvii filaaperii yookaan cuftuu aawutomaatikii ijaan mirkaneessaa)
- Baaldiin dhangalaatii to'atu liidii haala gaariirra jiruufii qadaada ujummootti maxxanee hin jirre wajjiin dhiyaachuu qaba.

Meeshaaleen yaa'iinsa to'atan hunduu akkaataa seera .02(3)(c)1.(ii) irratti eerameeruun waggaa sadi sadiin (3) qoratamuu qabu.

e. Bakka Argama Meeshaa Guutiinsa Irra-darbaa To'atu (filaaperii yookaan cuftuu aawutomaatikii miti yoo ta'e)

Meeshaaleen yaa'iinsa to'atan hunduu akkaataa seera .02(3)(c)2 irratti eerameeruun waggaa sadi sadiin (3) qoratamuu qabu. Hubadhaa, vaalviwwan kubbaa bololi'uun hojjetan suphamuu waan hin dandeenyeef dammaqsiituu wayita guutiinsa irra-darbaa yookaan vaalvii filaaperiin bakka buufamuu qabu.

f. Bakka Argama Raabsituu

- Coccobi jiraachuu isaa adda baasuudhaan akka sarbamaatti qabadhaa, Seera 0400-18-01-.05(2). Imaammanni Sakattii Naannoo Kan Raabsituu Fooyya'e hojiirra ooluu danda'a. Hojiirra oolmaa kan qabu taanaan xalayaa unka FO-001scd kennuudhaan *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa Hojjetaa* ammatti hojiirra jiru akka hojiirra oolchaniif EFOM'tti dabarsaa.
- Harca'aan raabsituu jala yoo jiraate kanneen armaan gadii keessatti jeequmsa uumuu danda'a. dhimmisuu ilaaluu, walqabsiistonni dacha'oon kophee/CP barbaaduu adda baasuu yookaan Vaalviwwan wayita balaa tasaa sirriitti dhaabbachuu isaanii adda baasuu. Harca'aawwan hatattamaan baafamuu qabu. Hatattamaan hin baafamne taanaan, xalayaa bu'aalee sakattii ibsu irratti akka Seera 0400-18-01-.02(3)(b)3. sarbama waan ta'eef baafamuu

akka qabu gaafadhaa.

- Qaamoleen ujummoolee sibiila irraa tolfamanii fi quunnamsiistuuwwan dacha'oon gadnaqxuuwwan jalatti argamanii fi CP biyyee yookaan bishaanii wajjiin wal tuqanii jiran madaalamuu qabu. Boqonnaa Teekinikaa 4.1 ilaalaa. Jiraannaan, xuuxxuuwwan sakatta'aa.

Xuuxxuuwwan Adoolessa 24, 2007 booda galfamaniif fi kan caccabaniif, xuuxxuu yookaan kopheen seensaa suphamuu yookaan bakka buufamuu qabu (Boqonnaa Teekinikaa 3.4, To'annoo Lammataa fi To'annoo Inteeristishiyaalii ilaalaa). Yoo caccabni yookiin dhangala'aan argame (caccabni/dhangala'aan/haftaan xiqqaan hanga bakka kaa'umsaa ykn hojii seensarii hin gufachiifnetti fudhatama qaba), hatattamaan baafamee akkaataa ulaagaalee gandaa, naannoo fi federaalaatiin sirnaan dhabamsiifamuu qaba. Xuuxxuun miidhaan irra ga'e naannootti dhimmisuunsaa yoo argame, hojiirra oolmaa kan qabaatu taanaan unka xalayaa sakattii naannoo sirrii ta'e kennuudhan *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa Hojjetaa* ammatti hojiirra jiru akka hojiirra oolchaniif EFOM'tti dabarsaa. Meeshaaleen yaa'iinsa to'atan hunduu akkaataa seera .04(4)(c)1 irratti eerameeruun waggaa sadi sadiin (3) qoratamuu qabu.

- Seensariwwan xuuxxuu yoo jiraatan, bakka sirrii kaawwamuu fi haaluma saxaxa isaaniitti sirnaan hojjechaa jiraachuu isaanii mirkaneessaa. (Sakattattonni qorannoo dammaqsiituu seensarii jalqabsiisuu hin qaban). Wanti dhangala'aan yoo argame, O/O'n yookaan DAR'n hatattamaan achii kaasuu fi akkaataa ulaagaalee naannoo fi federaalaa irratti eerameen yoo dhabamsiisan ni gorfama.
- Kuusdeetaa Yaadachiisaa fi meeshicha, fi kkf. gidduutti ragaan waldhiitu yoo argame, odeeffannochi Siistema Yaadachiisaa UST-Appilikeeshinii Bulchiinsaa UST, fuula Fooyya'iinsa Sakatta'aan Godhamanii irratti haareffamuu qabu.
- Gosa ujummoo (xuuxuun kan hojjetu/dhiibbaadhaan kan hojjetu/guula harkisa lafaan kan hojjetu), qindaa'ina, fi quunnamsiistonni dacha'oon, vaalviwwan kubbaa fi/yookaan quunnamsiistuuwwan iswiingii jiraachuu mirkaneessaa (darbee darbee sararoota ujummoo sibiilaa irratti kan argamu). Ulaagaaleen CP guutuu isaanii mirkaneessaa. Ujummoo sibiilaan alaa Sadaasa 1, 2005 booda yoo diriifame, akkaataa seera 0400-18-01-.02(4)(b)1 irratti eerameen moggaafamuu isaanii adda baasaa.
- Sakatta'aa MIA'tiin dursee hin mirkanoofne taanaan, meeshaa irraa tolfame adda baasaa (Kutaa 12 ilaalaa).
- Ujummoo dachaatu (TCI) yoo adda baafame, FO-035 isaan walqabatu kennaa. Fakkeenyaaf suuraalee Boqonnaa Teekinikaa 3.5 ilaalaa.
- Hojiirra oolmaa kan qabaatu taanaan, sanadoonni boba'aa hin qulqulloofnee (CN-1283 & 1285) O/O tiin Kutaa Yaadachiisaatti galfamuu isaanii adda baasaa. Cheeklistii O/O'dhaaf dhiyeessaa yookaan guutanii Diviizhinichatti akka erganiif bakka unkisaa (Marsariitii Diviizhinichaa irraa fuula Filannoowwan Boba'aa Biroo) itti argamutti qajeelchaa. Unki kun yeroo baayyee Unka Yaadachiisa Dirirsaa Duraa Diviizhinii wajjiin kan galfamudha. Sanadoonni faayilarra hin jiran taanaan, xalayaa bu'a sakattii irratti akka sarbama Seera 0400-18-01-.02(5)'tti sanadoota gaafadhaa.
- Raabsituuwwan sosocho'aa jiraachuu isaanii adda baafadhaa (Kutaa 2.2 Siistemoota UST Baratamoo ilaalaa).
- Funyaan raabsituu saamsameera taanaan, rakkoo to'annoon walqabatuuf ta'uusaa

gaafadhaa. Fakkeenyaaf, funyaanni oomishaalee idilee hundaa saamsameera taanaan, meeshaan dhimmisuu adda baasuu yaa'iinsa dhorkuu yookaan sararatti rakkoon mudachuu agarsiisuu mala.

- Vaalviwwan wayita balaa tasaa sirriitti dhaabbachuu isaanii mirkaneessaa (Boqonnaa Teekinikaa 3.5 ilaalaa) kutaa imaammataa Qajeelcha Sakattii Sadarkaa isaa Eeggate irraa Xalayaa Vaalvii Wayita Balaa Tasaa ilaalaa.

g. Meeshaa Eegumsa Kaatoodii

Meeshaa CP adda baasaa (wantoota karaa seensaa yookaan gadnaqxuuwwaniitiin hin mullanne hunda)

- Siistemichi impireesdi kaarentiidhaan hojjeta yoo ta'e bakka saanduqi reektifaayerii itti argamu dhaqaa
- Siistemin impireesdi kaarentii banamee jiraachuusaa mirkaneessaa (sakattaatonni banu hin qaban).
- Yoo jiraate of eeggannoo humna ibsaa fi ifoota dammaqsituu hojiirra jiraachuu mirkaneessa.
- Safartuuwwan vooltii fi ampi sirnaan hojjetaa jiraachuu isaanii adda baasaa.
- Saanduqi bakka walquunnamtii yoo jiraate, baayyina shaantii baayyina aanoodii adda baasuuf faayyidaarra oolanii sakatta'aa (yeroo hundumaa aanoodii tokkotti shaantiin tokko hojiirra ni oola).
- Dursee yoo hin dhiyaanee galmeessii reektifaayerii laalaa. Unki Daawwannaa Faasiliitii Kan Ji'aan/Waggaan Godhamu (CN-2544) sakattiiwwan reektifaayerii irratti godhaman galmeessuuf faayyidaarra ooluu danda'a.
- Wayita sakattiitti safarawwan vooltii fi ampii irraa mullatan qabachuun safarawwan galmeessii reektifaayerii irra jiran wajjiin walfakkaachuu isaanii adda baasaa (Boqonnaa Teekinikaa 4.1 ilaalaa. Ittisa Daanda'ummaa garaagarummaa fudhannaatiif oolu)
- Shiboowwan aanoodii saaxilaman yookaan caban yoo jiraatanii fi suphaa kan barbaadan ta'an galmeessaa.

h. Madaallii Bakka Hojii

Kun murtoo dhiibbaan naannoorra geessisu jiraachuusaa agarsiisa kan ta'ee fi yoo jiraate, hogganaa taatee faalamaa quunnamaa). Kana ilaalaa:

- Dhiibbaawwan bishaan dirra lafaarratti qabaatu
- Dhiibbaawwan sarara balfaa kan yeroo tasaa/kan qulqullinaa irratti qabaata
- Hurkawwan peetirooliyeemii gamoowwan irratti
- Uumamuu dhimmuu lafa jalaa, coccoba yookaan guutiinsa irra-darbaa (raabsituu deeyiselii irraan kan hafe) irraan kan ka'e ragaa dhiibbaa biyyee fi/yookaan bakka dhaabbii konkolaataa irratti mullatu
- Guuboo koonkiriitii haaraa yoo ta'emmoo, rakkinoota to'annoo UST wajjiin walqabataniif ragaalee suphaa/bakka bu'iinsaa gaafadhaa.
- Taateen dhimmisuu yoo shakkame yookaan mirkanaa'ee fi keenyan ilaalchaa kan argamaniif

dhaqqabuu kan danda'an ta'an, keenyanicha akka bananiif O/O yookaan DAR gaafachuun dhiibbaan naannoorra dhaqqabe kan akka oomisha akkasumaanii fa'aa jiraachuu isaa adda baasuuf sakatta'aan waraabduutti fayyadamuu qaba.

- Agarsiistuuwwan cufiinsa hin dhugeeffamnee.
- Taateen dhimmisuu shakkame yookaan mirkanaa'e yoo argame, *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa Hojjetaa* ammatti hojiirra jiru hordofaa.

7. Keessoo Mooraa

- ATG'n yoo jiraate, hojiirra jiraachuusaa mirkaneessaa (wayita hojiirra jirutti sakattaatonni tuquu yookaan ajajuu hin qaban). Ragaaleen uumamuu dhimmuu hir'uu yookaan sirrii kan hin taane yookaan dammaqsituun banamee yoo argame (dammaqsituu ifa balaqqeessa'uu, kan sagalee yookaan wanti mullatuu), dammaqsituuwwan taankarii sa'atii sanatti kanaan dura galmaa'ee ture jiraachuusaa adda baasuuf gabaasa seenaa dammaqsituu keessoo taankarii dhiyeessuu qabu. Kuni sakatta'aan taateen dhimmisuu shakkame raawwatamee garuu immoo ragaalee RD kan ji'aaf akka bakka hin buune adda baasuu dandeessisa. (deebii uumamuu dhimmuu shakkameef kenname adda baasuuf Boqonnaa Teekinikaa 3.2 Kutaa 17 irraa "Gabaasa" kan jedhu ilaalaa).
- Guyyaa sakattiitti ragaaleen gulaalliif yoo hin dhiyaanne, sarbamoota dhibamuu ragaaleen walqabatani hojiirra ooluu danda'aniif O/O'tti ergamuu qaba.
- Maloota uumamuu yaa'aa sararaa adda baasan kan elektiroonikaalaatiif qorannoon waggaa maaloota uumamuu dhimmuu adda baasan sanaa hin godhamne taanaan, odeeffannoo qixeeffama dhimmisa sarara dhiibbaan hojjetuun walqabatan maxxansiisuuf bakka bu'aan aboosaa qabu jiraachuu qaba. Veeder Root ELLD yoo ta'e immoo, sakatta'aan wiilii safaraa yookaan Rolatape'tti gargaaramee gosa ujummichaa fi qindaa'ana dheerinasaa mirkaneessuun dheerinni ujummochaa dheerina odeeffannoo qixeeffamaa dhiyaate irratti gabaafame (30% kan dheerina ujummoo isa sirrii yookaan faana shantamaa gadi kan ta'e) faana walsimuusaa adda baasuun ELLD'onni sirnaan qixeeffamuu isaanii mirkaneessuu qaba. (Tilmaamni dheerina ujummoo odeeffannoo qixeeffamaa wajjiin yoo wal hin simne, LLD'n sirnaan kan hin hojjenne yemmuu ta'u, odeeffannochi gulaallii dabalataaf ergamuu qaba).
- Rektifaayeriin keessootti kan argamu taanaan, CP armaan olii ilaalaa.

8. Ragaalee Suuraa kaafachuu fi/yookaan Iskaan Gochuu

Ragaalee fi sanadoota sarbaman fi rakkinoota/ragaalee gulaallii dabalataa barbaadan **hundumaa** suuraa kaasaa akkasumas yookaan iskaan godhaa (kan akka Dammaqsituuwwan Koonsoolii ATG, Sarbamawwan Hojiilee Waraqataa, Ragaalee Uumamuu Yaa'aa Adda Baasuu Hin Milkooofne, Qorannoolee CP Hin Milkooofne, sarbamni(oonni) jiraachuu mirkaneessuu dadhabuu). Suuraaleen fi/yookaan sanadoonni iskaan godhaman foormaatii pdf'dhaan olkaawwamuu kan qaban yoo ta'u, wayita barbaadametti immoo deeggarsaaf ogeessa teekinikaatti ergamuu danda'a.

9. Yeroof Tajaajilaan Ala Kan Ta'e (Odeeffannoo dabalataaf Boqonnaa TOS SIM ilaalaa):

- Gulantaalee oomishaa mirkaneessaa,
- CP'n hojiirra jiraachuu fi ragaaleen hojiirra ooluu danda'an tursiifamuu isaanii mirkaneessaa,
- Hafteen yoo argamee fi iinchii tokkoo ol yoo ta'e immoo ragaalee RD ji'oota kudha lamaan (12) darbanii
- Siistemni UST TOS ji'oota sadii (3) caalaa yoo ta'e, ujummooleen, sararoonni, karaaleen seensaa, meeshaaleen deeggarsaa hundi nageenyi isaanii kan eegame ta'uu fi akka TOS'tti sirnaan galmaa'uu isaanii mirkaneessaa.

10. Fakkii Bakka Hojii Kaafachuu

Fakkii bakka hojii kaasuun sakattii darbe keessatti kan xumuramee fi erga sakattii yeroo darbeetii jijjiiramni homtuu yoo hin godhamne ta'erraan kan hafe GasLog irratti fakkii bakka hojii kaasaa xumuraa.

11. Uumamuu dhimmuu Shakkame yookaan Dhiibbaa Naannoo Irratti Qabaatu

Taateen dhimmisuu shakkame yookaan dhiibbaan naannoorratti qabaatu yoo argame, kutaa to'ataa fi bakka hojii GasLog irra jiru guutuun akkuma qajeelfamatti galmeessuun suuraa dabalaa. Taateen dhimmisuu shakkame yookaan mirkanaa'e yoo argame, *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa Hojjetaa* ammatti hojiirra jiru hordofaa.

12. Marii O/O

Sakatta'aa kanneen armaan gadii gabaasa sakattii irratti qabachuu kan qabu yemmuu ta'u, cuunfaa sakattichaa irratti immoo O/O bakkichatti argamu waliin mari'achuu qaba:

- Sarbamiinsi seera argameera
- Wantoota deebi'uu yookaan furamaa hin dandeenye
- Odeeffannoon dabalataa barbaachisan

Xalayaa hordoffii wantoota armaan olitti tarreeffaman eeru, gaaffilee deebisu, akkasumas ragaalee qindeessuu irratti yaada kenname akka qabateeru sakatta'aan O/O dhaaf ni beeksisa.

Akkaataa seera 0400-18-01-.16(4) irratti eerameen, Siistemni UST ulaagaan ala ta'uusaa Diviizhinichi yeroo kamittuu yoo adda baase, Diviizhinichi siistemni UST ulaagaan ala ta'uusaa murteesse guyyoota soddoma (30) keessatti leenjiin irra deebii to'ataaf kennamu kan kutaa to'ataa sirrii ta'eef miilkaa'inaan kennamee xumuramuu qaba.

Sakatta'aan rakkoolee bakka hojiitti irratti hin mari'atamne yoo arge, sakatta'aan rakkinichi adda baasuun O/O quunnamuu, furmaata isaaf O/O wajjiin hojjechuu akkasumas wayita sakattii itti aanuutti

kan gulaalamu ta'uusaa hubachiisuu qaba. Haa ta'uyyuu malee, sakatta'aan ragaalee wayita sakattiitti gulaalliif jiraachuu malaniif booda galfaman yoo hubate, ragaaleen kunneenii fi ragaaleen boodatti hafan biroon sarbamiinsaaf saaxilamoodha.

Fakkeeniyisaa kaninni dabalatu, garuu immoo itti hin daangofne, ragaaleen sakattii booda galfaman uumamuu dhimmuu shakkame agarsiisuu. Sararri keessoo taankarii mala ittiin daanda'uu ittisan tokkicha yoo ta'e, taankarii(oota) raawwatanii akka cufanii fi Kutaa Hojiirra Oolmaa akka ilaalaniif O/O beeksisaa.

13. Hordoffii Sakattii

a. Sarbamiinsi Bira Ga'ame Hin Jiru

Sarbamiinsi argame yoo hin jiraanne, karaa fayyadama GasLog MIA ergaa walitti dabaluu jedhu fayyadamuun FO-037 kennaa.

b. Qalbifannaawwan

Qalbifannaan meeshaa addatti Seerota Diviizhinii Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa 0400-18-01-.01 fi kanneen itti fufan keessatti hin eeramne kamiyyuuti. Kunis shaakaloota bulchiinsaa gaggaarii, sarbamiinsa gara fuulduraatti uumamuu malan hambisuuf tarkaanfilee ittisaa, kkf kan dabalatudha.

c. Ragaalee Guyyaa Sakattiin Booda Gulaalliif Galfaman

Bu'aalee xalayaa guutiinsa ulaagaa (FO-36) kennuun dura ragaalee sakattiin booda kallattiin galfaman hundumaa (kan waraqaa, suuraawwan, yookaan iskaaniwwan) gulaalaa. Ragaaleen galfaman guutummaatti sarbamawwan ba'anii mullatan kan ilaallatan yoo ta'e, FO-036vc (sirreeffama sarbamawwanii) kennaa. Ragaaleen galfaman sarbamawwan sakattii to'ataa irra-deebiin leenjisuun walqabatan (ORV) kan dursu ta'uu qaba. Sanadi guyyaa sakattiitti kan dhaqqabe yoo ta'erraan kan hafe deebiiwwaan appilikeeshinii MIA keessa jiran jijjiiramu hin qaban. Garagalchi sanadoota guutiinsa ulaagaa hunduu yeroodhaan appilikeeshinii irratti ol fe'amuu qabu.

d. Ragaalee Guyyaa Sakattiin Booda Gulaalliif HIN Galfamne

Ragaaleen guyyaa sakattiitti yoo hin dhiyaanee fi xalayaan kennamuun dura yoo hin dhiyeeffamne, wantoo g armaan gadii ilaalaa.

e. Jijjiirraa Abbaa Qabeenyummaa

Walfakkaachuu dhabuun abbaa qabeenyummaan walqabatan wayita sakattiitti yookiin wayita wayitii baasuutti yoo mudatee turee fi karaa galmee sirnaawaatiin furamee ture ta'e, xalayaalee hundumaa abbaa qabeenyaa haarawa galmaa'eef kennaa. Abbaa qabeenyummaa sun yoo hin furamne ta'e, xalayaa abbaa qabeenyaa galmaa'ee jiruuf kennaa.

Unki yaadachiisaa haarofti wayita sakattiitti yoo guutamee dhume yookaan odeeffannoo haareessuuf yoo barbaadame, wayita unkicha fuudhamutti, sakatta'aan Kutaa Yaadachiisaatti kan

dabarsu ta'a.

Jijjiiramno abbaa qabeenyummaa fi teessoo irratti godhaman Kutaa Yaadachiisa'atiin mirkaneeffamuu qabu. Wayita sakattiitti garagalcha unkoota armaan gadii duwwaa ta'an harkaa qabaachuu keessan yeroo hundumaa mirkaneeffadhaa: Yaadachiisa Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa CN-1260, Jijjiirraa Teessoo Ergaa Abbaa Qabeenyaa CN-1383, Yaadachiisa Fooyya'e, Kan Gurguraan Jijjiirraa Abbaa Qabeenyummaa Taankarii Ittiin Gabaasu CN-0911, Yaadachiisa Bitaa CN-1392 fi Yaadachiisa Agarsiistuu Abbaa Qabeenyummaa CN-1186.

f. Ittisa Daanda'uu

Sararri keessoo taankarii mala ittiin daanda'uu ittisan tokkicha yoo ta'e, taankaricha raawwatanii akka cufanii beeksisuuf xalayaa keessatti qooqa dabalaa.

g. Sarbamoota Bira Ga'aman (Xalayoota FO-036)

- Sarbamoota GasLog MIA'dhaan maddisiifaman mirkaneessaa. Sarbamoota Kutaa Hojiirra Oolmaan gaaffii keessa jiran kamiyyuuf furmaata kennaa. Sakattii sirnaan xumuruuf odeeffannoon dabalataa yoo barbaachise, jijjiiramaa xalayicha keessa jiru guutaa. Xalayaa Bu'aa Sakattii (FO-036) - sarbamiinsi bira ga'amuu sirrii ta'e kennaa. Wayita sakattiitti yoo bira ga'ame, baaldiin dhangalaatii to'atu bakka buufamuu, uumamuu dhimmuu shakkame/mirkanaa'e galmeessuu yookaan gabaasuu dhabuufaa dabaluu keessan mirkaneeffadhaa. Taateen dhimmisuu shakkame yookaan mirkanaa'e yoo argame, *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa Hojjetaa* ammatti hojiirra jiru hordofaa.
- **Ulaagaalee To'ataa Gita A, B, C**

ULAAGAALEE TO'ATAA BAKKA HOJII FI KAN MAXXANSAA		
TO'ANNOON	TO'ANNOON MALEESSA	TO'ANNO MALEESSAAN GARTOKKEE
C	To'ataan tokkollee bakka hojiitti yoo hin arganne A+B	Wayita to'annoon jirutti maxxansuu
Qajeelcha Mallattoo/Ajaja ER Maxxfanfame	B akka C'tti yoo leenji'e B=C	Yoo to'annoo malee ta'e to'annoo malee hordofaa
	Balaawwan tasaa hundaaf deebii B/C	

- O/O'n Gita A/B'tiif nama ifatti yoo hin filanne yookaan ammatti nama filatamee hojiirra jiruu yoo hin qabaanne, xalayaa Bu'aa Sakattii keessatti akka sarbama 0400-18-01-.16(1)(a) yookaan (2)(a) tti dabalaa.
 - Qajeelchi mallattoo yookaan ajajaa bakka to'ataan Gita C wayita hojii idileesaatti arguu danda'u yoo hin kaawwanne xalayaa Bu'aa Sakattii lbsutti sarbama 0400-18-01-.16(3)(c) dabalaa.
 - Faasiliitichi to'annoo namaa malee kan hojjetu yoo ta'e, to'ataan Gita B kan Gita B'f illee leenji'eeruu fi balaawwan tasaa fi dammaqsituuwwaniif deebii kan kennu taanaan sarbamiinsi hin jiraatu.
- Faasiliitichi sa'atii gartokkeef to'annoo namaa malee kan hojjetu taanaan:
 - Faasiliitichi wayita to'annoo namaan hojjetutti qajeelcha mallattoo yookaan ajajaa qabaachuu kan qabuu fi
 - Wayita to'annoo namaa malee hojjetutti balaawwan tasaa fi dammaqsituuwwan hundaaf deebii kennuu kan danda'u To'ataa B qabaachuu qaba 0400-18-01-.16(3)(d).

- Akkaataa seera 0400-18-01-.16(4) irratti eerameen, Siistemni UST ulaagaan ala ta'uusaa Diviizhinichi yeroo kamittuu yoo adda baase, Diviizhinichi siistemni UST ulaagaan ala ta'uusaa murteesse guyyoota soddoma (30) keessatti leenjiin irra deebii to'ataaf kennamu kan kutaa to'ataa sirrii ta'eef miilkaa'inaan kennamee xumuramuu qaba. Qajeelcha "Yaadachiisawwan To'ataa Waajjira Alaa & Adeemsa Ol-darbarsiisa Hojiirra Oolmaa Sakattiwwan Ulaagaalee Hojmaataa Isaan Walqabatan", Adoolessa 1, 2022 hojiirra oole hordofaa.
- Yoo barbaachise xalayaa bu'aa sakattii biratti dabalataan xalayaa ujummoo dachaatu kanaan walqabatu (FO-035) kennaa. (Qajeelchi eenyummeessa ujummoo sibiilaan alaa ijaan mullatuu kan armaan gadiirraa argamuu danda'a http://www.nwglde.org/downloads/flexpipeid_guide.pdf.)
- Yeroo dheeraffachuuf iyyati yoo baname, akkaataa Imaammata Hojiirra Oolmaa irratti eerameen yeroo dabalaafii.
- Akkaataa Imaammata Hojiirra Oolmaa keessatti eerameen tarkaanfiin hojiirra oolmaa yoo barbaachise:
 - Xalayaa EAN sirrii ta'e kennaa,
 - Gaaffii Tarkaanfii Hojiirra Oolmaa (EAR) sirrii ta'e qopheessitanii galchuun akkasumas akka gulaalamuu fi mirkaneeffamuuf EFOM'dhaaf galchaa.
 - EFOM'dhaan gulaalamee mirkaneeffamnaa, EAR'cha teessoo iimeelii keessaa kan Garee Hojiirra Oolmaa UST.EAR@tn.gov irratti garee hojiirra oolmaaf ergaa.

h. Qabiinsa Sanadaa fi Faana Bu'iinsa

- Xalayaa, sanada sakattii, fi/yookaan gabaasota hundumaa faana dha'uun GasLog irratti ol-fe'aa.
- Taateen dhimmisuu shakkame yookaan mirkanaa'e yoo gabaafame, Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa Hojjetaa ammatti hojiirra jiru hordofaa.
- Hojiirra oolmaa kan qabu taanaan, rakkinoota UST dhaan hin to'tamne garuummoo wayita sakattiitti hubataman ejensii dhimmisaa ilaallatutti dabarsuuf EFOM itti miimoo ergaa. Moojulii guutiinsa ulaagaa GasLog'tti fayyadamuun dabarsawwan kanneen faana dha'aa.
- Sakattii dabarsuu yookaan cufuun dura:
 - Galteewwan faana dha'iinsaa mirkaneessaa
 - Guyyoota
 - Koordineetiiwwan GPS
 - Haalhojii dhimmichaa
 - Sarbamawwan sakattii
 - Sanadoonni hundi ol-fe'amuu
 - Fakkiin bakka hojii guutuu fi sirrii ta'uu

TN

Department of
**Environment &
Conservation**



Siistemoota Baratamoo

Qajeelfama Sakatta'insaa Sadarkaa Isaa Eeggate

Kutaa 2.2

Muummee Naannoo Fi Kunuunsa Qabeenya umamaa Tennessee

Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Seerichi Onkololeessa 13, 2018 irraa eegalee hojiirra oola

Sanadi Yeroo Dhumaaf Kan Gulaalame: Waxabajjii 17, 2022

Fuulli kun itti yaadamee duwwaatti hambifame

Gabatee Qabiyyee

1. AKEEKKACHIISA	3
2. KAAYYOO	3
3. TAAYITAA	3
4. BAKKEEWWAN DANDEETTII DABARSAA GUDDAA QABAN	3
a. Dhimmisuu Adda Baasuu	4
1. Safartoo Taankarii Awutoomaatikaalaa (ATG)	4
2. To'annoo Inteeristishiyaalii (IM)	6
3. Istaatistikaal Inventerii Riikoonsileeshinii (SIR)	6
b. Ujummoo Dhiibbaan Hojjetu	7
c. To'annoo Dhangalaatii	9
d. Ittisa Kaatodii (CP)	10
5. Qindaayina Siistemaa	10
a. RAABSITUU SOSOCHO'AA	12
b. DHIMBIIBDUUWWAN ZAYITAA/BISHAANII (OWS)	13
c. TAANKAROOTA LAFARRATTI HOJJETAMAN	14
d. TAANKAROOTA DHANGALA'AA DEEYISELII LAAFE BAATAN (DEF)	15
e. TAANKAROOTA DHABAMSIISTUU	15
f. GUUTIINSA FAGEENYARRAA	16
g. TAANKAROOTA HUNDA-GALEESSA	17
6. BUUFATA DOONII	19
a. Vaalvii Ittisa Saayifenii Soolinooyidii Irraa Tolfame	19
b. Vaalvii Dhiibbaa Hir'isuuf Gargaaru	19
c. Adda Baastuu Yaa'aa Sarara	19
7. SIISTEMOOTA HURKA DEEBISANII FAAYIDAAF OOLCHUU MARSAA I fi MARSAA II	21
8. JENEREETAROOTA WAYITA BALAA TASAA	24
9. TAANKAROOTA FAAYIDAA DACHAA	30
10. TAANKAROOTA "SLOP"	31
11. TAANKARIWWAN OYIRUU	31
12. TAANKARIWWAN BAKKA JIREENYAA	31
13. TAANKARIWWAN WAQTII IRRATTI HUNDAA'AN	31
14. FAASILITIIWWAN HIN TO'ATAMNE	31
15. SIISTEMOOTA UST BUUFATA XIYYAARAA	32
Fakkeeniyota:	32

a.	Ujummoo Siistemoota Taankarii Biroo Faana Walqabatan	32
b.	Sarara Ujummoo Daddabarsa Boba'aan Walqabatu	33
c.	Rakkoolee CP Adda Bahan	34
16.	QABXIILEE SAKATTA'IINSAA	36
17.	BUUFATAALEE DANUU	36
a.	Qindeeffama Taankarii fi Sarara Ujummoo	36
b.	Taankaroota Kuusaa Yeroofii	37
	WABIWWAN	38



NAANNOO TENNESSEE
MUUMMEE NAANNOO FI KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAA
DIVIIZHINII TAANKARIWWAN KUUSAA LAFA JALAA

KUTAA 2.2
SIISTEMOOTA UST BARATAMOO

1. AKEEKKACHIISA

Sanadi kun qajeelfama qofa waan ta'eef mirgootaa fi dirqamoota seeraan kennaman irratti dhiibbaa hin qabaatu. Haalota kam keessattuu murtoowwan ejensiin kennaman seerotaa fi dambiiwwan haalicha irratti hojiirra ooluu danda'an hojiirra oolchuun kan godhaman ta'u. Maqaalee daldalaa yookin oomishoota daldalaa maqaa dhahuun gargaarsa yookin gorsoota haala itti fayyadamaa of keessatti hin haammatu.

2. KAAYYOO

Sanadi kun rakkoolee taankarii lafa jalaa yookaan qindeeffama qaamolee fi/yookaan appilikeeshinootaan walqabatan kan baayyee hin mullanne yookaan hamma mullatu caalaatti baayyee walxaxoo ta'an ilaalchisee beekumsa teekinikaa tokko tokkoon kan dhiyeessudha. Sanadi kun haalota kanneen keessatti hojiirra oolmaa taankaree kuusaa lafa jalaa irratti qajeelfamaa fi kallattii kennuuf kan yaalu ta'a. Tokkoon tokkoo kutaa qofaatti kan ilaalaman ta'u.

3. TAAYITAA

Seerotni boqonnaa kana keessatti eeraman hundi Boqonnaa 0400-18-01 keessatti kan argaman yoo ta'u, marsariitii Barreessaa Naannoo Tennessee <https://publications.tnsosfiles.com/rules/0400/0400-18/0400-18.htm> irratti argamu.

4. BAKKEEWWAN DANDEETTII DABARSAA GUDDAA QABAN

Sakatta'aan wayita bakkeewwan dandeettii dabarsaa guddaa qaban sakatta'anitti qormaatilee garaagaraa arguu malu. Dandeettiin oomishaalee qabachuu isaanii guddaa ta'uu, fi akkaataa taa'umsa bakkichaa fi meeshaan fiizikaalaa isaanii wantoota bakka chirchaaroo hedduutti baayyinaan mullatan irraa baayyee adda kan ta'e. Yaa'insi traafikaa yeroo baayyee guddaa kan ta'e, konkolaattota daldalaa fi deddeebistoota uummataa hedduun bakkichatti socho'an waan ta'eef, nageenyi sakatta'aa baayyee barbaachisaadha.

Bakkeewwan dandeetti dabarsaa guddaa qaban iddoowwan dhaabbii konkolaattota gurguddoo yookaan hojii sa'atii 24 qofaarratti kan daanga'e utuu hin taane, faasiliitiwwan kanneen keessatti qindeessawwan taankarii fi ujummoo baayyee walxaxaoo ta'an illee ni dabalata. Fuuncan hojmaatawwan chirchaaroo gurguddoon gurgurtaalee gaasoliinii tarree tajaajiloota maamilaa isaaniitti dabalaa jiru. Kuusaawwan mijatoo fuunca gurgurtaa soorataa yookaan dhugaatii wajjiin michoomuun

bakkeewwan kanneenitti sosochii maamiltootaa dabaluuf hojjetan lakkoofsi isaanii kan dabalaa jiru ni jiru. Baayyeen bakkeewwan kunneenii maamiltootaa harkisuuf fi gurgurtaa boba'aa dabaluuf hojjiwwan "bareedinaa" yookaan bifa haaraan saxaxamuu gaggeessaniiru.

Bakkeewwan kanneen keessaa muraasni wayita bakkeewwan chirchaaroo "giddu-galeessaa" turanitti kan sakatta'amanii turan ta'uu kan malanii fi amma immoo hojmaanni isaanii caalaatti walxaxaadha. Qindeeffamoonni Taankarii fi/yookaan ujummoo erga sakattii yeroo darbeetii jijjiiramaniiru ta'uu mala. Gadnaqxuuwwan oomisha tokko gadnaqxuuwwan oomisha danuutiin bakka buufamaniiru ta'uu mala. Bakkeewwan boba'aa itti guuttatan dabalataan ida'amiiru ta'uu mala, kana malees oomishaaleen dabalataa kan akka deeyiselii, boba'aa lubbu-qabeeyyii irraa argamu yookaan boba'aan dachaatuun iitaanoolii maamiltootaaf dhiyaachuu ni danda'u. Erga sakattii yeroo darbe gaggeeffameetii wanta achi jiru irratti garaagarummaan jiraachuu waan maluuf, bakkeewwan haaromsa gaggeessanii turan sakatta'uu hin dagatiinaa. Meeshaalee taankarii fi ujummoon irraa tolfaman ilaalchisee jijjiiramni jiraatee garuummoo unka Yaadachiisa Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa CN-1260 irratti hin gabaafamiin kan hafe yoo jiraate, akkaataa seera .03(1)(g) irratti eerameeruu jijjiiramoonni kunneen abbaa qabeenya taankariitiin gabaafamuu qabu.

Seeronni taankaroota peetirooliyeemii faasiliitiwwan UST kan biroo keessatti argaman irratti hojiirra oolmaa qaban bakkeewwan dandeettii daddabarsaa guddaa qaban irrattis hojiirra oolmaa ni qabaatu; yeroo hundumaa akkaataa seeronni kunneen bakkeewwan kanatti itti hojiirra oolan hubachuun hojmaatichaa fi sakattii caalaatti ulfaataa kan taasisudha. Bakkeewwan dandeettii daddabarsaa guddaa qabanitti sakattii gaggeessuu keessatti wantoonni muraasni beekuu qabnu kunooti:

a. Dhimmisuu Adda Baasuu

Maloonni uumamuu dhimmuu adda baasuuf gargaaran warreen baratamoo bakkeewwan dandeettii daddabarsuu guddaa qabanitti fayyadamuun baayyee walxaxaadha. Haa ta'uyyuu malee, bakkeewwan dandeettii daddabarsuu guddaa qaban sadarkaalee raawwii uumamuu yaa'aa adda baasuu seera .04(1)(a)3 keessatti eeraman wajjiin kan deeman ta'uu qabu. Wantoonni ilaalcha keessa galfamuu qaban muraasni:

1. Safartoo Taankarii Awutoomaatikaalaa (ATG)

Daddabarsi oomishaa guddaan, dhaqqabiinsi irra-deddeebi'aan, fi yeroon taankariin itti boqotu xiqqaatuun yookaan dhibuun qorannoo wayita dhaabbatanitti taankariwwan irratti gaggeeffaman raawwachuuf rakkisaa taasisa. Taankaroonni oomishaa baayyeen hunda-galeessa kan ta'an yemmuu ta'u, oomishnis walitti fufiinsaan taankaroota gidduu deddeebi'uu danda'a. Dandeettiin kuusaa oomishaa dandeettii qorannoo wayita dhaabbatanii kan ATG baayyee ni caala. Bakkeewwan safartuu taankarii aawutomaatikaalaa fayyadaman kanneeniif fala ta'uu kan danda'u, Siistema uumamuu dhimmuu Adda Baasuu Istaatistikaalii Walitti Fufiinsa Qabuu (CSLD) dha. Akkaataa seera .04(3)(c)2 irratti eerameen siistemichi bu'aalee ji'a ji'aanii kennuu kan danda'u taanaan taankaroonni siistema kana fayyadaman qorannoo ji'a ji'aanii gaggeessuuf cufamuun isaanirra hin jiraatu. Bakkeewwan ATG isaanii wajjiin sagantaa CSLD fayyadamaa hin jirre akkaataa seera .04(3)(c)1 irratti eerameen qorannoo wayita dhaabbatanitti gaggeeffamu ji'a ji'aan gaggeessuu qabu. Faayidaalee fi dandeettiin CSLD fayyadamuun kennu beekuuf kutaalee CSLD ATG keessa jiranii fi Boqonnaalee Teekinikaa Istaatistikaal Invenirii Riikoonsileeshinii irra jiran ilaalaa.

Akkaataa tarree Humna Hojii Biyyaalessaa Kan Madaalliiwwan Dhangala'aa Adda Baasuu (NWGLDE) irratti agarsiifamee jiruun ATG'onni daangaawwan guddina mullatuun walqabatan

ni qabaatu. Akkaataa seera .04(1)(a)5 irratti eerameen, Onkoloolessa 13, 2018 irraa kaasee hojiirra kan oolu, maloonni uumamuu yaa'aa adda baasuuf gargaaran hunduu madaallii qaama sadaffaa kan NWGLDE'dhaan gaggeeffamu ni qabaatu. Haalota baayyee keessatti ATG'onni hedduun taankaroota gaaloonii 15,000 hanga 20,000 qabachuu danda'aniif madaalamaniiru. ATG'onni tarreeffaman baayyee taankaroota hunda-galeeyyii wajjiin waan hin madaalamneef, daangaan guddinaa taankaroota siistemicha keessa jiran irratti hojiirra kan oolu ta'a. Bakkeewwan dandeettii daddabarsaa guddaa qaban hedduun sagantaa CSLD ATG isaanii waliin kan fayyadaman ta'a. Tarreeffamni NWGLDE amma jiru reenjiin siistemoota CSLD gaaloonii 18,000 tii hamma 100,000 akka ta'e, guddina giddu-galeessaa hamma gaaloonii 38,000 ta'u akka qabatan ni ibsa. Sagantaalee kunneen daangaa guddinaa isa olaanaas ni kaa'u, garuu daangichi ida'ama qabiyyee siistema taankarii hunda-galeessaa irratti hojiirra oolmaa kan qabaatu yemmuu ta'u, taankarii tokkee irra baayyee caalmaa qaba. Dandeettiin taankaroota bakka kamittiyyuu to'annoo jala jiranii daangaa guddinaa tarreeffama NWGLDE irratti kaa'e gidduu ta'uu fi sadarkaalee raawwii seera .04(1)(a)4, fi kan seera .04(3)(c)1. fi 2. irratti eeraman kan hordofan ta'uu sakattaatonni mirkaneessuu qabu. Akkas hin ta'u taanaan, dandeettii bakkichatti barbaachisuuf akkaataa seera .04(1)(d) irratti eerameen mala sirrii ta'uu akka fayyadamaniif abbaan qabeenyaa taankarichaa ajajamuu qabu.

Wayita bakkeewwan dandeettii daddabarsaa guddaa qaban piroobii ATG tokko qofaa yaa'aa adda baasuuf fayyadamanii fi taankaroonni immoo hunda-galeessa ta'anitti, ATG'n sun dirqama sagantaa CSLD fayyadamuu qaba. Sakattaatuun ATG tokko sararoota taankarii tokko keessatti sirriitti ni hojjeta, garuu immoo taankariin lamaa fi isaa ol piroobii tokkittiidhaan taankarii tokko duwwaa keessatti yoo hunda-galeessa taasifaman, ATG'n daddabarsa oomishaa taankaroota gidduutti moosaajii CSLD malee godhamu bakka buusuu hin danda'u. ATG'chi CSLD yoo hin qabaanne, piroobiiwwan garaagaraa tokkoon tokkoo taankariif galfamuu kan qabu yemmuu ta'u, akkaataa seera .04(3)(c)1 irratti eerameen malli siifenii taankaroota gidduu jiru cabsuuf gargaaru jiraachuu fi tokkoon tokkoo taankariif ji'a ji'aan qorannoon wayita dhaabbatanitti godhamuu garaagara ta'e godhamuu qaba. Malli kun kan hojjetu ta'us, yeroo baayyee bakkeewwan dandeetti daddabarsaa guddaa qabanitti hojiirra ooluu kan danda'u miti.

Faayyidaan dabalataa bakkeewwan dandeettii daddabarsuu guddaa qabanitti ATG'oota wajjiin CSLD fayyadamuun qabu, bu'aa to'annoo ji'a ji'aanoo adda baasuuf taankariin kamuu dhaabbachuun kan hin barbaachifne ta'uu fi CSLD'n piroobiiwwan kan biroo wayita dhaabbatanii jiran qofaatti qorannoo gaggeessuu danda'an caalaattii gulantaalee oomishaa xiqqaa irratti taankaroota irratti qorannoo gaggeessuu danda'uu isaati (Maloota CSLD irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf Boqonaa Teekinikaa 3.2 kan Safartuu Taankarii Awutomaatikaalaa ilaalaa). Qorannoo wayita dhaabbatanitti gaggeeffamu taasisuuf gurgurtaalee boba'aa dhaabsisuu dhiisuun abbootii qabeenyaa bakkeewwan dandeettii daddabarsaa olaanaa qabaniif faayyidaa guddaa kan qabudha.

Safartuuwwan taankarii aawutomaatikaalaa madaaltota qaama sadaffaatiin wayita dhaabbiitti qorannoo gaggeeffamu irratti waraqaan ragaa kan kennameef daddarbiinsa ji'a ji'aan godhamuun kan daanga'an miti. Haa ta'uyyuu malee, maloonni CSLD daangaawwaan daddabarsa oomishaa ni qabu. Bakkeewwan daangaalee dandeettii daddabarsaa kan ji'aa tarreeffama NWGLDE irratti eeramanii ol ta'uu hin qaban yookaan immoo bu'aan qorannoo ji'a ji'aanii akkaataa seera .04(1)(a)5 irratti eerameen sirrii ta'uu hin danda'u. Ammatti, tarreeffamni NWGLDE daangaalee daddabarsa oomishaa gaaloonii 127,000 hanga gaaloonii

miiliyoona 2.7'tti jiran ni agarsiisa. Lakkoofsi miidiyaanii gaaloonii 154,000 fi 257,000 gidduu ta'a. Tarreeffamoota dandeettii siistemaa fi daangaalee daddabarsaa isaanii fooyyeffachuuf dhiyeessitoonni irra-deddeebiidhaan madaalliiwwan qaama sadaffaan isaaniif godhaman irratti gulaallii ni gaggeessu, kanaaf sakattaatonni odeeffannoo baayyee as dhiyoo ta'e argachuudhaaf darbanii darbani marsariitii NWGLDE ilaaluu qabu.

2. To'annoo Inteeristishiyaalii (IM)

Taankaroonni fi ujummoonni galfamanii jiran yookaan gaafa 7/24/07 booda bakka buufamanii jiran hunduu akkaataa seerota .02(1)(b), .02(2)(a)2., .02(2)(b)2. fi .02(2)(c), irratti eerameen, akka lammaffaatti IM dhaan qabamuu qabu, haa ta'uyyuu malee, IM'n taankariiwwanii fi ujummoowwan dulloomoo irrattillee faayidaarra ooluu danda'a. Faasiliitiwwan uumamuu yaa'aa adda baasuuf IM fayyadaman irratti ulaagaaleen addatti barbaadaman hin jiran. Ulaagaalee addatti IM ilaallataniif seera .04(3)(d)1. fi Boqonnaa Teekinikaa 3.4 kan To'annoo Lammataa fi To'annoo Inteeristishiyaalii ilaalaa. Maloonni haayidiroostaatikii fi vaakiyuumii, ujummoon faasiliitiwwan dandeettii daddabarsuu olaanaa qaban keessatti argaman baayyee dheeroo waan ta'aniif hojiirra oolchuuf baayyee rakkisaadha.

3. Istaatistikaal Invenetirii Riikoonsileeshinii (SIR)


SIR'n akkaataa .04(3)(e) irratti eerameen bakkeewwan kanneetti godhamuu ni danda'a, garuu deetaan baayyee sirrii ta'e kaninni funaanamuu danda'u karaa ATG qofaanidha. Taankaroonni guyyaa guyyaan deetaan invenetirii ulee safaraatiin akka sassaabaamuuf yeroo gabaabduuf yoo dhaabbatan irraan kan hafe, bu'aan cuunfamuu hin dandeenye uumamuu mala. Sakattaatonni bakkeewwan uumamuu dhimmuu adda baasuuf ATG fi akkasumas sagantaa CSLD fayyadaman arguu malu. SIR fi Siistema Itti Fufiinsaanaa Dhimmisa Adda Baasuu Dandeessisu Taankarii Keessa Jiruuf ulaagaalee addatti barbaachisaniif seera .04(3)(e), .04(4)(d) fi Boqonnaa Teekinikaa 3.3 kan Istaatistikaal Invenetirii Riikoonsileeshinii ilaalaa.

b. Ujummoo Dhiibbaan Hojjetu

Bakkeewwan dandeettii daddabarsaa olaanaa qaban baayyeen maloota makaanikaalaa uumamuu yaa'aa sararaa adda baasan (MLLD) ni qabaatu. Sararoonni ujummoo oomishaa abbaan diyaametirii gurguddaa (diyaametirii 3") fi ujummoowwan dhedheeroon taankaroota walquunnamsiisan fi gadnaqxuuwwan hedduun faasiliitiwwan dandeettii daddabarsaa olaanaa qabanitti baayyinaan ni mullatu. Kunis yeroo baayyee maloota uumamuu yaa'aa sararaa qabiyyeen guddaa ta'e adda baasuuf gargaaran kan darbee darbee "Big Flo" jedhamuun beekaman ni barbaada. Sararoota ujummoo diyaameetirii gurguddaa qabanii fi sosochii dabalataa wantoota dhangala'oon godhamu kan bakkeewwan dandeettii daddabarsaa olaanaa qaban wajjiin dhufuu malu faana deemuuf kaampaanonni MLLD'wwan yaa'iinsa olaanaa qaban ni uummatu. Kunneenis ujummoo bishaan keessaa irratti caalaa mijeessituu addaa ujummocha irratti argamu keessatti ilaalamuu ni danda'u.



Funyaan paampii boba'aa baasu jiraannaann, MLLD'n tasumaa mooddii dhimmisa adda baasuutti hin deebi'u. Kanaaf, bakkeen dandeettii daddabarsaa olaanaa qabu MLLD'wwan Big Flo galfaman qabaachuu male, garuu yeroon hojiin ala ta'u ga'aan yoo hin jiraanne, ulaagaalee seera .04(2)(b)1. fi .04(4) irratti eeraman guutuu dhiisuu mala.



Bakki malli yaa'aa sarararratti mullatu adda baasuuf gargaaru kaawwamuuf filatamaa ta'e, irra keessoo paampii bishaan keessaarradha, haa ta'uyyuu malee, akkasitti yoo galfamuudhaa baate, walquunnamsiistuu bifa qubee T qabdu keessatti mataa ujummootti hanga danda'ame dhiyaatee galfamuu qaba. Qooda MLLD bakkasa'atii jijjiiruu, yoo haalonni armaan gadii kan guutan ta'e Abbaan Qabeenyaa/To'ataan seensarii xuuxxuu galchuu ni danda'a:

- Xuuxxuun sun dirqama dhangala'aa furdaa ta'uu qaba;
- Seensariin saampii tuqaa xiqqaa xuuxxuchaa irratti argamuu qaba;
- Seensariin saampii wayita dhangala'aa argitutti akka dammaqsitutti saganteeffamuu kan qabdu yemmuu ta'u, Abbaan Qabeenyaa/To'ataan immoo hatattamaan deebii kennuu qaba;
- Abbaan Qabeenyaa/To'ataan ragaalee ji'aanii kan haalhojii seensarii fi seenaa dammaqsituu qabachuu qaba; akkasumas
- Haa ta'u malee, seensariin waggaa waggaa qoratamuu qaba.

Seera .04(2)(b), .04(3)(d) fi .04(4)(a) ilaalaa. Ulaagaalee addaatiif Boqonnaa Teekinikaa 3.4 kan To'annoo Lammataa fi To'annoo Inteeristishiyaalii fi 3.5 kan Ujummoo Dhiibbaan Hojjetanii ilaalaa.

	
<p>LLD'n mataa ujummoo irratti kan hin argamne yemmuu ta'u, paampiin LLD fi mataa paampii gidduu jiro dhimmisawwan akkaan guddaa ta'an irratti to'annoon hin godhamuufi. Mataa STP'n alatti LLD'wwan ujummoo keessa gochuun walumaa galatti kaninni mullatu ujummoota moodelli isaanii kan durii ta'eefii bakka LLD itti suuqan hin qabne qofaa keessattidha.</p>	<p>LLD'n kun mataa STP'tti dhiyaatee bakka sirriitti kan argamudha. Kunis STP moodela durii kanaaf karaa sirrii LLD'n ittiin galfamudha.</p>

c. To'annoo Dhangalaatii

Bakkeewwan dandeetti daddabarsaa guddaa qaban qooda baaldiiwwan idilee dhangalaatii to'atanii iddoowwan itti dhangala'aa to'atan qabu. Kunneenis "muraawwan" yookaan naannoowwan gulantaan gadii koonkiriitii keessa jiran bakka dhangala'oon ujummoo oomishaa keessa ba'an itti walitti qabaman ta'uu danda'u. Kunneenis yeroo tokko tokko iddoowwan danqituun koonkiriitii gulantaarratti hidhaa dhangala'oo hojmaata boba'aa naquu keessatti uumaman ittisuuf gargaaran tolchuuf galfamanidha. Yeroo baayyee, ujummooleen oomishaan guutan baayyeen bakka tokko waliin qooddatu. Akkuma kan baaldiiwwan dhangalaatii to'atanii, akkaataa seera .02(3)(b) irratti eerameen bakkeewwan kunneen harcaatiiwwan irraa walaba ta'uu qaba. Bakkeewwan kunneen cabaa oomisha dhangala'e lafatti dhimmisuu danda'u irraallee walaba ta'uu qabu. Cabaan yoo jiraate immoo koonkiriitichi meeshaa peetirooliyeemiif mijataa ta'een cufamuu qaba. Bakkeewwan to'annoo kunneen ulaagaalee sakattii ji'a ji'aanii kan qaamaan baaldiiwwan dhangalaatii to'atan irratti godhu ilaalchisee seera .02(3)(b) jalatti eeramaniin kan bulan yemmuu ta'u, sakattiiwwan daawwannaa bakka hojiiratti ji'a ji'aan godhamaniin raawwatamu kan akkaataa seera .02(8)(a)1.(i) jalatti eerameen Onkoloolessa 13, 2021 jalqabuun illee kan buludha. Ulaagaalee addatti to'annoo dhangala'aa ilaalchisee ba'aniif Boqonnaa Teekinikaa 4.2 kan Ittisa Dhangala'aa fi Guutiinsa Irra-darbaa ilaalaa.

Akkaataa seera .02(3)(c)1.(ii.) irratti eerameen sululoonni dhangala'oo dhaaban Onkoloolessa 13, 2021 irraa kaasee waggaa sadi sadiin qoratamuu qabu. Siistemoonni UST Onkoloolessa gaafa 13, 2018 yookaan isaan booda galfaman hunduu akkaataa seera .02(3)(c)3(ii) jalatti eerameen hatattamaan ulaagaawwan kanneen guutuu qabu.



Bo'oo dhangala'oo irraa naannoo to'atame



Iddoo to'annoo dhangala'aa faasiliitii dandeettii daddabarsaa olaanaa qabuuf bakka ilaalchaa dabalataa.


d. Ittisa Kaatodii (CP)

Sababa guddina bakkichaa fi ijaarsawwan lafa jalaa hojmaata siistemoota ittisa kaatodii jeequu danda'an jiraataniif ittisni daanda'uu bakkeewwan dandeettii daddabarsuu olaanaa qabanitti godhamu rakkisaa ta'uu mala. Bu'aaleen qorannoo CP kaartaa bakka hojii kan bakka golli waabeffannoo fi bakka maddeen fageenyarra irraa argamuu danda'an agarsiisan kaasun walfaana raawwatamuu qaba. Ulaagaalee addatti ittisa daanda'ummaa wajjiin walqabataniif seera .02(4) fi Boqonnaa Teekinikaa 4.1 kan Ittisa Daanda'ummaa ilaalaa.


5. Qindaayina Siistamaa

Fakkii 1. fuula armaan gadiirra jiru, siistama ujummoo taankariwwan lamatti hidhamee jiru agarsiisa. Kun, sababa oomishni bilisa ta'ee taankariwwan gidduu yaa'uu hin dandeenyeef sirna taankarii hundagaaleessaa isa dhugaa miti. Sababa dhiibbaawwan dhaqqabsiisa boba'aa kan ujummoo bishaan keessaan maddisiifamuu danda'an caalaa ta'an qabachuun barbaachisaa ta'eef, qindeeffamni kun bakkeewwan dandeettiin daddabarsaa olaanaan jiruutti baayyinaan argama. Qindeeffamni mala yaa'aa

sararratti uumamu adda baasuu fi ujummoo irratti godhamu, ulaagaa mala uumamuu dhimmuu akkaan olaanaa ta'e kan 3.0 gph adda baasu guutuudhaaf barbaachisaadha. Malootaa uumamuu dhimmuu sararratti ujummoo dhiibbaan hojjetu irratti mudatan ilaalchisee ulaagaalee addatti kaawwamaniif seera .04(4)(a) fi Boqonnaa Teekinikaa 3.5 kan Ujummoo Dhiibbaan Hojjetuu fi Qorannoo Jabeenya Sararaa ilaalaa. Fakkiin 2. armaan gadii, wayita ujummoowwan lo'an lama sirna ujummoo tokko keessatti qindeeffama kana keessatti faayyidaarra oolan, diriirsa vaalviwwan hir'ina dhiibbaa adda baasanii agarsiisa.



Fakkii 1.



BEEKSISA


Fakkiin asitti mullatu barbaachisummaa vaalviwwan gosa hir'ina dhiibbaa adda baasan, sarara keessa jiraaniif agarsiisuuf kan kaayyeffatedha. Irran-gadee vaalviwwan adda baastuu keessatti ujummoo diriirsiidhaaf qajeelcha gorfamu miti.

Fakkii 2

a. RAABSITUU SOSOCHO'AA

Raabsituuwwan sosocho'aa boba'aa karaa raabsituu ijoo darbataman fageenyarraa kan gadnaqanidha. Haalota muraasa keessatti, qindeeffamni raabsituu kun konkolaachisaan taankariwwan cinaa lamaan altakkaatti akka kan dandeessisan, akkasumas gartokkoon raabsituu ijoo fayyadamaa gara biraan immoo raabsituu fageenyarraa fayyadamuudhaan yeroo boba'aa guutuun fudhatu kan ariifachiisudha. Qindeeffamni sirrii hin taane faayidaarra yoo oolfame, darbannaan dhiibbaadhaan raabsituu ijoorraa gara raabsituu fageenyarraatti godhamu kamiyyuu dhimmisuu danda'uusaaf to'atamuu kan hin danda'amne waan ta'eef akkaataa seera .04(4)(a) keessatti eerameen raabsituu ijoo fi kan fageenyarraa gidduutti mala uumamuu dhimmuu akkaan guddaa ta'e adda baasutu barbaachisa. Dabalees, qindeeffamni sirrii hin taane walfakkaataan faayidaarra yoo oole, darbannaan dhiibbaadhaan raabsituu ijoo fi raabsituu fageenyarraa gidduutti godhamuu kamiyyuu akkaataa seera .04(4)(b) irratti eerameen yoo barbaachise qorannoon jabeenya irratti akka godhamu dandeessisuu dhiisuu mala. Red Jacket rakkoowwan kanneen furuuf Waxabajjii 1996'tti Beeksisa Tajaajila Alaa baase (RJ-23-51).

Fakkiin armaan gadii LLD tokkee raabsituu ijoo/fageenyarraa wajjiin fayyadamuudhaaf qindeeffama sirrii ta'e kan agarsiisudha.



Wayita sakattii dirreerraatti, akkaataa seera .04(4)(a) irratti eerameen ulaagaa 3.0 gph 10 psi irratti jedhu guutuuf sirnaan galfamuusaa adda baasuudhaaf sakattaatonni qindeeffama ijaan adda baasuudhaaf rakkachuu malu. Kanaaf, faasiliitiin siistemoota raabsituu ijoo/fageenyarraa qabu argame, akkaataa .02(1)(b) irratti eerameen siistemoonni raabsituu sirnaan qindeeffamuu isaanii akka mirkaneessuuf abbaan qabeenyaa/to'ataan dhiyeessaa tajaajilaa siistema ujummo fi diriirsa raabsituu irratti muuxannoo qaban akka dhiyeessaniif sakatta'aan kan gaafatu ta'a. Mirkaneessi akkaanaa akkaataa dambiiwwan Diviizhinii irratti eerameen qaama ragaalee faasiliitii yemmuu ta'u, akkaataa seera .03(2) irratti eerameen abbaa qabeenyaatiin qabamuu qaba. Sanadi kun galmees guutiinsa ulaagaa waajjira alaa birattillee qabamuu qaba. Qindeeffamni mirkanoofnaan, waabeffannaa gara fuulduraaf jecha sakatta'aan qindeeffama isa sirrii kuusdeetaa sakattii keessatti galmeeffachuu qaba. Ulaagaan kun qindaayinni siistemichaa yoo jijjirame irraan kan hafe

wanti irra-deddeebiin godhamu miti.

Sistemichi sirnaan qindeeffamee yoo hin argamne, sirni ujummoo dhiibbaan irra ga'e dambiilee Diviizhiniitiif ulaagaa waan hin guunneef, yeroodhaan ulaagaa akka guutu godhamuu qaba.


Maloota uumamuu dhimmuu sararratti ujummoo dhiibbaan hojjetu irratti mudatan ilaalchisee ulaagaalee addatti kaawwamaniif Boqonnaa Teekinikaa 3.5 kan Ujummoo Dhiibbaan Hojjetuu fi Qorannoo Jabeenya Sararaa ilaalaa.

b. DHIMBIIBDUUWWAN ZAYITAA/BISHAANII (OWS)

Faasiliitiwwan muraasni OWS istiilii yookaan koonkiriitii irraa tolfame qabaachuu malu. Tarkaanfilee sirreeffamaa fi deebii uumamuu dhimmuuf kennaman kan seera .06 keessatti eeraman irraa kan hafe, hiddi tokkeen akka taankarii bishaan balfaa qulqulleessuutti fudhatamuun dambiiwwan seera .01(2)(b)1 jalatti eeraman keessaa gartokkeen baafamuu danda'a. OWS'n hiddi mataasaa yookaan taankarii kuusaa kan peetirooliyeemiin gubate bishaan balfaa irraa adda ba'ee itti kuufamu qabus kan to'atamu ta'a. Fakkeenyoonni muraasni armaan gaditti eeramaniiru:



Gosoota Dhimbiibduuwwan Zayita Bishaanii Abbaa Hidda Tokkee Lamaan - akkuma bitarrattii fi asii gaditti agarsiifame hin to'atamu



Qindeeffamni armaan gadii taankarii to'atamu - Taankarii Kuusaa B kan mullisudha

Zayita/Bishaan

Dhimbiibduu (A)

zayita, aantifiirizii, giriisii, boba'aa, bishaan dhiqaa, lolaa, bulbultuuwwan, dibataalee xuraa'oo fi kkf konkolaataawwan keessaa bahan walitti qaba

Taankarii kuusaa (B)

Taankariin kuusaa (B) adda ba'e cunqoo ruqolee peetirootiyeemii faayyidaa hin qabnee hedduu waan of keessaa qabuuf fi qaama adeemsa bishaan balfaa qulqulleessuutti taankarii (A) keessatti waan hin hammatamneef, taankariin (B) taankarii bishaan balfaa qulqulleessu ta'ee seera .01(2)(b)1 jalaa gartokkeen hin hambifamne. Ramaddiin sirriin kan taankarii (B) asirratti mullifamee kan taankarii zayita gubataati. Taankaroonni zayita gubataa taankaroota to'ataman yemmuu ta'an, hamma taankariin (B) gaaloonii 110 yookaan isaa ol ta'etti akkaataa seera .02(3)(a)2(ii) irratti eerameen ittisa dhangala'iinsaa fi guutiinsa irra-darbaa irraan kan hafe ulaagaalee taankaroota to'atamnii hundumaa jala kan galanidha.

c. TAANKAROOTA LAFARRATTI HOJJETAMAN

Taankarii lafarratti hojjetame jechuun taankarii alatti hojjetame jechaadha. Fakkeenyaaf, taankariin koonkiriitii irraa hojjetame kan ala kaawwamee jiru, yookaan taankarii istiilii yookaan faayibergilaasii irraa tolfame duraan bakkeetti hojjetame akka taankarii lafarratti hojjetamaniitti ilaalamu. Faasiliitonni muraasni taankaroota lafarratti hojjetaman gurguddoo kan boba'aan siistema ujummoo dhiyeessii boba'aa seenuun dura taankaroota lafa jalaan walquunnamsiisan qabu. Wayita taateen dhimmisuu uumamutti akkaataa seera .06'tti tarkaanfii deebii fi sirreeffamaa dhimmuuf kennamu irraan kan hafe, akkaataa seera .01(2)(b)2 fi seera .17'tti siistemoonni UST taankaroota lafarratti hojjetaman qaban gartokkeen seerota Diviizhinii irraa kan hambifamidha. Haa ta'uyyuu malee, akkaataa seera .17'tti Onkololeesa 13,2018 irraa kaasee kan hojiirra oolu,

taankaroonni lafarratti hojjetamanii fi dhibbeentaa kudhan (10) kan siistemni lafa jalaa qabu yookan isaa ol qaban dambiiwwan Diviizhiniin jala kan galanidha. To'annoo jala akka galuuf Diviizhiniidhaan yoo murtaa'e, siistemoonni kunneen ulaagaalee to'annoo yaa'aa adda baasuu, ittisa dhimmuu, fi ittisa daanda'uu, akkasumas dhimmuu gabaasuu fi tarkaanfilee sirreeffamaan walqabatan jala kan galan ta'a. Akkaataa seera .17(1)(b) keessatti eerametti, siistemoonni hunduu ulaagaalee kanneen jala kan galanidha.

Kana malees, akkaataa seera .09(3)(c) fi (d) keessatti eerametti faasiliitiin dirqama:

- Keewwata xiqqaa (1)(c) kan seera 0400-18-01-.17 wajjiin walsimuu qabu;
- Sakattii bakka hojii diviizhiniidhaan mirkanaa'ee fi akkaataa qajeelfama Diviizhiniitiin gaggeeffameen, bakka hojii sanatti dhimmisuun siistema(oota) UST raawwatame akka hin jirre yookaan immoo dhimmuun kanaan duraa dhimmuu haarawwa bakka hojii sanatti argaman faana kan wal hin makne ta'uun mullachuu qaba; akkasumas
- Diviizhiniin bakka hojii peetirooliyeemii fi siistemoota taankarii kuusaa lafa jalaa kan abbaa qabeenyaa/to'ataa sanaa irratti sakattii ni gaggeessu. Abbaan qabeenyaa/to'ataan hanqinoota/sarbamoota qaamota Diviizhiniin irraa dhufaniin wayita sakattiitti bira ga'aman, guyyoota 45 keessatti yookaan immoo guyyaa Diviizhinichi yaadachiisa hanqinoota kanneenii abbaa qabeenyaa fi/yookaan to'ataan ga'anitti eyyemamanitti akkaataa fedhii Diviizhiniin guutuu danda'uun sirreessuu qabu.

Akkaataa keewwata xiqqaa (c) keewwata kanaa keessatti eerameen, Diviizhiniin abbaan qabeenyaa yookaan to'ataan deeggarsa maallaqaaf ulaagaa guutuu isaanii murteessee guyyoota 30 keessatti, Diviizhiniin guyyaa deeggarsa maallaqaaf ulaagaa itti guutan abbaa qabeenyee fi/yookaan to'ataa kan beeksisu ta'a. Deeggarsi maallaqaa kunis wayita deeggarsa maallaqaaf ulaagaa hin guutiin turanitti taateewwan dhimmuun walqabatanii baasiiwwan tarkaanfilee qorannoo yookaan sirreeffamanii yookaan gaaffii naaf-malaa qaama sadaffaa irraa ka'aniin kan hin haguugne ta'a.

d. TAANKAROOTA DHANGALA'AA DEEYISELII LAAFE BAATAN (DEF)

Taankaroonni kunneen bulbula bishaanii fi fincaanii kan kompaawundoota peetirooliyeemii waan qabataniif to'annoo Diviizhinicha jala hin jiran.


e. TAANKAROOTA DHABAMSIISTUU

Taankaroonni kun darbee darbee bakka boba'aan bu'utti yookaan buufatee gurguddootti ni argamu. Kunneen qaamolee hurka deebisanii faayyidaaf oolchan kan baayyinaan lafarratti argamaniiti. Taankaroonni kunneen hurkawwan boba'aan uumaman gara dhangala'aatti deebisuudhaaf adeemsa kiraayoojenikii, yookaan immoo adeemsa xuuxxaa kan hurkawwan kaarbooniin xuuxuun balleessutti fayyadamu. Taankariin dhabamsiistuun lafa jalaa akkaataa seera .01(2)(c)6 irratti eerameen peetirooliyeemii kuusaa jiruuchaa isaa (hatattamaan duwwaa ta'uu dhabuu) fi yoo akkas ta'e, taankarii to'atannoo jala jiraachuusaa sakattaatonni adda baasuu qabu. Akkaataa seera .01(2)(b) jalatti eerameen taankariin gartokkeen hambifameera taanaan, akkaataa seera .06 irratti eerameen tarkaanfiin deebii fi sirreessaa uumamuu dhimmuu irratti godhamu ni barbaachisa. Darbee darbee, hurkawwan boba'aa gubuudhaaf adeemsi teermaalii faayyidaarra ni oola. Taankaroonni kunneen idileedhaan duwwaa kan ta'anii fi wayita boba'aa naquutti taatee boba'aan "oomachaa'uun" gara ujummoo hurka deebisanii faayyidaaf oolchuuf gargaaruutti galu, yookaan taankariin wayita guutiinsa taankariitti dogoggoraan guutee irra darbutti dhangala'aa

boba'aa hammaan xiqqaa ta'e kan qabatanidha.

f. GUUTIINSA FAGEENYARRAA

Bakkeewwan muraasni, wayita bakki taankarii, caasaan tiraafikaa yaa'iinsa gara kuusaa, yookaan karaatti galuu yookaan keessaa ba'uu, wayita maamiltoonni jiranitti buusiinsa boba'aa jeequu, yaa'iinsa tiraafikii bakkichaatti akka cuunfa'u taasisan, yookaan carraa konkolaataan raabsituutti yookaan konkolaataa dhiyeessiitti bu'uu kan guddisan uumamanitti guutiinsa fageenyarraa ni fayyadamu. Guutinsooni kunneen taankarii irratti kan argaman utuu hin taane, taankarii irraa olka'anii kan jiranii fi akkaataa seerota .02(3)(a)1(i) fi .02(3)(b) irratti eerameen meeshaa ittisa dhangala'uu galfameef qabaachuu qabu. Boba'aan hanga taankariitti naqamutti yaa'iinsa guula harkisa lafaatiin walcinaa adeema. Yeroo baayyee immoo ujummoo guutiinsaa irraan-gadee taankarii qabuuf gargaaru ni qabaatu. Vaalviwwan kubbaa bololi'aa guutiinsa irra-darbaa ittisuuf guutinsawwan fageenyarraa wajjiin faayyidaarra hin oolan. Ulaagaalee addatti ba'aniif Boqonnaa Teekinikaa 4.2 kan Ittisa dhangala'uu fi guutiinsa humnaan olii ilaalaa.




Guutiinsi fageenyarraa yoo jiraate, wantoota dabalataa armaan gadii adda ba'uuf jiranii wajjiin haaluma sakattii ujummoo guutiinsaa baratamaatiin walfakkaatuun sakatta'amu qabu:

- Ujummoon dhaqqabsiisa oomishaa guutiinsa fageenyaa fi taankarii walquunnamsiisu sibiila taanaan, akkaataa seera .02(4)(b) keessatti eeramee fi Boqonnoo Teekinikaa 4.1 kan Ittisa Daanda'ummaa keessatti ibsameen ittisa daanda'ummaa qabaachuu qaba. Taankarii fi caasaalee biroo siistema impireesdi kaarentii keessa jiran biroo wajjiin walqabachuu fi walitti fufaa ta'uu qaba. Siistema gaalvaanikii keessatti, taankarii irraa adda bahee siistema eegumsa kaatoodii kan mataasaa qabaachuu qaba; akkasumas
- Guutiinsa fageenyarraa biratti dabalataan ujummoon guutiinsa irraan-gadee baname yookaan faayidaarra ooluu danda'u taankarii keessa yoo jiraate, odeeffannoo dabalataaf Adeemsa Sakattii Sadarkaa Isaa Eeggate, Kutaa Bakka Argama Qaamaa Guutiinsaa/Baaldii(wwan) Dhangalaatii to'atan ilaalaa.


g. TAANKAROOTAA HUNDA-GALEESSA

Bakkeewwana argamaa muraasni taankaroota oomishaa hunda walitti dabaluu malu. Tarkaanfiin kun dandeettii kusaa guddaa ta'e kan argamsiisu yoo ta'u, bakkichi hojii akka itti fufu taasisuuf baayyina dhaqqabiinsaa kan gadi buusudha. Taankaroonni lamaan gargar baafamanii safaramuu kan qaban yoo ta'u, maloonni SIR fi Walitti Fufiinsaa Yaa'aa Adda Baasan (CSLD) kan taankaroota hunda-galeessaa taankaroota lamaaf qabxii kan isa tokkoo qofa agarsiisu. Maloota yaa'aa adda baasuu hojjiirra oolmaa qaban ilaalchisee Boqonnaa Teekinikaa ilaalaa. seera .04(2)(b)2 guunnaan ujummoo saayifenii siistemoota taankarii hunda-galeessaa gidduu jiru ilaalchisee ulaagaan yaa'aa adda baasuu ilaalchisee barbaadamu addatti hin jiru. Ujummoon saayifenii sun sibiila irraa kan tolfame ta'e lafaan, bishaan yookaan dhangala'aa yaa'aa hin jirreen walqabatee yoo jiraate, akkaataa seera .02(4) irratti tumameen daanda'iinsa irraa ittifamuu qaba. Akkuma fakkii 3 irratti ibsameen taankaroonni hunda-galeessa ta'an walqabatani jiru. Wayita sakattiitti, wanti akka ulaagaalee CP'tti faayidaarra oolu wanta ijaan hubatamuu danda'an yookaan biyyee kaasuun salphaatti bira ga'amuun danda'amu qofaadha.

Fakkii 4. paampii bishaan keessaa siistema taankarii hunda-galeessaa keessatti boba'aa taankarii isa tokko keessaa furguggisuuf gargaaru agarsiisa. Sarari saayifenii oomishni taankarii(oota) kanbiroo irraa gara taankarii isa paampii bishaan keessaa qabuutti akka yaa'an kan taasisudha. Paampii lo'aan cufamnaa, hamma gulantaan oomishaa tokkoon tokkoo taankarii gamticha keessa jiruu walfakkaataa ta'utti, oomishni taankaroota gidduu yaa'uusaa itti fufa. (Kana jechuunis hangi oomishaa tokkoon tokkoo taankarii keessa jiruu walqixadha jechuu miti, sababni isaas taankaroonni guddinaan walqixa waan hin taaneef.)



Fakkii 3.



Fakkii 4.

6. BUUFATA DOONII

Buufati doonii danuun qindeeffamawwan adda ta'e ni qabaatu. Taankariin yookaan oomishni taankarii keessa jiru olka'iinsa kan raabsituu caalu irratti argamu yoo ta'e, ulaagaalee seera .04(1)(a)2 fi .04(4)a irratti eeraman guutuudhaaf wantoonni armaan gadii galfamuu qabu:

a. Vaalvii Ittisa Saayifenii Soolinooyidii Irraa Tolfame

Wayita dhimmisuun sarara ujummochaa keessatti uumamutti dhiibbaa humna guula harkisa lafaatiin oomishni taankarii keessaa akka hin yaaneef vaalviin ittisa saayifenii soolinooyidii irraa tolfamee fi cufaa ta'e ni barbaachisa. Akkaataa qajeelfamoota oomishtootaan yookaan qajeelcha diviizhiniidhaan dhiyaataniitiin meeshaan waggaa waggaa qoratamuu qaba.

b. Vaalvii Dhiibbaa Hir'isuuf Gargaaru


Naannowa soolinooyidii cufaatti oomishni akka summuugamuuf vaalviin dhiibbaa hir'isuuf gargaaru soolinooyidii cufaa fi mala taatee yaa'aa adda baasu gidduutti galfamuu qaba. Kunis daballii dhiibbaa sababa ho'atiin ujummoo oomishaa keessatti uumamu kan ittisudha. Soolinooyidoonni muraasni dandeettiiwwan dhiibbaa ittiin hir'isan kan meeshicha wajjiin hojjetaman qabu.

c. Adda Baastuu Yaa'aa Sarara

Maloonni uumamuu yaa'aa adda baasuuf gargaaran irraan-gadee vaalvii farra saayifenii soolinooyidii irraa tolfamee fi kan ujummoo bishaan keessaa jalatti kallattiin hin argamneetti galfamuu qabu. Maloonni dhimmuu adda baasan kun ulaagaa hanga qabee ujummochaan walqabatani tarree NWGLDE irratti eeraman akka hin caalle mirkaneessaa. Ujummocha yookaan guutiinsawwan MLLD fi mataa STP gidduutti dhimmisuun yoo uumame, MLLD'n dhimmuu kan adda baasu hin ta'u. Ulaagaa guuteera jedhamuuf ulaagaawwan armaan gadiitti akkaataa seera .04(4)(c) irratti eeraman gutamuu qabu:

- Xuuxxuun sun dirqama dhangala'aa furdaa ta'uu qaba;
- Seensariin saampii tuqaa xiqqaa xuuxxuchaa irratti argamuu qaba;
- Seensariin saampii wayita dhangala'aa argitutti akka dammaqsitutti saganteeffamuu kan qabdu yemmuu ta'u, Abbaan Qabeenyaa/To'ataan immoo hatattamaan deebii kennuu qaba;
- Abbaan Qabeenyaa/To'ataan ragaalee ji'aanii kan haalhojii seensarii fi seenaa dammaqsituu qabachuu qaba; akkasumas
- Haa ta'u malee, seensariin waggaa waggaa qoratamuu qaba.

Fakkiin armaan gadii qindeeffama LLD sirrii ta'e kan haala marina keessatti ujummoo asii-gadii wajjiin jiru agarsiisa.



Siistemoonni ujummoo marina irrana-gadee galfaman kan oomisha xuuxamaa jiru dabarsan ujummoo xuuxuu irratti vaalvii dhiibbaa to'atu qabaachuu qabu, akkasumas veentoonni vaalvii dhiibbaa to'atu fi baastuun qilleensee ujummoo xuuxuu duubaan hamma taankariitti yookaan tuqaa olkaa'iinsaa kan taankarii kuusaa lafa jalaa yookaan ujummoo oomishaa isa guddaa caaluutti dheerachuu qaba. Soolinooyidiin sirnaan cufame baaftuu taankarii irratti akka meeshaa ittisa saayifeniitti galfamuu qaba.

Akkaataa seera .02(1)(b) keessatti eerameen ujummoon marina akkaataa qajeelfama diriirsaa oomishtuun baaseetti diriirfamuu qaba. Oomishtoonni ujummoo UST hedduun naannoowwan marina kan UV jala dhaabbatanii fi ittisa harkifamaa fi dhiibbaa dabalataa kennanitti faayidaarra kan oolan ujummoo addatti ni qabu. Dabarsa boba'aa yookaan ujummoowwan biroo fayyadamuun oomishtuudhaan kan dhorkamedha. Ujummoonni kunneen dhaabbiidhaan diriirfamuuf yookaan yeroo dheeraaf lafa, bishaan, yookaan UV'f saaxilamuuf kan yaadaman miti. Ujummoon istiilii irraa hojjetaman akkaataa Seera .02(4)(b) keessatti eerameen yoo diriirfaman bishaan irratti galfamuu ni danda'u.

Ujummoon marina gaafa Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda diriirfaman, bakka buufaman, yookaan qooda bakka buufamuu suphaman, to'annoo lammaataa jala galfamuu kan qabanii fi akkaataa Seera .02(2)(b) irratti eerameen taatee yaa'aa adda baasuuf to'annoo inteeristishiyaaliitti dhimma bahuu qabu. Xuuxxuuwwan to'annoo ujummocharatti akkaataa qajeelfama oomishtuutti galfamuu kan qabanii fi dhangala'aa jabaa ta'uu qabu.

Ujummoon marina Adoolessa 24, 2007 booda galfaman akkaataa armaan gaditti eeraman keessaa isa tokkoon ji'aan dhimmuudhaaf to'atamuu qaba:

- Qorannoon jabeenya sararaa akkaataa Seera .04(4)(b) irratti eerameen raawwatameera; yookaan
- Qorannoon to'annoo inteeristishiyaalii akkaataa Seera .04(4)(b) irratti eerameen


raawwatameera; yookaan

- Istaatistikaal Invenetirii Riikoonsileeshinii akkaataa Seera .04(4)(d) keessatti eerameen raawwatame.

7. SIISTEMOOTA HURKA DEEBISANII FAAYYIDAAF OOLCHUU MARSAA I fi MARSAA II

Siistemoonni hurka deebisanii faayyidaaf oolchuu marsaa I fi II wayita boba'aa taankaroota kuusaa gaasoliiniitti irra-deebiin naqamutti hamma haaridirookaarboonii gadi lakkifamuu xiqqeessuuf kan fayyadamnu yemmuu ta'u, Diviizhinii To'annoo Faalama Qilleensaa (APC) TDEC'tiin kan to'ataman yemmuu ta'u kaawuntiiwwan akka Davidson, Hamilton, Knox, fi Shelby sagantaalee to'annoo faalama qilleensaa kan naannoo, kan mataa isaanii qabu. Odeeffannoo dabalataaf marsariitii kan ilaalaa: <https://www.tn.gov/environment/environmental-related-contacts.html>.

Siistemoota Hurka Deebisanii Faayyidaaf Oolchuu Marsaa I'tiif hurkoonni taankarii keessa jiranii fi gaasoliinii itti seenuun bakkasaanii gadhiisan, qilleensa atimoosferiitti gadhiifamuu dhiisanii karaa ujummoo qophaa'eefitiin taankarii kaargootti jallifamu. Yeroo tokko tokko sararri ujummoo xuuxxuu raabsituu keessatti kan xumuramu ta'a. Sararri ujummoo yeroo tokko tokko walqabsiistota dhachaatu walfakkaatoo fi baayyinaan diyaametirii xiqqaa qaban ni qabaatu ta'a. Siistemoota Marsaa I sadiitu jiru: akkaataa fakkiwwanii fi suuraa armaan gadii irratti argamuun kookshiyaalii, abbaa tuqaa lamaa (taankarii fi veentii) fi kan fageenyarraati:



Akka ulaagaa reetiroofiitii taankaroota Hurko Deebisanii Faayyidaaf Oolchuu Marsaa I'tti, abbaatiin qabeenyaa taankaroota muraasni galtuuwwaniif irra keessoo taankarii qooda fayyadamuu, galtuuwwan hurka deebisanii faayyidaaf oolchuu Marsaa I galfachuu filataniiru. Reetiroofiitiin akkanaa wayita sararri veentii kubbayyaa sarara veentii dhiibbaadhaan ka'eeruutti galfamu qofaa kan hojjetudha. Kubbaayyaan kun cufamee kan taa'uu fi wayita dhiibbaan poosatiivii yookaan negatiivii tilmaamaan 2 psi ta'u taankarii keessatti uumamu qofa kan banamudha. Kubbaayyaan veentii baratamaan atimoosferiitti banaa taasifamu galtuuwwan hurka deebisanii faayyidaaf oolchuu Marsa I faayidaan ala waan taasisuuf as keessaatti faayyidaarra ooluu hin qabu. Banaawwan taankaroota gubbaan jiran biroon kan akka ujummoo guutiinsaa fi olkaastuu ATG hundi reetiroofiitiin sarara veentii Marsaa I sirnaan akka hojjetuuf hurka akka hin baasnetti cufamuu qaba.

Ulaagaalee UST biratti dabalataan, Diviizhiniin To'annoo Faalama Qilleensaa (DAPC)'n taankarootaa fi raabsituuwwan gaasoliinii faasiliitiiwwan raabsaa gaasoliiniitti argaman akka to'atu hubadhaa. Dhiyeenya kana DAPC Faasiliitiiwwan Gaasoliinii Raabsaniif Permit-by-Rule kan jedhu hojiirra oolcheera. Abbootiin qabeenyaa/to'attoonni Permit-by-Rule jalatti eyyema argachuudhaaf Xalayaa Fedhii isaanii ibsu galfachuu danda'u. Unki Xalayaa Fedhii Isaanii Ibsu APC 202 (CN-1514), fi odeeffannoon dabalataa Permit-by-Rule ilaallatu kanarraa argamuu danda'a: <https://www.tn.gov/content/tn/environment/program-areas/sbeap-small-business-environmental-assistance/permit-by-rule.html>.

Haa ta'uyyuu malee, abbaan qabeenyaa/to'ataan eyyemaaf iyyachuuf yoo filate, unkoonni iyyannoo APC 100 (CN-0730) fi APC 114 (CN-1001), fi qajeelfamoonni toora interneetaa kanarraa argamuu danda'u: <https://www.tn.gov/environment/permit-permits/permits-air/permit-air-air-quality-state-operating-permit.html>.

Unki Xalayaa Fedhii Ibsu 202, yookaan Unkoonni iyyannoo APC 100 fi 114 keessaa tokko, faasiliitiin hojii jalqabee guyyoota (30) keessatti Diviizhiniif ergamuu qabu. Deeggarsi yoo barbaachise, Sagantaan Deeggarsa Naannoo Dhaabbilee Daldalaa Xixiqqoo (SBEAP) sagantaa TDEC keessatti bilisaan, iccitiidhaan deeggarsa kennuu danda'udha. SBEAP bilbilaan 800-734-3619 yookaan iimeeliidhaan BGSBEAP@tn.gov quunnamamuu danda'u. Faasiliitichi Kaawuntiiwwan Davidson, Hamilton, Knox, yookaan Shelby keessatti argama taanaan, ulaagaalee qilleensaaf eyyema argachuuf sagantaalee to'annoo faalama qilleensaa naannichaa quunnamaa.


Siistemoonni hurka deebisanii faayyidaaf oolchuu Marsaa II wayita maamiltoonni faasiliitiiwwan gaasoliinii raabsan irraa oomishoota gaasoliinii konkolaatii isaaniitti naqatanitti konkolaattotarraa hurkawwan gaasoliinii kan walitti qabudha. Siistemni Marsaa II wayita boba'aa deebisanii guutaniitti, funyaanii fi ujummoowwan kookshiyaalii adda ta'an kan taankaroota boba'aa konkolaataa irraa hurkawwan ka'an walitti qabuu fi buufataalee taankarii(oota) kuusaa lafa jalaa yookaan lafarratti argaminitti kan jallisu tokkoon tokkoo ujummoo gaasoliinii irraa kan qabudha.

Gaafa Adoolessa 14, 2016 irraa kaasee hojiirra kan oolu, Siistemoonni Hurka Deebisanii Faayyidaaf Oolchuu hiikamuun buqqaafamuu kan danda'an yemmuu ta'u, faasiliitiiwwan UST haaraa fi haaromfamaniif kanaan booda akka mala to'annoo wantoota alatti baafamanii to'achuuf gargaaru dirqama ta'eetti hin ilaalamu. Ulaagaaleen kanaan duraa Siistemoota Hurka Deebisanii Faayyidaaf Oolchuun walqabatan naannoo kaawuntiiwwan shanan Kaawuntiiwwan Davidson, Rutherford, Sumner, Williamson, fi Wilson qofaa keessatti kan hojiirra ooludha. Kaawuntiin Davidson sagantaa naannoo waan ta'eef, faasiliitiiwwan UST Kaawuntii Davidson keessa jiran odeeffannoo argachuuf Diviizhiniin To'annoo Faalama Qilleensaa Kaawuntii Davidson quunnamuu qabu.


Odeeffannoon dabalataa asirraa argamuu danda'a Additional information can be found at https://www.tn.gov/content/dam/tn/environment/documents/sbeap_gasoline_compliance_guidance.pdf.

Wayita meeshaa Hurka Deebisee Faayidaaf Oolchu Marsaa II fayyadamtaniitti, maamiltota miidhaa hurkoonni gaasoliinii geessisuu malan irraa tiksuu akkasumas hamma faaltota miliqanii faalama qilleensaa keessatti shoora qabaachuu malanii hir'suudhaaf hammi hurkoota gaasoliinii miliqanii baayyee xiqqaa ta'uu qaba.

Fakkiin armaan gadii qixeeffama Marsaa II baratamaa kan mullisudha.



Ujummoon dabalataa siistemoota hurka deebisanii faayidaaf oolchuu Marsaa II'n walqabatan dabalataa wayita qorannootti darbanii darbanii argamuu malu. Ujummoon kunis baayyinaan ujummoo koopperii diyaametirii xiqqoo qabdu kutaa hojii mataa STP irraa ka'uun keenyan xuuxxuu STP keessaa bahuun lafatti kan galu (Fakkii 5 armaan gadii ilaalaa) ni qaba. Ujummoon kun xuuxxuu STP'n alatti xuuxxuu fi raabsituu gidduutti ujummoo hurka deebisanii faayidaaf oolchuuf gargaaru waliin kan walquunnamudha. Altokko tokko walquunnamtiin ujummoo waliin godhamu kun qaawwaa argannaa xiqqaa keessaan ni mullata (Fakkii 6 armaan gadii). Ujummoon akkanaa sababa garaagarummaa olka'iinsa irratti argamaniitiin tattaaffii hurka raabsituurraa maddu gara taankariitti deebisuuf godhamu gargaaruuf kan kaayyeeffatedha. Ujummo saayifenii deeggaraa taankaroota hunda-galeessaan walqabatan wajjiin baayyee waan walfakkaatuuf (Fakkii 4 armaan olitti kutaa taankarii hunda-galeessaa jala jiru ilaalaa), qindeeffamoonni lamaan waliin dha'amuu danda'u. Sakatta'aan qindeessawwan lamaan wajjiin hojjechuun muuxannoo qabaachuu kan qabu yemmuu ta'u, lamaansaanii gargar baasuu danda'uu qaba. Ujummoon hundi hurka deebisanii faayidaaf oolchuun walqabatan "idileedhaan oomisha kan qabatu" waan hin taaneef ittisa danda'ummaa (CP) qabaachuuf dirqama hin qaban.



8. JENEREETAROOTA WAYITA BALAA TASAA

Siistemoonni taankarii jenereetara wayita balaa tasaa bakkeewwan armaan gadiitti baayyeen kan argamanidha: hospitaalota, manneen sirreessaa, manneen murtii, gamoowwan waajjiraa, faasiliitiwwan oomishaa murtaa’an, manneen barnootaa fi manneen kunuunsaa. Akkaataa seera .02(3) irratti eerameen maloota Ittisa dhangala’uu fi guutiinsa humnaan olii qabaachuu qabu. Taankaroonni fi ujummoon sibiilaa (istiilii fi kooperrii) akkaataa seera .02(4) irratti eerameen ittisa daanda’uu qabaachuun qabu. Akkaataa seera .02(8) keessatti eerameen sakattiin daawwannaa hojiin idileen godhamu siistemoota jeneraataraa wayita balaa tasa’atiif ni barbaachisu. Haa ta’uyyuu malee, taankariin faayyidaa dachaa kennan bakka boba’aan buufataalee irratti naqamu oomisha kuusamee jiru irratti hundaa’uun bakka itti deebifamee illee kaawwamu ni qabu.

Seenaadhaan, siistemoonni taankarii jenereetara wayita balaa tasaa Adoolessa 24, 2007 dura galfaman, ulaagaalee mala uumamuu dhimmuu adda baasuu irra walaba ta’aniiru; Haa ta’uyyuu malee, Ejensiin Eegumsa Naannoo Yuunaayitid Isteetsi (USEPA) dambiiwwan haaraa Onkoloolessa 13, 2018 kaasani hojiirra oolan kan akkaataa seera .01(2)(a)1 keessatti eerameen siistemoonni taankaroota jenereetara wayita balaa tasaa ulaagaalee maloota uumamuu dhimmuu adda baasuu kan taankarootaa fi ujummoo Onkoloolessa 13, 2021 kaasani guutuu akka qaban eeru dhiyeenya kana hojiirra oolcheera.

Taankaroonni jenereetara wayita balaa tasaa, ujummoo dhiibbaan hojjetu fi/yookaan ujummoo xuuxuun hojjetan kan ulaagaalee seera .04(2)(b)2(i)-(iii) hin guunnee fi gaafa Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda diriirfaman yookaan bakka buufaman, akkaataa seera .02(1)(c) keessatti eerameen to’annoo lammataa jala galfamuun akkasumas to’annoo interestishyaalii kan uumamuu yaa’aa adda baasuu kan gaggeessan ta’a.

Siistemni UST qaama siistema jenereetara wayita balaa tasaa kan faasiliitiwwan gabbisa anniisaa niwukilerii kan Koomishinii To’annoo Niwukileriiin heyyemni kennameef akkasumas ulaagaalee Koomishinii To’annoo Niwukilerii kan ulaagaa saxaxaa fi qulqullinaan walqabatan 10 C.F.R. kutaa 50, seera 0400-18-01-02(b). dabalatee garuu immoo kanatti hin daangofne jala ni seenu. Siistemoonni kunneen Seerota 0400-18-01-02 hanga 0400-18-01-05 fi 0400-18-01-07 hanga 0400-18-01-10, 0400-18-01-16, fi 0400-18-01-17 keessaa baafamaniiru.

Siistemoonni jeneretara wayita balaa tasaa muraasni siistemoota ujummoo bishaan keessaa kan oomisha dhiibbaa jala jiru taankarii guyyaa jeneraataaraaf agarsiisu ni qabu. Siistemoonni kunneen siistemoota boba'aa buusan kan idilee wajjiin kan walfakkaatan yemmuu ta'u, ujummooleen lo'an dhiibbaa baayyee xiqqaa ta'e (keessattuu 15-20 pis) jalatti hojjechuudhaaf kan saxaxamanidha. Kanaaf, siistemoonni awutomaatikaalaa taatee dhimmuu sararratti mudatu adda baasan (ALLD) dhimmisawwan akkaan guddaa ta'an kan akka PSI 10 irratti sa'atiittii gaaloonii 3.0 adda baasuudhaaf ga'oo ta'uu dhiisuu malu. Dabalees, boba'aan olka'iinsa qaawwaa ba'umsaa ujummoo irra caalu irratti yoo argame, dhiibbaan dhaabbataan mataa boba'aarra jiru kan sarara oomishaa keessa jiru malli dhimmisuu adda baasu akkaataa saxaxameen akka hin hojjenne taasisuu mala. Kanaaf, Diviizhinichi bakka hojii irratti hundaa'uun, filannoowwan maloota biroo kan akka to'annoo interestishiyaalii darbannaa oomishaaf gargaaranii fi ulaagaalee uumamuu yaa'aa adda baasuun walqabatan guutuuf ALLD'wwaniin cinatti kan eyyemu ta'a.

Siistemoonni ujummoo jeneretara lafa jalaa sararoota deebii taankarii guyyaa kan oomisha dhiibbaa jala jiru olbaasu qaban, ujummoo furguggiftuu yookaan yaa'iinsa guula harkisa lafaan raawwatu fayyadamuun mala uumamuu dhimmuu ujummoo keessatti uumamu adda baasu dhiyeessuu qabu. Kunis baayyinaan siistemoota ujummoo jeneretara wayita yeroo balaa kan yaa'iinsa boba'aa kutaa lafa jalaa siistema UST'tti deebi'aa jiruu to'achuuf vaalviwwan adda baastuu sararraa yookaan vaalviwwan soolinooyidii fayyadaman keessatti kan argamudha.



Siistema jeneretara wayita yeroo balaa dhiibbaan hojjetu kan seensarii interestishiyaalii qabu.



Siistemoota UST kan jenereetaroota wayita yeroo balaa warreen ruqoolee akka deeyiseliitiin to'ataman to'annoo Diviizhinii jala jiru.



Siistemoota ujummoo jenereetara wayita yeroo balaa lafarratti argamuuf malli uumamuu yaa'aa adda baasuu hin barbaachisu.

Taankaroonni jenereetara wayita yeroo balaa duraan ulaagaalee maloota taatee dhimmuu addaa baasuu keessaa baafamanii turan hundi Onkoloolessa 13, 2021 irraa kaasanii taankarii fi ujummoodhaaf mala uumamuu dhangala'iinsa adda baasu hojiirra oolchuu qabu. Mala uumamuu dhangala'iinsa adda baasuu kan taankariif, ejchuunis maloota uumamuu dhangala'iinsa taankarii keessatti uumamu dhaabbiidhaan adda baasan keessa tokko raawwatamuu qabu. Maloota uumamuu dhangala'iinsa taankarii keessatti uumamu dhaabbiidhaan adda baasan kanneen keessaa, taankarii jenereetara wayita yeroo balaaf mala sirrii kan ta'u kan armaan gadii qofaadha.

- Mala uumamuu dhangala'iinsa taankarii keessatti uumamu adda baasu ji'a ji'aan raawwatamu safartuu taankarii aawutomaatikaalaa wajjiin (ATG) yookaan Istaatistikaal Inventerii Riikoonsileeshinii (SIR);
- To'annoo interestishiyaalii kan ji'aa (taankariin keenyan dachaa qaba yoo ta'e)

Taankaroonni guyyaa, guddina isaaniirratti utuu hin hundaa'iin, mala uumamuu yaa'aa adda baasuu qabaachuu qabu. Taankaroonni guyyaa qaama siistema UST to'atamuu ta'anii fi Adoollessa 24, 2007 booda galfaman to'annoo lammataa jala galuu fi to'annoo interestishiyaalii qabaachuu qabu. Addatti kan ilaalaman lamatu jiru:

- Abbaan qabeenyaa fi to'ataan taankarii guyyaa lafarra jiru kan siistema dhangala'aa buufata qilleensaa yookaan taankarii lafarratti ijaarame kan guutummaa siistemichaa hiikkoo EPA'dhaan siistema UST'tiif kenname guutan wajjiin hariiroo qaban yoo qabaatan. Yeroo akkasii, to'annoo lammataa fi to'annaa bakka duwwaa qaama lamaan gidduu jiruu dabalatee, taankariin lafarra godhamu dambiiwwan hedduu keessaa gartokkeen ni hambifama.
- Hiikkaan taankarii kuusaa lafa jalaa kaninni hin dabalanne (1) taankaroota ooyiruu yookaan mana jireenyaa kan gaaloonii 1,100 yookaan isaa gadi qabachuu danda'anii fi faayyidaawwan daldalaaf utuu hin taane boba'aa mootoraa kuusuuf kan oolanii fi (2) taankaroota zayita danfaa meeshaalee ho'isuuf, danfistuuwwan, yookaan faarneesiiwwan keessatti dhimmi itti ba'amu kan bakkuma kuufamanitti faayyidaa kennan kuusuuf gargaaran.

Maloota uumamuu dhangala'iinsa ujummoo keessatti uumaman adda baasuuf gargaaraniif, tarkaanfiin jalqabaa qindeeffama sararoota dhiyeessii fi kan deebii adda baasuudha. Dhiibbaa, xuuxinsaa, guula harkisa lafaa, yookaan makaa qindeeffamawwan kanneeniitii? Dhiibbaan kan hojjetan yoo ta'an, mala


uumamuu yaa'aa sararratti uumamu adda baasu (ALLD) jiraa yookaan diriirfamuu danda'aa? Fakkiin 12-15 qindeessawwan ujummoo jenereetaroota wayita balaa tasaa beekamoo afurii fi gosoota maloota uumamuu dhangala'iinsa ujummoo keessatti uumamu adda basuuf gargaaraniif fi fudhatama qaban agarsiisa. Siistemichi akka fakkii armaan oliitti yoo hin qindeeffamne ta'ee fi malli uumamuu dhangala'iinsaa adda baasu fudhatama qabu kam akka ta'e ilaalchisee qajeelfama dabalataaf Diviizhinii UST quunnamaa.

Taankaroonni jenereetara wayita balaa tasaa duraan ulaagalee maloota uumamuu yaa'aa adda baasuu keessaa hafanii turan.

Haa ta'uyyuu malee, Onkoloolessa 13, 2021 irraa kaasee siistemoonni taankarii jenereetara wayita balaa tasaa to'ataman hundi mala uumamuu dhangala'iinsaa adda baasu hojiirra oolchuu qabu. Taankariif, jechuunis maloota uumamuu dhangala'iinsa taankarii keessatti uumamu dhaabbiidhaan adda baasan keessa tokko raawwatamuu qabu. Maloota uumamuu dhangala'iinsa taankarii keessatti uumamu dhaabbiidhaan adda baasan kanneen keessaa, taankarii jenereetara wayita yeroo balaaf mala sirrii kan ta'u kan armaan gadii qofaadha.

- Mala uumamuu dhangala'iinsa taankarii keessatti uumamu adda baasu ji'a ji'aan raawwatamu safartuu taankarii aawutomaatikaalaa wajjiin (ATG), Safartuu Taankarii Maanuwaalii, yookaan Istaatistikaal Invenierii Riikoonsileeshinii (SIR);
- To'annoo interestishiyaalii ji'aan godhamu (taankariin, ujummoon, yookaan qaamnisaa abbaa keenyan lamaa ta'e). To'annoon interestishiyaalii qaamotaa siistemaa gaafa Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda diriirfaman hundaaf ni barbaachisa.


Ujummoodhaaf fakkiwwan armaan gadii qindeessawwan ujummoo jenereetaroota wayita balaa tasaa beekamoo afurii fi gosoota maloota uumamuu dhangala'iinsa ujummoo keessatti uumamu adda basuuf gargaaraniif fi fudhatama qaban agarsiisa. Malli uumamuu dhangala'iinsaa siistema kanaaf adda baasu fudhatama qabu kam akka ta'e ilaalchisee qajeelfama dabalataaf Diviizhinii UST quunnamaa.



Fakkii 12.


Taankarii boba'aa ijoo taankarii guyyaa jala jiru. Ujummoo yaa'iinsarra darbaa taankarii guyyaarraa **PAAMPII MALEE**(ujummoon guula harkisa lafaan hojjetu qaama hojii ala ta'edha); ujummoo

dhiyeessii lafa jalaa taankarii ijoorraa (ujummoo xuuxuun hojjetan); sararoota veentii fi guutiinsaa (qaamota hojiin ala ta'an)



Fakkii 13.


Taankarii boba'aa ijoo taankarii guyyaa jala jiru. Ujummo yaa'iinsarra darbaa taankarii guyyaarraa ujummoo wajjiin (ujummoon guula harkisa lafaan hojjetu qaama hojii ala ta'edha); ujummoo dhiyeessii lafa jalaa taankarii ijoorraa (ujummoo xuuxuun hojjetan); sararoota veentii fi guutiinsaa (qaamota hojiin ala ta'an)



Fakkii 14.

Taankarii boba'aa ijoo taankarii guyyaa irra jiru. Ujummo taankarii guyyaarraa gara taankarii ijoootti

deebi'u (ujummoo dhiibbaan hojjetu); ujummoo dhiyeessii lafa jalaa taankarii ijoorraa (ujummoo dhiibbaan hojjetu); sararoota veentii fi guutiinsaa (qaamota hojiin ala ta'an)



Fakkii 15.

Taankarii boba'aa ijoo taankarii guyyaa irra jiru. Ujummo taankarii guyyaarraa gara taankarii ijootti deebi'u (ujummoo dhiibbaan hojjetu); ujummoo dhiyeessii lafa jalaa taankarii ijoorraa (ujummoo xuuxuun hojjetu); sararoota veentii fi guutiinsaa (qaamota hojiin ala ta'an)

Hojmaanni jenereetaroota wayita balaa tasaa namaan kan hin to'atamne yookaan gartokkeen namaan kan to'atame waan ta'eef, fi siistemni uumamuu dhimmuu adda baasu yaa'iinsa boba'aa gara jenereetaraatti godhamuu waan hin cufneef yookaan hin hir'isneef, wayita dammaqsituun boba'aa banamtutti to'ataan faasiliitichaa akka beeksifamuuf siistemni dammaqsituu galfamuu qaba. Wayita to'annoo interestishiyaalii faayyidaarra oolutti, ofiin-bilbiltuun wayita seensariin kaatutti lakkoofsa bilbilaa kennameef irratti yaadachiisa erguu ni dandeessi. Dammaqsituuwwan hunduu galmaa'uun hatattamaan qoratamuu qabu.

Taankaroonni guyyaa qaama siistema UST to'atamuu wayita ta'an, Adoolessa 24, 2007 booda to'annoo lammataa jala galuu fi to'annoo interestishiyaalii qabaachuu qabu; akkaataa Seera .02(1)(c) keessatti eerameen, 40 CFR 280.20 ilaalaa. Sababa taankariin guyyaa keessattuu oomisha gara UST ijoottii fi jenereetaraatti waan deddeebisuuf safartuun taankarii aawutomaatikaalaa fi istaatiikaal inventerii riikoonsileeshiniin hojjechuu dhiisuu malu.

Dhangala'iinsi/guutiinsi irra-darbaan ammallee Seera .02(3) keessatti ni barbaadamu. Haa ta'uyyuu

malee, qaamoleen taankarii yookaan ujummoo siistema UST kan jenereetara wayita balaa tasaa gaafa Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda galfaman yookaan bakka buufaman, akkaataa seera .02(2)(a) fi (b) irratti eerameen to'annoo lammataa jala galfamuu fi to'annoo interestishiyaalii gaggeessuu kan gaggeessan ta'a (ujummochi harkisa nageenyisaa eegaame yoo qabaate irraan kan hafe).

Akkaataa Seera .02(4) irratti eerameen Ittisni daanda'ummaa ni barbaachisa. Ujummoon hundarra baayyinaan argamu koopperiidha, innis daanda'ummaa irraa kan ittifamedha. Siistemoonni taankarii jenereetara wayita balaa tasaa, akka taankarii faayyidaa dachaatti yoo ramadame irraan kan hafe (armaan gadi ilaalaa) bakkeewwan armaan gadiitti baayyeen kan argamanidha: hospitaalota, manneen sirreessaa, manneen murtii, gamoowwan waajjiraa, faasiliitiwwan oomishaa murtaa'an, manneen barnootaa fi manneen kunuunsaa.

Odeeffannoon dabalataa Ulaagaalee UST Federaalaa Kan Anniisaa Wayita Balaa Tasaa keessaa Jenereetaroota Siistemoota UST (EPA 510-K-22-003) Caamsaa 2022 irraa argamuu danda'a <https://www.epa.gov/ust/emergency-power-generator-ust-systems-2015-requirement-release-detection>.

Ulaagaalee UST biratti dabalataan Diviizhiniin To'annoo Faalama Qilleensaa (DAPC)'n siistemoota jenereetara wayita balaa tasaa muraasa akka SBEAP (Mootorawwan Gubiinsa Keessaa Dhaabbatoo)'tti ulaagaalee Permit-By-Rule jalatti akka to'atu hubadhaa. Odeeffannoon dabalataa Permit-by-Rule ilaallatu kana daawwachuudhaan: [argamuu danda'a: https://www.tn.gov/content/tn/environment/program-areas/sbeap-small-business-environmental-assistance/sbeap-spark-ignition-and-reciprocating-internal-combustion-engines.html](https://www.tn.gov/content/tn/environment/program-areas/sbeap-small-business-environmental-assistance/sbeap-spark-ignition-and-reciprocating-internal-combustion-engines.html)

9. TAANKAROOTA FAAYIDAA DACHAA

"Taankarii faayyidaa dachaa" jechuun taankarii meeshaa ho'aa dhaabbiidhaan galfamee jiru keessatti ho'a maddisiisuudhaaf *fi* wayita balaawwan tasaa humni anniisaa dhabamuu irra ka'ee dhufanitti anniisaa maddisiisuudhaaf kan ooludha. Oomishaalee peetirooliyeemii hiikkaa zayita danfaa irratti tarreeffamanii jiran keessaa tokko taankaricha keessatti kuufamee kan jiru yoo ta'e [peetirooliyeemii gulantaalee teekinikaa zayita boba'uu Lakk.1, Lakk.2, Lakk.4-salphaa, Lakk. 4-ulfaataa, Lakk. 5-salphaa, Lakk. 5-ulfaataa, Lakk. 6 qaban; zayitawwan boba'oo ballinaan faayyidaarra oolan biroo (Boba'aa Addaa Humna Waraana Galaanarraa fi Baanker C dabalatee); fi boba'awwan kanbiroon wayita zayitawwan boba'oo kanneen bakka bu'anii faayyidaarra oolan] akkasumas, hojmaata meeshaa ho'iinsaa, danfistuuwwaniif yookaan faarneesiiwwaniif yookaan bakkeewwan kuufamanitti faayyidaarra ooluuf yoo dhimmi itti ba'ame, taankaroonni jenereetara wayita balaa tasaa dambiilee UST jalaa bahuu ni danda'u.

Dhuma bara 2017 keessa, Ejensiin Eegumsa Naannoo Yuunaayitid Isteetsi boba'aan diiseel kana booda akka bakka bu'iinsaatti fudhatamuu akka hin dandeenye Diviizhiniin beeksisee ture, kanaaf, siistemoonni UST baayyeen jalqaba ilaalcha keessa hin galfamne turan amma ulaagaalee to'annoo jala seenaniiru. Gosti boba'aa faayyidaarra ooluu fi bakka boba'aan sun itti hojiirra oolu wayita taankariwwan faayyidaa dachaa to'annutti wantoota ilaalcha keessa galchuu qabnu lamaanidha. Diviizhinichi ulaagaa kanneen guutuu isaanii adda baasuuf biilii fe'isawwan sadan darbanii ilaaluu qaba.

Zayitiin danfaan hojmaata meeshaalee ho'iinsaa, danfistuuwwan, yookaan faarneesiiwwan keessatti baayyinaan faayyidaarra oolu. Bakka hojiitti faayyidaarra yoo oole irraan kan hafe, akkaataa fayyadama zayitii danfaa as keessaa hambifamee jiru ilaalchisee daangaan kaawwame hin jiru. Boqonnaan 0400-

18-01-.01 hiikkaa armaan gadii qaba: “Fayyadamuun” zayita danfaa wajjiin walqabateeru bakkeewwan raabsaa kuufameerutti maayiitti bahamuu jechuudha. Boba’aan taankaroota faayyidaa dachaa qabaniin faayyidaarra oolu bakkeewwan raabsaatti hojiirra ooluu qaban baayyinaan irratti waliigalameera, kunimmoo gosa boba’aa faayyidaarra oolee adda baasuu nu dandeessisa. Zayita boba’aa Lakk. 2 yookaan boba’aa deeyiselii ta’uusaa irratti hundaa’uun gosti boba’aa dhiyaatuu akkaataa taankariin faayyidaa dachaa itti to’atamuu qabu kan murteessu ta’a.

10. TAANKAROOTA “SLOP”

Taankaroota zayita balfaa jedhamuunis kan beekaman kunneen, suuqiiwwan suphaa konkolaataa, faasiliitiiwwan fe’isaa, faasiliitiiwwan geejjibaa kaawontii fi naannoo, dhaabbilee oomishaa gurguddoo fi faasiliitiiwwan oomishaa muraasa keessatti baayyinaan kan argamanidha. Taankariwwan kunneen ulaagaalee dhangala’iinsaa/guutiinsa irra-darbaa irraan kan hafe (altakkaattii yoo gaaloonii 25 fi isaa gadiin guutame) dambiilee hunda jala kan galanidha. Seera 02(3)(a)1 ilaalaa.

11. TAANKARIWWAN OOYIRUU

Taankariwwan kunneen lafa oomisha qonnaaf, yookaan qurxummii dabalatee horsiisa bideeldotaaf, fi bakkeewwan jireenyaa fi fooyya’insawwan isaaniif adda baafamanii fi qabeenya lafa ooyiruu irratti argamanidha. “Ooyiruu” horsiisa qurxummii, lafa dheedichaa fi giddu-galawwan kunuunsa biqiltuu hojiiwwan guddisuun walqabatan kan hammatudha. Taankaroonni ooyiruu hanga gaaloonii 1,100 yookaan isaa gadi qabachuu danda’anii fi boba’aa mootoraa **faayyidaawwan daldalaaf hin oolle** kuusuuf fayyadan hin to’ataman. “Ooyiruu” laaboraatooriiwwan bideeldonni keessatti guddifaman, lafa xaawulaa oomishuuf gargaaru, fi hojmaatawwan farra ilbisootaa biifuu fa’aa hin dabalatu. Hundarra immoo, hiikkaan kun giddu-galawwan mana biraa yookaan kuusaawwan chirchaaroo bakka oomishaaleen kunuunsa ooyiruu itti gabaaf dhiyaatan malee kan itti hin oomishamne hin hammatu. Seera .01(4). ilaalaa.

12. TAANKARIWWAN BAKKA JIREENYAA

Taankariwwan kunneen qabeenyaalee bu’uuraan jireenyaaf faayyidaarra oolan biratti kan argamanidha. Taankaroonni bakka jireenyaa hanga gaaloonii 1,100 yookaan isaa gadi qabachuu danda’anii fi boba’aa mootoraa **faayyidaawwan daldalaaf hin oolle** kuusuuf fayyadan hin to’ataman. Seera .01(4). ilaalaa.

13. TAANKARIWWAN WAQTII IRRATTI HUNDAA’AN

Taankariwwan waqtii irratti hundaa’an wayita jii’oota oomishni gadi aanaa ta’utti mala uumamuu yaa’aa adda baasuu kanbiraa kan akka kiroosiinii kan akkaataa seera .04(1)(e) irratti eerameen wayita waqtiwwan qorraatti hojiirra oolan baayyinaan ni barbaadu. Yaa’aa uumamu adda baasuun akkaataa seerota .04(1)(c) fi .07(1)’tti sirnaan yoo hin raawwanne taankaroonni kutaa waggaa murtaa’eef yeroodhaaf cufamuun barbaachisuu mala.

14. FAASILIITIIWWAN HIN TO’ATAMNE

Altokko tokko taankaroonni faasiliitiiwwan namaan hin to’atamne keessatti ni argamu ta’a. Bakkeewwan kunneenis bakkeewwan chirchaaroo utuu hin taane kan mootummaan yookaan dhaabbilee daldalaatiin qabamanii fi konkolaattota kaampaanota sanaaf boba’aa naquuf gargaaran dha. Taankaroonni jeneretara wayita balaa tasaa bakkeewwan fagoo irratti argaman akka faasiliitiiwwan hin to’atamneetti fudhatamuu malu. Yeroo baayyee dubbistuun kaardii tiraansaakshinii gurgurtaa boba’aa bakka

boba'aan gurguramutti raawwachuuf kan gargaartudha, ta'us immoo faasiliitiin hin to'atamne jechuun salphumatti taankaroota bakkeewwan nageenyi isaanii eegame kan dhaqqabiinsi isaa mirkaneeffamuu danda'u yookaan dhaqqabiinsa argachuuf furtuunfaa kan bnarbaachisu jechaadha. Bakkeewwan sa'atiwwan hojii idileetti namoota achitti argaman qaban, yooma wayita namni achi hin jirretti boba'aan naqamuu danda'a ta'eyyuu akka bakkeewwan hin to'atamneetti hin lakkaawwamani. Bakkeewwan hin to'atamne guutummaatti nama achitti argamu hin qabani.

Garaagarummaan faasiliitiwwan namni biratti hin argamnee sadii kan armaan gadiiti:

- Hagayya 8, 2012 kaasee kan hojiirra oolu, faasiliitiwwan hin to'atamne to'ataa Gita C bakka hojiitti qabaachuuf hin dirqaman, garuu immoo akkaataa seera .16(3)(d) irratti eerameen to'ataa Gita A fi Gita B kan bakkichaaf qopheeffame qabaachuu qabu. To'ataaan Gita B kan leenjii Gita B fudhate ulaagaa kana guutuu ni danda'a.
- Faasiliitiin hin to'atamne kan uumamuu dhangala'iinsa sararratti mudatuuf mala elektiroonikii uumamuu dhangala'iinsa sararratti mudatu adda baasu fayyadaman hundi, cufaatii ujummoo poosatiivii ta'eef fayyadama dhangala'iinsa 3.0 gph irratti banaa ta'e qabaachu qabu. Akkaataa seera .04(4) dhaan barbaadamuun fayyadamni dammaqsiituu bakka hin to'atamneef wayita dhangala'iinsi akkaan guddaa ta'e uumamutti fayyadamuuf mijaaa miti.
- seensariwwan xuuxxuun to'annoo inteeristishiyaaliif faasiliitiwwan namaan hin to'atamneef yoo diriirfaman, akkaataa qajeelcha Boqonnaa Teekinikaa 3.4 kan To'annoo Lammataa fi To'annoo Inteeristishiyaalii irratti eerameen humni ibsaa seensariidhaan dhaabsifamuu qaba.

15. SIISTEMOOTA UST BUUFATA XIYYAARAA

Siistemoota boba'aa buufataalee xiyyaaraan walqabatee qindeeffamoonni taankarii hin baratamne argamuu mala. Siistemoonni taankarii kuusaa lafa jalaa (UST) "ooyiruu taankarii" jedhamee kan waamamu keessatti walii isaaniitti fi taankariwwan kuusaa lafarratti (AST) siqanii jiraachuu danda'u. "Ooyiruuwwan" kunneen sababa ujummooleen daddabarsaa lafarraa, guuboowwan calaltuu fi ujummoo hedduun waan jiraniif jalqaba gaafa ilaalaman bitaa namatti galuu danda'u. Taankarootaa fi ujummoo walqabatanii jiran adda baasuudhaaf qorannoon of-eeggannoon guutame gaggeeffamuu qaba. Siistemoonni muraasni siistemoota dhimbiibduu zayitaa/bishaanii to'ataman yookaan hin to'atamne faana walqabachuu malu. Muraasni immoo taankaroota hin to'atamne kan ruqoolee akka gilaayikoolii (dhangala'aa cabbii burkuteessu) wajjiin walqabachuu danda'u. Qindeessawwan kunneen ulaagaalee yaa'aa uumamu adda baasuun yookaan daanda'ummaa to'achuu hojiirra oolchuuf rakkisaa taasisuu malu.

Fakkeenyota:

a. Ujummoo Siistemoota Taankarii Biroo Faana Walqabatan

Buufataaleen xiyyaaraa taankaroota boba'aa "ulaagaa hin guunne" qabaachuu danda'u. Taankaroonni kunneen balfa boba'aa deebifamee faayyidaaf oolfamuu hin dandeenye kan kuusanidha. Taankaroonni kunneen zayitawwan yookaan boba'aawwan dhimbiibduu zayitaa/bishaanii itti aananii jiran irraa karaa ujummoo istiilii itti darbatamaniin illee guutamuu danda'u. Ujummoo kun guutummaatti lafa jala, lafarra, yookaan immoo gartokkeen lafa jala ta'uu danda'a. Kanaaf, ujummoo lafa jalaa dhiibbaan hojjetu siistemoota taankarii lamaan gidduutti rakkoo uumamuu dhimmuu akkasumas daanda'ummaan walqabatu ni uuma. Taankariin dhimbiibduu zayitaa/bishaanii to'atamuu yookaan to'atamuu dhiisuu danda'a (kutaa "Dhimbiibduuwwan Zayitaa/ Bishaanii" darbe ilaalaa). Siistemni taankarii dhimbiibduu

zayitaa/bishaanii yoo hin to'atamu ta'ellee, ujummoon dhiibbaan gara taankarii "ulaagaa hin guunneetti" geessuu kan to'atamuu fi akkaataa seera .04 keessatti eerameen mala uumamuu dhimmuu adda baasuu fi akkaataa seera .02(4) keessatti eerameen immoo ittisa daanda'ummaa ni barbaachisa.

Akkaataa qindeeffama ujummoo dhiibbaan hojjetanii irraan kan ka'e, rakkoon uumamuu yaa'aa sararaa adda baasuun walqabatu sirreessuuf rakkisaa ta'uu mala (jechuunis, uumamuu dhimmuu akkaan olaanaa ta'e adda baasuuf mala uumamuu dhangala'iinsaa adda baasu galchuu yookaan qorannoo jabeenyaa gaggeessuu). Ujummochi yeroo baayyee haala mala uumamuu dhangala'iinsaa adda baasuuf gargaaru bifa salphaan galchuu hin dandeessisne yookaan vaalviwwan, kkf ittiin qofaatti baasisni qorannoo jabeenyaa gaggeessuuf gargaaru godhamuu danda'u qabaachuu hin dandeenyeen ijaarama. Kanaaf, abbootiin qabeenyaa siistemoota taankarii buufata qilleensaa muraasni boolla badaa gadi hin fagaanne qotuun, ujummoo dhiibbaan hojjetaman guutummo sarara ujummoo keessa deeman siistemoota lamaan gidduutti lafarra akka ta'an taasisu filataniiru. Kunis ulaagaalee yaa'aa uumamu kan ujummootaaf barbaachisan hunda kan kaasuu danda'udha.

Ittisni daanda'uu (CP) kaninni yaaddoo ta'uu danda'u yoo ujummoon walfakkaataan siistema CP bakkichatti diriiree jiraachuu malu kamuu wajjiin walitti fufaa ta'uunsaa mirkanaa'uudhaa baatedha. Dabalees, kutaaleen ujummoo sababa makaawwan daayilektirikiitiin yookaan gaaskeetiwwan ujummoowwan daddabarsaa wajjiin walqabataniin qofaatti baafamuu danda'u. Ujummoon kun waan to'atamuuf, guutummaa sarara ujummochaa itti fufiinsi jiraachuu qaba. Itti fufaadha taanaan, qorannoon CP ujummochaa mijatu qorannoo qaama siistema taankarii kan biroo hunda biratti dabalammu qaba. Itti fufaa miti taanaan, CP'n akkaataa seera .02(4)(b) irratti eerameen ujummochatti dabalammu yookaan akkaataa duratti eerameen akka ujummoo lafarra jiruutti ulaagaa guutuudhaan to'annoo jalaa bahuuf ujummochi qotamee baafamuu qaba.

b. Sarara Ujummo Daddabarsa Boba'aan Walqabatu

Buufataaleen xiyyaaraa muraasni sarara ujummoo boba'aan siistema tokkorra gara biraatti akka darbu taasisan yookaan sarara ujummoo guutiinsa fageenyarraa yookaan bakka boba'aan itti fee'amu irraa yookaan hamma sirna taankarii murtaa'eetti deemu qabaachuu danda'u. Bakki boba'aan itti fee'amu kaninni dabalatu qaawwaalee guutiinsa fageenyarraa akkasumas sarara ujummoo buusaa fa'aati.

Ujummooleen kunneen guula harkisa lafaan/xuuxiinsaan, dhiibbaan, yookaan makaa lamaan isaaniin kan hojjetan ta'uu danda'u. Ujummoon kun guutummaatti lafa jala, lafarra, yookaan immoo gartokkeen lafa jala ta'uu danda'a. Sararri ujummochaa guutummaa dheerina sarara ujummocharraa bakka kamittiyyuu ujummoo dabarsaa qabaachuu danda'u. Kanaaf, dheerinni ujummochaa gartokkeen xuuxuudhaan fi achiitii immoo dhiibbaan yookaan guula harkisa lafaatiin ujummoo dabarsaa garasitti deemu danda'a.

Jalqaba sararri ujummochaan dhiibbaan kan hojjetu ta'uusaa adda baasaa. Dhiibbaadhaan kan hojjetu taanaan, kutaalee lafa jalaatiif malli uumamuu yaa'aa adda baasu ni barbaachisa. Furmaatileen gubbaatti eeraman "Ujummoolee siistemoota taankarii biroo wajjiin walqabatan" keessatti eeraman hojiirra ooluu danda'u. Hubachiisa: ujummooleen dabarsaa boba'aan akka kutaa xuuxuu sarara ujummochaa keessatti akka kuufamu yoo taasisanii fi gara taankariitti yoo hin deebi'in kan hafu ta'e, akkaataa seera .04(2)(b)2 irratti eerameen kutaa sarara ujummoo kanaaf malli uumamuu yaa'aa adda baasu in barbaachisa. Ammas, siistemoota gosa akkanaa

keessatti hojiirra oolchuun waan hin yaadamneef, filannoon beekamaan kutaa ujummochaa gara mataa taankariitti dhiyaate jiru qotanii baasuun, sararri ujummochaa lafarra akka jirutti akka ilaalamu waan taasisuuf ulaagaalee uumamuu yaa'aa adda baasuun walqabatan kan kaasuu ta'a.

Dabalees, furmaatileen rakkoo daanda'uu wajjiin walqabataniif armaan olitti "Sarara ujummoo siistemoota taankarii biroo wajjiin walqabataniif" ibsame kutaalee lafa jalaa irratti hojiirra ooluu danda'a.

c. Rakkoolee CP Adda Bahan

Siistemoonni ooyiruu taankarii CP barbaadan muraasni AST buufata xiyyaaraa fi sarara ujummoo "siistema dhangala'aa" (bakka galumsaa irratti boba'aa xiyyaaraaf kallattiidhaan kan dhiyeessu) isaan walqabatan wajjiin qoratamuu fi gabaafamuun isaanii bira ga'ameera. Darbee darbeemoo siistemoonni CP isaanii gargar ba'oo, fi altokko tokko immoo walitti makamuu danda'u. Siistemoonni taankarii kanbiroon siistema CP walfakkaatuun eegaman kamiyyuu yoo jiraatan, siistemoonni UST Diviizhiniidhaan to'ataman qoratamuudhaan unkawwan Diviizhiniidhaan dhiyaatanii fi hojiirra oolmaa qaban (CN-1309, CN-1140 fi CN-1282) irratti gabaafamuu qaba. Seerota .02(4)(c)2. fi .02(4)(c)4 ilaalaa.

Darbee darbee, taankaroonni hin to'atamne siistema CP taankaroota to'ataman wajjiin walfakkaatu keessatti hammatamuu danda'u. Kunis taankaroota akka taankariwwan gilaayikoolii duraan ibsame fa'aa dabalachuu danda'a. Kunis taankaroonni hin to'atamne kunneen sirnaan yoo suphamanii fi siistema CP taankaroota to'atamanii irratti dhiibbaa hamma hin qabaannetti rakkoo CP uumu hin qabu.



Fakkeenya Qindeeffama Sarara Ujummoo




Fakkeenya Ooyiruu Boba'aa UST fi AST Qabuu



Fakkeenya Qindeeffama Sarara Ujummoo



Lafa Dhorkamaa Boba'aa Itti Fee'an/Buusan



Fakkeenya Paampii Dabarsaa

16. QABXIILEE SAKATTA'IINSAA

Qindeessawwan sarara ujummoo lafarraa/lafa jalaa ooyiruuwwan taankarii kanneenirratti hojjetaman tokkoon tokkoo kutaalee siistemaa ulaagaa guutuu/guutuu dhiisuu adda baasuu keessatti hiikkaa dogoggoraa uumamuuf sababa akka hin taane of qusachuun barbaachisaadha. Sakatta'iinsaan dura haalhojii guutiinsa ulaagaa murteessuudhaaf:

- Jalqabaratti, gaheen hojii tokkoon tokkoo qaama siistemaa(ootaa) maal akka ta'e guutummaatti hubachuuf gaafachuun sarara ujummoo isa kamtu taankarii kam wajjiin akka walqabateeru sirriitti gargar baasaa (paampiiwwan dabarsaa fi meeshaaleen deeggarsaa biroon yoo jiraatan).
- Ooyiruu taankarii guutummaatti kaartaa irratti kaasuudhaan tokkoon tokkoo qaamasaa moggaasaa.
- Tokkoon tokkoo sarara ujummoo mullatuuf kallattii yaa'iinsa boba'aa sirriitti moggaasaa.
- Kutaa sarara ujummochaa isa kamtu dhiibbaadhaan, yaa'iinsa guula harkisa lafaan, yookaan xuuxuudhaan akka hojjetu adda baasuun moggaasaa.
- Waabeffannaa fuulduraaf tokkoon tokkoo siistema taankarii fi sarara ujummoo isaan walqabatan (akkasumas qaamolee yookaan fayyadamawwan argamuu danda'un biroollee) qofa qofaatti sirnaan suuraa kaafadhaa.
- Dhumarrattis, sakatta'iinsa jalqabuun dura yaadannoowwan hundi sirrii ta'uu adda baasuuf abbaa qabeenyaa/to'ataa wajjiin gulaalaa.

Sakatta'iinsa fuulduratti faasiliiticha irratti godhamuuf akka gargaaruuf sanadoonni kunneen iskaan godhamuudhaan kuusdeetaa guutiinsa ulaagaa Gas Log irra jirutti olfe'amu qabu. Xumura sakatta'iinsaa irratti yaaddoowwan yookaan gaaffileen yoo jiraatan, walcinaa qabdanii gulaaluuf ilaalaa.

17. BUUFATAALEE DANUU

Buufataaleen danuunn faasiliitiwwan oomishaalee peetirooliyeemii hammaan guddaa ta'an baayyinaan AST'wwan gurguddoo baayyee keessatti kuusanidha. Oomishaaleen peetirooliyeemii garaagaraa konkolaattota fe'isa'atiin, bidiruudhaan, yookaan sarara ujummootiin faasiliitiwwan dhaqqabuu fi achiitii immoo konkolaattota boba'aa fe'anitti dabarfamuun faasiliitiwwan xixiqqaaf raabsamuu danda'u. Faasiliitiwwan kunneen, Buufataalee Boba'aa, Giddu-galawwan Balloo, Faasiliitiwwan Kuusaa Zayita Ijoo Qarqara Galaanaa (MOSF) yookaan Buufataalee Kuusaa Peetirooliyeemii Balloo jedhamuunis ni beekamu. Darbee darbee UST'oonni muraasni faasiliitiwwan kanneeniin walqabachuu danda'u. Faasiliitiwwan kunneen raabsitoota boba'aa gandaa yookaan naannoo, kaampaanota eegumsa naannoof jecha oomishaalee peetirooliyeemii faayyidamanii ka'an yookaan gataman walitti qabaniin, yookaan immoo raabsitoota boba'aa warra ijoodhaan faayyidaarra ooluu danda'u. Dhimmoonni sakatta'iinsaan walqabachuu danda'an muraasni kan dabalatan:

a. Qindeeffama Taankarii fi Sarara Ujummoo

Baayyiinaan akka ooyiruuwwan boba'aa buufataalee xiyyaaraa walxaxaa yoo ta'uudhaa baateyyuu, faasiliitiwwan kanneen keessaa muraasni qindeessawwan sarara ujummoo rakkoowwan guutiinsa ulaagaan walqabatan adda baasuudhaaf qorannoon dabalataa sirnaan godhamuun in barbaachisa. Qindeessawwan sarara ujummoo lafarraa fi kan lafa jalaa walitti qabatan garaagaraa akkasumas ujummooleen dabarsaa fi guuboowwan calaltuun argamuu ni danda'u. Qindeessi kun baayyinaan raakii fee'umsaa fi altokko tokko immoo raabsituu(wwan) idilee ni dabalata.

b. Taankaroota Kuusaa Yeroofii

Faasiliitiwwan baayyinaan taankaroota kuusaa yeroofii kan oomishaalee peetirooliyeemii konkolaataa boba'aa deddeebisuun deebi'an yeroof kuusuuf gargaaranidha. Oomishichis boodarra gara taankaroota kuusaa gurguddaatti deebi'ee galfama. Taankariin kuusaa yeroofii kun "hatattamaan yoo duwwaa taasifame", taankarichi to'annoo Diviizhinii jala hin galfamu. Taankariin akkaataa seera .01(2)(c)6 jalatti eerameen ulaagaa "hatattamaan duwwaa ta'uu" guutuusaa sakatta'aan adda baasuu qaba.

"Qabxiilee sakatta'iinsaa" armaan olitti faasiliitiwwan buufataalee xiyyaaraaf dhiyaatan hojiirra oolchaa.



Fakkeenya Qindeessa Taankarii Buufata Ballootti Argamuu

WABIWWAN

Ujummoowwan Lo'aa Big-Flo- Diriirsa, Hojmaata, Tajaajilaa fi Suphiinsa; Qajeelcha Red Jacket 051 - 023-1, Keessa Deebii D,

Beeksisa Tajaajila Alaa Red Jacket, Waxabajjii 1996 (RJ-23-51)

Ulaagaalee UST Federaalaa Kan Anniisaa Wayita Balaa Tasaa Jeneroota Siistemoota UST (EPA 510-K-22-003) Caamsaa 2022, <https://www.epa.gov/ust/emergency-power-generator-ust-systems-2015-requirement-release-detection>

TN

Department of
**Environment &
Conservation**



Siistemoota UST Tajaajilaan Ala Ta'an

**Qajeelfama Sakatta'insaa Sadarkaa
Isaa Eeggate**

Kutaa 2.4

Muummee Naannoo Fi Kunuunsa Qabeenya umamaa Tennessee

Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Seerichi Onkololeessa 13, 2018 irraa eegalee hojiirra oola

Sanadni Yeroo Dhumaaf Kan Haaromfame: Waxabajjii 17, 2022

Fuulli kun itti yaadamee duwaa hafe

Gabatee Qabiyyee

1. AKEEKKACHIISA.....	1
2. KAAYYOO	1
3. TAAYITAA	1
4. HOJIIRRA OOLMAA	1
5. SEENSA.....	2
6. HIIKKOO JECHOOTAA.....	2
7. ULAAGAALEE SIISTEMOOTA UST HUNDAAF BARBAACHISAN - DUWWAA KAN TA’AN YOOKAAN KUUSAA KAN JIRAN.....	2
a. YAADACHIISA.....	2
b. TO’ATTOOTA WARAQAA RAGAA QABAN	2
1. Faasilitiiwwan Hin To’atamne	3
2. Faasilitiiwwan Hin To’atamne	3
3. Faasilitiiwwan Gartokkeen To’ataman.....	3
c. KAFFALTIIWWAN KUTAALEE TAANKARII.....	3
d. MEESHAALEE NAGA-EEGUMSAA	4
e. ITTISA DAANDA’UU	4
8. ULAAGAALEE HOJMAATAA KAN SIISTEMOOTA TOSDUWWAA TA’AN.....	4
a. YAA’AA ADDA BAASUU.....	4
b. DHANGALAATII FI GUUTIINSA IRRA-DARBAA	5
9. SIISTEMOOTA TOS OOMISHA KUUSAA JIRANIIF ULAAGAALEE HOJMAATAA DABALATAA.....	5
a. DHANGALAATII FI GUUTIINSA IRRA-DARBAA	6
b. YAA’AA TAANKARII FI SARARA UJUMMOO KEESSATTI MUDATU ADDA BAASU.....	6
c. QORANNOO RAABSITUURRATTI KURMAANAAN GODHAMU.....	6
d. SAKATTA’IINSAWWAN DAAWWANNAA BAKKA HOJII JI’AAN YOOKIIN WAGGAADHAAN GODHAMAN	6
10. GABAASUU.....	8
11. WABIWWAN	9
DABALATA 1. Ulaagaalee TOS	10



NAANNOO TENNESSEE
MUUMMEE NAANNOO FI KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAA
DIVIIZHINII TAANKARIWWAN KUUSAA LAFA JALAA

KUTAA 2.4
SIISTEMOOTA UST HOJIIN ALA TA'AN

1. AKEEKKACHIISA

Sanadi kun qajeelfama qofa waan ta'eef mirgootaa fi dirqamoota seeraan kennaman irratti dhiibbaa hin qabaatu. Haalota kam keessattuu murtoowwan ejensiin kennaman seeroota fi dambiiwwan haalicha irratti hojiirra ooluu danda'an hojiirra oolchuun kan godhaman ta'u. Maqaalee daldalaa yookin oomishoota daldalaa maqaa dhahuun gargaarsa yookin gorsoota haala itti fayyadamaa of keessatti hin haammatu.

2. KAAYYOO

Kaayyoon Boqonnaa teekinikaa kanaa hojjetoota Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa (Diviizhinii), hawaasa to'annoo, fi dhiyeessitoota tajaajilaa, ulaagaalee to'annoo siistemoota taankarii kuusaa lafa jalaa (UST) kan Yeroof Tajaajila Kennaa Hin Jiran (TOS) jedhamanii galmaa'an ilaalchisee hubannoo qaban akka gaabbifatan gargaaruudha. Boqonnaan teekinikaa kunis kan of keessatti qabatu immaammata qoodiinsa seeraa fi ittiin bulmaata kan amma hojiirra jiruu kan sagantaa taankarii kuusaa peetirooliyeemii lafa jalaa Tennessee irratti hundaa'a. Boqonnaan teekinikaa kanaa inni yeroo ammaa kan maxxanfamee fi yeroo hunda marsariitii Kutaa kanaa irratti kan argamu ta'a.

3. TAAYITAA

Seeronni boqonnaa teekinikaa Boqonnaa 0400-18-01 keessatti haammataman marsariitii Diivizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa irratti ni argamu <https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/act-rule-policies.html>.

4. HOJIIRRA OOLMAA

Sanadi kun siistemoota UST bu'uura ulaagaalee Seera 0400-18-01-.07(1) jalatti eeramaniin yeroof cufaman (Baayyinaan Yeroos Tajaajilaan Ala Kan Ta'an jedhamanii kan beekaman) ilaalchisee qajeelcha addatti kan kennudha. Siistemoonni TOS dirqama:

- Duwwaa yoo ta'an ulaagaalee Kutaa VII, Appeendiksii 1 jalatti eeraman hordofuu (haftee iinchii 1 (2.5 cm) ta'an yookaan isaa gadi kan kuusan)
- Duwwaa yoo hin taanee ulaagaalee Kutaa VII, Appeendiksii 1 jalatti eeraman hordofuu (haftee iinchii 1 (2.5 cm) ta'an yookaan isaa ol kan kuusan)

Abbootiin qabeenyaa fi to'attoonni jijjiirama haalhojii irratti mudatu kamuu ilaalchisee Diviizhinii beeksisuu qabu (Unka Yaadachiisaa Diviizhinii Fooyya'e CN-1260 fayyadamaa).

5. SEENSA

Taankarii yeroof tajaajilaan ala ta'e galmeessuu fi ulaagaalee TOS guutuun siistemni UST sirriitti suphamee sirnaan gara tajaajila kennuutti akka deebi'u kan taasisudha. Ulaagaaleen Ammatti Tajaajila Kennaa Kan Jiru (CIU) dhaaf barbaachisan baayyeen ulaagaaleen murtaa'an kan guutaman taanaan siistemoota TOS irratti waan hojiirra hin oolleef, baasiwwan hojmaataaf fi suphiinsaaf barbaachisan akkaan hir'isa. Siistemni TOS duwwaadha kan jedhamu yoo hafteen siistemicha keessatti hafe seentimeetirii 2.5 (iinchii tokko) hin caalu ta'edha.¹ Qabiyyeen iinchii tokkoo ol yoo ta'an siistemni TOS akka waan kuusaa jiruutti ilaalama. Ulaagaaleen TOS ramaddiwwan sadiitti qoodamu:

- Siistemoonni TOS, kuusaa jiraachuu yookaan duwwaa ta'uu.
- Siistemoonni TOS duwwaa ta'an.
- Siistemoota TOS boba'aa kuusaa jiran.

6. HIIKKOO JECHOOTAA

Yeroof Cufamuun (Seera 0400-18-01-.07) Yeroof Tajaajilaan Ala Ta'uu (Unka Yaadachiisaa CN-1260) wajjiin tokkodha.

Duwwaa Kan Ta'e (Siistema UST) - Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa, sarara ujummoo lafa jalaa walqabataa, meeshaa deeggarsaa lafa jalaa, fi siistema to'annoo haftee seentimeetirii 2.5 (iinchii tokko) yookaan isaa gadi qaban.

Kuusaa Kan Jiran (Siistema UST) - Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa, sarara ujummoo lafa jalaa walqabataa, meeshaa deeggarsaa lafa jalaa, fi siistema to'annoo haftee seentimeetirii 2.5 (iinchii tokko) yookaan isaa ol ta'e qaban.

Yeroof Tajaajilaan Ala Kan Ta'e - Siistema UST idileedhaan dhiyeessiiwwan fudhataa hin jirre yookaan boba'aa raabsaa hin jirree, fi raawwatee garuu hin cufamne.

Ammatti Tajaajila Kennaa Kan Jiru - Siistema UST idileedhaan dhiyeessiiwwan fudhachaa jiru fi/yookaan boba'aa raabsaa jiru.

7. ULAAGAALAA SIISTEMOOTAA UST HUNDAAF BARBAACHISAN - DUWWAA KAN TA'AN YOOKAAN KUUSAA KAN JIRAN

Ulaagaaleen kutaa kana keessatti eeraman siistemoota TOS duwwaa ta'an yookaan boba'aa kuusaa jiran hundarratti hojiirra kan oolanidha.

a. YAADACHIISA

Ulaagaaleen yaadachiisaa Seera 0400-18-01-.03 keessatti eeramni hunduu Siistemoota TOS irratti hojiirra oolmaa ni qabaatu. Jijjiiramoonna haalhojii irratti mudatan guyyoota 30 keessatti gabaafamuu qabu.² Kunis kaninni dabalatu, garuu immoo itti hin daangofne, jijjiirraa abbaa qabeenyummaa, taankaroota haaromsuu yookaan bakka buusuu, jijjiirraa teessoo ergaa, fi jijjiirraa tajaajilaa. Jijjiiramoonna kunneenis [fuula marsariitii](#) Unkootaa fi Qajeelcha UST Diviizhini irratti kan argamu *Yaadachiisa Taankaroota Kuusaa Lafa Jalaa* (unka CN- 1260) irratti raawwatamuu qabu.

b. TO'ATTOOTA WARAQAA RAGAA QABAN

¹ Seera 0400-18-01-.07(1)(a) tiin kan ibsame

² Seera 0400-18-01-.03(1)(g) tiin barbaadama

Ulaagaaleen ramaddii fi leenjii to'ataa Seera 0400-18-01-.16 jalatti akka barbaadamanitti eeraman siistemoota TOS dabalatee, faasiliitiwwan UST hundarratti hojiirra oolmaa ni qabaatu. Ulaagaalee addatti bakkeewwan hojii to'ataman, hin to'atamnee, fi gartokkeen to'ataman ilaalchisee kanneen armaan gadii ilaalaa:

1. Faasiliitiwwan Hin To'atamne

Faasiliitiwwan to'ataman ulaagaalee ramaddii fi leenjii to'ataa Gita A, Gita B, fi Gita C hunda guutuu qabu. Mallattoon yookin maanuwaaliin qajeelfamaa dirqama bakkee to'attoonni Gita C yeroo barnoota idilee hojii isaanii ni argu jedhamanii itti eegaman kaawamuu qaba. Yoo xiqqaate, wantota armaan gadii of keessatti hammachuu qaba:³

- Dhangala'aa fi guutinsa humnaan olii irratti deebii kennuuf gahee hojjettoonni qaban;
- Of eeggannoo, dammaqsituuwwanii, fi deebii koonsolii mala uumamuu dhimmuu adda baasu irraa argameef qajeelfamoota jiran (hojiirra oolmaa yoo qabaatan);
- Maqaa fi lakkoofsa nama qunnamtii wayita balaa hatattamaa fi to'annaa meeshaa dammaqsituuwwanii;
- Lakkoofsa balaa yeroo hatattamaa naannoo keessaa; fi
- Qajeelfama balaa mudachuu danda'u kamiyyuu irraa fageenya murtaa'e eeggachuu.

2. Faasiliitiwwan Hin To'atamne

Faasiliitiwwan hin to'atamne To'ataa Gita A fi Gita B ramadameef qabaachuun dirqama yoo ta'u, to'attoota bakka hojiitti argaman qabaachuun garuu dirqama miti. Ulaagaaleen To'ataa Gita C faasiliitiwwan hin to'atamneef barbaachisan To'ataan Gita B kan leenjii To'ataa Gita C fudhate ulaagaa kana guutuu danda'a. To'ataan Gita B ramadame balaawwan tasaa fi dammaqsituuwwan dhangala'iinsa yookaan dhimmuwwan faasiliitii taankarii kuusaa lafa jalaatiin uumaman hundaaf deebii kennuu qaba.⁴

3. Faasiliitiwwan Gartokkeen To'ataman

Faasiliitiwwan gartokkeen to'ataman wayita to'atamanitti ulaagaalee faasiliitiwwan to'ataman ilaalchisee kaawwaman guutuu qabu. Wayita bakki hojichaa hin to'atamnetti immoo ulaagaaleen faasiliitiwwan hin to'atamne ilaalchisee kaawwaman hojiirra ni oolu.⁵

Jijjiiramni To'attoota Gita A yookaan Gita B irratti uumaman kamuu guyyoota 30 keessatti [fuula marsariitii Gargaartuu Taankarii](#) Diviizhinichaa irratti gabaafamuu qaba.⁶

c. KAFFALTIWWAN KUTAALEE TAANKARII

Seeronni Waxabajjii 15, 2021 kaasanii hojiirra oolan, kaffaltiwwan taankaroota hojiirraa dhaabsifamanii hanga Waxabajjii 30, 2026'tti⁷. Achiin booda, kaffaltiwwan taankariif barbaachisan erga bakka duraatti deebifamanii, kutaalee taankarii tajaajila kennaa jiraniif yookaan bara baajataa amma jiru kanatti yeroof tajaajilaan ala kan ta'aniif kaffaltiwwan herregaman kaffalamuu qabu.⁸ Gaaffilee kaffaltii yookaan deebii kaffaltiif walqabataniif Kutaa Kaffaltiwwanii fi Yaadachiisaa

³ Seera 0400-18-01-.16(3)(c) tiin barbaadama

⁴ Seera 0400-18-01-.16(3)(d) tiin barbaadama

⁵ Seera 0400-18-01-.16(3)(e) tiin barbaadama

⁶ Seera 0400-18-01-.03(1)(h) tiin barbaadama

⁷ Seera 0400-18-01-.10(3)(c) & (d) tiin barbaadama

⁸ Seera 0400-18-01-.10(3)(f) tiin barbaadama

Diviizhinichaa quunnamaa (615-532-0945).

d. MEESHAALEE NAGA-EEGUMSAA

Sirni UST yeroodhaaf ji'a sadii fi isaa oliif yeroo cufamu, abbootiin qabeenyaa, opereetoroonni, fi/yookiin itti gaafatamummaa qaban biroo sararoota qilleensaa banaa fi hojiirra jiran dhiisuu fi sararoota biroo hunda, paampii, daandii namaa, fi meeshaalee gargaarsaa cufuu fi eeguu qabu.⁹

e. ITTISA DAANDA'UU

Wayita siistemni UST yeroodhaaf cufamee jirutti, abbootiin qabeenyaa, to'attoonni, fi/yookiin qaamoleen itti gaafatamummaa qaban biroon hojmaataa fi suphiinsa ittisa daanda'uun walqabatan itti fufuu qabu.¹⁰ Qaamoleen sibiilaa (taankaroota, sarara ujummoo, walqabsiistota dachaatu, kkf) biyyeen fi/yookaan bishaaniin walqabatani jiran daanda'uurraa eegamuu qabu. Qaamoleen sibiilaa siistema eegumsa iimpireesdi kaarentii kaatodikii yookaan gaalvaanikiitiin kan eegaman taanaan:

- Hojmaataa fi suphiinsa siistema ittisa daanda'uu itti fufsiisuu;
- Elektirikiin reektifaayerii impireesdi kaarentiif dhiyaachuusaa mirkaneessuu (hojiirra oolmaa yoo qabaate). Elektriikiin ji'oota 12 oliif yoo hin jiraanne, qaamni sibiilaa siistema taankarii raawwatee cufamuun barbaachisuu danda'a;
- Waggaa sadi sadiin (3) qorannoo eegumsa kaatodikii gaggeessaa. Yoo barbaachise, suphuudhaan irra deebi'aa qoradhaa;
- Galmeessii reektifaayerii guyyaa 60 kan Sirna Impireesdi Kaarentii (hojiirra oolmaa yoo qabaate) xumuraa; fi
- Ragaalee hojiirra oolan hunda qabadhaa.

Odeeffannoo dabalataaaf Boqonnaa Teekinikaa 4.1 kan Ittisa Daanda'uu ilaalaa.

8. ULAAGAALAA HOJMAATAA KAN SIISTEMOOTA TOS DUWWAA TA'AN

Ulaagaalee hojmaataa siistemoota UST TOS duraan ibsamanitti dabalataan, ulaagaaleen armaan gaditti eeraman siistemoota TOS duwwaa ta'anirratti hojiirra ni oolu. Siistemoonni TOS duwwaa ta'an ulaagaalee hojmaataa fi qorannoo siistemoota TOS oomishaalee kuusaa jirani fi siistemoota CIU irratti hojiirra oolmaa qaban jala hin galfaman. Ulaagaalee kutaa darbe keessatti eeramanitti dabalatan ulaagaalee siistemoota TOS duwwaa ta'anii guutuun, guutiinsa ulaagaa fi suphiinsa sirrii siistemichi sirnaan gara tajaajilaatti akka deebi'u dandeessisan uumamuu kan mirkaneessudha.

a. YAA'AA ADDA BAASUU

Sirni UST duwwaa yoo ta'e, malli yaa'aa adda baasuu, hojmaata dhimmuu adda baasuu fi qorannoon hojii fi suphaa, fi sakatta'iinsi Seerota 0400-18-01-.02 fi 0400-18-01-.04 keessatti eeraman hin barbaachisan.¹¹ Sakattiwwan daawwannaa bakka hojiitiin Ji'aan fi Waggaan godhaman, qorannoo akkaataa hojii meeshaalee uumamuu yaa'aa adda baasanirratti waggaan godhamu, fi qorannoo walsimannaa xuuxxuu to'annoo in barbaachisan.

⁹ Seera 0400-18-01(07)(1)(b) tiin barbaadama.

¹⁰ Seerota 0400-18-01-.02(4) fi 0400-18-01-.07(1)(a) tiin ni barbaachisa

¹¹Seera 0400-18-01(07)(1)(a) ilaalaa

Akka shaakala bulchiinsaa gaariitti, taankarii(oonni) haftee iinchii tokko (1) yookaan isaa gadi qabaachuu mirkaneessuuf idileedhaan safaruun ni gorfama. Xuuxxuuwwan to'annoo to'annoo interestishiyaalii keessatti faayyidaaf oolan idileedhaan qaamaan sakatta'amu akka qabanillee Diviizhinichi ni gorsa.

b. DHANGALAAITII FI GUUTIINSA IRRA-DARBAA

Siistemoonni TOS duwwaa ta'an, meeshaa dhangala'iinsa qabatuu fi meeshaa guutiinsa irra-darbaa ittisu kan ulaagaa Seera 0400-18-01-.02(3)(a)1.-3 guutan qabaachuu qabu.¹² Meeshaaleen dhangalaatii yookaan guutiinsa irra-darbaa ittisan miidhaan irra ga'e yeroo kamittiyyuu yoo bira ga'ame, Boqonnaa Teekinikaa 4.2 *irraa Kutaa 5.e Ittisa yaa'aa fi guutiinsa humnaan olii Gabaasaa fi Qabiinsa Ragaa ilaalaa*. Abbootiin qabeenyaa fi/yookaan to'attoonni sululawwan dhangala'iinsa walitti qaban, bishaan, xuraa'aawwan, harcaatii, fi/yookaan ruqoolee kanbiroo dandeettii sululawwan walitti qabduun kun dhangalaatii ittisuuf qaban jeequu danda'u irraa bilisa godhuu qabu.¹³ Kana malees, liidiin baaldii dhangalaatii to'atuu haala gaariirra jiraachuu fi kubbaayyaa guutiinsaa wajjiin walquunnamuu hin qabu.¹⁴ Kunis bishaan taankaricha keessa akka hin seenne kan taasisudha.

Siistemoonni TOS duwwaa ta'an qorannoo fi sakatta'iinsawwan hojmaataa fi suphiinsa Ittisa dhagala'uu fi guutiinsa humnaan olii Seera 0400-18-01-.02 keessatti eeraman jala hin galani.¹⁵ Kunis sakattiwwan baaldiiwwan dhangalaatii to'atan irratti ji'aan godhamu, qorannoo walsimannaa ittisa dhangalaatii waggaa sadiin godhamu, fi sakattiwwan meeshaalee guutiinsa irra-darbaa to'atan irratti wagga sadiin godhamu dabalata. Meeshaaleen dhangala'uu fi guutiinsa humnaan olii ittisan qorannoo fi sakkattiwwan walsimannaa jala waan hin galleef fi garuu immoo wayita miidhaan irra ga'e bakka buufamuu/suphamuu waan qabaniif¹⁶, meeshaalee kanneenirra miidhaan irra gahuu dhabuu mirkaneessuuf idileen qorachuun ni gorfama. Meeshaalee dhangalaatii ittisuuf oolan ilaalchisee odeeffannoo dabalataaf Boqonnaa Teekinikaa 4.2 kan Dhangalaatii fi Guutiinsa Irra-darbaa ilaalaa. Baaldiiwwan dhangalaatii to'atan ji'a ji'aan suphuu dhiisuun peetirooliyeemiin naannoonni dhimmisuu, bishaanni karaa kubbaayyaa guutiinsa miidhameen taankariitti seenu, kkf'dhaaf sababa ta'uu danda'a.

Seerri 0400-18-01-.02(3)(a)2.(ii), siistemoonni UST yeroo tokkotti daddabarsa gaaloonii 25 hin caalleen yoo guutaman ulaagaalee dhangalaatii fi guutiinsa irra-darbaa jala akka hin seenne taasisuu danda'a. Seerri kun siistemoota yeroo tokkotti hammeentaa xiqqoodhaan guutuu danda'an, fakkeenyaaf taankarii zayita balfaa fa'aa irratti kan hojiirra ooludha. Seerri kun siistemoota TOS dhiyeessiiwwan gaaloonii 25 hin caalle fudhatan ulaagaalee dhangalaatii fi guutiinsa irra-darbaa jalaa hin baasu.

9. SIISTEMOOTA TOS OOMISHA KUUSAA JIRANIIF ULAAGAALAA HOJMAATAA DABALATAA

Ulaagaaleen armaan gaditti ibsaman siistemoota TOS hafteewwan seentimeetira 2.5 (iinchii tokko) ol ta'an kuusan irratti kan hojiirra oolanidha.

¹² Seera 0400-18-01-.07(1)(a) tiin barbaadama

¹³ Seera 0400-18-01-02(3)(b)3 tiin barbaadama.

¹⁴ Seera 0400-18-01-02(3)(b)2 tiin barbaadama.

¹⁵ Seera 0400-18-01-.07(1)(a) tiin barbaadama

¹⁶ Seera 0400-18-01-02(3)(b)6 tiin barbaadama.

a. DHANGALAATII FI GUUTIINSA IRRA-DARBAA

Meeshaan dhangala'uu fi guutiinsa humnaan olii to'achuuf gargaaru jiraachuu kan qabuu fi ulaagaalee Boqonnaa Teekinikaa 4.2 irratti eeraman hunda guutuu qaba.¹⁷ Guyyoota 30'n (Kana utuu hin dabalatiin: meeshaa siistemoota UST keessa jiru kan garaagarummaa guyyoota 30 ol ta'een dhiyeessiiwwan argatan tokkoon tokkoo dhiyeessii dura qoratamuu danda'u).¹⁸ Ulaagaaleen qorannoo fi sakatta'iinsaa kanbiroon qorannoo walsimannaa baaldii dhangalaatii to'aturratti waggaa sadiin godhamuu fi sakattiwwan meeshaalee guutiinsa irra-darbbaa ittisan waggaa godhamu hundi guutamuu qabu.¹⁹

Baaldiwwan keenyan dachaa qaban meeshaa elektirikaalaa yookaan makaanikaalaatiin ji'a ji'aan yoo kan to'ataman ta'an, qorannoon walsimannaa baaldii dhangalaatii to'atuu hin barbaachisu.²⁰ Ulaagaalee qabiinsa ragaan walqabataniif Boqonnaa Teekinikaa 4.2 kan Ittisa Dhangala'aa fi Guutiinsa Irra-darbbaa ilaalaa.

b. YAA'AA TAANKARII FI SARARA UJUMMOO KEESSATTI MUDATU ADDA BAASU

Siistemoota UST oomisha kuusaniif malli uumamuu yaa'aa taankarii fi sarara ujummoo keessatti uumamu adda baasu ni barbaachisa.²¹ Kunis ulaagaalee diriirsaa, hojmaataa, qorannoo, fi sakatta'iinsaa 0400-18-01-.02 fi .04 keessatti eeraman hundumaa kan dabalatudha. Qorannoon waggaa waggaa qaamota meeshaalee elektirikaalaa fi makaanikaalaa uumamuu yaa'aa adda baasan irratti godhamu ni barbaachisa. To'annoon interestishiyaalii akka mala uumamuu yaa'aa adda baasuutti faayyidaarra oolaa yoo jiraate, qorannoo(leen) walsimannaa to'annoo ammallee ni barbaachisa. Odeeffannoo dabalataaf boqonnaa teekinikaa mala uumamuu yaa'aa adda baasuu hojiirra oolmaa qaban ilaalaa.

c. QORANNOO RAABSITUURRATTI KURMAANAAN GODHAMU

Siistemoota TOS boba'aa kuusaa jiraniif sakatta'iinsi raabsituu irratti kurmaanaan godhamu ni barbaachisa.²² Haguuggiiwwan raabsituu akka banamaniif akkasumas dhimmuu peetirooliyeemiitiif sakatta'insa ijaan taasifamuu fi cocophaa dabalatee, yoo xiqqaate kurmaanaatti al tokkicha akka gaggeefamuu barbaada. Galmeessi sakatta'iinsawwan kanneenii kan yoo xinnaate ji'oota 12 darban agarsiisan abbaa qabeenyaa fi/yookaan to'ataadhaan qabamuu qaba. Akkaataa seera 0400-18-01-.07(1)(a) jalatti eerameen sakatta'iinsi kurmaanaan siistemoota TOS duwwaa ta'an irratti godhaman hin barbaachisu.

d. SAKATTA'IINSAWWAN DAAWWANNA BAKKA HOJII JI'AAN YOOKIIN WAGGAADHAAN GODHAMAN

Sakatta'iinsawwan daawwannaa bakka hojii ji'aan yookaan waggaadhaan gaggeeffaman kan siistemoota TOS boba'aa kuusanii Unka Sakatta'iinsa Daawwannaa Bakka Hojii Ji'aan/Waggaan Faasiliitii Irratti Godhamuu Diviizhinichaa (CN-2544) irratti xumuramuu qaba.²³ Unkichis [fuula](#)

¹⁷ Seerota 0400-18-01-.07(1)(a) fi 0400-18-01-.02(3) tiin ni barbaachisa

¹⁸ Seera 0400-18-01-.02(8)(a)1(i) tiin ni barbaachisa

¹⁹ Seerota 0400-18-01-.07(1)(a) fi 0400-18-01-.02(3) tiin ni barbaachisa

²⁰ Seera.0400-18-01-.02(3)(c)1.(i) ilaalaa

²¹ Seerota 0400-18-01-.07(1)(a), 0400-18-01-.04 fi 0400-18-01-.17 tiin kan barbaachisu

²² Seera 0400-18-01-.04(1)(e) fi 0400-18-01-.07(1)(a) tiin ni barbaachisa

²³ Seera 0400-18-01-.02(8)(a)1 and 0400-18-01-.07(1)(a) tiin ni barbaachisa

[marsariitii](#) Unkawwanii fi Qajeelchaa Diviizhinii irraa argamuu danda'a.

Kutaalee sakatta'iinsawwan daawwannaa bakka hojii ji'aan godhamaniif barbaachisan hunda guutaa; Haa ta'uuyyuu malee, dhiyeessiiwwan ji'a ji'aan caalaa dafanii kan dhaqqaban yoo ta'e, akkaataa Seera 0400-18-01-02(8)(b) irratti eerameen, hojiiwwan 1.1 hanga 1.4 jiran dhaqqabiinsaan dura qofa kan baraachisanidha.

10. GABAASUU

Uumamuun dhimmuu sababa haalota armaan gadiitti eeraman keessaa isa tokkoo uumamuun isaa shakkame yookaan mirkanaa'e sa'atii torbaatamii lama (72) keessatti Diviizhiniitti gabaafamuu qaba²⁴:

- 1) Taankarii keessatti bishaanni argamuu hin eeramiin hafe;
- 2) Ragaa naannootti dhangala'uu agarsiisu;
- 3) Haaloti hojmaataa hin baratamne abbootii qabaanyaan fi/yookaan to'attootaan argaman, kan armaan gadii irraan kan hafe:
 - a) Meeshaan yookaan qaamni siistemichaa peetirooliyeemii gara naannootti dhimmisaa jiraachuunsaa yoo hin argamne;
 - b) Meeshaan yookaan qaamni siistemichaa miidhamee hatattamaan yoo suphameera yookaan bakka buufameera ta'e; fi
 - c) Siistemoota to'annoo lammataa jira jiraniif dhangala'aan naannoo interistishiyaalii keessatti argamuu fi akka qaama mala to'annoo interestishiyaaliitti faayyidaarra hin oolle (fakkeenyaaf, bulbula ashaboon kan guutan) hatattamaan baafame.
- 4) Bu'aaleen to'annoo, qorannoo dammaqsituu mala uumamuu dhimmuu adda baasuu kan dhimmuu uumamuusaa agarsiisu irratti godhame, kan armaan gadii irraan kan hafe²⁵:
 - a) Meeshaan to'annoo miidhaan irra ga'ee yoo argamee fi hatattamaan yoo suphame, haaromfame yookaan bakka buufamee, fi to'annoon dabalataa guyyoota 30 keessatti gaggeeffame bu'aa jalqabaa yoo hin mirkaneessu ta'e;
 - b) Dhangala'iinsi to'annoo lammataa keessatti kan to'atamee fi haalonni kutaalee 3b fi 3c armaan olii irratti eeraman guutamaniiru yoo ta'e;
 - c) Qorannoon dhimmuun uumame akka hin jirre yoo adda baase; yookaan
 - d) Dammaqsituun qoratamuun taatee dhimmuun wal hin qabanne ta'uunsaa yoo adda bahe (fakkeenyaaf, addaan citiinsa ibsaa wayita qorannoon uumamuu dhimmuu adda baasuu gaggeeffamaa jirutti uumame).

²⁴ Seera 0400-18-01-.05(1)(a) tiin barbaadama

²⁵ Seera 0400-18-01-.05(1)(a)3. tiin barbaadama.

11. WABIWWAN

Sarara Ujummoo Dachaatuu OPW FlexWorks (2018)

Irra-keessa Qajeelcha Diriirsa APT XP (Bitootessa 2012)

DABALATA 1. Ulaagaalee TOS

DIVIIZHINII TAANKARIWWAN KUUSAA LAFA JALAA

Ulaagaalee TOS(Yeroo Tajaajilaa) Abbootii Qabeenyee fi/yookaan To'attoota Ilaallatan

AKEEKKACHIISA-Sanadi kun qajeelcha qofaaf kan qophaa'e yemmuu ta'u mirgootaa fi dirqamoota seeraan kaawwaman irratti dhiibbaa hin qabaatu. Haalota kam keessattuu murtoowwan ejensiin kennaman seerota fi dambiiwwan haalicha irratti hojiirra ooluu danda'an hojiirra oolchuun kan godhaman ta'u. Maqaalee daldalaa yookin oomishoota daldalaa maqaa dhahuun gargaarsa yookin gorsoota haala itti fayyadamaa of keessatti hin haammatu.

Tarkaanfileen armaan gadii wayita haaloojii siistema UST tokkoo "Ammatti Tajaajila Kennaa Kan Jiru" (CIU) irraa gara "Yeroof Tajaajilaan Ala Kan Ta'eetti" (TOS) jijjiirutti faasiliitiwwan Seera 0400-18-01-.07(1)(a)'f ulaagaa guutanii akkatti fufan mirkaneessuuf kan barbaachisanidha. Qajeelfama dabalataaf Siistema UST Yeroof Tajaajilaan Ala Ta'e, Boqonnaa Teekinikaa 2.4 ilaalaa:

- I. Haalhojiin siistema taankarii kamiyyuu gara TOS'tti jijjiiramee guyyoota 30 keessatti *Yaadachiisa Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa* ([unka CN-1260](#))¹ galchaa;
- II. To'ataan(oonni) A/B [appilikeeshinii Gargaartuu Taankarii](#) keessatti sirnaan leenji'uu fi ramadamuu isaanii mirkaneessaa;²
- III. Kaffaltiiwwan taankarii kan waggaa kaffaluu itti fufaa (Adoolessa 1, 2021 hanga Waxabajjii 30, 2026'tti addaan kan citu);³
- IV. Sararoota veentii banuudhaan akka hojii itti fufaniif dhiisaa;
- V. Siistemni(oonni) UST TOS yoo ta'e sararoota, ujummoolee, karaalee seensaa, fi meeshaalee deeggarsaa biroo hunda ji'oota sadiif yookaan isaan oliif cufuun eegumsa godhaafii;
- VI. Ittisa Daanda'uu:
 - a. Qaamoleen sibiilaa (taankaroota, sarara ujummoo, walqabsiistota dachaatu, kkf) biyyeen fi/yookaan bishaaniin walqabatani jiran daanda'uurraa eegamuu qabu.
 - b. Qaamoleen sibiilaa siistema eegumsa iimpireesdi kaarentii kaatodikii yookaan gaalvaanikiitiin kan eegaman taanaan:
 - i. Hojmaataa fi suphiinsa siistema ittisa daanda'uu itti fufsiisuu;
 - ii. Elektrikiin reektifaayerii iimpireesdi kaarentiiif dhiyaachuusaa mirkaneessuu (hojiirra oolmaa yoo qabaate). Elektrikiin ji'oota 12 oliif yoo ture, qaamni sibiilaa siistema taankarii raawwatee cufamuun barbaachisuu danda'a;
 - iii. Waggaa sadi sadiin (3) qorannoo eegumsa kaatodikii gaggeessaa. Yoo barbaachise, suphuudhaan irra deebi'aa qoradhaa; akkasumas
 - iv. Galmeessii reektifaayerii guyyaa 60 kan sirna Iimpireesdi Kaarentii xumuraa.
 - c. Ragaalee hojiirra oolan hunda qabadhaa.
 - d. Shaakala gorfamu: Xuuxxuwwan to'annoo irra-keessa taankarii fi raabsituu idileedhaan sakatta'aa. Qaamoleen sibiilaa biyyee fi/yookaan bishaanii wajjiin walqabatani yoo jiraatan, qaamoleen kunneen daanda'uu irraa eegamuu isaanii mirkaneessaa.
- VII. Taankarii(wwan) **duwwaa ta'an** haftee (bishaan fi/yookaan boba'aa) (iinchii tokko (1) yookaan isaa gadi kuusaa jiraniif):
 - a. Malli uumamuu yaa'aa taankarii fi sarara ujummoo irratti mudatu adda baasu **hin** barbaachisu;
 - b. Qorannoon idileen meeshaa dhangalaatii to'atu, meeshaa guutiinsa irra-darbaa to'atu, qorannoo walsimannaa xuuxxuu to'annoo irratti gaggeeffamu, qaamoleen mala elektirikaalaa fi makaanikaalaa uumamuu yaa'aa adda baasan fa'aan **hin** barbaachisani.

- c. Uumamuu dhimmuu shakkamanii fi/yookaan mirkanaa’an hunda argamanii sa’atii 72 keessatti gabaasuu; akkasumas
 - d. Uumamuu dhimmuu shakkamanii fi/yookaan mirkanaa’an hunda hatattamaan qorachuu.
 - e. Shaakala gorfamu:
 - i. Haftee iinchii tokkoo (1) gadi qabachuu isaanii mirkaneessuudhaaf idileedhaan Taankaroota safaruu;
 - ii. Meeshaan yaa’aa fi guutiinsa humnaan olii ittisuuf gargaaru akka hin miidhamneef idileedhaan sakattii gaggeessuu. Yoo miidhaan irra ga’e, akkaataa ulaagaa oomishtuutiin bakka buusuu yookaan suphuudhaan taankarii ammatti hojiirra jiru bakka qabsiisuun dura qorannoon suphaa/bakka buusaan boodaa ni barbaachisa; akkasumas
 - iii. Siistemni UST gaafa Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda yoo galfame, miidhaan dhaqqabuu adda baasuudhaaf xuuxxuwwan to’annoo idileedhaan sakatta’aa. Yoo miidhaan irra ga’e, akkaataa ulaagaa oomishtuutiin bakka buusuu yookaan suphuudhaan taankarii ammatti hojiirra jiru bakka qabsiisuun dura qorannoon suphaa/bakka buusaan boodaa ni barbaachisa.
- VIII. Taankaroota haftee (bishaan fi/yookaan boba’aa) iinchii tokko (1) ol kuusaa jiraniif wantoonni armaan gadii ni barbaachisu:
- a. Mala uumamuu yaa’aa taankarii fi sarara ujummoo irratti uumamu adda baasu; ⁴
 - b. Sakattii(wwan) raabsituu irratti kurmaanaan godhamu;
 - c. Siistemni UST Onkoloolessa 13, 2018 dura kan diriirfame yoo ta’e, qorannoon armaan gadii gaafa Onkoloolessa 13, 2021 fi isaan boodas waggaa sadi sadiin (3) gaggeeffamuu qaba:
 - i. Qorannoon(wwan) walsimannaa to’annoo lammataa bakkeewwan hojii to’annoo interestishiyaalii uumamuu yaa’aa adda baasuuf godhaman raawwachuuf ni barbaachisu. ⁵
 - ii. Qorannoon waggaa waggaan qaamota meeshaalee elektirikaalaa fi makaanikaalaa uumamuu yaa’aa adda baasan irratti godhamu ni barbaachisa.
 - iii. Wantoonni i. fi ii. armaan ol irratti eeraman yoo qorannoo hin darbine, suphaan/bakka buusuun ni barbaachisa. Qorannoon hordoffii suphaa/bakka buusuu booda ni barbaachisa. ⁶
 - d. Siistemni UST gaafa Onkoloolessa 13, 2018 yookaan isaan booda yoo diriirfame ta’e, qorannooleen kutaa c. kutaa kana keessatti eeraman wayita diriirsaattii fi ergasii immoo waggaa sadi sadiin (3) ni barbaachisa;
 - e. Baaldiiwwan dhangalaatii to’atanii fi meeshaaleen guutiinsa irra-darbaa ittisan hin darbine fi/yookaan miidhaan irra ga’eeru hundi oomishtuudhaan kan eyyemamu taanaan suphamuu, yookaan immoo bakka buufamuu qabu. Siistema taankarii gara tajaajilaatti deebisuun dura, qorannoon suphaa/bakka buusuun boodaa gaggeeffamuun ni barbaachisa;
 - f. Uumamuu dhimmuu shakkamanii fi/yookaan mirkanaa’an hunda argamanii sa’atii 72 keessatti gabaasuu; akkasumas
 - g. Uumamuu dhimmuu shakkamanii fi/yookaan mirkanaa’an hunda hatattamaan qorachuu.
- IX. Siistema taankarii gara tajaajilaatti deebisuu
- a. Haalhojiin siistema UST kamiyyuu *CIU* irraa gara *TOS*’tti jijjiiramee guyyoota 30 keessatti *Yaadachiisa Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa*(unka CN-1260)¹ galchaa;
 - b. Wantoonni Kutaa VIII jalatti eeraman siistemoota taankarii *CIU*’tiif ni barbaachisu; akkasumas
 - c. Wayita siistemni UST tajaajilatti deebifamutti qorannooleen hojiirra oolmaa qaban hundi xumuramuu fi fudhatama qabaachuusaanii mirkaneessaa.

- Gaaffilee dabalataa yoo qabaattan, Waajjira Alaa Naannoo keessanii quunnamaa. Odeeffannoon quunnamtii <https://www.tn.gov/environment/contacts/about-field-offices.html> irratti argama

¹ Unkoonni Diviizhiniin <https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/forms-guidance.html> irratti argamu

² Dhimmoonni hojmaataa leenjii fi ramaddii Diviizhiniin walqabatan asirratti argamu: <https://tdec.tn.gov/tankhelper>

² Dhimmoonni hojmaataa leenjii fi ramaddii Diviizhiniin walqabatan asirratti argamu: <https://tdec.tn.gov/tankhelper>


⁴ Seera 0400-18-01-.10(3)(c) fi (d) ilaalaa.

⁴ Uumamuu yaa'aa taankarii keessatti uumamu adda baasuuf safartuu taankarii aawutomaatikaalaa fayyadamtu yoo ta'e, hammeentaa oomishaa inni xiqqaan bu'aawwan sirrii ta'en agarsiisu danda'an taankarii keessatti hafuu mirkaneessaa. Sararri ujummoo "xuuxinsa nageenyisaa eegame" ta'uunsanii adda baafame mala uumamuu yaa'aa adda baasuuf gargaaru hin barbaadan.

⁶ Saampiiwwan to'annoo keenyan dachaa qabaniin fi keenyaan keessoo fi kan alaa akkaataa itti seensariwwan interestishiyaaliitiin bulbula ashaboo yookaan vaakiyuumii fayyadamuun walitti fufiinsaan to'atamuu danda'aniin ijaaraman, ragaaleen seensarii kutaan gidduu xuuxxuu jiru rakkoo qabaachuu yoo hin mullisan ta'e qorannoon hin barbaachisu. Ragaaleen to'annoo seensarii waggaa tokko (1) qabamuu qabu.

⁶ Saampiiwwan to'annoo keenyan dachaa qabaniin fi keenyaan keessoo fi kan alaa akkaataa itti seensariwwan interestishiyaaliitiin bulbula ashaboo yookaan vaakiyuumii fayyadamuun walitti fufiinsaan to'atamuu danda'aniin ijaaraman, ragaaleen seensarii kutaan gidduu xuuxxuu jiru rakkoo qabaachuu yoo hin mullisan ta'e qorannoon hin barbaachisu. Ragaaleen to'annoo seensarii waggaa tokko (1) qabamuu qabu.

⁷ Seera 0400-18-01-.04(1)(a)



Safartuu Taankarii Maanuwaalii

Qajeelfama Sakatta'insaa Sadarkaa

Isaa Eeggate

Boqonnaa Teekinikaa 3.1

Muummee Naannoo Fi Kunuunsa Qabeenya umamaa Tennessee

Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Seerichi Onkololeessa 13, 2018 irraa eegalee hojiirra oola

Sanadi Yeroo Dhumaaf Kan Gulaalame: Waxabajjii 17, 2021

Fuulli kun itti yaadamee duwwaa hafe

Gabatee Qabiyyee

1. AKEEKKACHIISA	1
2. KAAYYOO	1
3. TAAYITAA	1
4. HOJIIRRA OOLMAA.....	1
5. SEENSA	2
6. ULAAGAALEE	2
7. QORANNOOLEE TORBANII FI JI’AAN GODHAMAN	3
8. GALMEE KAA’UU	3
9. GABAASUU	3
WABIIWWAN	5
DABALATA 1: Gabatee 1-Ulaagaa Qorannoo	6
DABALATA 2: Gabaasa Safartuu Taankarii Maanuwaalii Kan Ji’aa	7



**NAANNOO TENNESSEE
MUUMMEE DIVIIZHINII NAANNOO FI KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAA
KAN TAANKARIWWAN KUUSAA LAFA JALAA**

**BOQONNAA TEEKINIKAA 3.1
SAFARTUU TAANKARII MAANUWAALII**

1. AKEEKKACHIISA

Sanadi kun qajeelfama qofa waan ta'eef mirgootaa fi dirqamoota seeraan kennaman irratti dhiibbaa hin qabaatu. Haalota kam keessattuu murtoowwan ejensiin kennaman seerotaa fi dambiiwwan haalicha irratti hojiirra ooluu danda'an hojiirra oolchuun kan godhaman ta'u. Maqaalee daldalaa yookin oomishoota daldalaa maqaa dhahuun gargaarsa yookin gorsoota haala itti fayyadamaa of keessatti hin haammatu.

2. KAAYYOO

Kaayyoon Boqonnaa teekinikaa kanaa hojjetoota Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa (Diviizhinii) fi hawaasa to'annoo, ulaagaalee to'annoo safara taankarii maanuwaalii gaggeessuuf barbaachisan ilaalchisee hubannoo qaban akka gaabbifatani fi akkaataa dambiiwwan Taankaroota Kuusaa Lafa Jalaa (UST) keessatti eerameen maloota kanneen fayyadamuun shaakaloota maloota uumamuu yaa'aa adda baasuuf gargaaran ilaalchisee fudhatama qaban irratti qajeelcha kennuudha.

Boqonnaan teekinikaa kunis kan of keessatti qabatu immaammata Diviizhinii seeraa fi dambiiwwan amma hojiirra jirani fi kan Sagantaa Taankarii Kuusaa Peetirooliyeemii Lafa Jalaa Kan Tennessee bulchan fa'aadha. Sanadi kun maxxansa kana dura ture hundumaa bakka bu'a. Maxxansi inni dhiyoon sanada qajeelfama kanaa marsariitii Diviizhinii irratti kan maxxanfamuu fi argamudha.

3. TAAYITAA

Seeronni boqonnaa teekinikaa Boqonnaa 0400-18-01 keessatti haammataman marsariitii Qoodiinsa Diivizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa asirratti argamu <https://publications.tnsosfiles.com/rules/0400/0400-18/0400-18-01.20181013.pdf>.

4. HOJIIRRA OOLMAA

Malli uumamuu yaa'aa adda baasu taankariwwan ramaddiiwwan armaan gadii guutan qofaarratti faayyidaarra ooluu danda'a:

- Taankaroota gaaloonii 550 yookaan isaa gadi qabatan,
- Taankaroota gaaloonii 551-1000 qabatanii fi kan diyaameetirii taankarii adda bahee (Gabatee 1 armaan gadii keessatti kan ibsame) guutanii, fi
- Taankaroota gaaloonii 551-1000 qabatanii fi kan diyaameetirii taankarii adda bahee hin guunne yookaan immoo taankaroota guddina gaaloonii 1001-2000 qaban. Taankariwwan ramaddii isa sadaffaa guutan yoo xinnaate wagga shan shaniin qorannoo dhimmisuu* gaggeessuu qabu.

Taankariin gaafa Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda diriirfaman kamiyyuu sababa siistemoota taankarii kanneeniif to’annoon interestishiyaalii barbaachisaa ta’eef safartuu taankarii maanuwaalii fayyadamuu dhiisuu malu.

*Ulaagaalee addatti qorannoo dhimmisuu taankariin walqabataniif, Boqonnaa Teekinikaa 3.7 kan “Qorannoo Jabeenya Taankarii” jedhu ilaalaa.

5. SEENSA

Safarri taankarii maanuwaalii mala uumamuu yaa’aa adda baasuu salphaa fi rakasa ta’e taankariwwan qabiyyee xiqqaaf gaarii ta’edha. Gulantaan dhangala’aa taankarii keessa jiruu jalqabaa fi dhuma wayitii yeroo qabameefii irratti safarama. Jijjiirraan gulantaa dhangala’aa uumamu kamiyyuu garaagarummaan safarawwanirratti mullatu shakkiin uumamuu dhimmuu mudachuu yookaan mudachuu dhiisuu agarsiisu irratti dhiibbaa guddaa qabaachuu isaanii adda baasuudhaaf sadarkaalee kaawwaman wajjiin walbira qabuun jijjiirama qabiyyee irratti mullatu herreguuf kan gargaarudha.

6. ULAAGAALAA

Akkaataa Seera .04(3)(a)2 irratti eerameen safartuun taankarii maanuwaalii ulaagaalee armaan gadii guutuu qabu:

- Safarri gulantaa dhangala’aa taankarii keessa jiruu jalqabaa fi dhuma wayitii yeroo kan yoo xinnaate sa’atii soddomii ja’a (36) ta’uu fi wayita dhangala’aan taankariitti dabalamu yookaan irraa hir’ifamu hin jirretti kan fudhatamanidha (taankarii keessaniif wayitii yeroo barbaachisu adda baasuudhaaf, Gabatee 1 ilaalaa);
- Safarri gulantaa dhangala’aa taankarii keessa jiruu giddu-galeessa safarawwan ulee safaraatiin walitti aansuun jalqabattii fuudhaman lamaa (2) fi kan safarawwan ulee safaraatiin walitti aansuun dhumarratti ufudhaman lamaa (2) yeroo barbaadame keessatti ta’uuti;
- Meeshaan faayyidaarra oole gulantaa peetirooliyeemii guutummaa dheerina taankariitii hanga tokko-sadaffaa iinchiitti dhiyaatu keessa jiruu safaruu ni danda’a;
- Gulantaaleen peetirooliyeemii yoo xinnaate hanga sirroomina tokko-saddeettaffa iinchiitti dhiyaatuutti safaramuu fi galmaa’uu ni danda’a;
- Uumamuun dhimmuu kan shakkamuu fi gabaafamu yoo garaagarummaan safarawwan jalqabaa fi dhumarratti godhaman gidduu jiru sadarkaalee torbaniin yookaan ji’aan Gabatee 1 armaan gadii irratti kaawwaman caaledha; akkasumas
- Safarri taankarii maanuwaalii turtii yeroo yoo xinnaate sa’atii 36’f qabameef torban torbaniin gaggeeffamuu qaba. Qorannoon jabeenyaa idileen yoo hin gaggeefnee fi diyaameetiriin taankarii qorannoo baayyee dheeraa yoo barbaada ta’e, turtiin qorannoo kanaa dheeraa ta’uu mala. Haalhojii taankarichaa adda baasuudhaaf qorannooleen torbanii fi ji’aa gaggeeffamuudhaan herregamuu qabu. Sadarkaan torbanii fi kan ji’aa dandeettii fi/yookaan diyaameetirii taankarii irratti hundaa’uun gargar ta’uu mala (Dabalata 1 irraa Gabatee 1 ilaalaa).



Gulantaan dhangala’aa taankarii keessa jiruu jalqabaa fi dhuma wayitii yeroo qabameefii irratti safarama.

7. QORANNOOLEE TORBANII FI JI'AAN GODHAMAN

Qorannooleen torbanii cuunfaa waliigalaa jijjiirama (gaalooniidhaan) wayita jalqabaa fi dhuma qorannootti godhamanii barbaaduudhaan kan argamudha. Tokkoon tokkoo gulanataa safara oomishaa giddu-galeessa safaroota walitti aansanii gaggeeffaman lamaa (2) ta'uu qabu. Guutummaa wayita safarriin taankarii maanuwaalii gaggeeffamuutti, oomishni taankarii keessa kaawwamu yookaan keessaa fuudhamu hin jiraatu. Safaroonni jalqabaa fi dhuma qorannootti ulee safaraarraa argaman Unka CN-1367, Kan Gabaasa Safara Taankarii Maanuwaalii Ji'aan Godhamu irratti galmaa'uu qaba.

Meeshaaleen gulantaa dhangala'aa safaran hunduu gulantaa oomishaa guutummaa dheerina taankariitii hanga tokko-sadaffaa iinchiitti dhiyaatu keessa jiruu safaruu ni danda'uu qaba. Uleen safaraa gulantaa oomishaa safaruudhaaf yoo faayyidaarra oole, tokko-saddeettaffaadhaan dabalaa adeemuudhaan guutummaan dheerinasaa immoo kan mullatu ta'uu qaba. Peetirooliyeemii iinchiidhaan safarame gara gaalooniitti jijjiiruudhaaf, chaartiin walbira qabaa taankarichaaf faayyidaarra oolu qaba.

Qorannoo torbanii wayita xumuramutti, cuunfaan waliigalaa (poosatiivii yookaan negatiivii) jijjiirama gulantaa oomishaa irratti mullatee sadarkaa torbanii Gabatee 1 keessatti ibsame wajjiin walbira qabamuu qaba. Xumura tokkoon tokkoo ji'aatti, bu'aaleen qorannoowwan torban afurii herregamuu qaba. Ida'ama argachuudhaaf lakkoofsota poosatiivii fi negatiiviif of-eeggannoon xiyyeeffannoo kennaa. Fakkeenyaaf, +5 fi +3 fi -2 fi -2 +4 wajjiin walqixa ta'uu qaba. Ida'amni giddu-galeessa qorannoo torbanii yookaan kan ji'aa sadarkaa torbanii yookaan kan ji'aa (Gabatee 1 ilaalaa) yoo caale, akkaataa Seera. 05(1)(a) irratti eerameen Diviizhiniin uumamuun dhimmuu shakkamee sa'atii 72 keessatti beeksifamuu qaba.

8. GALMEE KAA'UU

Ragaaleen safara taankarii maanuwaalii kan ji'oota kudha lamaan darbanii akkaataa seera .03(2)(b)11 fi .04(5) irratti eerameen qabamuudhaan Unka CN-1367, Gabaasa Safartuu Taankarii Maanuwaalii Kan Ji'aa irratti galmaa'uu qaba. Hojiirra oolmaa yoo qabaate, bu'aaleen qorannoo dhimmisuu taankarii dhiyeenyatti godhaman hamma qorannoon itti aanu godhamutti qabamuu qabu. Galmeen bakka hojii yookaan bakka biraa salphaatti argamuu danda'u kaawwamuu kan qabuu fi akkaataa seera .03(2)(c) tiin baraadamuun Diviizhiniin sakattii akka irratti gaggeessuuf hatattamaan jiraachuu qaba. Yoo abbaan qabeenyaa taankarii jijjiirame, sana booda ragaaleen uumamuu dhimmuu adda baasuu fi/yookaan qorannoo dhimmisuu taankarii yeroo jijjiirraan abbaa qabeenyummaa godhamutti akkaataa Seera.03(2)(d) irratti eerameen abbaa qabeenyaa haaraatti ni dabarfamuu qaba.

9. GABAASUU

Bu'aaleen to'annoo qorannoowwan safartuu taankarii maanuwaalii irratti godhaman (**torbaniin yookanji'aan**) siistemni taankarii dhimmuun mudatuu turuu kan agarsiisan taanaan, abbaan qabeenyaa fi/yookaan to'ataan sa'atii 72 keessatti Diviizhiniin beeksisuun akkasumas qorannoo uumamuu dhimmuu irratti gaggeessuu fi tarkaanfilee mirkaneessaa akkaataa seerota .04(3)(a)2.(v), .04(3)(b)4. fi .05(1)(a)3 irratti eerameen jalqabuu qabu. Meeshaan to'annoo miidhaan irra ga'uunsaa yoo adda bahe (jechuunis, uleen safaraa yoo cabe, yookaan ATG'n safarawwan galmeessuuf faayyidaarra yoo oolee fi miidhaan irra ga'ee yoo argame) akkasumas uumamuun dhimmuu shakkame Diviizhiniitti yoo hin gabaafamiin hafe, sanadi miidhaa meeshicharra dhaqqabe ibsu kaawwamuu qaba. **Sanadi** sababa uumamuun dhimmuu sababa miidhaa meeshaarra gaheen mudate hin gabaafamiin hafe kaawwamuudhaan wayita barbaadametti Diviizhiniidhaaf dhiyaachuu qaba.

Meeshaan to'annoo miidhaan irra ga'uunsaa yoo adda hin baane, akkaataa seera .05(3) irratti eerameen qorannoo dhimmuu irratti gaggeessuu fi mirkaneessuu eegalaa. Bu'aan qorannoo jabeenyaa gaggeeffame taankariin fi/yookaan sararoonni peetirooliyeemii dhimmisuu yoo kan agarsiisan ta'e, Diviizhiniin akkaataa seera .04(3)(b)4. and .05(1)(a)3 irratti eerameen uumamuun

dhimmuu mirkanaa'ee sa'atii 72 keessatti beeksifamuu qaba. Abbootiin qabeenyaa fi/ykn opereetoroonni boba'aan gara naannootti akka hin gadhiifamneef tarkaanfii hatattamaa fudhachuu qabu, akkasumas balaa ibiddaa, dho'iinsaa fi danfaa adda baasuu fi salphisuuf tarkaanfii hatattamaa fudhachuu qabu. Abbootiin qabeenyaa fi/ykn opereetoroonni taankii fi/ykn tuuboo suphuu ykn bakka buusuu qabu, fi tarkaanfii sirreeffamaa jalqabuu qabu, yoo bu'aan qorannoo sirna, taankii, ykn tuuboo geejjibaa akka seera .06(3) tiin dhangala'aan jiraachuu isaa agarsiise.

WABIIWWAN

Dambiiwwan Sagantaa Kuusaa Taankarii Lafa Jala Tennessee, Boqonnaa 0400-18-01 fi kan itti aanan.

U.S. Ejensii Eegumsa Naannoo-Waajjira kuusaa taankarii Lafa Jala

DABALATA 1: Gabatee 1-Ulaagaa Qorannoo

GUDDINA TAANKARII	TURTII QORANNOO ISA XIQQAA	SADARKAA TORBANII (Qorannoo tokko)	SADARKAA JI'AA (Giddu-galeessa Qorannoowwan 4)
hamma gaaloonii 550 tti	sa'atii 36	gaaloonii 10	gaaloonii 5
gaaloonii 551-1000 (diyaameetira iinchii 64)	sa'atii 44	gaaloonii 9	gaaloonii 4
gaaloonii 551-1000 (diyameetira 48 in.)	sa'atii 58	gaaloonii 12	gaaloonii 6
gaaloonii 551-1000	sa'atii 36	gaaloonii 13	gaaloonii 7
1001-2000 gaaloonii**	sa'atii 36	gaaloonii 26	gaaloonii 13

* Taankaroota dandeettii **gaaloonii 551-1000** qabanii fi ulaagaalee qorannoo turtii sa'atii 36 hin guuneef, qorannoon dhimmisuu taankarii yoo xinnaate waggaa shaniin godhamuu qaba.

** Yoo xinnaata wagga shaniin kan gaggeeffamu qorannoo dhimmisuu taankarii wajjiin ta'uu qaba.

DABALATA 2: Gabaasa Safartuu Taankarii Maanuwaalii Kan Ji'aa



NAANNOO TENNESSEE
 MUUMMEE NAANNOO FI KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAA
 DIVIIZHINII TAANKARIWWAN KUUSAA LAFA JALAA
 Gamoo William R. Snodgrass Tennessee
 312 Rosa L. Parks Avenue, Darbii 12^{ffaa}
 Nashville, TN 37243-1541 (615) 532-0945

GABAASA SAFARTUU TAANKARII MAANUWAALII KAN JI'AA

Kutaaleen gabaasa kanaa hojiirra oolan hundi, bu'aawwan safartuu taankarii maanuwaalii hunda galmeessuun guutummaatti bifa mullatuun xumuramuu qabu. **Malli kun taankaroota dandeettii gaaloonii 2,000 olii qabanii faayyidaarra ooluu dhiisuu mala. Taankariin kamiyyuu, dandeettii kuusuu, gaafa Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda diriifamuu irratti utuu hin hundaa'iin mala uumamuu yaa'aa adda baasuuf gargaaru kana fayyadamuu dhiisuu danda'u.**

- Taankaroota to'ataman hundaaf kutaa I hanga IV guutaa.
- Wayita qorannoo dhimmisuu taankarii barbaadame raawwattanitti (waggaa shaniin godhamuu barbaachisa) Unka Qorannoo Jabeenya Taankarii guutaa.
- Abbaan qabeenyaa/to'ataan siistema taankarii lafa jalaa (UST) garagalcha gabaasa kanaa kan ji'oota hundaa ji'oota 12'f qabachuu qabu.
- Safarawan torbanii fi giddu-galeessa ji'aa kan safarawwan torbanoota afurii sadarkaalee gabatee armaan gadii keessatti eeramaman wajjiin walbira qabaa. Jijjiiramni herregame sadarkaa torbanii yoo caale, taankariin dhimmisaa jiraachuu danda'a jechaadha. Kana malees, giddu-galeessi bu'aawwan qorannoo torbanii haaluma walfakkaatuun sadarkaa ji'aa wajjiin walbira qabamuu qaba. Sadarkaalee torbanii yookaan ji'aa keessaa tokko kan caalu yoo ta'e, taankariin dhimmisaa jiraachuu danda'a jechaadha. Uumamuu dhimmuu shakkame sa'atii torbaatamii-lama (72) keessatti gabaasuuf fi hojiiwwan uumamuu dhimmuuf deebii kennuun walqabatan jalqabuudhaaf waajjira alaa dhimmaa naannoo irratti hojjetu ganda keessan jiran quunnamaa.

Guddina Taankarii	Turtii Qorannoo Isa Xiqqaa	Sadarkaa Torbanii (1 qorannoo)	Sadarkaa Ji'aa (4 giddu-galeessa qorannoo)
Hamma gaaloonii 550 tti	sa'atii 36	gaaloonii 10	gaaloonii 5
gaaloonii 551-1,000 (wayita diyaameetiriin taankarii 64" ta'u)	sa'atii 44	gaaloonii 9	gaaloonii 4
gaaloonii 551-1,000 (wayita diyaameetiriin taankarii 48" ta'u)	sa'atii 58	gaaloonii 12	gaaloonii 6
gaaloonii 551-1,000 (qorannoo dhimmisuu taankarii idileen godhamus ni barbaada)	sa'atii 36	gaaloonii 13	gaaloonii 7
gaaloonii 1,001-2,000 (qorannoo dhimmisuu taankarii idileen godhamus ni barbaada)	sa'atii 36	gaaloonii 26	gaaloonii 13

I. MOORAA UST

II. ABBAA QABEENYAA UST

ID Mooraa UST #:	Maqaa/Dhaabbata:
Maqaa Mooraa:	Teessoo:
Teessoo:	Magaalaa, Naannoo, Zip:
Magaalaa:	Kaawontii:
	Bilbila:

III. ODEEFFANNOO QORANNOO

Garagalchi dabalataa gabaasa kanaa tokkoon tokkoo taankarii mala kanaaf ulaagaa guutaniif kan guutamu ta'a.

Lakkoofsa Taankarii	Ji'a/Waggaa			
	Torban 1	Torban 2	Torban 3	Torban 4
Qormaata Jalaqabaa	Guyyaa:	Guyyaa:	Guyyaa:	Guyyaa:
	Yeroo:	Yeroo:	Yeroo:	Yeroo:
Safara Dursaa Ulee Safaraa Jalqabaa				
Safara Dursaa Ulee Safaraa Lammaffaa				
Giddu-galeessa Safara Dursaa Ulee Safaraa				
Gaaloonii Dursaa (iinchi gaalooniitti jijjiiraa) [a]				



Safartuu Taankarii Awutoomaatikaalaa Qajeelfama Sakatta'insaa Sadarkaa Isaa Eeggate

Boqonnaa Teekinikaa 3.2

Muummee Naannoo Fi Kunuunsa Qabeenya umamaa Tennessee

Diviizhinii Taankariiwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Seerichi Onkololeessa 13, 2018 irraa eegalee hojjiirra oola

Sanadi Yeroo Dhumaaf Kan Gulaalame: Waxabajjii 17, 2022

Fuulli kun itti yaadamee duwwaatti hambifame

Gabatee Qabiyyee

1. KAAYYOO	1
2. TAAAYITAA	1
3. HOJIIRRA OOLMAA	1
4. SEENSA	2
5. HIIKAAWWAN:.....	4
6. QAAMOLEE SIRNOOTA SAFARTUU TAANKARII AWUTOOMAATIKAALAA	5
a. Maagineetoostiriiktiivii	5
b. Kaappaasitaansii	5
c. Aaltiraasoonikii	5
d. Safara hangaa	6
7. SIRNOOTA SAFARTUU TAANKARII AWUTOOMAATIKAALAATIIF GOSOOTA MALOOTA TO’ANNOO	6
a. Wayita Dhaabbiittii	6
b. Walitti Fufaa	6
1. Safartuu Taankarii Awutoomaatikaalaa Walitti Fufaa	7
2. Siistemoota Itti Fufiinsaan Dhangalaatii Adda Baasan (Riikoonsileeshinii Walitti Fufaa).....	7
8. ULAAGAALEE	8
a. ULAAGAALEE JIJJIIRRAA SEERAA 2018.....	8
9. FAKKEENYOTA KOONSOLIIWWAN SAFARA TAANKARII AAWUTOMAATIKAALAA	10
10. RAKKOOLEE BARATAMOO SIISTEMOOTA ATG WAJJIIN WALQABATAN	12
a. Siistemoota UST Sa’atii 24	12
b. Dammaqsiituwwan Sirnaan Hin Qoratamne	12
c. Gabaasonni Qorannoo Dhangalaatii Kan Ji’aa Qabamuu Dhabuu	13
d. Abbaa Qabeenyaa/ To’ataa Taankarii Hojmaata ATG Faana Muuxannoo Hin Qabne	13
e. Qorannoo Dhangalaatii Sirrii Ta’e Gaggeessuuf Qabiyyeen Boba’aa Taankarii Baayyee Xiqqaa Ta’uu 13	
f. ATG Sirnaan Hin Saganteeffamne.....	13
g. Madaallii Qaama Sadaffaa Siistemoota Taankarii Dandeettii Guddaa Qabanii yookaan Hunda-galeessa Ta’anii	14
h. Siistemni ATG Idileedhaan Hin Sakatta’amne	14
i. Daangaa Olaanaan Yaa’aa Wayita Dhaabbiittii Uumamuu Dogoggoraan Kaawwamuu	14
j. ATG Qorannoo Dhimmisuu Taankariif Oolu	14
k. Piroobiiwwan Boba’aa Itaaloonillin Wal-makan Qaban	14
l. Ragaalee Sirrii hin Taane Galchuu	15
11. SABABOOTA QORANNOOLEEN UUMAMUUN DHANGALAATII TAANKARII KEESSATTI MUDATU IRRATTI GAGGEEFFAMU HIN MILKOOFNEEF	15
a. Dhangalaatiin sirriin gaafa uumamu.....	15

b.	Oomishni erga dhaqqabee teempirecharri tasgabbaa’aa ta’uu dhabuu	15
c.	Sirrummaa Chaartii Taankarii ATG- taankaroota FRP’f sirrummaa eenyummeessa abbaa qabxii 1 (Veeder-Root yoo xiqqaate qabxii 4 barbaada).....	15
d.	Jalqabaa fi dhuma qorannoo gidduutti garaagarummaan teempirechara oomisha guddaan jiraachuu.	15
e.	Garaagarummaa gulantaa bishaanii jalqabaa fi dhuma qorannoo gidduutti mudatu.	15
f.	Taankariin Bocasaa Gadhiisuu/Jallachuu.....	15
g.	Quunnamtii Taankaroota.....	16
h.	Wayita qorannoo dhangalaatiitti oomishni raabsamaa jiraachuu.	16
i.	Meeshaan sirnaan hojjechuu dhabuu	16
12.	GALMEE KAA’UU	16
13.	GOSOOTA GABAASAA	16
a.	Inventerii Keessoo Taankarii.....	16
b.	Qorannoo Dhangalaatii Wayita Dhaabbiittii (0.2 yookaan 0.1 gph).....	17
c.	Qorannoo Dhangalaatii Walitti Fufaa (CSLD yookaan SCALD).....	18
d.	Seenaa Qorannoo Dhangalaatii Taankarii Keessatti Mudatuu	19
e.	Qindeeffama Keessoo Taankarii	20
f.	Gabaasa Seenaa Dammaqsiituu	21
g.	Seenaa Dammaqsiituu Seensarii	22
14.	HIKKOO ODEEFFANNOO QINDEEFFAMAA ALATTI GULAALAMUU	22
15.	QINDEEFFAMA VEEDER-ROOT TLS-3XX:	23
16.	QINDEEFFAM SEENTINELII TAANKARII INCON:	25
17.	GABAASUU	29
	WABIIWWAN	30
	DABALATA.....	31
	DABALATA 1: Gabatee Wabii Ariifataa Uumamuu Dhangalaatii Adda Baasuu	32
	DABALATA 2: Adeemsa Qorannoo Hojmaata Safartuu Taankarii Aawutomaatikaalaa	32



NAANNOO TENNESSEE
MUUMMEE NAANNOO FI KUNUUNSA NAANNOOTTI DIVIIZHINII KUUSAA TAANKAROOTAA
LAFALAA

BOQONNAA TEEKINIKAA 3.2 SAFARTUU TAANKARII AWUTOOMAATIKAALAA

1. KAAYYOO

Kaayyoon Boqonnaa teekinikaa kanaa hojjettoota Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa (Diviizhinii) fi hawaasa to'annoo, ulaagaalee to'annoo kan ulaagaalee hojmaata, fayyadamawwan, uumamuu dhimmuu adda baasuu, fi qabiinsa ragaa siistemoota taankarii kuusaa lafa jalaa (UST) uumamuu dhangalaatii adda baasuuf Safartuu Taankarii Awutomaatikaalaa (ATG) fayyadaman hubachuu irratti gargaaruufidha.

Boqonnaan teekinikaa kunis kan of keessatti qabatu immaammata qoodiinsa seeraa fi ittiin bulmaata kan amma hojiirra jiruu kan sagantaa taankarii kuusaa peetirooliyeemii lafa jalaa Tennessee irratti hundaa'a.

2. TAAYITAA

Seeronni boqonnaa teekinikaa Boqonnaa 0400-18-01 keessatti haammataman marsariitii Qoodiinsa Diivizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa <https://publications.tnsosfiles.com/rules/0400/0400-18/0400-18.htm> irratti argamu.

3. HOJIIRRA OOLMAA

Sanadi kun ulaagaalee hojmaataa, suphiinsaa, fi uumamuu yaa'aa adda baasuu siistemoota UST siistemoota ATG qaban ilaalchisee beekumsa teekinikaa fi industirii adda ba'een walqabatu kan kennudha. Kana malees sanadi kun sakattiidhaaf shaakaloota gorfaman, marii rakkoowwan baratamoo siistemoota ATG wajjiin walqabatani, fi gosoota beekamoo siistemoota ATG faasiliitiwwan UST keessatti faayyidaarra oolani ni dhiyeessa.

Tokkoon tokkoo siistema ATG qaama sadaffaatiin madaalamuu fi ittiffee Humna Hojii Biyyaalessaa Kan Madaalliiwwan Dhangala'aa Adda Baasuu (NWGLDE) tiin tarreeffamuu qaba.¹ Siistemoonni ATG hundi 0.2 gph irratti ji'a ji'aan² uumamuu dhangalaatii kan carraan adda bahuusaa 95% ta'e, fi akkaataa seera .04(1)(a)4 keessatti eerameen carraan dammaqsituwwan sobaa immoo 5% ta'e qorachuudhaaf, qaama sadaffaarraa waraqaa ragaa argachuu qabu. Tarreen madaallii NWGLDE marsariitii www.nwglde.org. irratti argama


¹ Seera 0400-18-01.04(1)(a)5 tiin barbaadama

² Seera 0400-18-01.04(3)(c)1 tiin barbaadama

4. SEENSA

Siistemoonni ATG jalqaba oomishtoota siistema taankarii peetirooliyeemiitiin kan tolfaman mala ulee safaraa taankarii utuu hin fayyadamiin hamma boba'aa taankarii keessa jiruu adda baasu ta'ee akka tajaajiluuf ture. Jildiwwan ATG warri duraa uleewwan safaraa hamma boba'aa siistema taankarii keessa jiru adda baasuudhaaf to'ataan faasiliitii itti gargaaramuu danda'u turani. Safaroonni kunneen to'annoo ji'aan inventerii irratti godhamu gaggeessuuf kan fayyadan yemmuu ta'an, qorannoon uumamuu dhangalaatii adda baasu dabalataa gaggeeffamaa hin turre. Teekinoloojiin guddataa yemmuu dhufu, fayyadamawwan dabalataa meeshichatti dabalamanii tolfamani. Safaroonni gulantaa bishanii, tempireechara oomishaa, dammaqsiuuwwan wayita dhangalaatii, fi boodarra immoo malli uumamuu dhimuu taankarii keessatti mudatu adda baasu hojjetamuun akka mala uumamuu dhangalaatii adda baasuutti faayidaarra akka ooluuf Ejensii Eegumsa Naannootiin (EPA) hammatame.


Har'a oomishtoonni siistemoota ATG oomishan lakkoofsan hedduu ta'anii fi fayyadamawwanii fi faayidaalee mataa isaanii qabatanii dhufan ni jiru. Teekinoloojiin industirii peetirooliyeemii keessatti faayidaarra oolu fooyya'aa waan dhufeef, faasiliitiwwan UST ammayyaa'oon, ATG gulantaawwan dhangalaa'aa sirroomina hamma iinchii 1/1000^{faa}tti safaruu danda'an of keessaa qabu.



Siistemoonni ATG mala piroobii taankarii keessatti diriifamee jiru kan odeeffannoo akka gulantaa fi teempireechara oomishaa fi paaneelii to'atnnoo faasiliitii keessaa galmeessu qabu. Paaneeliin to'annoo kompiitara piroobiiwwan taankarii(wwan) tokko yookaan baayyee keessa jiranii fi akkasumas seensariwwan itti hidhamanii jiran wajjiin quunnamtii gaggeessudha. Koonsoliin ATG odeeffannoo piroobiiwwan irraa kan walitti qabu, hiika itti kennuu, fi xiinxala irratti gaggeessudha. Odeeffannoon koonsolii ATG irraa argamus karaa piriinterii bakka hojii yookaan fageenyarra jiruu, dammaqsiuuwwan sagalee dhageessisan/waa mullisan, yookaan fakki-mullistuu to'ataa kan dhaqqaban ta'a. Siistemoonni ATG hedduun kanneen armaan gadii safaru:

- **Qabiyyee waliigalaa-** qabiyyee oomishaa taankarii keessa jiru kan gadi fageenya oomishaa fi gadi fageenya taankarii gara qabiyyeetti jijjiiruu irratti hundaa’uun shallagamu.
- **Teempireechara oomishaa-** teempireechara giddu-galeessaa oomisha taankarii keessa jiruu.
- **Qabiyyee dimshaashaa-** qabiyyee oomishaa teempireecharaan bakka buufamu (digirii Faaranaayitii 60 irratti kan shallagamu).
- **Gulantaa bishaanii-** hamma bishaan taankarii keessa jiruu iinchii/gaalooniidhaan.
- **Gulantaa oomishaa-** hamma oomisha taankarii keessa jiruu iinchii/gaalooniidhaan.
- **Hamma hir’inaa-** dandeettii taankarii hir’isuu qabiyyee waliigalaa oomishaa, yookaan bakka duwwaa gulantaa omishaa gararraa jiru (baayyinaan gaalooniidhaan kan ibsamu).
- **Qabiyyee oomisha dimshaashaa dhaqqabee-** shallaggii aawutomaatikaalaa kan qabiyyee dhaqqabee safarawwan gulantaa fi teempireecharaa duraa fi boodaa irratti hundaa’u. Qabiyyeen kun digirii 60 F oomisha dhaqqabee teempireecharaan bakka buufamedha.
- **Bu’aa qorannoo yaa’aa-** bu’aawwan qorannoo dhangalaatii yeroo dhiyoo fi kan durii. Bu’aan qorannoo dhangalaatii DARBIINSA, KUFAATII, SIRRII KAN HIN TAANE, DABALLII, yookaan QORANNOO ADDAAN CITE, ta’uu danda’a. Siistemoonni ATG muraasni jecha DHUNDHULA jedhamu kan shallaggii saffisa dhangalaatii wajjiin walgitu hammachuu malu.

Siistemoonni ATG wayita haalonni garaagaraa uumamanitti dammaqsituuwwan sagalee/waa agarsiisan akka erganiif saganteeffamuu danda’u. Moodeloonni hedduun dammaqsituuwwan armaan gadii hammatu:



Fakkiin armaan olii of eeggannoo bishaanii olaanaa 1"-1.5" irratti mudatuu agarsiisu boba’aawwan qabiyyee alkoolii hin qabneefidha. Akkaataa Dambiiwwan Qulqullina Kiirrosiinii fi Boba’aa Mootoraa irratti eerameen “...akkaataa dhangala’aa adda baasuuf gargaaru mijataa ta’een ibsametti bishaan dhangala’aan miilimeetirii 6 (iinchii 1/4) ol ta’e, taankarii bulbula gaasoliinii fi alkoolii, baayoodeeyiseel, makaawwan baayoodeeyiseelii, boba’aa iitaanol-jijjiiramaa, gaasoliinii daandii qileensaa, fi boba’aa taarbaayinii daandii

qilleensaa kuusuu keessatti faayyidaarra oolan keessatti kuufamuu hin danda'an³."

Bara 2015'tti EPA'n, suphiinsaa fi tajaajilli idileedhaan qaamolee ATG'tiif akka godhamuuf, dambiiwwan taankarii kuusaa lafa jalaa federaalaa haareessani. Tennessee keessatti taankarii haaraaf seerota kanneen hojiirra oolchuun Onkoloolessa 13, 2018 jalqaba. Ta'us, to'annoon interestishiyaalii siistemoota UST Adoolessa 2, 2007 booda galfaman hundaaf akka mala yaa'aa adda baasa isa ijootti waan barbaachisuuf⁴, siistemoota kanneen keessatti meeshaalee to'annoo keessoo taankarii boqonnaa kana keessatti eeraman fayyadamuun kana booda hin eyyemamu.

5. HIIKAAWWAN:

Siistema Itti Fufiinsaan Yaa'aa Taankarii Keessatti Mudatu Adda Baasu (CITLDS): iddo-bu'ee Waldaalee Warren Rogers CITLDS irratti hojjetan fayyadamamu ta'ee, mala ATG fayyadamuun deetaa dhangalaatii adda baasuuf gargaaran taankarii faasiliitiwwan dandeettii daddabarsa guddaa qaban hedduurra walitti qabu kan uumamuu dhangalaatii adda baasuuf gargaaruu fi qaama sadaffaatiin mirkanaa'edha. Faayyidaan CITLDS fayyadamu, siistemoonni taankarii qorannoon wayita dhaabbiitti godhamu akka gaggeeffamuuf ji'a ji'aan tajaajilaan ala godhamuun hin barbaachisu.

Mala kana irratti odeeffannoo ballaa argachuudhaaf Boqonnaa Teekinikaa 3.3 Kan Istaatistikaal Inventerii Riikoonsileeshinii ilaalaa.

Mala Istaatistikaalii Walitti Fufaa Yaa'aa Adda Baasu (CSLD): jecha kanbiraa siistemoota ATG walitti fufoo ibsuuf gargaaru.

Hanga Yaa'aa: Lakkoofsa poosatiivii hamma gaaloonii sa'atii tokkotti dhangala'ee (gph) tiin ibsamu ta'ee, meeshaa qorannoo hamma oomishaa siistema taankarii keessaa dhangala'aa jiruu mullisuun safaramudha. Lakkoofsi negatiiviin wanti taankariitti dabalame (dhaqqabiinsi) jiraachuu yookaan dhiibbaa ho'aatiin baballachuu oomishaan uumamuu danda'a.

Yaa'aa Daangaa Olaanaa: saffisa dhangalaatii safarame kan itti siistemni ATG taankarii dhangalaasuuf jedhu adda baasu. Hangi yaa'aa daangaa olaanaa yeroo hundaa ulaagaa saffisa dhangalaatii siistema ATG'tiif barbaachisuun walqixa yookaan isaa gadi ta'a. Siistemoota ATG baratamoo, saffisni dhangalaatii 0.2 gph yoo ta'u, hangi yaa'aa daangaa olaanaa tuqaa daangaa olaanaa dhangalaatii madaallii qaama sadaffaan godhameen murtaa'e ta'a.

Yeroo Dhaabbii: wayita deetaan qorannoo dhangalaatii itti-fufiinsaan godhamutti yeroo raabsuu gidduu jiru.

Mala Itti Fufiinsaan Dhangalaatii Adda Baasu Istaatistikaalii fi Aawutomaatikaalaa (SCALD): jecha kan biraa siistemoota ATG walitti fufoo Sirna Boba'aa Franklin Fueling (INCON) dhaan faayyidaarra oolu.

Hanga Qabiyyee Taankarii: qabiyyee oomishaa taankariin qabachuu danda'u gaalooniidhaan. Dandeettiwwan taankarii akka dandeettiilee "idileetti" kan gabaafamanidha, jechuunis dandeettiin inni sirriin sababa hamma irra-darbiinsaa adeemsota oomishtuutiin eyyememuutin kanaatii gadi yookaan ol ta'uu danda'a.

Yeroo Qorannoo: dheerina qorannoo dhangalaatiin fudhatu akkaataa madaallii qaama sadaffaan murtaa'een. Kunis qorannoo dhaabbii qofaarratti hojiirra kan ooludha.

Hamma hir'inaa: dandeettii taankarii hir'isuu qabiyyee waliigalaa oomishaa, yookaan bakka duwwaa gulantaa omishaa gararraa jiru (baayyinaan gaalooniidhaan kan ibsamu).

³ Seera 0080-05-12-.04(1) tiin barbaadama

⁴ Seera 0400-18-01(01)(1)(c) tiin barbaadama

Yeroo Eegichaa: boba'aan dhaqqabee qorannoon dhangalaatii jalqabuun dura yeroo xiqqaa fudhatu.

Hamma Hir'uu 90%: gulantaa boba'aa taankarii irratti hundaa'u kan siistemni ATG fayyadamu kan guutiinsi irra darbaan taankaricharratti akka hin uumamne mirkaneessuuf akka hanga daangaa olaanaa galmaatti faayidaarra ooludha. Gulantaan kun guutummaa hanga qabiyyee taankarii 90% kan godhamudha.

6. QAAMOLEE SIRNOOTA SAFARTUU TAANKARII AWUTOOMAATIKAALAA

- Koonsolii (suuraalee fuula 9 irra jiran ilaalaa)
- Gosoota Piroobii

Siistemoonni ATG kun sirnaan hojjechuuf, qorannooleen dhangalaatii wayita boba'aan taankariitti hin dabalanne yookaan keessaa hin baafamnetti raawwatamuu qaba.

a. Maagineetoostiriiktiivii

Piroobiin maagineetoostiriiktiivii qajeelfama garaagarummaan teempirecharaa daandii inni imalurratti mudatus sagaleen ariitii dhaabbataa kan qabatu ta'a jedhu irratti hundaa'uun kan hojjetu. Qajeelfamni kun siistema ATG keessatti wayita hojiirra oolfamu, ujummoon asii-gadee taankaricha keessatti kan diriirfamu ta'a. Shiboan gidduu guutuu dheerina ujummochooarra kan diriirudha. Ala ujummochooarra immoo bololi'aa daakuu oncholonii fakkaatu maagineetii jabaa of keessaa qabutu jira. Maaginet filaaksiin maagneetii bololi'aa kanarraa maddu, shiboo gulantaa dhangalaa'arra jiru taankaricha keessa jirutti in dha'ama. Gulantaa kana safaruuf, dambaliin sagalee qarqara mataa shibootti galfamuudhaan wayita dambaliin sagalee gulantaa bololii maagineetii ga'utti, raafamuun shibochoa elektriikiin shibochoa keessatti akka uumamu taasisa. Shallaggii yeroo, jalqabuu paalsii sagalee fi jalqabuu paalsii elektirikii sababasaan uumamu gidduu jiru irra deddeebbin godhamuun, gulantan bololii inni sirriin adda bahuu danda'a.

b. Kaappaasitaansii

Siistemoonni ATG murtaa'an, safara dhangala'oo gosa kaappaasitaansii akka mala garaagarummaa fageenya dhangala'aa kuusaa taankariikeessa jiruutti ni fayyadamu. Ujummoon sibiilaa duwwaan, ujummo elektirikii xiqqaa walakkaasarra asii gadi adeemu qabu, taankarii kuusaa lafaakeessatti asii gadi diriirfameera. Dirri alaa ujummo isa keessaa fi dirri keessaa ujummo isa alaa saayinaawwan lamaan kaappasitarii uumu. Achiitii bakki duwwaan gidduu isaanii jiru gara safara gulantaa dhangala'aa taankaricha keessa jiruu kan meeshaa safaraatiin hiikamuutti jijjiirama.

Piroobiiwwan kaappaasitaansii boba'aawwan iitaanoliin walmakan wajjiin hojiirra hin oolu.⁵

c. Aaltiraasoonikii

Saffisa sagalee miidiyaa keessa jiruu irratti hundaa'uun gulantaa dhangala'aa shallaguudhaaf seensariin iikoowwan dambalii sagalee dirra bishaanii/boba'aa yookaan boba'aa/qilleensaarraa balaqqeessa'an adda baasti.

⁵ Seera 0400-18-01-.04(1)(a)5 tiin barbaadama



d. Safara hangaa

Piroobiiwwan hanga bololi'ummaa Qajeelfama Aarkimedes irratti hundaa'uun ulfaatina piroobii yookaan seelii baattuu wayita qorannootti boba'aa keessatti fannifamuu safara. Garaagarummaan ulfaatinaa wantoo fannifamee gara garaagarummaa qabiyyeetti geeddaramuun hammi boba'aa (gaaloonii/iinchiidhaan) taankarii keessa jiruu murtaa'a. Safaroonni hanga bololi'ummaa jijjiirama teempireechara oomishaarratti mudatuun dhiibbaan irra hin ga'u. Ta'us, yeroo qorannoo, wayita homtuu taankarichatti hin dabalamne yookaan keessaa hin baafamne ni barbaadu.

7. SIRNOOTA SAFARTUU TAANKARII AWUTOOMAATIKAALAATIIF GOSOOTA MALOOTA TO'ANNOO

a. Wayita Dhaabbiittii

Malli kun baayyinaan, yoo xinnaate ji'atti altokko taankaricha tajaajilaan ala gochuun fi ATG immoo moodii qorannoorra gochuudhaan raawwatama.⁶ ATG'n yeroo kamittiyyuu qorannoowwan wayita dhaabbiitti gaggeessuudhaaf saganteeffamuu danda'u. Utuu qorannoon wayita dhaabbiittii godhamaa jiruu maamilli boba'aa bitachuuf yoo yaale, bu'aa qorannochaa hojiin ala kan godhu ta'a. ATG'n kana akka badii tasaatti hiikkata. Dhuma ji'aarratti qorannoon yoo hin godhamiin hafe, abbaan qabeenyaa taankarii uumamuu yaa'aa mudateef ragaa ji'aanii hin qabu. ⁷ (Qajeelfama waabeffannaa ATG'f Dabalata 1 ilaalaa)

b. Walitti Fufaa

Siistemoonni kunneen maloota garaagaraa fayyadamuu malu; ta'us, amala deetaa taankarii guyyootaaf, torbanootaaf, yookaan ji'ootaaf walitti fufiinsaan to'achuu, kan qooddatan yemmuu ta'u, achiitii ulaagaan deetaa dursaa gaafa guutu dandeettiiwwan dhangalaatii adda baasuu ni dhiyeessu. Galteewwan nyaataa kan akka dheeringa oomishaa, teempireechara oomishaa, argama, yookaan gadi fageenya bishaanii, chaartii yookaan ji'oometirii taankarii, safarawwan meetirii, ragaalee dhaqqabiinsaa fi kkf, walitti fufiinsaan walitti qaban hedduu fayyadamuu danda'u. Faayyidaan siistemoota walitti fufiinsaan hojjetan fayyadamuu, wayita mala kana fayyadaman siistemoonni taankarii qorannoon wayita dhaabbiitti godhamu akka gaggeeffamuuf ji'a ji'aan tajaajilaan ala godhamuun waan hin barbaachifneefidha. Siistemoonni walitti fufiinsaan hojjetan safarawwan gulantaa oomishaa walitti qabuuf ATG kan fayyadaman yemmuu ta'u bu'aawwan maddisiisuuf maloota garaagaraa sadii hojiirra oolchu.

⁶ Seera 0400-18-01-.04(3)(c)1(i) tiin barbaadama

⁷ Seera 0400-18-01(04)(3)(c)2 tiin barbaadama.

Pirotokoolii Madaallii kan Keessa Deebii 1 Siistemoota Itti Fufiinsaan Dhangalaatii Adda Baasanii gaafa Amajjii 7, 2000 ba'e keessatti maloota sadiitu ibsameera.

1. Safartuu Taankarii Awutoomaatikaalaa Walitti Fufaa

Siistemoonni kunneen deetaa walitti fufiinsaan walitti qabuuf piroobii ATG kan fayyadaman yemmuu ta'u, yeroo itti sochiin homaa taankaricha keessa hin jirree fi deetaan xiinxalli gahaan akka irratti gaggeeffamuuf tasgabbaa'aa ta'uu adda baasuuf moosaajiidhan walitti ni maku. Isaan booda algoorizimichi hamma ragaan haalhojii dhangalaatii adda baasuu dandeessisu jiraatutti deetaa yeroowwan garaagaraarra walitti qabaman walitti dabala. Siistema gosa kanaa taankariin wayita qorannoon gaggeeffamuuf jedhutti sa'atii dheeraadhaaf tajaajilaan ala akka ta'u hin barbaadu malee akkuma ATG'tti kan hojjetudha. Qoodasaa, deetaa wayitawwan yeroo tasgabbi gaggabeaboo irraa argaman fayyadamuun saffisa dhangalaatii tilmaamuuf fi qoranno gaggeessuuf bu'aawwan walitti dabala. Ji'a sana keessa deetaan qulqullina gaarii qabu gahaa ta'e hin argamne ta'e siistemichi sadarkaa waliigalaarra godhama yookaan immoo qorannoo ATG ni dhaaba (sa'atii muraasaaf taankariin tajaajilan ala akka ta'u taasisuu mala).

Siistemoonni ATG walitti fufaan ATG teempireechara fi safarawwan gulantaa walitti qabuuf koonsoliitti gabaasuuf gargaaraniin walfakkaatan fayyadamuu danda'u. Ta'us, ATG'n dhaqqabiinsaan booda yeroo eegumsaa fi yeroo dabalataa kan hojmaatonni raabsaa yookaan dhaqqabiinsaa keessatti hin gaggeeffamnee fi qorannoo dhangalaatii itti gaggeessu (yeroo cufamiinsaa) ni barbaada, Siistemni Walitti Fufaan ATG immoo hojmaati idilee taankarii haala kanaan cufamuu hambisuu irratti xiyyeeffachuun kan saxaxamedha. Kanas walitti fufiinsaan deetaa walitti qabuun raawwata. Moosaajichi kutaawwan deetaa tasgabbaa'an adda baasuun, deetaawwan kanneen kuusuun, akkasumas kutaawwan akkasii lakkoofsaan hedduu ta'an walitti qabuun jabaachuu fi dhiisuu taankarichaa murteessuuf kan gargaaru tilmaama saffisa dhangalaatii kan mullisudha. Taankaroota dandeettii daddabarsaa olaanaa qabaniif, siistemichi deetaa gahaa murtoo adda baasuuf dandeessisan sassaabbachuuf yeroo guyyoota yookaan torbanoota hedduu barbaachisuu mala. Maddi deetaa gahaan argamee jennaan, gaaffii to'ataatiin qorannoon yeroo kamittuu raawwatamuu danda'a. Qorannoonis deetaa baayyee dhiyootti argamu irratti kan hundaa'udha. Wayita deetaawwan haaraan kuufaman, tilmaamni saffisa dhangalaatii fi qorannoon deetaa baayyee dhiyoo ammatti argamu irratti hundaa'uun akka shallagamaniif deetaan duraa ni haqamu. Yeroon turtii waliigalaa qorannoo fi hammi deetaa shallaggii keessatti hojiirra oolani caasaa fayyadama taankarii, gosa qorannoo gaggeeffamaa jiruu (fknf, kan ji'aa yookaan waggaa) fi qulqullina deetaa ammaa wajjiin kan gegeeddaramudha.

2. Siistemoota Itti Fufiinsaan Yaa'aa Adda Baasan (Riikoonsileeshinii Walitti Fufaa)

Siistemoonni kunneen to'annoo gulantaa oomishaa walitti fufaa fi kan teempireecharaa taankarii irraa dhufu deetaa meetiroota raabsaa irraa dhufan wajjiin walitti dabalu. Deetaan ragaalee dhaqqabiinsaa irraa dhufanillee hammatamuu danda'u. Dabalees, siistemoonni kunneen hidda taankarii, sararoota dhiibbaan hojjetan, yookaan walitti dabalama kanneenii siistema taankarii fi sararaa to'achuuf faayyidaarra oolan keessatti dhangalaatii yookaan karaa oomishni itti badu hin ibsamneen uumaman furuu ni danda'u. Siistemoonni kunneen deetaan to'annoo taankarii dhaabbatee jiruu fi deetaa inventerii taankarii sochiirra jirurraa dhufan walitti makuun dhangalaatii siistemicha keessatti uumamu to'achuu ni eyyemu.

Siistemoonni riikoonsileeshinii walitti fufoon siistemoota istaastikaal inventerii riikoonsileeshinii (SIR) wajjiin hariiroo ni qabu. Ta'us, SIR'n xiinxala istaastikaalii keessatti ragaalee inventerii guyyuu wayita fayyadamu, siistemoonni riikoonsileeshinii walitti fufoon immoo deetaa inventerii caalaatti irra deddeebi'an fayyadamu. Dabalees, siistemni riikoonsileeshinii walitti fufaan, taankaroota oomishni keessaa baafameen meetiroota ibsuudhaan, kaartaa meetiraa tolchuudhaaf deetaa jalqabaatti dhimma bahuu danda'u. Caalaatti immoo, siistemni riikoonsileeshinii tokkoon

tokkoo taankariif safara gaggeessuudhaaf, fi xiinxala deetaa baayyee sirrii ta'e dhiyeessuuf deetaa ji'a jalqabaarraa argame gargaaramuu danda'a. Kanaaf, siistemoonni riikoonsileeshinii walitti fufoon siistemoota SIR irraa kan ittiin adda ba'an, deetaa baayyee ragaalee taankarii irraa walitti qabuu fi fayyadamuun, riikoonsileeshinii irra deddeebiin gargaaramuun, fi akkasumas, galtee maanuwaaliis eyyemaa deetaa muraasa immoo mala aawutomaatikaalaan sassaabuu danda'uudha.

8. ULAAGAALEE

Abbaan qabeenyaa/to'ataan sanada raawwii siistema ATG kan yoo xinnaate ji'atti (i.e. guyyoota 30'n) dhangalaatii 0.2 gph ta'e ji'oota 12 darbaniif (walitti qabame qabachuu qaba ji'aa ammaa kanaaf qorannoon yoo hin godhamne ta'e, ragaan kan ji'a sanaa dabalamuun hin barbaachisu). Seera .04(3)(c)1. fi 2 ilaalaa. Kana malees, wayita sakatta'iinsi nama Diviizhiniirraa dhufeen godhamutti koonsoliin ATG dhaqqabamuu fi bakka bu'aan aangoosaa qabuu fi hojmaata siistema ATG faana hariiroo qabu, rakkoon alatti mudate gaafa adda bahu gabaasawwan inventerii fi qindeessamaa maddisiisuudhaaf argamuu qabu (jechuunis gulantaa oomishaa daangaa olaanaa qorannootiin gadi ta'e). Kunis qindeeffamni gaafa dhiyaatu koonsoliin wayita sakatta'iinsa jalqabattiin irra deebiin saganteeffamuu yoo danda'ame sakatta'iinsa hordoffii barbaaduu mala.⁸

Sakattaatonni UST hundi garagalcha sanada EPA "Siistemoota Safaraa Taankarii Aawutomaatikaalaa Uumamuu Yaa'aa Adda Baasan akka qabatan ni gorsa: Qajeelfama Wabii Sakattaatota Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa". Sanadi kun abbootii qabeenyaa taankarii hundaaf Baafata Guutiinsa Ulaagaa Kan Waggaa CD irratti Odeeffannoo Barbaachisoo, Maxxansaalee EPA, Siistemoota Safara Taankarii Aawutomaatikaalaa jalatti Diviizhiniidhaan dhiyaata. Qajeelchi kun EPA kanaa gadirratti argamuu danda'a <https://www.epa.gov/ust/automatic-tank-gauging-systems-release-detection-reference-manual-underground-storage-tank>

a. ULAAGAALEE JIJJIIRRAA SEERAA 2018

Onkoloolessa 13, 2018, Kutaan taankarii Lafa Jala Teeneesii Ejensii Eegumsa Naannoo (EPA) waliin hayyama sagantaa kutaa biyyattii eeguuf seera haaraa hojiirra oolche. Seerotni qoqqoodinsa yeroo yeroon sakatta'iinsa deemsa hojii fi suphaa kan gaafatu yoo ta'u, kunis guyyaa dambiin kun hojiirra ooluu eegalee yookiin Onkoloolessa 13, 2021 booda waggaa sadii booda jalqabuu qaba. Seerri.02(8)(a)1.(i) fi (ii) sakattiiwwan daawwannaa bakka hojii meeshaa uumamuu yaa'aa adda baasurratti godhamu ni barbaadu. Sakatta'iinsi deemsa adeemsa akkaataa seera hojii istaandaardii waldaan beekamtii biyyaalessaa qabu, hojii beekamtii biyyaalessaa (PEI)tiin qophaa'een yookiin bifa Kutaan hundeesseen gaggeeffamuu qaba.⁹ Dabalees, qorannoo hojjaa ATG kan waggaa ni barbaachisa.¹⁰

Sakattiiwwan Daawwannaa Bakka Hojii Kan Ji'aa - waggaa tokkoof (1) qabachaa.¹¹ kanneen hammatee:

- Ragaalee ji'aa- .02(8)(a)1.(i)(II).
- Dammaqsituwwan yookaan haalonni hojmaataa hin baratamne dhibuu- .02(8)(a)1.(i)(II).

Sakattiiwwan Daawwannaa Bakka Hojii Kan Waggaa - waggaa tokkoof (1) qabachaa. ¹²

⁸ Seera 0400-18-01-.03(2) tiin barbaadama.

⁹ Seera 0400-18-01-.02(8)(a)2 tiin barbaadama

¹⁰ Seera 0400-18-01.04(1)(a)3 tiin barbaadama

¹¹ Seera 0400-18-01-.02(8)(b) tiin barbaadama

¹² Seera 0400-18-01-.02(8)(b) tiin barbaadama

- Koonsoliin to'annoo to'annoo interestishiyaaliif yoo faayyidaarra kan oolu ta'e qofaa; TC 3.4 ilaalaa

Sakattiiwwan Hojmaataa Kan Waggaa- .04(1)(a)3.; ragaalee waggaa sadiif (3) qabadhaa- .04(5)(b)2.

- Dammaqsituu qoradhaa, qindeeffama siistemaa (qindeeffama ATG, gulantaaleen bololii piroobii koosolii wajjiin walfakkaachuu) mirkaneessaa akkasumas qaboo baatirii qoradhaa.¹³
- Piroobiiwwan taankarii- akkaataa uumama haftee sakatta'aa, bololiiwwan bilisaan socho'uu danda'uu (daanda'ummaa yookaan haftee irraa walaba ta'uun), shaaftiin piroobii miidhamuu dhiisuu, kubbaayyaawwan piroobii nageenyi isaanii eegamuu fi cufamuu, gaaskeetiiwwanii fi giroomeetiiwwan haala gaariirra jiraachuu, kirroonni maramuu fi cituu dhiisuu isaanii mirkaneessaa.¹⁴
- Qophaa'ummaa namoota hojmaata irratti hojjetanii
- Waraqaa ragaa NWGLDE- .04(1)(a)5 jalatti eerame qaama sadaffaarraa argachuu.

¹³ Seera 0400-18-01-.04(1)(a)3 tiin barbaadama

¹⁴ Seera 0400-18-01-.04(1)(a)3 tiin barbaadama


9. FAKKEENYOTA KOONSOLIIWWAN SAFARA TAANKARII AAWUTOMATIKAALAA



Veeder Root TLS-350



Veeder Root TLS-450



INCON Tank Sentinel (TS-1001)



INCON Tank Sentinel (TS-5000, TS-5)



Omntec OEM 4000



OPW EECO 1500



Red Jacket ST 1400



Pneumercator TMS 3000



Veeder Root TLS-450 Plus



Veeder-Root TLS4



Franklin Fueling EVO 200/400
(piriinteriin wajjiin tolfameeru hin jiru)



Franklin EVO 550/5000



OPW Intega



OPW I Touch

10. RAKKOOLEE BARATAMOO SIISTEMOOTA ATG WAJJIN WALQABATAN



a. Siistemoota UST Sa'atii 24

Faasiliitiwwan dandeetti daddabarsaa olaanaa qaban yookaan maqaa hin qabne guyyaatti sa'atii 24'f boba'aa kan raabsan yemmuu ta'u, qorannoo 0.2 gph xumuruu danda'uu dhiisuu malu. Rakkoon baayyinaan mullatu ATG'n "yeroo callisaa" xiqqoo kan itti qorannoo sirrii gaggeessuuf boba'aan hin dhaqqabne yookaan hin raabsamne barbaadu. Siistema UST guyyaatti sa'atiwwan 24'f banaa ta'erraa qorannoo sirrii ta'e argachuun hin danda'amu. Yeroo to'annoo guyyaa 30 keessatti yeroon callisaa ga'aan yoo jiraate, kunis siistemni ATG qorannoo dhangalaatii sirrii gaggeessuu dandeessisa. Faasiliitiwwan yeroo callisaa gahaa hin qabaanneef malli yaa'aa adda baasuu yookaan qorannoon wayita dhaabbiitti kanbiraan (boqonnaa 13b fuula 17 ilaalaa) faayyidaarra ooluu danda'a.

b. Dammaqsiituuwwan Sirnaan Hin Qoratamne

Abbootiin qabeenyaa fi to'attoonni dammaqsiituuwwan siistema ATG irraa dhufaniif furmaata kennuu qabu.¹⁵ Wayita Sakattii Hojmaatawwan UST'tti, hojjettoonni Diviizhiniid dammaqsiituuwwan banamanii jiranii fi hin qoratamiin jiran jiraachuu adda baasuuf koonsolii ATG qaamaan sakatta'uu qabu. Ragaaleen uumamuu dhangalaatii adda baasuu yoo dhibe yookaan hin xumuramiin hafe, sakatta'aan garagalcha gabaasa seenaa dammaqsiituu keessoo taankarii kan siistema ATG gaafachuun rakkooleen mullataa jiran qorannoo kan barbaadan ta'uu adda baasuu qabu. Seera .03(2) ilaalaa. Fakkeenyonni gabaasota seenaa dammaqsiituu koonsoliwwan ATG garaagaraarra walitti qaban kutaawwan sanada teekinikaa kanaa gara boodaa jiran irratti mullata. Dammaqsiituuwwan dhangalaatii sirnaan qorachuu dhabuu fi shakkiiwwan uumamuu dhimmuu saati 72 keessatti Diviizhiniif gabaasa gochuu dhabuun seera .03(2)(a)3. fi .05(1)(a)3 cabsuudha.

¹⁵ Seera 0400-18-01-.05(1)(a)3 tiin barbaadama

c. Gabaasonni Qorannoo Yaa'aa Kan Ji'aa Qabamuu Dhabuu

Faasiliitiin ATG yoo qabaateyyuu, guutiinsaa ulaagaaf wabii hin ta'u. Abbootiin qabeenyaa taankarii muraasni ragaalee kanneen olkaa'uu, fi wayita barbaadametti gabaasa Seenaa Dhangalaatii wajjiin baasuudhaaf miimorii keessoo koonsolii ATG irratti hirkatu. Seerota.03(2)(b)11. fi .04(5)(b) jalatti gabaasonni seenaa dhangalaatii ibsan fudhatama qabu, garuu qaamoleen elektirooniksii sababa elektirikiin ciccituuf, bakakkaatiif, yookaan rakkoolee haardiweerii ragaalee mala elektirooniksiitiin olkaawwaman tasumaa balleessuu danda'a. Kanaaf, abbootiin qabeenyaa/sakattaatonni ragaalee uumamuu yaa'aa adda baasuu kan ji'aa qabachuudhaaf seenaa dhangalaatii ATG irratti akka hundaa'uu hin qabne gorsa. Ragaalee ji'aanii yoo hin gulaalamne dhimmuun utuu adda hin baafamiin itti fufuu danda'a. ATG'n ragaa ji'aa darbuu danda'u kennuu yoo hin dandeenye abbaan qabeenyaa/to'ataan beekuu dhiisuu mala.

Dabalees, gabaasonni qorannoo dhangalaatii ATG wayita maddisiifamanitti yookaan maxxanfamanitti gulaalamuu akka qaban Diviizhiniin ni gorsa. Gabaasni dhangalaatii uumamuu dhangalaatii yoo agarsiise (jechuunis, qorannoo hin darbiin hafuu, kkf), akkaataa seerota .03(2)(b)11., .04(3)(c)1.(ii),.04(3)(c)2.(ii), fi .05(1)(a)3 irratti eerameen, abbaan qabeenyaa/to'ataan sa'atii 72 keessatti waa'ee uumamuu dhimmuu shakkamee gabaasa gochuu qabu. Taateen dhimmisuu shakkame yookaan mirkanaa'e yoo argame, *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa Hojjetaa* ammatti hojiirra jiru hordofaa.

d. Abbaa Qabeenyaa/ To'ataa Taankarii Hojmaata ATG Faana Muuxannoo Hin Qabne

To'ataan faasiliitii hojiiwwan ATG wajjiin muuxannoo yoo hin qabaanne, dhimmuun utuu hin baramiin itti fufuu danda'a. Akkaataa seerota .03(2)(b)11., .04(3)(c)1.(ii),.04(3)(c)2.(ii) fi .05(1)(a)3 tiin baraadamuun bu'aawwan qorannoo dhangalaatii kan ji'aa hin milkaa'iin hafan yoo jiraatan gabaasa godhaa. Kana gochuu dhiisuun adabbii siivillii fi sababa dhimmuchaaf maallaqi guddaan akka hir'atu sababa ta'uu danda'a. Qajeelchi ATG abbaa qabeenyaa bakka faasiliitiitti argamuu qaba. Qajeelchonni ATG baayyeen marsariitiiwwan oomishtootaa irraa buufamuu danda'u.

e. Qorannoo Dhangalaatii Sirrii Ta'e Gaggeessuuf Qabiyyeen Boba'aa Taankarii Baayyee Xiqqaa Ta'uu

Piroobiiwwan ATG hundi moodii qorannoo wayita dhaabbiitti qorannoo sirrii gochuuf gulantaa oomishaa xiqqaa akka qabaatan barbaadu.¹⁶ Gulantaan oomishaa taankarii keessa jiruu qorannoo sirrii gaggeessuudhaaf gulantaa oomishaa isa xiqqaa barbaachisuu gadi yoo ta'e, siistemoonni ATG bu'aawwan darbiinsaa argamsiisuu ni danda'u. Sababa seerri .04(1)(a)2. maloonni uumamuu dhimmuu adda baasuu akkaataa qajeelfamoota oomishtuutiin "diriifamuu, safaramuu, hojii gaggeessuu fi suphamuuf, suphiinsa idilee fi sakattiwwan tajaajilarratti akkaataa hojmaataa yookaan haala hojii waan barbaaduuf Diviizhinichi qorannoolee gulantaawwan oomishaa gahaa hin taanerratti gaggeeffaman akka fudhatama qabanitti hin ilaalu". Gulantaaleen oomishaa xiqqaan tarree NWGLDE fi Qajeelfama Waabeffannaa EPAATG irratti ibsamaniiru. Gulantaaleen oomishaa kunneen madaalliiwwan irra deebi'amuun godhaman irratti hundaa'uun jijjiiramuu danda'u.

f. ATG Sirnaan Hin Saganteeffamne

Odeeffannoon sirnaan utuu hin saganteeffamiin hafuu malan kaninni dabalatu, garuu immoo itti hin daangofne, diyaameetirii fi qabiyyee taankarii, meeshaa taankariin irraa tolfame, gosa oomishaa,

¹⁶ Seera 0400-18-01-.04(1)(a)5 tiin barbaadama

gulantaa qorannoo oomishaa isa xiqqaa, daangaa olaanaa dhangalaatii adda baasuu, dammaqsiituuwwan gulantaa oomishaa guddaa/xiqqaa fi dammaqsiituuwwan bishaan olaanaa fa'aa. Safartuuwaan kunneen dogoggora yoo ta'an, ogeessi waraqaa ragaa qabu irra deebiin sagantaa barreessuufii qaba. Uumamuu dhangalaatii sararratti mudatu adda baasuuf malli elektiroonikii faayyidaarra yoo oole safartuuwwan sarara ujummoof Boqonnaa Teekinikaa 3.5 Kan Ulaagaalee Sarara Ujummoo Dhiibbaan Hojjetuu ilaalaa. Seerri .04(1)(a)2. maloonni uumamuu yaa'aa adda baasuu akkaataa qajeelfamoota oomishtuutiin "diriifamuu, safaramuu, hojii gaggeessuu fi suphamuuf, suphiinsa idilee fi sakattiiwwan tajaajilarratti akkaataa hojmaataa yookaan haala hojii barbaada".

g. Madaallii Qaama Sadaffaa Siistemoota Taankarii Dandeettii Guddaa Qabanii yookaan Hunda-galeessa Ta'anii

Siistemoonni ATG hedduun siistemoota taankarii hunda-galeeyyiidhaaf qaama sadaffaatiin madaalliin hin godhamneef. Siistemni ATG sun siistema uumamuu dhangalaatii adda baasu kan istaastikaalaa fi walitti fufaa (CSLD yookaan SCALD) yoo fayyadama ta'erraan kan hafe, tokkoon tokkoo taankarii siistema taankarii hunda-galeessaa keessa jiru piroobii ATG qofa qofaa qabaachuu qabu. Akkaataa seerota .04(1)(a)4, .04(1)(a)5, .04(3)(c)1.(ii), fi .04(3)(c)2.(ii) keessatti eerameen Diviizhinichi siistemoot ATG qaama sadaffaarraa beekamtii hin argamneef guddina taankarii siistema ATG sanaan to'atamuuf gabaasota qorannoo uumamuu dhangalaatii wajjiin walqabatan hin fudhatu.

h. Siistemni ATG Idileedhaan Hin Sakatta'amne

Sirnaan hojjetaa jiraachuu mirkaneessuu fi mancaatii piroobiwwanii, shiboo yookaan bololiwwanii adda baasuuf oomishtuuwwan sakattii fi suphaan idileedhaan meeshaawwan irratti akka gaggeeffamu ni gorsu. Akkaataa seera .04(1)(a)2 irratti eerameen siistemoonni ATG "akkaataa qajeelfamoota oomishtootaa irratti eerameen suphamuu" qabu. Ta'us, suphaan yeroo kaa'ametti idileedhaan godhamu jiraachuun yoo mirkaneeffame ni gorsina garuu hin dirqamsiisnu.

i. Daangaa Olaanaan Yaa'aa Wayita Dhaabbiittii Uumamuu Dogoggoraan Kaawwamuu

Daangaa Olaanaan yaa'aa tuqaa Daangaa Olaanaa dhnagalaatii madaallii qaama sadaffaan godhameen ibsamerra kaawwame yookaan isaan gadi ta'erra kaawwamuu qaba.¹⁷ Yeroo baayyee tuqaan kun 0.1 gph yoo ta'u, garuu meeshicha irratti hundaa'uun gargar ta'uu danda'a. Bu'aan qorannoo daangaa olaanaa yaa'aa kan tuqaa maxxanfame caalu qabu, bu'aa qorannoo dogoggoraa yoo ta'u, ogeessi waraqaa ragaa qabu Daangaa Olaanaa dhangalaatii tuqaa isa sirrii akka ta'uuf irra deebiin sagantaa barreessuufii qaba.

j. ATG Qorannoo Dhimmisuu Taankariif Oolu

Akkaataa seera .04(3)(b)2. tiin barbaadamuun gulantaawwan bishaan lafa jalaa ilaalcha keessa waan hin galchineef fi bakka hir'uu qorachuuf ga'umsa waan hin qabneef ATG'n qorannoo dhimmisuu taankariif fayyadamuu dhiisuu danda'u.

k. Piroobiwwan Boba'aa Itaaloonillin Wal-makan Qaban

Bololiwwan bishaanii baratamoon ATG irratti faayyidaarra oolan taankarii boba'aa itaanoliin wal-makan qabanitti seenuu bishaanii adda baasuuf amansiisoo miti. Hammi bishaanii boba'aa keessa jiruu dabalaa jiraachusaa kan mullisu of eeggannoo abbaa qabeenyaa taankariif waan hin ergineef rakkoo

¹⁷ Seera 0400-18-01-.04(1)(a)5 tiin barbaadama

kan geessisudha. Barbaachisaa yoo ta'uudhaa baatellee, abbootiin qabeenyaa taankarii yoo xinnaate ji'atti takkaa ulee safaraa fi dibata bishaan adda baasuuf gargaaru kan boba'aa itaanoliin wal-makan tolfametti gargaaramuun taankarii yoo to'atan ni gorfama. Bololiin dirra haala wantoo gargar baasu ni argamu.

I. Ragaalee Sirrii hin Taane Galchuu

Ragaaleen kan faasiliitii isa sirrii ta'uusaa mirkaneessaa. Wayita sakatta'iinsaatti koonsoliin ATG dhaqqabamaa ta'uu kan qabu yemmuu ta'u, rakkinni alatti yoo adda baafame, bakka bu'aan aboosaa qabuu fi hojmaata siistema ATG faana muuxannoo qabu gabaasawwan inventerii fi kan qindeessamaa maddisiisuudhaaf argamuu qaba (jechuunis, qorannoon gulantaa oomishaa kan waraqaa ragaa qaama sadaffaan gaditti, guddina taankarii qorannochaaf sirrii hin taaneen godhamu) akkaataa seera .03(2) irratti eerameen wayita sakattii jalqabaatti koonsoliidhaaf irra-deebiin sagantaan hin barreeffamuuf yoo ta'e, qindeeffamni dhiyaannaan sakatta'iinsi hordoffii barbaachisuu danda'a.

Wayita ragaaleen galfamanitti kan dhiyaate seenaa qorannoo dhangalasuu taankarii duwwaa yoo ta'e (qorannoowwan dhangalaatii kan ji'aa yoo hin taane), seenaan qorannoo dhangalaasuu taankarii wayita sakattii alaatti dabalee maxxanfamuu qaba.

11. SABABOOTA QORANNOOLEEN UUMAMUUN DHANGALAATII TAANKARII KEESSATTI MUDATU IRRATTI GAGGEEFFAMU HIN MILKOOFNEEF

a. Dhangalaatiin sirriin gaafa uumamu.

b. Oomishni erga dhaqqabee teempireecharri tasgabbaa'aa ta'uu dhabuu

Erga boba'aan dhaqqabee booda garaagarummaan teempireechara oomisha taankarii keessa jirurratti mullatu, jeeqamuu fi milkaa'uu dhabuu qorannoolee uumamuu dhangalaatii /kan dammaqsituuwwan sobaaf (poosatiiva sobaa yookaan dhangalaatii isa sirrii adda baasuu dadhabuu) sababoota ijoodha. Deetaa teempireecharaa sa'atiin gabaasa qorannoo dhangalaatiirra jiru ilaaluun, garaagarummaan teempireecharaa digrii kudhanaffaa muraasa irra kan caalu yoo ta'e qorannoo irra-deebi'aa. Qorannoon uumamuu dhangalaatii moodii qorannoo wayita dhaabbiirratti yoo gaggeeffame, dhaqqabuun boba'aa raawwatee yeroon turtii gahaan hamma darbutti qorannoo dhangalaatii hin jalqabiinaa. Yeroon kuns "yeroo eegichaa" kan jedhamuu fi tokkoon tokkoo siistema ATG'f tarreeffama NWGLDE irratti kan argamudha.

c. Sirrummaa Chaartii Taankarii ATG- taankaroota FRP'f sirrummaa eenyummeessa abbaa qabxii 1 (Veeder-Root yoo xiqqaate qabxii 4 barbaada).

d. Jalqabaa fi dhuma qorannoo gidduutti garaagarummaan teempireechara oomisha guddaan jiraachuu.

Kunis akka bu'aa qorannoo sirrii hin taanee yookaan hin milkaa'iin hafeetti gabaafamuu danda'a.

e. Garaagarummaa gulantaa bishaanii jalqabaa fi dhuma qorannoo gidduutti mudatu.

f. Taankariin Bocasaa Gadhiisuu/Jallachuu

Dhaqqabiinsi oomishaa guddaan gaafa gaggeeffamee ka'u taankariin bocasaa ni jijjiirrata.

g. Quunnamtii Taankaroota

Jijjiiramuun gulantaa boba'aa taankarii tokko keessatti uumamu taankaroota hunda-galeeyyii yookaan kan kutaawwanii keessatti taankarii yookaan kutaa itti aanee jiru keessatti jijjiirraan gulantaa akka uumamu sababa in ta'a.

h. Wayita qorannoo dhangalaatiitti oomishni raabsamaa jiraachuu.

i. Meeshaan sirnaan hojjechuu dhabuu

12. GALMEE KAA'UU

Seeronni .03(2)(b)11. fi .04(5)(b) bu'aawwan qorannoo ji'aanii 0.2 gph kan ji'oota 12 darbanii tokkoon tokkoo taankariif sirnaan qabamuu fi gulaallii Diviizhiniif jiraachuu ni gaafatu. Ragaaleen hojmaataa waggaa waggoota sadiif qabamuu qabu.¹⁸ Kana malees, Diviizhiniichi seera .03(2) jalatti namni hojmaata siistema ATG wajjiin muuxannoo qabu wayita sakatta'iinsaatti argamuu akka qabuu fi siistemni ATG sirnaan hojjetaa jiraachuu isaa mirkaneessuudhaaf odeeffannoo armaan gadii gulaalliif dhiyeessuu akka qabu ni gaafata:

13. GOSOOTA GABAASAA

Kanneen armaan gadii gosoota gabaasaa qophaa'uu danda'aniiti.

a. Invenierii Keessoo Taankarii

<p style="text-align: center;">INCON INTELLIGENT CONTROLS INC P.O. BOX 638 SACO ME 040722</p> <p>08/11/1998 7:26 PM</p> <p style="text-align: center;">PRODUCT INVENTORY DETAIL</p> <p>UNLD REG 11882.3 GAL</p> <p>TANK 1</p> <p>GROSS 7125.3 GAL NET 7067.0 GAL DAYS SUPPLY 3.7 DAYS ULLAGE 4150.1 GAL WATER VOLUME 12.7 GAL</p> <p>UNLD PLUS 5092.7 GAL</p> <p>TANK 2</p> <p>GROSS 2033.3 GAL NET 2015.9 GAL DAYS SUPPLY 5.3 DAYS ULLAGE 2804.8 GAL WATER VOLUME 0.0 GAL</p>	<p style="text-align: center;">INVENTORY REPORT</p> <p>T 1:BLUE 1</p> <p>VOLUME = 1245 GALS ULLAGE = 2755 GALS 90% ULLAGE= 2355 GALS TC VOLUME = 1230 GALS HEIGHT = 22.36 INCHES WATER VOL = 0 GALS WATER = 0.00 INCHES TEMP = 76.2 DEG F</p> <p>T 2:BLUE 2</p> <p>VOLUME = 1674 GALS ULLAGE = 2326 GALS 90% ULLAGE= 1926 GALS TC VOLUME = 1653 GALS HEIGHT = 27.89 INCHES WATER VOL = 0 GALS WATER = 0.00 INCHES TEMP = 77.2 DEG F</p>
Gabaasa Invenierii INCON TS-1000	Gabaasa Invenierii Veeder Root TLS-350
<p>Bishaanni taankarii keessa jiraachuu yookaan piroobii tokkoon tokkoo taankarii maqaa fi gosa oomishaan adda baasuudhaaf wayita sakatta'iinsa UST'tti gabaasni invenierii ammaa kan tokkoon tokkoo taankarii gulaalamuu qaba.</p>	

¹⁸ Seera 0400-18-01-.04(5)(b)2 tiin barbaadama

b. Qorannoo Dhangalaatii Wayita Dhaabbiittii (0.2 yookaan 0.1 gph)

<pre> INCON INTELLIGENT CONTROLS INC P. O. BOX 638 SACO ME 04972 1-800-984-6266 10/18/1997 02:42 LEAK TEST REPORT PLUS 2 5014.3 GAL PLUS LEAK TEST 0.100 G/H LEAK THRESHOLD 0.050 G/H CONFIDENCE LEVEL 75.0% TEST STARTED 21:45 TEST STARTED 10/17/1997 GROSS CAPACITY 56.12% BEGIN GROSS 2814.2 GAL BEGIN NET 2808.6 GAL BEGIN LEVEL 52.630 IN BEGIN TEMP 62.720 F BEGIN WATER 0.4 GAL BEGIN WATER 0.130 IN END TIME 2:39 END DATE 10/18/1997 END GROSS 2814.3 GAL END NET 2808.6 GAL END LEVEL 52.632 IN END TEMP 62.870 F END WATER 0.4 GAL END WATER 0.131 IN HOURLY DATA TIME DEG F GAL 22:44 62.721 2809.23 23:44 62.751 2808.78 0:44 62.885 2809.07 1:44 62.883 2809.09 SLOPE -0.04 GAL/HR SLOPE LOW -0.04 GAL/HR SLOPE HIGH -0.04 GAL/HR TEST RESULTS PASSED SLOPE EQUALS CALCULATED LEAK RATE </pre>	<pre> MMM DD, YYYY HH:MM XM LEAK TEST REPORT T 1: REGULAR UNLEADED PROBE SERIAL NUM 105792 TEST STARTING TIME: MM DD, YYYY HH:MM XM TEST LENGTH = 4.3 HRS STRT VOLUME = 3725 GALS LEAK TEST RESULTS 0.2 GAL/HR TEST PASS </pre>
<p>Gabaasa Qorannoo Dhangalaatii (wayita dhaabbiitti) INCON TS-1000</p>	<p>Gabaasa Qorannoo Dhangalaatii Veeder Root TLS-350</p>

c. Qorannoo Dhangalaatii Walitti Fufaa (CSLD yookaan SCALD)

<p>INCON INTELLIGENT CONTROLS INC P.O. BOX 638 SACO ME 040722</p> <p>08/13/1998 10:16 AM</p> <p>SCALD TEST REPORT</p> <p>TANK 1 11882.3 GAL (PRODUCT NAME)</p> <p>LEAK TEST 0.200 GPH LEAK THRESHOLD 0.100 GPH EXTENT 18.0 HRS VOL QUALIFY 0.0% TEST STARTED 12:22 PM TEST STARTED 08/07/1998 SALES RATE 54.731 GPH EVAPORATED 1.781 GAL LOST 0.327 GAL DUTY FACTOR 0.31 UPDATED 12:40 AM UPDATED 08/10/1998</p> <p>SLOPE -0.002 GAL/HR TEST RESULT PASSED SLOPE EQUALS CALCULATED LEAK RATE</p>	<p>CSLD TEST RESULTS</p> <p>-----</p> <p>DD-MM-YY HH:MM XM</p> <p>T 2: SUPER UNLEADED</p> <p>PROBE SERIAL NUM 123002 0.2 GAL/HR TEST PER: DD-MM-YY PASS</p>
<p>Gabaasa Qorannoo Dhangalaatii INCON SCALD</p>	<p>Gabaasa Qorannoo Dhangalaatii Veeder Root</p>

d. Seenaa Qorannoo Dhangalaatii Taankarii Keessatti Mudatuu

<p>TANK LEAK TEST HISTORY</p> <p>T 1:Unleaded</p> <p>LAST GROSS TEST PASSED: NOV 4, 1996 12:01 AM STARTING VOLUME= 17559 PERCENT VOLUME = 89.1 TEST TYPE = STANDARD</p> <p>LAST ANNUAL TEST PASSED: NO TEST PASSED</p> <p>FULLEST ANNUAL TEST PASS NO TEST PASSED</p> <p>LAST PERIODIC TEST PASS: SEP 29, 1998 2:54 AM TEST LENGTH 17 HOURS STARTING VOLUME= 11434 PERCENT VOLUME = 58.0 TEST TYPE = CSLD</p> <p>FULLEST PERIODIC TEST PASSED EACH MONTH:</p> <p>JAN 31, 1998 3:19 AM TEST LENGTH 18 HOURS STARTING VOLUME= 12276 PERCENT VOLUME = 62.3 TEST TYPE = CSLD</p> <p>FEB 28, 1998 4:29 AM TEST LENGTH 19 HOURS STARTING VOLUME= 14183 PERCENT VOLUME = 72.0 TEST TYPE = CSLD</p> <p>MAR 31, 1998 3:37 AM TEST LENGTH 19 HOURS STARTING VOLUME= 14377 PERCENT VOLUME = 73.0 TEST TYPE = CSLD</p>	<p>INCON INTELLIGENT CONTROLS INC P.O. BOX 638 SACO ME 040722</p> <p>08/13/1998 10:16 AM</p> <p>REGULATORY REPORT</p> <p>HARDWARE STATUS</p> <table border="0"> <tr><td>TS-CIM</td><td>NOT INSTALLED</td></tr> <tr><td>TS-ROM</td><td>NOT INSTALLED</td></tr> <tr><td>TS-SEM 1</td><td>NOT INSTALLED</td></tr> <tr><td>IO MOD 1</td><td>NOT INSTALLED</td></tr> <tr><td>PRINTER</td><td>OPERATIONAL</td></tr> <tr><td>FAX/MOD</td><td>OPERATIONAL</td></tr> </table> <p>PROBES</p> <table border="0"> <tr><td>PROBE 1</td><td>OPERATIONAL</td></tr> <tr><td>PROBE 2</td><td>OPERATIONAL</td></tr> </table> <p>SENSORS</p> <table border="0"> <tr><td>SENSOR 1</td><td>OPERATIONAL</td></tr> <tr><td>SENSOR 2</td><td>OPERATIONAL</td></tr> <tr><td>SENSOR 3</td><td>OPERATIONAL</td></tr> </table> <p>LINES</p> <table border="0"> <tr><td>LINE NO. 1</td><td>OPERATIONAL</td></tr> <tr><td>LINE NO. 2</td><td>OPERATIONAL</td></tr> </table> <p>AUXILIARY INPUTS</p> <table border="0"> <tr><td>AUX IN 1</td><td>OPERATIONAL</td></tr> <tr><td>AUX IN 2</td><td>OPERATIONAL</td></tr> </table> <p>PASSED LEAK TESTS</p> <table border="0"> <tr><td>TANK 1</td><td></td><td></td></tr> <tr><td>08/26/1998</td><td>7:42 PM</td><td></td></tr> <tr><td>LEAK TEST</td><td></td><td>0.20</td></tr> <tr><td>SLOPE</td><td></td><td>-0.03</td></tr> </table> <p>(PASSED LEAK TESTS, PASSED SCALD TESTS, and PASSED LINE TEST REPORT results are all presented in the format used for the PASSED LEAK TEST for TANK 1, shown above)</p>	TS-CIM	NOT INSTALLED	TS-ROM	NOT INSTALLED	TS-SEM 1	NOT INSTALLED	IO MOD 1	NOT INSTALLED	PRINTER	OPERATIONAL	FAX/MOD	OPERATIONAL	PROBE 1	OPERATIONAL	PROBE 2	OPERATIONAL	SENSOR 1	OPERATIONAL	SENSOR 2	OPERATIONAL	SENSOR 3	OPERATIONAL	LINE NO. 1	OPERATIONAL	LINE NO. 2	OPERATIONAL	AUX IN 1	OPERATIONAL	AUX IN 2	OPERATIONAL	TANK 1			08/26/1998	7:42 PM		LEAK TEST		0.20	SLOPE		-0.03
TS-CIM	NOT INSTALLED																																										
TS-ROM	NOT INSTALLED																																										
TS-SEM 1	NOT INSTALLED																																										
IO MOD 1	NOT INSTALLED																																										
PRINTER	OPERATIONAL																																										
FAX/MOD	OPERATIONAL																																										
PROBE 1	OPERATIONAL																																										
PROBE 2	OPERATIONAL																																										
SENSOR 1	OPERATIONAL																																										
SENSOR 2	OPERATIONAL																																										
SENSOR 3	OPERATIONAL																																										
LINE NO. 1	OPERATIONAL																																										
LINE NO. 2	OPERATIONAL																																										
AUX IN 1	OPERATIONAL																																										
AUX IN 2	OPERATIONAL																																										
TANK 1																																											
08/26/1998	7:42 PM																																										
LEAK TEST		0.20																																									
SLOPE		-0.03																																									
Gabaasa Seenaa Dhangalaatii Veeder Root	Gabaasa To'annoo INCON																																										

e. Qindeeffama Keessoo Taankarii

<pre> IN-TANK SETUP ----- T 2:DIESEL PRODUCT CODE : 2 THERMAL COEFF : .000450 TANK DIAMETER : 120.00 TANK PROFILE : 4 PTS FULL VOL : 19947 90.0 INCH VOL : 16201 60.0 INCH VOL : 9974 30.0 INCH VOL : 3746 METER DATA : YES END FACTOR : NONE CAL UPDATE : NEVER FLOAT SIZE: 4.0 IN. WATER WARNING : 3.0 HIGH WATER LIMIT : 3.5 MAX OR LABEL VOL: 19947 OVERFILL LIMIT : 90% : 17952 HIGH PRODUCT : 95% : 18949 DELIVERY LIMIT : 10% : 1994 LOW PRODUCT : 1500 LEAK ALARM LIMIT: 99 SUDDEN LOSS LIMIT: 999 TANK TILT : 0.56 PROBE OFFSET : 0.00 SIPHON MANIFOLDED TANKS T#: NONE LINE MANIFOLDED TANKS T#: NONE LEAK MIN PERIODIC: 20% : 3989 LEAK MIN ANNUAL : 20% : 3989 PERIODIC TEST TYPE STANDARD ANNUAL TEST FAIL ALARM DISABLED PERIODIC TEST FAIL ALARM DISABLED GROSS TEST FAIL ALARM DISABLED ANN TEST AVERAGING: OFF PER TEST AVERAGING: OFF TANK TEST NOTIFY: OFF TNK TST SIPHON BREAK:OFF DELIVERY DELAY : 5 MIN PUMP THRESHOLD : 10.00% </pre>	<p>Qindeessa Veeder-Root TLS -3XX illee ilaalaa (Boqonnaa 15, fuula 22)</p> <p>Koofishentiiwwan Ho'iinsaa Qalbifamtamuu Qaban Koofishentiiwwan ho'iinsaa oomishaalee kanneeniin akkaataa armaan gadiitiin saganteeffamuu qabu (Yuunitiiwwan Yuunaayitid Isteetsi):</p>																		
	<table border="1" style="width: 100%;"> <tr> <td style="text-align: center;">Maqaa Oomishaa</td> <td style="text-align: center;">Koofishentii Ho'aa (Yuuniitiiwwan Yuunaayitid Isteetsi)</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Gaasii Daandii Qilleensaa</td> <td style="text-align: center;">0.00075</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Deeyiselii (zayita boba'aa #2)</td> <td style="text-align: center;">0.00045</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Zayita Boba'aa #4</td> <td style="text-align: center;">0.00047</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Zayita Faayyidaarra Oolan</td> <td style="text-align: center;">0.00044</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Kiiroosiinii (zayita boba'aa #1) [Paaraafiinii]</td> <td style="text-align: center;">0.00050</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Piriimiyeemii</td> <td style="text-align: center;">0.00070</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Idilee fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame</td> <td style="text-align: center;">0.00070</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Olaanaa fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame</td> <td style="text-align: center;">0.00070</td> </tr> </table>	Maqaa Oomishaa	Koofishentii Ho'aa (Yuuniitiiwwan Yuunaayitid Isteetsi)	Gaasii Daandii Qilleensaa	0.00075	Deeyiselii (zayita boba'aa #2)	0.00045	Zayita Boba'aa #4	0.00047	Zayita Faayyidaarra Oolan	0.00044	Kiiroosiinii (zayita boba'aa #1) [Paaraafiinii]	0.00050	Piriimiyeemii	0.00070	Idilee fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame	0.00070	Olaanaa fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame	0.00070
Maqaa Oomishaa	Koofishentii Ho'aa (Yuuniitiiwwan Yuunaayitid Isteetsi)																		
Gaasii Daandii Qilleensaa	0.00075																		
Deeyiselii (zayita boba'aa #2)	0.00045																		
Zayita Boba'aa #4	0.00047																		
Zayita Faayyidaarra Oolan	0.00044																		
Kiiroosiinii (zayita boba'aa #1) [Paaraafiinii]	0.00050																		
Piriimiyeemii	0.00070																		
Idilee fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame	0.00070																		
Olaanaa fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame	0.00070																		
	<p>Yaadannoo Qabxiiwwan Eenyummeessa Taankarii Qabxiiwwan eenyummeessa taankarii akka armaan gadiitti saganteeffamu:</p>																		
	<table border="1" style="width: 100%;"> <tr> <td style="text-align: center;">Qabxiiwwan</td> <td style="text-align: center;">Boca/Kallattii Taankarii</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">1</td> <td style="text-align: center;">Taankarii siliindarii qarqarrisaa diriifame (keessattuu istiilii/stiP3 yookaan walmakaawwan)</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">4</td> <td style="text-align: center;">Kan marfamee fi qarqarrisaa saayinaa fakkaatu (keessattii taankarii faayibergilaasii)</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">20</td> <td style="text-align: center;">Qarqarrisaa heemisfeera kan ta'e</td> </tr> <tr> <td style="text-align: center;">Sarara sirrii</td> <td style="text-align: center;">Taankariiiwwan siliindarii fi reektaangulaarii asii-gadii</td> </tr> </table>	Qabxiiwwan	Boca/Kallattii Taankarii	1	Taankarii siliindarii qarqarrisaa diriifame (keessattuu istiilii/stiP3 yookaan walmakaawwan)	4	Kan marfamee fi qarqarrisaa saayinaa fakkaatu (keessattii taankarii faayibergilaasii)	20	Qarqarrisaa heemisfeera kan ta'e	Sarara sirrii	Taankariiiwwan siliindarii fi reektaangulaarii asii-gadii								
Qabxiiwwan	Boca/Kallattii Taankarii																		
1	Taankarii siliindarii qarqarrisaa diriifame (keessattuu istiilii/stiP3 yookaan walmakaawwan)																		
4	Kan marfamee fi qarqarrisaa saayinaa fakkaatu (keessattii taankarii faayibergilaasii)																		
20	Qarqarrisaa heemisfeera kan ta'e																		
Sarara sirrii	Taankariiiwwan siliindarii fi reektaangulaarii asii-gadii																		
<p>Gabaasa Qindeessa Keessoo Taankarii TLS-350</p>																			

f. Gabaasa Seenaa Dammaqsiituu

<pre> ALARM HISTORY REPORT ----- IN-TANK ALARM ----- T 5:GOLD 2 SETUP DATA WARNING JAN 1. 1994 8:20 AM LOW PRODUCT ALARM SEP 2. 2010 12:36 PM SEP 1. 2010 3:27 PM AUG 19. 2010 12:07 PM INVALID FUEL LEVEL SEP 2. 2010 12:36 PM AUG 31. 2010 5:36 PM AUG 19. 2010 12:06 PM PROBE OUT MAR 12. 2009 1:25 PM DELIVERY NEEDED JAN 1. 1994 8:21 AM PERIODIC TEST FAIL SEP 2. 2010 2:14 PM AUG 26. 2010 7:03 PM AUG 19. 2010 12:09 PM </pre>	<pre> INCON INTELLIGENT CONTROLS INC P. O. BOX 638 SACO ME 04072 1-800-384-6266 01/09/2000 1:54 TANK ALARMS 01/09/2000 0:23 HIGH WATER TANK NO. 3 01/09/2000 0:18 HIGH PRODUCT LIMIT TANK NO. 2 01/04/2000 21:12 HIGH WATER TANK NO. 3 01/04/2000 21:07 HIGH PRODUCT LIMIT TANK NO. 4 01/04/2000 21:06 HIGH WATER TANK NO. 1 01/04/2000 20:57 HIGH PRODUCT LIMIT TANK NO. 1 01/04/2000 20:55 HIGH PRODUCT LIMIT TANK NO. 1 01/04/2000 20:36 HIGH PRODUCT LIMIT TANK NO. 2 01/02/2000 18:36 HIGH WATER TANK NO. 3 12/09/1998 0:04 HIGH WATER TANK NO. 1 </pre>
<p>Gabaasa Seenaa Dammaqsiituu Veeder Root</p>	<p>Seenaa Dammaqsiituu Keessoo Taankarii INCON</p>

Gabaasni dammaqsiituu keessoo taankarii bu'aawwan qorannoo hin milkaa'iin hafan dhiyootti ATG'n maddisiifamuu kan adda baasudha. Wayita gabaasonni qorannoo dhangalaatii ATG dhibutti yookaan guutuu ta'uudhaa baatutti gabaasni kun sakatta'aa ala jiruuf dhiyaatuu qaba.¹⁹

¹⁹ Seera 0400-18-01-.03(2) tiin barbaadama

g. Seenaa Dammaqsiitu Seensarii


<pre> INCON INTELLIGENT CONTROLS INC P. O. BOX 638 SACO ME 04072 1-800-984-6266 01/04/1999 2:22 PM SENSOR ALARMS 01/04/1999 2:20 PM HIGH BRINE LEVEL SENSOR 16 SENSOR NO. 16 01/04/1999 2:20 PM DRY WELL SENSOR 12 SENSOR NO. 12 01/04/1999 2:20 PM HIGH BRINE LEVEL SENSOR 8 SENSOR NO. 8 01/04/1999 2:19 PM STANDARD SENSOR SENSOR 15 SENSOR NO. 15 01/04/1999 2:19 PM STANDARD SENSOR SENSOR 7 SENSOR NO. 7 01/04/1999 2:12 PM DRY WELL SENSOR 4 SENSOR NO. 4 </pre>	<pre> ALARM HISTORY REPORT ----- SENSOR ALARM ----- L 1:SIMULATOR SENSOR OTHER SENSORS SENSOR OUT ALARM NOV 29, 2010 11:18 AM FUEL ALARM NOV 29, 2010 11:18 AM FUEL ALARM NOV 29, 2010 11:17 AM </pre>
<p>Seenaa Dammaqsiitu Seensarii INCON</p>	<p>Gabaasa Seenaa Seensarii Dammaqsiitu Veeder Root</p>

14. HIIKKOO ODEEFFANNOO QINDEEFFAMAA ALATTI GULAALAMUU

Rakkoon sakatta'iinsa hordoffiinii qindeeffama dhiyaatu wajjiin godhamu barbaadu alatti yoo adda baafame (jechuunis, gulantaa oomishaa daangaa olaanaa qormaataan gadi ta'e), wayita sakattii alaatti odeeffannoon ATG irraa argamu gulaalamuu danda'a. Kanneen armaan gadii fakkeeniyota odeeffannoo qindeeffamaa ATG Tennessee keessatti argamaniiti.

15. QINDEEFFAMA VEEDER-ROOT TLS-3XX:

SYSTEM SETUP			
JUL 05, 2010	11:51 AM		Qindeeffamni yeroo/guyyaa maxxanfameera
PETROLEUM EMPORIUM 1234 MAIN STREET CENTERTOWN, TN 01234			Odeeffannoo waa'ee mooraa
IN-TANK SETUP			Eenyummeessa Oomishaa
T 1:REGULAR UNLEADED			Kooddii Oomishaa gurgurtaa/inventerii faana dhahuu faana walqabatu
PRODUCT CODE	1		Koofishentiin Ho'iinsaa oomisha irratti hundaa'a; kunis ATG'n garaagarummaawwan qabiyyee teempireecharaan walqabatan qorannoolee dhangalaatiin walqabatan ilaalcha keessa galchuu dandeessisa. Qabxiin sirrii hin taane milkaa'uu dhahuu qormaataa geessisuu danda'a.
THERMAL COEFF	.000700		
TANK DIAMETER	120.00		
TANK PROFILE	1 PT		Diyaameterii taankarii / Eenyummeessa Taankarii - safartuuwwan ji'oometirii taankarii kunneen, 'chaartii taankarii' ATG'n gadi fageenya gara qabiyyeetti jijjiiruuf fayyadamu murteessu.
FULL VOL	15245		
FLOAT SIZE	4.0 IN.		Of eeggannoo Bishaanii / Daangaa Bishaanii Olaanu - ATG'n akkaataa gadi fageenya eerameen jiraachuu bishaanii irratti to'ataaf yaadachiisa ni erga.
WATER WARNING	2.0		
HIGH WATER LIMIT	3.0		
MAX OR LABEL VOL	15245		Daangaa Guutiinsa Irra-darbaa / Oomisha Olaanaa - boba'aan hamma kanneen caalu jiraachusaa to'ataaf yaadachiisa ni erga. Garaagarummaan isaanii "Daangaan Guutiinsa Irra-darbaa" dhaqqabiinsa boba'aatiin kan uumamu yemmuu ta'u, "Oomishni Olaanaa" immoo daballiiwwan suutaa hubachuu dandeessisa (fknf, zayitawwan kanaan dura faayyidaaf oolan)
OVERFILL LIMIT	90%		
HIGH PRODUCT	13720		
	95%		
	14482		
DELIVERY LIMIT	10%		Daangaa Dhaqqabiinsaa - addatti, gulantaa ATG'n dhaqqabiinsa akka ajajuuf to'ataa itti beeksisu.
	1524		
LOW PRODUCT	700		Daangaa Dammaqsiituu Wayita Dhangalaatii - wayita qorannoo uumamuu dhangalaatiitti saffisni hir'inaa guddaan (>1 gph) wayita jiraatutti to'ataa akeekkachiisa
LEAK ALARM LIMIT	99		Daangaa Hir'ina Tasaa - wayita qorannoo uumamuu dhangalaatiitti saffisni hir'ina qabiyyee guddaan (>25 gph) wayita jiraatutti to'ataa akeekkachiisa
SUDDEN LOSS LIMIT	99		
			Saarbii Taankarii / Bakka Buusa Piroobii - Safartuuwwan kunneen garaagarummaa akkaataa taa'umsaa taankarii fi piroobii gidduu jiru irratti hundaa'uun chaartii taankarii haaromsu.
TANK TILT	0.00		
PROBE OFFSET	0.00		
PERIODIC TEST TYPE	STANDARD		Qindaa'inawwan jiraachuu malan 'Sadarkaa Kan Eeggate' fi 'Ariifachiisaa' dha. Inni ariifachiisaan sa'atiitti qorannoo abbaa 0.2 gph wayita gaggeessu, inni sadarkaa isaa eeggate immoo sa'atii lama itti fudhata.



16. QINDEEFFAMA SEENTINELII TAANKARII INCON:

PETROLEUM EMPORIUM 1234 MAIN STREET CENTERTOWN, TN 01234	
JUL 05, 2010 11:51 AM	
SYSTEM SETUP REPORT	
LIMITS	
LEAK LIMIT	2.00
LEAK LIMIT O/G	NONE
THEFT LIMIT	10.00
THEFT LIMIT O/G	NONE
TANK	
NUMBER OF TANKS	2
TANK 1	
NAME	REG UNL
TANK SHAPE	HORIZONTAL
TANK TYPE	SPECIAL 1
PROBE	PROBE 1
PRODUCT	PRODUCT 1
MANIFOLD	NONE
PROD OFFSET	0.000
WATER OFFSET	-0.816
DEL THRESHOLD	200
HIGH HIGH LIM	118.000
HIGH HIGH O/G	NONE
HIGH LIMIT	116.000
HIGH LIMIT O/G	NONE
LOW LIMIT	500.0
LOW LIMIT O/G	NONE
LOW LOW LIMIT	400.0
LOW LOW O/G	NONE
WATER LIMIT	3.000
WATER O/G	NONE

Odeeffannoo waa'ee mooraa fi guyyaa gabaasa qindeeffama siistamaa.

Daangaan dhangalaatii, safartuu wayita faasiliitiin cufamutti hanqachuu boba'aa adda baasu yemmuu ta'u; daangaan badiinsaa immoo wayita boba'aa naqamaa jirutti boba'aa irraa hafaa fuudhamu kan adda baasudha. Safartuuwwan garee baasiinsaa yookaan OG to'ataan taankarii tarkaanfii maalii fudhachuu akka qabu himu (jechuunis dammaqsituu iyyisiisuu, iimeelii erguu, kkf.). O/G yeroo baayyee "homa" yookaan qubee A fi FF gidduu jiruutti qindeeffama.

Baayyina taankarii faasiliitii kana keessatti argamanii.

Ispeeshaal 1, Piroobii 1, fi Oomisha 1 kan safartuuwwan taankarii, piroobii fi oomishaa kutaa gabaasa qindeeffamaa garaagaraa keessatti tarreeffamanii jiraniiti

Bakka buusni oomishaa fi/yookaan bishaanii safara oomishaa/bishaanii taankaroota saarbii irraa argaman bakka buusuuf gargaaru

Daangaa Olaanaa Del = dhaqqabiinsi ATG irratti gabaafamuun dura qabiyyee isa xiqqaa taankariitti dabalamu

Daangaan Olaanaa fi Daangaan Baayyee Olaanaan hamma guutiinsa taankarii garaagaraa wayita ibsu, Baayyee Olaanaan gulantaa guutiinsaa isa dhumaa mullisa (yeroo baayyee iinchii oomishaatti qindeeffama)

O/G Baayyee Olaanaa, Daangaa O/G Olaanaa, Daangaa O/G Gadaanaa, O/G Baayyee Gadaanaa fi O/G'n Bishaanii haalonni kanneen yoo jiraatan tarkaanfilee to'ataan taankarii fudhatu bakka bu'u. Fakkeenyaaf, ATG'n dammaqsituu iyyisiisuu, iimeelii nama quunnamtiirra jiruuf erguu, homaa gochuu dhiisuu, kkf gochuu danda'a. Qabxiin galuu danda'u "homa" yookaan qubee A fi FF gidduu jiranidha.

Daangaan Gadaanaan fi Daangaan Baayyee Gadaanaan hamma duwwaa ta'uu taankarii garaagaraa wayita ibsan, Baayyee Gadaanaan gulantaa oomisha taankarii keessa jiruu isa xiqqaa bakka bu'a (yeroo baayyee gaalii oomishaatti qindeeffama)

Daangaan bishaanii gulantaa bishaanii (iinchiidhaan) dammaqsituu bishaan olaanaa kaasuuf barbaachisu bakka bu'a

SPECIAL TANKS	
SPECIAL 1	
DIAMETER	120.000
LENGTH	205.700
CORRECTION POINTS	0
PROBES	
PROBE 1	
TYPE	STD 125
GRADIENT	8.99634
RATIO	1:1 TIP TO HEAD
FLOATS	2 FLOATS
FLOAT TYPE	GASOLINE
PRODUCTS	
PRODUCT 1	
NAME	REG UNL
TYPE	UNLEADED REG
LINES	
NUMBER OF LINES	2
LINE 1	
NAME	LINE 1
TEST FAIL O/G	NONE
TEST FAULT O/G	NONE
LINE 2	
NAME	LINE 2
TEST FAIL O/G	NONE
TEST FAULT O/G	NONE

Taankaroonni ispeeshaaliin wantootaa daayimenshinii fi sirreeffama murteessan addatti qabu. Tuqaaleen sirreeffamaa deetaa taankarii sanaa faana akka walsimuuf ATG'n safara boba'aa akka sirreeffatu taasisu. Fakkeenyaaf, oomisha gaaloonii 500 ta'u taankarii keessa kaa'uu dandeessu, garuu moniiteriin taankarii gaaloonii 450 qofaa dubbisa, kanaaf qabxiin sirreeffamaa in galfama jechuudha. Qabxiileen sirreeffamaa baayyeen galfamuu danda'u.

Gosti piroobii gosa duraan dursee ATG'tti sagantaa barreeffameef keessaa filatama; Dhundhulli moggaasa piroobii irraa kan galfamuu fi **tokkoon tokkoo piroobiif adda kan ta'edha**; reeshiyoon kan qabxii sirreeffamaati (fakkeenya, 1:8 garaagarummaan iinchii 1 piroobii irratti mullatu, iinchii 8 taankarii keessaatti fakkeeffama; keessattuu AST'f faayyidaarra oola; UST'f immoo 1:1 ta'uu qaba); bololiwwan “Bololiwwan 2” yookaan “Bololii 1” ta'u (bololiwwan 2 bololii oomishaa fi kan bishaaniiti); akkasumas gosti bololii “gaasoliinii” yookaan “zayita” dha

Oomishni = Idilee fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame, Pls fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame, Xtr fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame, Sup fi Liidiin Irraa Kan Hir'ifame, Deeyiselii, Kiirrosiinii, Zayita Boba'u #2, Itaanolii, yookaan Ispeeshaalii (gosti oomishaa “ispeeshaalii” taanaan odeeffannoon dabalataa ni barbaachisa)

Baayyina sararootaa, maqaawwan sararaa, fi tarkaanfilee ATG'n wayita milkaa'uu dhabuun uumamutti (jachuunis, dammaqsituu, kkf) yookaan qorannoon rakkoo godhatutti fudhachuu qabu. Rakkooleen Qorannoo yeroo baayyee rakkinoota kompiitaraa kan akka qorannoon sirmaan hin adeemsifamne taasisaniin kan walqabatudha.

LEAK TEST		
CONFIDENCE		99.0%
MIN TEST TIME		2
MAX TEST TIME		8
LEAK TEST		
TANK 1		0.20
TANK 2		0.20
TEST SCHEDULES		
TANK 1		
SCHEDULE		DAILY
TIME		01:00 AM
TANK 2		
SCHEDULE		DAILY
TIME		01:00 AM
ALARM ON TEST FAIL		YES
SCALD TESTS		
CONFIDENCE 95.0%		
LEAK TEST		0.20
INTERVAL		18
VOLUME QUALIFY		0.0%
VAPOR RECOVERY		DISABLED
SCALD ENABLED		
TANK 1		ENABLED
TANK 2		ENABLED
ALARM ON TEST FAIL		YES
TEST FAIL O/G		
TANK 1		ALL GROUPS
TANK 2		ALL GROUPS

Wayita mooniteriin taankarii qorannoo dhangalaatii wayita dhaabbiittii gaggeessuuf jedhutti qorannoon dhangalaatii deetaa saffisa dhangalaatii, irra-deddeebii, kkf walqabatan in qabata. Fakkeenyaaf, qindeeffamni gara bitaatti argamu guyyaa hundaa qorannoon dhangalaatii 0.2 gph sa'atii 1:00 AM irra kaasee akka gaggeeffamu agarsiisa. Amanamummaan qorannichaa 95% ta'uu qaba. Yeroo qorannoo isa xiqqaa jechuun sa'atii qorannoo dhangalaatii gaggeessuuf barbaachisu isa xiqqaa jechuudha (sa'atiitti ka qindeeffamu). Taankarii gaaloonii 4,000 dhaaf sa'atii 2'tti fi taankarii gaaloonii 10,000 dhaaf sa'atii 5'tti akkasumas taankarii gaaloonii 20,000 qabatuuf immoo sa'atii 8'tti kan qindeeffamudha. Dammaqsituun wayita milkaa'uu dhabuu qorannoo tarkaanfii ATG'n wayita kufaatii uumamu fudhatu bakka bu'a.

SCALD = Mala Itti Fufiinsaan Dhangalaatii Adda Baasuu Istaatistikaalii fi Aawutomaatikaalaa yeroo callisaa gidduu raabsaa jirutti qorannoo dhangalaatii qabiyyee safaruudhaan ni gaggeessa.

Garaagarummaan bakka buusa teempireecharaa wayita qorannoo dhangalaatii gaggeeffamuun walqabata (IS'n idileen 18)

Qabiyyeen Ulaagaa Guutu jechuun qabiyyee dhangala'aa isa xiqqaa qorannoo dhangalaatii gaggeessuuf gargaaru. Hamma qabiyyee taankarii isa xiqqaa qorannoo dhangala'uu sirrii ta'e gaggeessuuf barbaachisu baruuf marsariitii "Humna Hojii Biyyaalessaa Kan Madaalliiwwan Dhangala'aa Adda Baasuu" ilaalaa. Gonkumaa 0'tti qindeeffamuu hin qabu!

SCALD'n banameeru taankarii uumamuu dhimmuu SCALD adda baasuu raawwwachaa jira bakka bu'a (jechuunis banuu yookaan kan cufameeru)

Milkaa'uu dhabuun qorannoo (gareen bu'aa) tarkaanfii ATG'n wayita kufaatii uumamu fudhatu bakka bu'a. "Hin Jiru", A dhaa hanga FF, yookaan "gareewwan hunda" ta'uu danda'a, Gareewwan hunda jechuun tarkaanfileen gareewwan daddabarsaa hundaaf sagantaan barreeffaman hundi (jechuunis A ti hanga FF yoo ta'elnee) ni uumamu.

LINE TESTS		
0.1 GPH TEST SCHEDULES		
LINE 1		
SCHEDULE		DAILY
TIME		01:00 AM
LINE 2		
SCHEDULE		DAILY
TIME		01:00 AM
0.2 GPH TEST SCHEDULES		
LINE 1		
SCHEDULE		DAILY
TIME		01:00 AM
LINE 2		
SCHEDULE		DAILY
TIME		01:00 AM
SENSORS		
NUMBER OF SENSORS		3
SENSOR 1		
RELAY		RELAY 1
NAME		1 2 DISP
STD O/G		ALL GROUPS
SENSOR 2		
RELAY		RELAY 1
NAME		3 4 DISP
STD O/G		ALL GROUPS
SENSOR 3		
RELAY		RELAY 1
NAME		UNL SUMP
STD O/G		ALL GROUPS

Yeroo fi irra-deddeebii sararoonni gulantaawwan qorannoo dhangalaatii ittiin 0.1 GPH fi/yookaan 0.2 GPH irratti qoratamuuf saganteeffaman. Sagantaan kunis homaa, guyyaa guyyaan, torbanitti fi yookaan ji'atti guyyoota murtaa'an ta'uu danda'a.

STD'n qindeeffama ATG keessaa gosa seensarii sadarkaa isaa eeggate kan ibsu yemmuu ta'u, O/G'n STD tarkaanfii ATG'n wayita dammaqsituun iyyitutti fudhatu mullisa.

Moodeloota Veeder Root fi INCON CSLD keessatti faayidaarra oolaniif, carraan adda baasuu danda'usaa 95% yookaan 99% irra kaawwamuu danda'a. Akkaataa seera .04(1)(a)4 irratti eerameen malli uumamuu dhangalaatii adda baasuu Muddee 22, 1990 booda diriirfame kamuu carraa adda baasuu danda'uu dhibbeentaa sagaltamii-shanii (95) fi carraa dammaqsituun sobaa uumamuu dhibbeentaa shan (5) hin caalleen saffisa dhangalaatii adda baasuu danda'uu qaba.

Yeroo abbummaan dabarfamuu, gurgurtaa sirnoota UST, kan jalqabaa fi/yookiin kooppiwwan sanadoota hunda ulaagaalee gabaasaa fi galmee kaa'uu guutuuf barbaachisan dabalatee, kanneen kanaan osoo hin daangeffamne yeroo jijjiirraa abbummaatti akkaataa seerota .03(2)(d) fi .02(7)(h). tiin barbaadamuun akka ta'u mirkaneessaa.

17. GABAASUU

Haalota armaan gadii keessaa tokko yoo argame, Diviizhinichi sa'atiwwan 72 keessatti quunnamamuun taateen dhimmisuu shakkame yookaan mirkaneeffame gabaafamuu qaba (taateen dhimmisuu shakkame yookaan mirkanaa'e yoo argame, akkaataa seera .05(1)(a) irratti barbaadamuun *Adeemsa .09(6) dhaaf Qajeelfa Hojjetaa* ammatti hojiirra jiru hordofaa):

- Bu'aawwan qorannoo uumamuu dhangalaatii 0.1 gph yookaan 0.2 gph ATG dhaan uumamuu, meeshaan to'annoo yookaan qaamni UST isaan walqabatu miidhaan irra gahee kan jiru garuu immoo kan hin dhangalaafnee fi dafee suphamuudhaan akkasumas, akkaataa seera .05(1)(a)3 irratti eerameen qorannoon hordoffii bu'aa dursaa wajjiin yoo walsimuudhaa baate irraan kan hafe.
- Akkaataa seera .05(1)(a)2 irratti eerameen dammaqsituu keessoo taankarii ATG keessa ba'u kan hir'achuu oomishaa akka tasaa yookaan hin ibsamne ibsu. Sanadi qorannoo dammaqsituuwwan dhangalaatii keessoo taankariitti mudatu agarsiisan irratti godhamee hojjetaa Diviizhiniitiin akka gulaalamuu danda'aniif gabaasota qorannoo dhangalaatii ATG wajjiin kaawwamuu qabu.²⁰
- Oomisha peetirooliyeemii naannoo UST'tti yookaan naannawa isaatti dhimmise (oomishni walabaa, yookaan hurkawwan peetirooliyeemii, biyyee, kutaa lafa jalaa, sararoota balfaa fi tajaajilootaa akkasumas qarqara bishaan naannootti argamaniitti mullachuu). Seera .05(1)(a)1 ilaalaa.

Abbootiin qabeenyaa fi/ykn opereetoroonni boba'aan gara naannootti akka hin gadhiifamneef tarkaanfii hatattamaa fudhachuu qabu, akkasumas balaa ibiddaa, dho'iinsaa fi danfaa adda baasuu fi salphisuuf tarkaanfii hatattamaa fudhachuu qabu. Abbootiin qabeenyaa fi/ykn opereetoroonni taankii fi/ykn tuuboo suphuu ykn bakka buusuu qabu, fi tarkaanfii sirreeffamaa jalqabuu qabu, yoo bu'aan qorannoo sirna, taankii, ykn tuuboo geejjibaa akka seera .06(3) tiin dhangala'aan jiraachuu isaa agarsiise.

²⁰ Seera 0400-18-01-.03(2) tiin barbaadama

WABIWWAN

Qajeelcha Waabeffannaa To'annoo Taankarii Aawutomaatikaalaa fi Uumamuu Dhangalaatii Adda Baasuu, U.S. EPA, Naannoo 7

Siistemoota Safara Taankarii Aawutomaatikaalaa Kan Yaa'aa Uumamuu Adda Baasan: Qajeelfama Wabii Sakattaatota Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa, Hagayya 2000

Siistema Safara Taankarii Aawutomaatikaalaa Keessanirraa Sirriitti Fayyadamuu, Tarree Qajeelfama To'ataa EPA 510-F-98-011 INCON TS-5

Yaadannoo Sakatta'aa Kentucky DEP UST, Caamsaa 2006 Inistitiyuutii Meeshaalee Peetirooliyeemii

Qajeelcha To'attoota Veeder Root TLS-3XX, 576013-610 K.D. AA. Qajeelcha Diriirsaa Veeder Root TLS-3XX, 576013-498, K.D. B

Qajeelcha Qindeeffama Veeder Root TLS-3XX, 576013-623, K.D. V. Qajeelcha Rakkoo Adda Baasuu Veeder Root TLS-3XX, 576013-818, K.D. AA

Qajeelcha Qophii Bakka Koontiraakteraa Kan Siistemoota To'annoo Veeder Root TLS, 577013-578 K.D. E, Mirkaneessa Meeshaalee Wisconsin COMM 10 # 20050005; Safartuu Taankarii Aawutomaatikaalaa, Muddee 2009 Mirkaneessa Meeshaalee Wisconsin COMM 10 # 20020011, Tarree INCON, Muddee 2007

Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa- Kan Bu'uuraa, Muummee Qabeenyaalee Uumamaa Iowa, Damee Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa, Bitootessa 2010

DABALATA

1. Gabatee Wabii Ariifataa Uumamuu Dhangalaatii Adda Baasuu ATG (8-27-2013)
2. Adeemsa Qorannoo Hojmaata Safartuu Taankarii Aawutomaatikaalaa

DABALATA 1: Gabatee Wabii Ariifataa Uumamuu Dhangalaatii Adda Baasuu

Kan haaromfame 2-13-2015

Hubachiisa: Meeshaaleen uumamuu dhangalaatii adda baasan siistemoota kanneen irratti galfamanii fi itaanolii 10% caalu qaban ziinkii, liidii, aluminiyeemii, fiinii yookaan xuriwwan isaanii (biraasii, tiirni (xurii liidii fi tiinii)) qabaachuu hin qabani.								
MA# Oomishaa	Moodela	GOSA QORANNOO	Guutiinsa Xiqqaa	Wayitii Qorannoo (yaada ilaalaa)	DAANGAA OLAANAA	ISA GUDDAA DANDEETTII	YAADA	
20140001 (20120009 kan irra deebi'ame) OPW	SiteSentinel iSite-2 yookaan bololii iinchii 4--Piroobii 924B	0.2	50%	Daqiiqaa 30	0.1	20,000	Ulaagaalee qorannoo guutaman irratti hundaa'uun siistemichi yeroo xiqqaa barbaachisu ni murteessa. Yeroowwan qorannoo taankaroota gurguddaaf dheerachuu danda'a.	
	SiteSentinel iSite---- bololii iinchii 4----Piroobii 924B	0.1	95%	Sa'atii 1.5	0.05	20,000		
	SiteSentinel iSite---- bololii iinchii 2----Piroobii 924B	0.1	95%	Sa'atii 6.0	0.05	20,000		
	SiteSentinel iSite-bololii iinchii 4-Piroobii Q0400-4XX	0.2	50%	Sa'atii 4.0	0.1	20,000		
	SiteSentinel iSite-SLD	0.2	14.70%	Walitti Fufaa	0.1	0.2	Dandeettii Daddabarsuu Ji'aanii Isa Guddaa kan gaaloonii 397,883 Gulantaa guutiinsa'atii gadi yoo ta'e hin qoratamu.	
20140006 Franklin Fueling (20120008 Bakka Kan Bu'u)	INCON TS-5, 550, 550evo, 750, 1000, 1001, 2001, 5000, 5000evo Koolibirii Piroobii: TSP-LL2 yookaan FMP-LL3	0.2	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii 5 1/4	0.1	15,000	Yeroon qorannoo giddu-galeessadha; sa'atiwwan sirriin ulaagaa qorannoo duraan kaawwaman irratti hundaa'a	
		0.1	95%	Sa'atii 5 3/4	0.05			
	INCON TS-5, 550, 550evo, 750, 1000, 1001, 2001, 5000, 5000evo Koolibirii Piroobii: TSP-LL2 yookaan FMP-LL3	0.2 QOFAA	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii <7	0.1	30,000	Qulqullina deetaa qorannoo irratti hundaa'uun gargar wayita ta'u, Guddaan Taankaroota Hunda-galeeyyii 3 dha	
	INCON TS-5, 550, 550evo, 750, 1000, 1001, 2001, 5000, 5000evo SCALD Koolibirii	0.2	15%	Walitti Fufaa	0.1	49,336	Dandeettii daddabarsuu ji'aanii inni gnauddaan gaaloonii 304,620. Gulantaa guutiinsa'atii gadi yoo ta'e hin qoratamu.	
	Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu							Scald 2000 MA 96000037 Ilaalaa
	24"	9"	72"	15"	120"	21"		
	36"	10.5"	76"	15.5"	126"	21.5"		
48"	12"	84"	16.5"	132"	22"			
52"	12.5"	96"	17.5"	144"	23.5"			
64"	14"	108"	19"					
20120005 (20080006 dhaaf haareffamuu) Pneumercator Co.,Inc	TMS2000 & TMS3000 Piroobii 450S yookaan 7100 (Maagineetoostiriikiivii)	0.2(<20K)	20%	Sa'atii 2	0.1	20,000	Piroobiin Pnuemercator lakkoofsi 450S piroobii Ametek Patriot 7100 kan madaallii qaama 3ffaa keessatti faayidaarra oolu wajjini walfakkaata	
		0.1	95%	Sa'atii 7	0.05	20,000		
		0.2 (>20K)	50%	Sa'atii 8	0.1	75,000		
20120001 OPW (20080010 kan irra deebi'ame)	SITE SENTINEL I,II,III, iTouch Piroobii 924	0.2	50%	=		20,000	Qorannoo Daqiiqaa 30 & 60	
	SITE SENTINEL I,II,III, iTouch Piroobii 924	0.2	14%	=		20,000	Qorannoo Sa'atii 2 & 3	
	SITE SENTINEL I,II,III VTTT, iTouch Piroobii 924	0.1	95%	=		20,000	Qorannoo Sa'atii 2 & 3	
20100007 OMNTEC Mfg. (20040007 dhaaf haareffamuu)	OEL8000II	0.2	Armaan gadi Ilaalaa	Sa'atii 4.5	0.1	30,000	Gulantaa oomishaa isa xiqqaa diyaameetira taankarii irratti hundaa'uun: Diyaameetira Taankarii = Oomisha Barbaadamu 0-48" = 12" 73-96" = 20" 133 yookaan isaa ol = OMN TEC'n Quunnamaa 49-64" = 15" 97-126" = 15.5" 65-72" = 16" 127-132" = 26"	
	OEL8000II w/CITLDS	0.2	12.70%	Walitti Fufaa	0.1	18,000		
20090008 Franklin Fueling (20060002 Bakka Kan Bu'u)	INCON TS-5, 550, 750, 1000, 1001, 2001, 5000, Koolibirii Piroobii: TSP-LL2	0.2	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii 5 1/4	0.1	15,000	Yeroon qorannoo giddu-galeessadha; sa'atiwwan sirriin ulaagaa qorannoo duraan kaawwaman irratti hundaa'a	
		0.1	95%	Sa'atii 5 3/4	0.05			
	INCON TS-5, 550, 750, 1000, 1001, 2001, 5000, Koolibirii Piroobii: TSP-LL2	0.2 QOFAA	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii <7	0.1	30,000	Qulqullina deetaa qorannoo irratti hundaa'uun gargar wayita ta'u, Guddaan Taankaroota Hunda-galeeyyii 3 dha	
	TS-5, 550, 750, 1000, 1001, 2001, 5000, SCALD Koolibirii	0.2	15%	Walitti Fufaa	0.1	49,336	Dandeettii Daddabarsuu Ji'aanii Inni Guddaan gaaloonii 304,620	
	Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu							Gulantaa guutiinsa'atii gadi yoo ta'e hin qoratamu.
	24"	9"	72"	15"	120"	21"		
	36"	10.5"	76"	15.5"	126"	21.5"		
48"	12"	84"	16.5"	132"	22"			
52"	12.5"	96"	17.5"	144"	23.5"			
64"	14"	108"	19"					
20090004 Veeder-Root Co. Tarree TLS ProPlus, ProMax (20050005 kan irra deebi'ame)	Piroobii 8463 & 8473 (Maagineetoostiriikiivii) Tarree TLS 300, Tarree TLS 350, TLS 450,	0.1	95%	Sa'atii 3	Qindeeffama dursaa jijjiiramuu hin dandeenye. Darbiinsa yookaan Kufaatii	15,000	Gulantaa boba'aa mirkanessa. Ulaagaa barbaadamuu gadi yoo ta'e qorannoo hin gaggeessu.	
		0.2	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii 2		20000		
	Piroobii 8463 & 8473 Tarree TLS 300, Tarree TLS 350, TLS 450,	0.1	95%	Sa'atii 2-5		30000		
		0.2	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii 2		Qeenxee 45000		
	8463 fi 8473 W/CSLD TLS300, TLS350, Tarree EMC, ProPlus, ProMax	.2 Itti Fufe	5%		Hunda-galeessi 37K	Guyyoota 28 Darbiinsa 227,559		
	Diyaameetira Taankarii = Oomisha Barbaadamu							
	24-26"	9"	70-79"	24"	123-133"	39"		
	27-36"	12"	80-90"	27"	134-143"	42"		
	37-47"	15"	91-101"	30"	144-154"	45"		
	48-58"	18"	102-111"	33"	155-165"	48"		
56-69"	21"	112-122"	36"	166-175"	51"			

MA# Oomishaa	Moodela	GOSA QORANNOO	Guutiinsa Xiqqaa	Wayitii Qorannoo (yaada ilaalaa)	DAANGAA OLAANAA	ISA GUDDAA DANDEETTII	YAADA	
20080010 OPW (20030001 kan irra deebi'ame)	PETROSONIC III w/Piroobii 613	0.2	59%	Sa'atii 2		15,000		
	SITE SENTINEL w/ Piroobii 613	0.2	14%	Sa'atii 2		15,000		
	SITE SENTINEL I,II,III, iTouch w/ Piroobii 924	0.2	50%	⇔		20,000	Qorannoo Daqiiqaa 30 & 60	
	SITE SENTINEL I,II,III, iTouch w/ Piroobii 924	0.2	14%	⇔		20,000	Qorannoo Sa'atii 2 & 3	
	SITE SENTINEL I,II,III VTTT, w/ Piroobii 613	0.1	95%	⇔		15,000	Qorannoo Sa'atii 2 & 3	
	SITE SENTINEL I,II,III VTTT, iTouch w/ Piroobii 924	0.1	95%	⇔		20,000	Qorannoo Sa'atii 2 & 3	
20080009 (Siistema EECO) OPW (20030003 dhaaf haareffamuu)	1500 & 2000 Piroobii Q0400-4XX (Maagineetoostiriiktiivii)	0.2	9%	Sa'atii 3.3	0.1	20,000	Ulaagaalee qorannoo guutaman irratti hundaa'uun siistemichi yeroo xiqqaa barbaachisu ni murteessa.	
	EECO SLD Piroobii Q0400-4XX (Maagineetoostiriiktiivii)	0.1	95%	Sa'atii 3.5	0.05	20,000	Yeroowwan qorannoo taankaroota gurguddaaf dheerachuu danda'a.	
20080006 (20000007 dhaaf haareffamuu) Pneumercator Co., Inc	TMS2000 & TMS3000 Piroobii 450S yookaan 7100 (Maagineetoostiriiktiivii)	0.2 (<20K)	20%	Sa'atii 2	0.1	20,000	Piroobiin Pnuemercator lakkoofsi 450S piroobii Ametek Patriot 7100 kan madaallii qaama 3ffaa keessatti faayyidaarra oolu wajjiin walafkaata	
		0.1	95%*	Sa'atii 7	0.05	20,000		
		0.2 (>20K)	50%	Sa'atii 8	0.1	75,000		
20080005 (Siistema EECO) OPW	SiteSentinel iSite--2 yookaan bololii iinchii 4--Piroobii 924B	0.2	50%	Daqiiqaa 30	0.1	20,000	Ulaagaalee qorannoo guutaman irratti hundaa'uun siistemichi yeroo xiqqaa barbaachisu ni murteessa. Yeroowwan qorannoo taankaroota gurguddaaf dheerachuu danda'a.	
	SiteSentinel iSite--- bololii iinchii 4---Piroobii 924B	0.1	95%	Sa'atii 1.5	0.05	20,000		
	SiteSentinel iSite--- bololii iinchii 2---Piroobii 924B	0.1	95%	Sa'atii 6.0	0.05	20,000		
	SiteSentinel iSite-bololii iinchii 4-Piroobii Q0400-4XX	0.2	50%	Sa'atii 4.0	0.1	20,000		
20060002 Franklin Fueling	INCON TS-5, 550, 750, 1000, 1001, 2001, 5000 Piroobii: TSP-LL2	0.2	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii 5 1/4	0.1	15,000	Yeroon qorannoo giddu-galeessadha; sa'atiwwan sirriin ulaagaa qorannoo duraan kaawwaman irratti hundaa'a	
	INCON TS-5, 550, 750, 1000, 1001, 2001, 5000 Piroobii: TSP-LL2	0.1	95%	Sa'atii 5 3/4	0.05			
	TS-5, 550, 750, 1000, 1001, 2001, 5000 SCALD	0.2 QOFAA	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii <7	0.1	30,000	Yoo Baayyate Taankaroota Hunda-galeeyyii 3	
	Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu	Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu	Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu	Diyaameetira taankarii = Oomisha Barbaadamu		49,336	deettii Daddabarsuu Ji'aanii Inni Guddaan gaaloonii 304,620 Guutiinsaa gadi yoo ta'e hin qoratamu.	
	24" = 9"	72" = 15"	120" = 21"	15" = 3"	120"	21"		
	36" = 10.5"	76" = 15.5"	126" = 21.5"	15.5" = 3.1"	126"	21.5"		
	48" = 12"	84" = 16.5"	132" = 22"	16.5" = 3.3"	132"	22"		
	52" = 12.5"	96" = 17.5"	144" = 23.5"	17.5" = 3.5"	144"	23.5"		
	64" = 14"	108" = 19"	180" = 27"	19" = 3.8"	180"	27"		
							Scald 2000 MA 96000037 Ilaalaa	
20050005 Veeder-Root Co. Tarree TLS, EMC ProPlus, ProMax (20030004R1 kan bakka bu'u, 20030007) (2002005R1 Haaromfame)	Piroobii 7842 (Kaappaasaansii) TLS2 Irraan Kan Hafe Moodeloota Hunda	0.2	50%	Sa'atii 5		15,000	Hubachiisa: Piroobiwwan kaappaasaansii wayita qabiyyeen iitaanoollii 10% ol ta'u sirnaan hin hojjetu.	
	Piroobii 8472 (Kaappaasaansii) TLS250, TLS250i & TLS2 Irraan Kan Hafe Moodeloota Hunda	0.1	95%	Sa'atii 2		15,000		
	Piroobii 8463 & 8473 (Maagineetoostiriiktiivii) TLS250iPlus, TLS300, TLS300iPlus,	0.2	50%	Sa'atii 2		15,000	Piroobiwwan hundi daangaa olaanaa duraan qindeeffame jijjiramuu hin dandeenye qabu. Darbiinsa yookaan Kufaatii	
	Piroobii 8463 & 8473	0.1	95%	Sa'atii 2-5		20000		
	Kan Bu'uuraa irraan kan hafe Tarree TLS 350, TLS2, ProMax, EMC	0.2	Armaan Gadi Ilaalaa	Sa'atii 2		30000		
	8463 fi 8473 W/CSLD TLS300, TLS350, Tarree EMC, ProPlus, ProMax	.2 Itti Fufe	5%			Qeenxee 45000 Hunda-galeessi 37K		
	Diyaametira Taankarii = Oomisha Barbaadamu						Guyyoota 28 Darbiinsa 227,559 Guyyaa 28 Darbiinsa 226,848	
	24-26" = 9"	70-79" = 15"	123-133" = 21"	39"			Ulaagaa barbaadamu gadi yoo ta'e qorannoo hin gaggeessu.	
	27-36" = 12"	80-90" = 15.5"	134-143" = 21.5"	42"				
	37-47" = 15"	91-101" = 16.5"	144-154" = 22"	45"				
48-58" = 18"	102-111" = 17.5"	155-165" = 23.5"	48"					
56-69" = 21"	112-122" = 19"	166-175" = 23.5"	51"					
20050001 Naannoo Kibba-Lixaa Srvs 20040006 Siistema Franklin Fueling (20020004 kan irra deebi'ame) Siistemoota EBW Bitootessa 1, 2004 dura jiranii kana ilaalaa MA 20020004	Moodela Qorannoo Yuunaayitid Isteetsi 2001	0.2	50%	Daqiiqaa 30	0.1	15,000	Piroobiwwan Aaltiraasoonikii	
		0.1	95%	Sa'atii 1	0.05	15,000		
	AUTOSTIK II & JR Piroobii w/ Maagineetoostiriiktiivii	0.2	Armaan gadi Ilaalaa	Sa'atii 5 1/4	0.1	15,000	Yeroon qorannoo giddu-galeessadha; sa'atiwwan sirriin ulaagaa qorannoo duraan kaawwaman irratti hundaa'a	
		0.1	95%	Sa'atii 5 3/4	0.05	15,000		
	Piroobii tarree AUTOSTIK II & JR w/ TSP-LL2	0.2	Armaan gadi Ilaalaa	Sa'atii < 7	0.1	30,000	Dhorkiinsawwan Dandeetti Daddarbiinsaa/yoo baayyate hunda-galeessa 2	
	AUTOSTIK II & JR w/ SCALD 2.0	0.2	14%	Walitti Fufaa	0.1	49,336		
	Gulantaa oomishaa isa xiqqaa diyaametira taankarii irratti hundaa'uun: Diyaametira Taankarii = Oomisha Barbaadamu							
	26" = 9"	72" = 15"	120" = 21"					
36" = 10.5"	76" = 15.5"	126" = 21.5"						
48" = 12"	84" = 16.5"	132" = 22"						
52" = 12.5"	96" = 17.5"	144" = 23.5"						
64" = 14"	108" = 19"							

MA# Oomishaa	Moodela	GOSA QORANNOO	Guutiinsa Xiqqaa	Wayitii Qorannoo (yaada ilaalaa)	DAANGAA OLAANAA	ISA GUDDAA DANDEETTII	YAADA		
20030008 Koorporeeshinii Siistemoota Caldwell	Siistema ATG Kan Bulchiinsa Taankarii	0.2	iinchii 18	Sa'atii 3, Daqiiqaa 15		20,000	Piroobii aaltiraasoonikii		
		0.1	95%	Sa'atii 3, Daqiiqaa 15		20,000	Piroobii aaltiraasoonikii		
20030007 Veeder-Root Co. Red Jacket ProPlus & ProMax	Piroobii 7842 (Kaappaasitaansii) w/ ProPlus & ProMax	0.2	50%	Sa'atii 5	Piroobiiwwan hundi daangaa olaanaa duraan qindeeffame kan to'ataadhaan jijjiiramu hin dandeenye qabu. Darbiinsa yookaan Kufaatii Duwwaa	15000			
	Piroobii 8472 (Kaappaasitaansii) w/ ProPlus fi ProMax	0.2	50%	Sa'atii 2					
		0.1	95%	Sa'atii 2					
	Piroobii 8463 & 8473 (Maagineetoostiriikiivii)w/ ProPlus	0.2	armaan gadi ilaalaa	Sa'atii 2					
		0.1	95%	Sa'atii 3					
	Piroobii 8463 & 8473 (Maagineetoostiriikiivii)w/ ProMax	0.2	armaan gadi ilaalaa	Sa'atii 2					
		0.1	95%	Sa'atii 2-5					
	Piroobii 8463 & 8473 (Maagineetoostiriikiivii)w/CSLD	0.2	5%						
	Gulantaa oomishaa isa xiqqaa diyaametira taankarii irratti hundaa' uun: Diyaametira Taankarii = Oomisha Barbaadamu								
	24-26" 9" 70-79" 24" 123-133" 39"								
27-36" 12" 80-90" 27" 134-143" 42"									
37-47" 15" 91-101" 30" 144-154" 45"									
48-58" 18" 102-111" 33" 155-165" 48"									
59-69" 21" 112-122" 36" 166-175" 51"									
20030004R1 Veeder-Root Co. Tarree TLS (20030004 Bakka Kan Bu'u)	Piroobii 7842 (Kaappaasitaansii) TLS2 Irraan Kan Hafe Moodeloota Hunda	0.2	50%	Sa'atii 5	Piroobiiwwan hundi daangaa olaanaa duraan qindeeffame jijjiiramu hin dandeenye qabu. Darbiinsa yookaan Kufaatii	15,000	Hubachiisa: Piroobiiwwan kaappaasitaansii wayita qabiyyeen iitaanoolii 10% of ta'u sirnaan hin hojjetu.		
	Piroobii 8472 (Kaappaasitaansii) TLS250, TLS250i & TLS2 Irraan Kan Hafe Moodeloota Hunda	0.1	95%	Sa'atii 2		15,000			
		0.2	50%	Sa'atii 2					
	Piroobii 8463 & 8473 (Maagineetoostiriikiivii) TLS250iPlus, TLS300, TLS300i, TLS300iPlus, TLS300C	0.1	95%	Sa'atii 3		15,000			
		0.2	Armaan Gadi ilaalaa	Sa'atii 2					
	Piroobii 8463 & 8473 Tarree TLS 350 & TLS2	0.1	95%	Sa'atii 2-5		20000			
		0.2	Armaan Gadi ilaalaa	Sa'atii 2		30000			
	8463 yookaan 8473 W/CSLD Tarree TLS300 & TLS350	.2 Itti Fufe	5%			Qeenxee 45000 Hunda-galeessi 37K			
	Diyaametira Taankarii = Oomisha Barbaadamu								
	24-26" 9" 70-79" 24" 123-133" 39"								
27-36" 12" 80-90" 27" 134-143" 42"									
37-47" 15" 91-101" 30" 144-154" 45"									
48-58" 18" 102-111" 33" 155-165" 48"									
56-69" 21" 112-122" 36" 166-175" 51"									
20020005R1 GILBARCO, INC.	TM-2, TM-3, EMC Piroobii PA0238 (Kaappaasitaansii)	0.2 QOFAA	50%	Sa'atii 5	Piroobiiwwan hundi daangaa olaanaa duraan qindeeffame jijjiiramu hin dandeenye qabu. Darbiinsa yookaan Kufaatii	15,000	Dandeettii Darbiinsaa 227,559 qeenxee Walitti-qabaa 226,848		
	TM-2, TM-3, EMC PIROOBII PA0264 (Kaappaasitaansii)	0.2	50%	Sa'atii 2		15,000			
		0.1	95%	Sa'atii 2		15,000			
	TM-2, TM-3 Piroobiiwwan PA0265 & PA0300 (Maagineetoostiriikiivii)	0.2	Armaan Gadi ilaalaa	Sa'atii 2		15,000			
		0.1	95%	Sa'atii 3		15,000			
	EMC Piroobiiwwan PA0265, PA0300 (Maagineetoostiriikiivii)	0.2	Armaan Gadi ilaalaa	Sa'atii 2		20,000			
		0.1	95%	Sa'atii 2-5					
	EMC W/CSLD Piroobiiwwan PA0265, PA0300 (Maagineetoostiriikiivii)	.2 Itti Fufe	5%	hojiira hin oolu		Isa xiqqaatee gadi yoo ta'e qorannoo hin gaggeessu		Walitti-qabaa Hunda-galeessa 45K, 37K	
	Diyaametira Taankarii = Oomisha Barbaadamu								
	24" - 26" 9" 70" - 79" 24" 123" - 133" 39"								
27" - 36" 12" 80" - 90" 27" 134" - 143" 42"									
37" - 47" 15" 91" - 101" 30" 144" - 154" 45"									
48" - 58" 18" 102" - 111" 33" 155" - 165" 48"									
59" - 69" 21" 112" - 122" 36" 166" - 175" 51"									

MA# Oomishaa	Moodela	GOSA QORANNOO	Guutiinsa Xiqqaa	Wayitii Qorannoo (yaada ilaalaa)	DAANGAA OLAANAA	ISA GUDDAA DANDEETTII	YAADA
20020004 EBW, Inc.	AUTOSTIK II & JR Piroobiiwwan Tarree w/ 960/961	0.2	50%	Sa'atii 4	0.1	15,000	Qorannoon altakkaatti taankarii tokko irratti gaggeeffamuu danda'a.
	AUTOSTIK II & JR CSLD v31 yookaan v51	0.1	95%	Sa'atii 4	0.05	15,000	
	HUBACHIISA: Piroobiiwwan tarree EBW 970 & 973 safarawwan inventeriidhaafi malee, uumamuu dhangalaatii adda baasuuf miti.	0.2	30%		0.07	30,000	Ji'atti daddabarsa <150K Qorannoon altakkaatti taankarii tokko irratti gaggeeffamuu danda'a.
20010019 Elektirooniksii Emco	EECO TLM 1000, 3000	0.2	14%		0.1	20,000	EECO 1500, 2000, SLD tiif 20030003 ilaalaa
		0.1	95%		0.05	20,000	
990053 EBW, Inc.	Autostik (tarree 950) DUWWAA	0.2	10%	Sa'atii 4	0.1	15,000	
		0.1	95%	Sa'atii 4	0.05	15,000	
990047 Koorporeeshinii Marley Paampii Red Jacket	RLM5000, RLM5001, RLM9000	0.2	50%	Yeroon qorannoo hin argamu.	0.058	15,000	Piroobiiwwan hunduu maagineetoostiriiktivii yookaan altiraasoonikiidha. Lakkoofsonni piroobii homtuu hin jirani.
		0.1	95%		0.05	15,000	
	ST1400, ST1401, ST 1401L, ST1800, ST1801, St1801L, Prolink Ultra	0.2	15"		0.09	73,500	PC'f Kan Hojjetu
		0.1	95%		0.05	73,500	
	PROLINK	0.2	50%		0.1	18,000	
960043 OMNTEC	OEL 8000 Piroobiiwwan maagineetoostiriiktiviidha	0.2	50%		JJJIRAMAA	15,000	Qorannoowwan harkaan jalqabsiifamu. Lakkoofsonni piroobii homtuu hin jirani.
		0.1	95%		JJJIRAMAA	15,000	
960037 To'annoowwan Collee	INCON TS 2000	0.2	50%		0.058	15,000	Piroobiiwwan Maagneetoostiriiktivii yookaan kan Gulantaa Dijitaalaa Lakkoofsonni piroobii homtuu hin jirani.
		0.1	95%		0.058	15,000	
	SCALD	0.2	7%			30,000	Dandeettii Daddabarsuu Ji'aanii Isa Guddaa 108K
950069 Siistemoota Injineriingii	FAKKII ESI	0.2	90%		0.1	15,000	
950056 P C'f Si'ataa	MATAA TAANKARII AINLAY	0.2	50%		0.05	75,000	
	MATAA TAANKARII JR	0.2	20%		0.05	30,000	
940078 Seensariiwwan Waliigalaa	TICS 1000	0.2	90%		0.1	15,000	
930080 Koorporeeshinii To'annoowwan Andover	TMU & INFINITY	0.2	50%		0.2	15,000	
		0.1	95%		0.1		
930071 Tidel Injineriingi	EMS 3500	0.2	15%		0.1	15,000	
		0.1	95%		0.05	15,000	
		0.2	50%		0.05	15,000	
930058 L&J Kan Naannoo	MCG 1100,8100	0.2	50%		0.1	15,000	
		0.1	95%		0.05	15,000	
920092 Ronan Injineriingi	API/RONAN	0.2	10%		0.1	15,000	
		0.1	95%		0.05	15,000	
920052 Alert Teekinolojiis	ULEE GAMNAA I 2000	0.2	50%	Sa'atii 1-15	0.1	15,000	
920030 To'annoowwan MagneTek	7021	0.2	10%	Sa'atii 6	0.2	15,000	Piroobii #7030
		0.1	95%	Sa'atii 12	0.1	15,000	
910107 Wm.Wilson's Sons Inc.	GASBOY TMS 500	0.2	50%	Sa'atii3	0.2	15,000	Piroobiiwwan hin beekamne. Piroobii maagineetoostiriiktivii
		0.1	95%	Sa'atii9	0.1	15,000	
910093 To'annoowwan Mallory	FAKKII	0.2	90%		0.1	15,000	

DABALATA 2: Adeemsa Qorannoo Hojmaata Safartuu Taankarii Aawutomaatikaalaa

Meeshaan uumamuu yaa'aa adda baasu akkaataa qajeelfamoota oomishtuutti diriifamuu fi safarmauu akkasumas akka armaan gadiitti hojjechuu fi suphaan taasifamuufii akka qabu seerri 0400-18-01-.04(1)(a)2 ni gaafata:

- Qajeelfamoota oomishtootaa;
- Koodii bartee waldaa akka biyyaatti beekamtii qabuu yookaan laaboraatoorii qorannoo of danda'aatiin qophaa'e; ykn
- Ulaagaaleen Diviizhinichaan murtaa'an fayyaa namaa fi kan naannoof eegumsa yaraa kan godhan miti.

Akkaataa Seera 0400-18-01-.04(1)(a)3 keessatti eerameen Abbootiin qabeenyaa fi/yookaan to'attoonni hojmaata Safartuu Taankarii Aawutomaatikaalaa (ATG) waggaa waggaa qorachuu qabu. Qaamoleen yookaan ulaagaan armaan gadii sirnaan akka hojjetu gochuuf sakatta'amu fi qoratamuu qabu:

- Koonsoliin ATG fi to'annooleen kanbiroon: dammaqsituu qorachuu; qindeeffama siistemaa mirkaneessuu; olkaawwannaa baatirii qorachuu;
- Piroobiiwwanii fi seensariiwwan: kuusaa haftee sakatta'aa; bololiiwwan bilisaan socho'uu isaanii mirkaneessaa; shaaftiin miidhaan irra ga'uu dhiisuusaa mirkaneessaa; shiboowwan jallachuu fi cabuu dhiisuu mirkaneessaa; dammaqsituun hojjetaa jiraachuu fi quunnamtii to'annoo wajjiin qabu qoradhaa.

Ulaagaaleen armaan olii guutamuu fi ATG'n sirnaan hojjetaa jiraachuu mirkaneessuuf tarkaanfilee olitti eeraman hordofaa.

A. Sakatta'iinsa koosolii

1. Lakkoofsa oomishaa fi moodelii ATG galmeessaa.
2. Dammaqsituuwwan hojiirra jiraachuu akkasumas to'ataa faasiliitiitti sagalee dhageessisuu fi/yookaan mullachuu danda'uu mirkaneessaa.
3. Koonsolichi sarara elektirikii isaaf adda baherra akka jiru mirkaneessaa.
4. Akkaataa qajeelfamoota oomishtuutiin olkaawwannaa baatirii mirkaneessaa.


B. Funaansaa fi gulaallii deetaa

1. Gabaasota inventerii fi qindeeffama siistemaa gulaalaa. Jildii moosaajii galmeessuun odeeffannoo gosa isaa qoradhaa. Koonsoliif akkaataa qajeelfamoota oomishtuutiin sagantaan barreeffamuufii fi qorannoolee dhangalaatii 0.2 gph gaggeessaa jiraachuusaa mirkaneessaa. Gabaasa qindaa'inaa gabaasa qorannoo ATG'n walqabsiisaa.
2. Of eeggannoo yookaan dammaqsituuwwan uumamuu dhangalaatii agarsiisan banamanii yookaan hin cufamiin jiran jiraachuu dhiisuu isaanii mirkaneessuuf gabaasota dammaqsituu banaa fi seenaa dammaqsituu ilaalaa. Kutaa yaadawwanii keessatti dhimmoota ijoo galmeessaa.
3. Boba'aa itaanolii 10% ta'u yookaan isaan ol ta'e qabu, kan iinchii 0.25'tti qindaa'uufii qabu irraan kan hafe dammaqsituun hamma bishaanii olaanaa ta'ee gosoota boba'aa hundaaf iinchii 2 caaluu hin qabu.

C. Sakatta'iinsa piroobii

1. Tokkoon tokkoo taankariif lakkoofsa kutaa, qabiyyee (gaalooniidhaan), diyaameetira (iinchiidhaan), fi lakkoofsa tarree piroobii galmeessaa.

2. Shiboowwan jajjallachuu fi caba qabaachuu isaanii sakatta'aa. Foxxoqaan shiboo, giroomeetonna, fi gaaskeetonna kubbaayyaa bakka sirrii fi nageenyi isaa eegame jiraachuu mirkaneessaa.
- D. Sakatta'iinsa bololii
1. Bololiiwwan bilisa ta'anii kan socho'an yemmuu ta'u, daanda'ummaa fi haftee irraa bilisadha.
 2. Olka'iinsa bishaanii fi boba'aa taankarii keessa jirani safaraa. Gulantaaleen olka'iinsawwan inventerii ATG wajjiin walsimuu mirkaneessaa.
 3. Dammaqsituun sirrii ta'ee akka banamuuf bololii boba'aa xiqqeessuun bololii bishaanii immoo olkaasaa.
- E. Piroobii irra deebiin diriirsuu. Kubbaayyaan piroobii fi quunnamtiin shiboo nageenyi isaa eegamuu mirkaneessaa. Koonsolii wajjiin quunnamtiin sirriin jiraachuu adda baasaa.



Istaatistikaal Invenierii Riikoonsileeshinii

Qajeelfama Sakatta'insaa Sadarkaa Isaa Eeggate

Kutaa 3.3

Muummee Naannoo Fi Kunuunsa Qabeenya umamaa Tennessee

Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Seerichi Onkololeessa 13, 2018 irraa eegalee hojiirra oola

Sanadi Yeroo Dhumaaf Kan Gulaalame: Waxabajjii 17, 2022

Fuulli kun itti yaadamee duwwaa hafe

Gabatee Qabiyyee

Gabatee Qabiyyee.....	i
1. AKEEKKACHIISA.....	2
2. KAAYYOO	2
3. TAAYITAA	2
4. HOJIIRRA OOLMAA	2
5. SEENSA.....	3
6. HIIKAAWWAN	3
7. ULAAGAALEE.....	5
8. SIRNA DHANGALAA TAANKARII KEESSATTII ITTI FUPIINSAAN BEEKUU.....	7
9. GABAASOTA CITLDS	7
10. GALMEE KAA'UU.....	8
11. GABAASUU.....	10
12. WABIIWWAN	10
13. DABALATA.....	10
DABALATA 1.....	11
DABALATA 2.....	14
DABALATA 3.....	15



NAANNOO TENNESSEE
MUUMMEE NAANNOO FI KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAA
DIVIIZHINII TAANKARIWWAN KUUSAA LAFA JALAA

BOQONNAA TEEKINIKAA 3.3
ISTAATISTIKAAL INVENTERII RIIKOONSILEESHINII (SIR)

1. AKEEKKACHIISA

Sanadi kun qajeelfama qofa waan ta'eef mirgootaa fi dirqamoota seeraan kennaman irratti dhiibbaa hin qabaatu. Haalota kam keessattuu murtoowwan ejensiin kennaman seerotaa fi dambiiwwan haalicha irratti hojiirra ooluu danda'an hojiirra oolchuun kan godhaman ta'u. Maqaalee daldalaa yookin oomishoota daldalaa maqaa dhahuun gargaarsa yookin gorsoota haala itti fayyadamaa of keessatti hin haammatu.

2. KAAYYOO

Kaayyoon Boqonnaa teekinikaa kanaa hojjetoota Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa (Diviizhinii) fi hawaasa to'annoo, ulaagaalee to'annoo Istaatistikaal Invenetarii Riikoonsileeshinii (SIR) dhaaf barbaachisan hubachuu irratti gargaaruu fi uumamuu dhangalaatii ittisuuf mala kana akka fayyadamaniiif shaakalawwan fudhatama qaban irratti qajeelcha kennuudha. Barteewwan SIR kan dhiyeessaa SIR kan ibsu yemmuu ta'u, sakattaatotaaf akka qajeelfamaatti tajaajila.

Boqonnaan teekinikaa kunis kan of keessatti qabatu immaammata qoodiinsa seeraa fi ittiin bulmaata kan amma hojiirra jiruu kan sagantaa taankarii kuusaa peetirooliyeemii lafa jalaa Tennessee irratti hundaa'a. Sanadi kun maxxansa kana dura ture hundumaa bakka bu'a. Boqonnaan teekinikaa kanaa inni yeroo ammaa kan maxxanfamee fi yeroo hunda marsariitii Kutaa kanaa irratti kan argamu ta'a.

3. TAAYITAA

Seeronni boqonnaa teekinikaa Boqonnaa 0400-18-01 keessatti haammataman marsariitii Qoodiinsa Diivizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa <https://publications.tnsosfiles.com/rules/0400/0400-18/0400-18.htm> irratti argamu

4. HOJIIRRA OOLMAA

SIR'n taankarii kuusaa peetirooliyeemi lafa jalaa (UST) fi/yookaan siistemoota sarara ujummoo Adoolessa 24, 2007 dura diriifamaniif akka mala uumamuu dhangalaatii adda baasu isa jalqabaatti faayyidaarra ooluu danda'a (taankaroota yookaan sararoota ujummoo gaafa Adoolessa 24, 2007 yookaan isaan booda diriifamaniif to'annoon interestishiyaalii ni barbaachisa¹). Bu'aawwan to'annoo mala uumamuu dhangalaatii adda baasurratti ji'aan godhamuu sarara ujummoo oomishaa hammachuu danda'a; ta'us, maloonni uumamuu dhangalaatii sararatti mudatu adda baasuuf gargaaran kan akka maloota makaanikaalaa yookaan eletiroonikii uumamuu dhangalaatii adda baasan wayita SIR'n to'annoo ji'aatiif faayyidaarra oolutti akkaataa seerota .04(2)(b)1.(i) fi .04(4)(a) irratti eerameen ujummoowwan dhiibbaan hojjetaniif ni barbaachisu.

Akkaataa seerota .04(3)(b) fi .04(4)(b) jalatti eerameen SIR akka mala to'annoo ji'a ji'aa qofaattu kan fayyadu malee akka mala qorannoo jabeenya taankarii yookaan sararaatti kan fayyadu miti.

¹ Seera 0400-18-01-.02(1)(c) tiin barbaadama

5. SEENSA

SIR'n moosaajii kompiitaraa deetaa inventerii, dhaqqabiinsaa guyyuu, fi raabsaa guyyuu turtii yeroo keessa (guyyoota soddoma (30) caaluu kan hin qabne) walitti qabame xiinxaluun siistemni UST dhangalaasuu isaa adda baasan gargaaramuun raawwatama. Tokkoon tokkoo guyyaa hojiitti, akkaataa seerota .04(3)(e)1. and .04(4)(d)1 tiin barbaadamuun, safarri gulantaa oomishaa ulee safaraa yookaan meeshaa elektirooniksii kan akka safartuu taankarii aawutomaatikaalaa fa'aatti dhimma bahuun raawwatamaa. Abbaan qabeenyaa/to'ataan ragaalee deetaa raabsaa fi dhaqqabiinsaa hunda olkaa'uu qabu.²

Kaampaaninni SIR gaggeessuudhaan beekamtii qaban ("Dhiyeessitoota SIR") ni jiru. Kaampaanota kanneen keessaa tokko abbaa qabeenyaa/to'ataa taankariitiin yoo faayyidaarra oolfame, abbaan qabeenyaa/to'ataan akkaataa beellama dhiyeessa'atiin qabameen (kan guyyoota 30 hin caalleen) deetaa SIR hojiirra ooluu danda'u kaampaanichaaf ni ergu. Deetaan sunis dhiyeessaa SIR sanaan xiinxalamuun gabaasni bu'aa isaas abbaa qabeenyaa/to'ataa taankariif ergama. Akka filannootti, dhiyeessitoonni SIR muraasni jildiiwwan sagantaa SIR isaanii akka guuboo moosaajii nama leenjii'een koompiteroota dhuunfaatiin to'atamuu danda'an qopheessan jiru. Siistemoonni kunneen altokko tokko siistemoota SIR "of-danda'oo" jedhamanii kan waamaman yemmuu ta'u, madaallii deetaa abbaa qabeenyaa/to'ataadhaan galfamu deeggarsa xiinxalaa deetaa SIR alaa dhufu malee raawwachuu akka danda'anitti kan saxaxamanidha. Abbaan qabeenyaa/to'ataan siistemoota SIR "of-danda'oo" fayyadaman moosaajicha fooyyessuu kan hin dandeenyee fi siistemicha akkaataa saxaxameen to'achuu qofa kan danda'an yemmuu ta'u, wanta si'aayina malichaa jijjiiruu danda'u yookaan carra argamaa yookaan carraa dammaqsituwwan sobaan banuu irratti dhiibbaa qabaachuu danda'an kamiyyuu raawwachuurra kan dhorkamanidha². Fooyyessi sagantaa yookaan moosaajii haaromsuun carraa argamaa (Pd) yookaan dammaqsituu sobaan banuu (Pfa) geessisuu danda'u kamiyyuu ogeessa mala SIR yookaan abbaa qabeenyaa mala SIR kan ammaa qofaan yemmuu ta'u gulaallii dabalataa qaama sadaffaan godhamu yookaan waraqaa ragaa barbaachisuu danda'a.³

Haalota muraasa keessatti, dhiyeessitoonni SIR deetaa kallattiin waajjira dhiyeessitoota SIR'tti erguu caalaatti kaampaanii naannoo jiraniif waraqaa deeggarsaa kennuu danda'u. Mijeessawan kanneen jalatti, namoota dhiyeessaa SIR'tiin deetaa xiinxaluudhaaf leenjii gahaa fudhatan duwwaatu wayita sagantaa SIR to'atanitti calallii deetaa yookaan ragaa ji'aanii kan SIR murteessoo keessatti hirmaachuu danda'a.

6. HIIKAAWWAN

Saffisni Dhangalaatii Shallagame "saffisa dhangalaatii" yookaan "tilmaama saffisa dhangalaatii" jedhamuunis kan beekamu, shallaggii lakkoofsa kan sa'atiitti garaagarummaa gaalonii zeeroo (0) (gph) irraa kaasee jiru adda baasudha. SIR adda baasuuf, saffisni dhangalaatii daangaa olaanaa dhangalaatii wajjiin walbira qabama (hiikkaa armaan gadii ilaalaa). Saffisni dhangalaatii deetaa SIR'f shallagamee daangaa olaanaa kaawwame yoo cale, achiitii gabaasni SIR "kufaatii" agarsiisuu qaba⁴; ta'us, yoo Daangaa Olaanaadhaa gadi ta'emmo "darbiinsa" dha jechuudha.⁵ Dhiyeessitoonni SIR mala hammeentaairratti hundaa'u⁶ fayyadamuu kan qabanii fi **saffisa dhangalaatii shallagame** bu'aawwan SIR keessatti gabaasa gochuu qabu.⁷

Saffisawwan dhangalaatii shallagaman mallattoon poosatiivii yookaan negatiivii fuuldura isaaniitti barreeffameen gabaafamuu kan danda'anii, fi bu'aawwan muraasni akka "daballii" yookaan "hamma daballii" tti gabaafamuu malu. Daballiin sababa ho'aa baballachuu oomishaa, dogoggora safaraa, yookaan akka carraa bishaan seenuun uumamuu danda'a. Saffisni dhangalaatii shallagame poosatiiva yookaan negatiiva ta'us dhiisus, giti sirriin saffisa dhangalaatii daangaa olaanaa kan caalu taanaan, bu'aan SIR "kufaatii"⁸ jedhamuudhaan seeronni Diviizhiniin akka uumamuu dhimmuu shakkameetti ilaalamu akka qabu

² Seera 0400-18-01-.04(1)(a)2 barbaadama.

³ Seera 0400-18-01-.04(1)(a)5 tiin barbaadama.

⁴ Seera 0400-18-01-.04(3)(e)4.(ii) fi .04(4)(d)4.(ii) barbaadama

⁵ Seera 0400-18-01-.04(3)(e)4.(i) fi .04(4)(d)4.(i) barbaadama.

⁶ Seera 0400-18-01-.04(3)(e)4. fi .04(4)(d)4 barbaadama.

⁷ Seera 0400-18-01-.04(3)(e)3. fi .04(4)(d)3 barbaadama.

⁸ Seera 0400-18-01-.04(3)(e)4.(ii) fi .04(4)(d)4.(ii) barbaadama

gaafatu.⁹

Cuunfuuf Kan Rakkisu jechuun qulqullinni deetaa sanaa bu'aa cuunfamuu dandeessisu hin dhiyeessu. Cuunfuuf rakkisuun haalota baayyeedhaan uumamuu kan danda'uu fi siistemni UST dhangalaasaa jira jechuu miti; deetaan sun qulqullinni isaa gadi aanaa ta'uu fi cuunfamuu murtoorra ga'uun akka hin danda'amne qofaa kan agarsiisudha. Abbaan qabeenyaa/to'ataan sababoota bu'aawwan cuunfuuf rakkisan akka uumamu taasisan qorachuu qabu.¹⁰ Dhiyeessitoonni SIR hedduun adeemsa ittiin bu'aawwan cuunfamuu rakkisu qoratan wayita qabaatan, yeroo hedduu dhiyeessaan amaloota deetaa irratti hundaa'uun bu'aawwan cuunfamuu maaf akka rakkise irratti abbootii qabeenyaa taankariif gorsa kennuu ni danda'u. Akkaataa abbaan qabeenyaa/to'ataan itti bu'aawwan cuunfaarra gahuun rakkisuuf furmaata itti kennan seerota Diviizhiniin .04(3)(e)6., .04(4)(d)6. fi boqonnaa teekinikaa keessatti ibsamaniiru.

Yaa'aa Daangaa Olaanaa (altokko tokko "Daangaa Olaanaa" jedhama). Kunis tuqaa waabeffannaa malli SIR "darbiinsa" yookaan "kufaati" murteessuuf fayyadamudha.

- Saffisni yaa'aa shallagame yoo daangaa olaanaa (0.1 gph) tiin yoo kan **caalu** ta'e, bu'aan SIR inni sirriin akkaataa seerota .04(3)(e)4.(ii) fi .04(4)(d)4.(ii) irratti eerameen "kufaati" ta'a.
- Saffisni yaa'aa shallagame daangaa olaanaatii gadi yoo ta'e, bu'aan SIR inni sirriin akkaataa seerota .04(3)(e)4.(i) fi .04(4)(d)4.(i). irratti eerameen "darbiinsa" ta'a.

Daangaa Olaanaan kunis madaallii qaama sadaffaan godhamu keessatti kan murtaa'uu fi ½ Sadarkaa Raawwiitti kan qindeeffamudha. Sadarkaa Raawwii 0.2 gph guutuudhaaf, daangaa olaanaan maloota SIR kan ji'aanii 0.1 gph ta'uu qaba. Saffisni dhangalaatii shallagame 0.1 gph yoo caale, dhiyeessan SIR akkaataa seerota .04(3)(e)4.(ii) fi .04(4)(d)4.(ii) irratti eerameen "kufaati" jechuu danda'u.

Saffisni Dhangalaatii Adda Baafamuu Danda'u Inni Xiqqaan (MDL) safara qulqullina deetaa yemmuu ta'u deetaa dheedhii kan ji'aa wajjiin jijjiiramuu danda'a. Deetaan dheedhii kan ji'aa baayyinaan tuuta deetaa jedhamuudhaan beekama. Tokkoon tokkoo tuuta deetaa adda kan ta'ee fi qulqullinni deetaa baayyee gaarii tii hamma baayyee gadhee ta'uu danda'a. Dhiyeessaan SIR tuuta deetaa kennameef MDL wayita adda baasanitti, akkaataa seera .04(1)(a)4 tiin barbaadamuun hamma dhangalaatii isa baayyee *xiqqaa* ta'eefi gulantaa Pd 95% fi Pfa 5% irratti adda baafamuu danda'u ni ibsu. MDL'n mala calallii ittiin deetaan xiinxala SIR kan ji'aatiif fudhatama qabaachuusaa adda baasuuf gargaarudha. MDL'n tuuta deetaa akkaataa armaan gadiitiin Sadarkaa Raawwii wajjiin walbira qabama:

- MDL'n Sadarkaa Raawwii (0.2 gph) tiin walqixa yookaan isaa ol yoo ta'e, tuutni deetaa sanaa xiinxala SIR kan ji'aatiif kan hojjetu ta'a.¹¹
- MDL'n Sadarkaa Raawwii (0.2 gph) tii ol yoo ta'e, deetaan xiinxalamuu ni danda'a, ta'us bu'aan SIR xiinxala SIR'f hojiirra hin oolu, kanaaf deetaan sun seera .04(1)(a)4 tiin kan barbaadamu gulantaa amanamummaa kan Sadarkaa Raawwii kan Pd 95% fi Pfa 5% ta'e hin guutu.

MDL'n Sadarkaa Raawwiitii ol gaafa ta'u, dhiyeessitoonni SIR muraasni, tuuta deetaa sanaaf cuunfaarra ga'uuf kan rakkisu jechuudhaan, sababa bu'aan SIR sun sirrii hin taaneef shallaggii saffisa dhangalaatii sana hin gabaasani.

Sadarkaan Raawwii akka mala uumamuu dhangalaatii adda baasuutti faayyidaarra ooluuf ulaagaa siistemichi guutuu qabudha. To'annoo ji'aaniitiif 0.2 gph'dha. Malli SIR sadarkaa kana hin guunnee uumamuu dhangalaatii adda baasuudhaaf fudhatama hin qabaatu. Akkaataa pirootokoolii addatti mirkaneeffameen, madaalaan Qaama Sadaffaan mala SIR sana irratti qorannoo hedduu ni gaggeessa. Malichi madaallii qaama sadaffaa dhangalaatii hamma murtaa'e adda baasuuf dandeettii qabaachuu irratti waraqaa kennuu yoo hin darbina, akkaataa seera .04(1)(a)5 tiin barbaadamuun Tarree Humna Hojii Biyyaalessaa Kan Madaalliwwan Dhangala'aa Adda Baasuu (NWGLDE) irra seenuu hin danda'u. Marsariitiin NWGLDE kunooti www.nwglde.org.

⁹ Seera 0400-18-01-.04(3)(e)6.(i) fi .04(4)(d)6.(i) barbaadama

¹⁰ Seera 0400-18-01-.05(1)(a)3. tiin barbaadama.

¹¹ Seera 0400-18-01-.04(1)(a)4 tiin barbaadama.

Carraan Argamuu (Pd) and Carraan Dammaqsituu Sobaa (Pfa) sadarkaawwan raawwii seera .04(1)(a)4. tiin hunda’anii fi kan maloonni uumamuu dhangalaatii adda baasan hundi akka maloota UST sirriitti ilaalamuudhaaf guutuu qabanidha. Pd’n maloota uumamuu dhangalaatii adda baasan hundaa yoo xinnaate 95% ta’uu kan qabu yemmuu ta’u, kunis karaa biraan malichi dhangalaatiwwan 0.2 gph yeroo 100 keessaa yoo xinnaatee si’a 95 adda baasu danda’a jechuudha. Pfa’n 5% hin caalle jechuun immoo dammaqsituuwwan sobaa 100 keessaa yoo baayyate si’a 5 caalaa uumamuu hin qabani. Kunis altokko tokko gulantaa amanamummaa 95/5 jedhama. Pd fi Pfa’n safarawwan qulqullinaa kan dhangalaatiin hamma murtaa’ee darbuu dhiisuusaa mirkaneessuu, fi malichi taankaroonni jabaatan kufaa jiraachuu dhiisuu isaanii mirkaneessuu dandeessisa.

7. ULAAGAALEE

Maloonni SIR Tennessee keessa jiran hundi sadarkaa raawwii 0.2 gph daangaa olaanaa isa guddaa 0.1 gph ta’e guutuu qabu. Maloonni SIR hundi carraa argamuu (Pd) 95% carraa dammaqsituu sobaa (Pfa) 5% wajjiin akkaataa seera .04(1)(a)4 irra taa’een qabaachuu qabu. Maloonni SIR malichi ulaagaa armaan olii guutuu adda baasuudhaaf Qaama Sadaffaadhaan madaalamuu qabu. Maloonni ulaagicha guutaan tarree NWGLDE irratti kan dabalamanii fi marsariitii isaanii kanarratti maxxanfamu www.nwglde.org. Malli marsariiticha irratti hin mullanne kamuu sirnaan kan hin madaalamnee fi akkaataa seera .04(1)(a)5 tiin akka mala dhangalaatii adda baasu sirrii ta’eetti Diviizhiniidhaan fudhatama hin argatan. NWGLDE’n warra malichaaf eyyema qaban tokko tokkoon osoo hin taane, maloota SIR qofaa kan tarreessudha.

SIR’n mala to’annoo ji’aa seera .04(3)(e) fi .04(4)(d) tiin eyyama qaban dha; kanaaf, gabaasni SIR akkaataa seerota .04(3)(e)2. fi .04(4)(d)2 tiin barbaadamuun ji’a ji’aan maddisiifamuu qaba. Deetaa dheedhii ji’a ji’aan funaanuu fi gara fuulduraatti xiinxalli deetaa akka irratti godhamuuf dhiyeessa SIR’tti erguuf olkaa’uun qofti, to’annoo ji’aanii kan hin taane yemmuu ta’u, seerota UST kan cabsudha. Deetaan dheedhiin SIR wayita ji’a funaansa deetaatti moosaajii SIR’tiin xiinxalamuu qaba. Gabaasni bu’aawwan xiinxala deetaa kanneenii akkaataa seerota .04(3)(e)2. fi .04(4)(d)2 tiin barbaadamuun wayita funaansa deetaa ji’a ji’aaniitti maddisiifamuu qaba.

SIR taankaroota qeenxeeirratti dhimma bahuuf dandeettiin isaa daanga’uu danda’a. Daangaawwan kunneen marsariitii NWGLDE fi Boqonnoo Teekinikaa kanarraa Dabalata 1 irratti argamuu danda’u.

SIR’n dandeettiin waliigalaa siistemoota hunda-galeeyyii dandeettii malli kun mirkanaa’eef yoo hin caalle, siistemoota UST hunda-galeeyyii irratti faayyidaarra ooluu ni danda’a. Dandeettiin siistema hunda-galeessaa dandeetti tarreeffame yoo caale, malli uumamuu dhangalaatii adda baasuuf gargaaru kan biraan faayyidaarra ooluu danda’a.¹² SIR’n siistemoota hunda-galeeyyii irratti yoo hojjiirra oole, taankaroota hunda-galeeyyii hundaaf bu’aan SIR tokko qofti kan jiraatu ta’us, safaroonni gulantaa oomishaa tokkoon tokkoo taankariif funaanamuu qaba.¹³

Bakka SIR sirna UST irratti valvii makaa kan oomisha hedduu kennuu (MPD) keessatti fayyadamutti, baay’inni bu’aawwan SIR baay’ina oomishaalee makamaa jiruun walsima. Fakkeenyaaf, dhaabbata tokko keessatti beenzilli idilee, sadarkaa giddu galeessaa fi sadarkaa olaanaa yoo jiraate, dhaabbatichi beenzila sadarkaa sadii gurguraa jiraatus, bu’aan SIR idileetiif fi sadarkaa olaanaatiif jiraachuu qaba.

Gurgurataan SIR tokko madaallii jalqabaatiif daataa ji’a tokkoo (1) olii yoo barbaade, yeroo sanatti mala biraa ji’a ji’aan gadhiifamuu kan gaggeeffamu akkaataa barbaadama adda baasuu seerota .04(3)(e)5. Fi .04(4)(d)5. tiini.

Malli SIR **hammadtaan** ta’uu qaba. Qormaanni hammadtaa bu’aawwan gama saffisa yaa’aa lakkoofsa’atiin amala taankarii deetaa irratti hundaa’uun gabaasa. Seerotni .04(3)(e)4.(ii) fi .04(4)(d)4.(ii) 0.1 gph “kufaati” murteessuuf akka ulaagaatti ibsu, kanaaf gurgurataan yoo saffisi yaa’aa shallagame 0.1 gph ol darbe darbiinsa labsuu dhiisuu mala

¹² Seera 0400-18-01-.04(1)(a)5 tiin barbaadama.

¹³ Seera 0400-18-01-.04(3)(e)1. fi .04(4)(d)1 barbaadama.

Seerotni .04(3)(e)2.(i) fi .04(4)(d)2.(i) bu'aawwan SIR ji'aa bu'aa SIR maddisiisuudhaaf daataa callaa gurgurataa SIRf kenname akka hammatu ni barbaadama. Ulaagaalee addaa ta'eef, kutaa **GALMEE KAA'UU** armaan gadii ilaalaa.

Seeronni .04(3)(e)1. fi .04(4)(d)1. walitti qabamni daataa SIR akkaataa armaan gadiitiin akka gaggeeffamu barbaadama:

- Safartuwwan qabiyyee inventarii petirooliyeemii seensa, bahinsa, fi hammi taankarii keessatti kuufame guyyaa hojii hunda galmaa'a (kaayyoo SIR tiif kun guyyaa kamiyyuu taankiin oomisha inchii tokkoo fi isaa ol of keessaa qaba jedhamee ibsama);
- Meeshaan dubbisa inventarii guyyaa hunda fudhachuuf fayyadu haala gaarii irra kan jiru yoo ta'u, fi sadarkaa peetirooliyeemii olka'iinsa taankii guutuu hanga inchii tokko saddettaffaatti safaruu kan danda'udha;
- Galteen peetirooliyeemii nagahee qaqqabinsaa waliin kan walsimsiifamu qabee inventarii taankarii qaqqabinsaa duraa fi booda safaruuni;
- Qaqqabinsi karaa ujummoo cophaa kan taankarii jala faana tokko (1) keessatti irra darbuun raawwatama;
- Safartuwwan gulantaa oomishaa kanneen ulee safartuu fayyadamuun fudhataman karaa ujummoo cophatiin fudhatamuu qabu;
- Raabsi peetirooliyeemii sirreeffama meetiraa yookiin peetirooliyeemii gaalonii shan (5) baafame hundaaf inchii kiyuubii ja'a (6) sirrii ta'een istaandaardii naannoo keessatti ni safarama akkasumas ni galmaa'a;
- Meetirri yoo xiqqaate waggaa waggaan sirreeffamuu qaba. Raabsitooleen bu'uuraalee qinxaaboo keessaa hundi meetiroota akkaataa istaandardii sirreeffama meetiraa naannootiin sirreeffame yookiin inchii kiyuubii ja'a (6) sirrii ta'e gaalonii shan (5) baafame hundaaf qabaachuu qabu. Muummeen Qonnaa Tennessee Gartuun Tajaajiloota Dambii namoota dhuunfaa ragaa qaban akka istaandardii naannooti sirreeffamoota meetiraa akka gaggeessan barbaada.
- Safartuun sadarkaa bishaanii kamiyyuu jala taankarii keessa jiruu yoo xiqqaate ji'atti al tokko inchii tokko-saddeettaffaa isa dhiyootti hojjetame fi galmaa'e.

Safartuwwan gulantaa oomishaa guyyaa **hunda** oomishni inchii tokkoo fi isaa ol taankii keessatti kuufamee walitti qabamuu qaba.¹⁴ Kunis taankarii waqtii, kan akka keeroosiinii ykn taankarii marinaatti argaman (Kutaa 2.2 Sirnoota Baramaa UST ilaalaa), taankarii yeroo ayyaanaa hojiirra hin oolle yookiin abbaan qabeenyaa/opereetara yeroo dheeraaf hin jirre, yookiin taankarii yeroodhaaf tajaajilaa ala ta'e dabalata. Keessa deebii yeroo sakatta'iinsatti akkaataa seerota .04(3)(e)1.(vi) fi .04(4)(d)1.(vi) tiin gamaaggamuuf loogiiin safartuu sadarkaa bishaanii ji'aa barbaachisaadha.

¹⁴ Seera 0400-18-01-.04(3)(e)1.(i) fi .04(4)(d)1.(i) barbaadama

8. SIRNA DHANGALAA TAANKARII KEESSATTII ITTI FUFIIINSAAN BEEKUU

4.1 “Waldhabdee dantaa isa sirrii” jechuun wal-dhabdee dantaa yeroo dhimmi sun xiyyeeffannoo keessa galee jiru sanatti guutummaadhaan argamu jechuudha. Wal-dhabdeen dantaa cimaa ta'e waldhabdee dantaa isa sirrii ta'e fiduu danda'a.

4.2 “Wal-dhabdee Dantaa Kallattii” jechuun:

(a) Gochaalee 7 jalatti tarreeffaman keessatti hirmaachuu; yookin
(b) Gochaa, koontiraata, Qacarrii, yookin hojii kan diippartimentiin irratti fedhii horachuu malu akkasumas hojjetaan kanneen armaan gadii gochuudhaaf dirqama uummataa qabu keessatti Fedhii Kallattii Dhuunfaa qabaachuu:

- (i) Filachuu, baasuu, irra taruu, yookin karaa kamiinuu to'annaa gochuu; yookin
- (ii) Karaa kamiinuu to'achuu fi sakatta'uu.

4.3 “Fedhii Dhuunfaa Kallattiinii” jechuun gocha, qacarrii, dalagaa, hirmaannaa, yookin koontiraata qacaraa fi daldala hojjetaan dhuunfaa sun qofaa isaatti qabuu, miiltoowwan(partners), yookin nama fedhii to'annaa qabu gidduutti jiru jechuudha. "Dhala(interest) irratti to'annoo gochuu" jechuun aksiyoona korporeeshinii tokkoo dhibbeentaa kudhan (% 10) fi isaa ol abbummaa seeraa yookiin faayidaa qabu yookiin dhaabbatichi dhaabbata daldalaa abbummaaf aksiyoona kan hin fayyadamne yoo ta'e, abbummaa seera qabeessa yookiin faayidaa daldalaa dhibbeentaa kudhan (%10) fi isaa ol kan ta'e yoo ta'e jechuudha.

4.4 "Fedhii Faayinaansii(financial Interest)" jechuun fedhii kamiyyuu kan fedhii yeroo ammaa kan qabu yoo ta'e, walitti qabaan kan argamu yookiin karaa daldala walduraa duubaan kan argamu ta'us, kan gatii \$5,000 ol qabu jechuudha.

4.5 “Wal-dhabdee dantaa al-kallattii” jechuun:

(a) Gochaalee 8 jalatti tarreeffaman keessatti hirmaachuu; yookin
(b) Gochaa, koontiraata, Qacarrii, yookin hojii kan diippartimentiin irratti fedhii horachuu malu akkasumas hojjetaan kanneen armaan gadii gochuudhaaf dirqama uummataa qabu keessatti Fedhii al-kallattii Dhuunfaa qabaachuu:

- (i) Filachuu, gochuu, irra taruu, yookin karaa kamiiniyyuu to'achuu; yookin
- (ii) Karaa kamiinuu to'achuu fi sakatta'uu.

4.6 “Fedhii Dhuunfaa Al-kallattii” jechuun sochii, qacarrii, yookin koontiraata namni dhuunfaan tokko, akka 4.3 keessatti ibsametti, Fedhii Dhuunfaa Kallattii caala fedhii irratti qabaatu jechuudha.

4.7 “Yuunitii Dhaabbataa” jechuun qoqqoodinsa xiqqaa Komishinarichaan kaayyoo bulchiinsa'atiif tolfame jechuudha. Yuuntiiwwan dhaabbataa kaayyoo imaammata kanaaf ta'an, Komishinarichaan barreeffamaan yoo ibsame malee, akeektuu dabalataa(appendix) imaammata kanaa keessatti kaa'amani jiru.

4.8 “Fedhii Dantaa cimaa” jechuun haala yookin hariiroo adeemsa baratamaa qophii keessatti kan Fedhiin Dantaa Inni Sirrii ta'e irraa mudachuu danda'u jechuudha.

4.9 “Ramaddii Dalagaa Adda ta'ee” jechuun dalaga addaa kan hogganaadhaan ajajame jechuudha. Hojii daangaa ibsa hojii hojjetaa tokkoo keessatti kufuu danda'uudha, garuu ibsa hojii jalatti addatti kan hin barbaachifne waan ta'eef ramaddiin isaa murtoo irratti kan hundaa'edha. Fakkeenya Ramaddii Hojii Addaa Dhaabbata XYZ dambii akka eegu sakatta'uudhaaf ulaagaa guutamuu qabu ta'uu danda'a.

5. UIAAGAALÉE IBSA HOJJETAA TAJAAJILA FILATAME

5.1 Akka Tenn keessatti dhiyeeffametti. Code Ann. § 8-50-506, 5.2 jalatti kan tumame yoo ta'e malee, hojjetaan sun Dantaa Faayinaansii hojjetaa ykn miseensa maatii dhiyoo hojjetaa Ramaddii Hojii Addaa wajjin walqabatu kan of keessatti hammate Waldhabdee Dantaa Danda'u ykn Dhugaa yoo qabaate malee, hojjetaan tajaajila filatamaa ta'e tokko ulaagaalee ibsamuu imaammata kanaa jalatti hin argamu. Waldhabdeen Dantaa Ta'uu Danda'u ykn Dhugaa akkasii yoo jiraate, karaa itti aanaa to'ataa hojjetaa kan Ramaddii Hojii Addaa irra deebiin ramaduu barbaachisaa ta'uu isaa murteessu, sana booda Waldhabdeen Dantaa Ta'uu Danda'u(inni sirrii) ykn inni dhugaan Komishinarichaaf ibsamuu qaba.

5.2 Hojjetaa tajaajila filatamaa hojiin isaa to'achuu, sakatta'uu, odiitii gochuu, meeshaalee yookiin tajaajiloota bitachuu, yookiin seera taaksii bulchuu yookiin hojjetaa tokko yookiin isaa ol kan to'atu, sakatta'u, odiitii, meeshaalee yookiin tajaajiloota bituu yookiin seera taaksii bulchan irratti aangoo kan qabu, ulaagaalee ibsa imaammata kanaa jalatti kan hundaa'udha.

5.3 Hojjetaan tajaajila filatamaa ulaagaalee ibsa kennuu hin qabne ammallee dhorkaa imaammata kanaa jala kan jiruu fi yeroo kamiyyuu Komishinara irraa ibsa gaafachuu ni danda'a yookiin ijaarsaa fi hiika imaammata kanaa wajjin walqabatee nama Komishinarichaa muudameef akkaataa 7.8 fi 9.1 keessatti tumameen hir'isii gatii gaafachuu ni danda'a.

6. TUMAALÉE WALIGALAA

6.1 Hojjetaan dirqama Fedhii Dantaa Kallattii fi Al-Kallattii qabaachuu hin qabu.

6.2 Hojjetaan Fedhii Dantaa Kallattii yookin Al-kallattii qabu dirqama imaammata kana keessatti dhorkaawwan haala biraatiin hojiirra oolan irraa dhiifama gaafachuu qaba yookaan waldhabdee sana dhabamsiisuu qaba.

6.3 Hojjettoonni akka haal-duree hojiitti hayyama eeguun dirqama ta'e hojiiwwan seera naamusaa abbaa taayitaa hayyama kennu cabsan irratti bobba'uu hin qaban.

6.4 Hojjetaan tokko seera mootummaa ykn ajaja hojii raawwachiiftuu waldhabdee dantaa ilaalchisee hojiirra jiru kamiyyuu cabsuu hin qabu.

7. HOJJETAAN TOKKO DANTAA SUN KOOMISHINARAAF KAN IBSAMEE FI KAN MIRKANAA'E YOO TA'E MALEE KALLATTIIN WAL-DHABDEE DANTAA HIN QABAATU

7.1 Hojjetaan tokko daldala Yuunitii Dhaabbata(Organizational Unit) haala kamiinuu akkaataa 4.7 keessatti ibsametti qajeelfama qabu waliin qaxarrii alaa fudhachuu ykn eeguu hin qabu.

7.2 Hojjetaan tokko boordii daayirektarootaa ykn boordii gorsaa keessatti tajaajiluu hin qabu, ykn gorsaa kaffaltii malee dhaabbata mootummaa hin taane kan Kutaa Jaarmiyaa hojjetaa irraa maallaqa fudhatu ykn argachuu barbaadu ta'ee hojjechuu yookiin haala kamiinuu Kutaa Jaarmiyaa(Yuunitii Dhaabbata) hojjetaatiin kan qajeelfamu ta'u hin qabu.

7.3 Hojjetaan tokko ulaagaalee federaalaa Yuunitii Dhaabbataa(Organizational Unit) hojjetaa irratti raawwatiinsa qaban jalatti hojii kamiyyuu ykn hojii kamiyyuu irratti hirmaachuu hin qabu.

7.4 Hojjetaan dirqama dhaabbata Yuunitii Dhaabbataa hojjetaatiin to'atame ykn waliin daldala hojjetu waliin fedhii to'annaa gochuu yookin galii dhuunfaa isa'atiif daddabarsii maallaqaa(Financial Transaction) kamiyyuu keessaa qabaachuu hin qabu.

7.5 Hojjetaan tokko tajaajila hojjetaan Kutaa Hojichaa kenneefiif irraa akka beenyaatti madda dhuunfaa irraa dabalata mindaa kutaa hojiichaa irraa argachuu hin qabu.

7.6 Hojjetaan tokko seera mootummaa waldhabdee dantaa bulchu kamiyyuu cabsuu hin qabu.

7.7 Dambii Imala Waliigalaa Kutaa Maallaqaa fi Bulchiinsa'atiin kan tumamen alatti, hojjetaan tokko hojiiwwan akka qaama hojii ofiisaaniitti raawwataman ykn raawwatamuu qabaniif kaffaltii kabajaa ykn beenyaa biroo fudhachuu hin qabu.

7.8 Hojjetaan hojii waldhabdee Dantaa Kallatti ta'u akka 7.1 hanga 7.7 ykn 4.2, garuu imaammanni kun haala sana irratti hojiiira oolchuun bu'aa haqa qabeessa hin taane ykn rakkina hin malle akka fidu kan itti dhaga'amu, waldhabdee jiru Komishinaraaf ibsuu fi hojimaata 9.1 keessatti ibsame fayyadamuun imaammata kanaaf dhiifama gaafachuu ni danda'a. Gaaffii akkasii ilaaluu keessatti, Koomishinarichi dhimmoota barbaachisoo ta'an hunda, bifa sirrii hin taane kamiyyuu, dirqamaa fi itti gaafatamummaa yeroo ammaa hojii hojjetan, maalummaa sochii alaa, fi dantaan adda addaa qabatamaan waldhabuu danda'u dabalatee garuu isa qofaan hin osoo hin daangeffamiin ni gamaggama.

8. HOJJETAAN TOKKO DANTAAN SUN KOOMISHINARAAF KAN IBSAMEE FI KAN MIRKANAA'E YOO TA'E MALEE AL-KALLATTIIN WAL-DHABDEE DANTAA QABAACHUU HIN QABU

8.1 Fedhiin akkasii Komishinaraaf kan ibsamee fi kan mirkanaa'e yoo ta'e malee, hojjetaan tokko nama ykn dhaabbata maallaqa Kutaa Hojichaa irraa argatu ykn bifa kamiinuu qajeelfama qabu waliin hojii alaa fudhachuu ykn eeguu hin qabu.

8.2 Fedhiin akkasii Komishinaraaf kan ibsamee fi kan mirkanaa'e yoo ta'e malee, hojjetaan tokko boordii daayirektarootaa ykn boordii gorsaa keessatti tajaajiluu hin qabu, ykn akka gorsaa kaffaltii malee dhaabbata mootummaa hin taane kan Kutaa Hojichaa haala kamiinuu qajeelfamuuf tajaajiluu hin qabu.

8.3 Hojjetaan tokko qaama waajirichaan to'atame ykn waajirichaa waliin daldala hojjetu kamiyyuu keessatti qooda to'annoo qabaachuu ykn daldala faayinaansii kamiyyuu irratti bobba'uun dhorkaadha, fedhiin akkasii Komishinarichaaf yoo ibsamee fi yoo mirkanaa'e malee.

8.4 Hojjettoonni boordii dhaabbata bu'aa hin arganne murtii Kutaa Hojichaa irratti dhiibbaa uumuu barbaadu keessatti tajaajiluu hin danda'an yoo Komishinarri fedhii akkasii raggaasise malee.

9. DHIIBBAA WALDHABDEEWWAN DANTAA

9.1 Hojjettoonni Kallatti ykn Al-Kallattiin Dantaa Waldhabdee Qaban Kutaa Humna Namaa irraa tarkaanfii naamusaa ni fudhatu. Haa ta'u iyyuu malee, hojjetaan Waldhabdee Dantaa Kallatti ykn Al-Kallattiin ykn waldhabdee ta'uu danda'u qabu tokko unka TDEC's Disclosure of Potential Conflict of Interest fayyadamuun karaa To'ataa dhiyoo hojjetaatiin barreeffamaan Komishinarichaaf ibsuu ni danda'a, dhorkaawwan imaammata kanaa irraa dhiifama gaafachuu ni danda'a.³

Koomiteen Wal-dhabdee Dantaa ifaa baasicha ni gamaggama akkasumas yaada gorsaa isaa, erga to'ataan, daarikterrii, fi koomishinarri itti aanaa dhiyeenyaa hojjetaa sanaa gamaggammii raawwatani booda ni galcha; haa ta'u malee, gamaaggamaan sun murtii kennuu isaa dura Waajjira Gorsaa Waliigalaa irraa gorsa argachuu ni danda'a.⁴ Waldhabdeen jiraachuu fi dhorkaawwan imaammata kanaa akka idileetti

³Hojjetaan tarii TDEC Humna Namaa Irraa yookin Intraanet irraa guca Wal-dhabdee Dantaa Ta'uu maluu Ifa ittiin baasuu argachuu mala.

⁴TDEC keessatti aangoo hojjetaa irratti hundaa'uudhaan, gamaggammii daariiktara fi/yookin koomishinara itti aanaadhaan taasifame hojii irra ooluu dhiisuu danda'a. Hojjetaan yookin to'ataan qaamolee gamaaggamaa dhimmi ilaallatu mirkaneessuuf

hojiirra oolan irraa dhiisuun haala kenname keessatti barbaachisaa ta'uu fi dhiisuu isaa Komishinarichaan murtaa'a. Unkaan ibsa kennuu guutuu ta'uu kan qabuu fi qaama yookiin hojii Biirichaan walqabatee jiruu fi maalummaa hojii hojjetaan sun raawwatu ilaalchisee odeeffannoo barbaachisaa ta'e hunda of keessaa qabaachuu qaba; kanneen akka, yoo kan argamuu danda'u ta'e beenyaa; hanga hirmaannaa qaama yookiin gocha waliin qabu; akkasumas yeroo hojiiwwan itti raawwatamanii of keessatti haammachuu qaba. Koomishinarri dalagaa hojjetaa sanaa hin mirkaneessine taanaan, hojjetaan dirqama wal-dhabdee dantaa sana balleessuu qaba.

9.2 Hojjetaa gochi isaa waldhabdee dantaa fakkaatu kan uumu, Waldhabdee Dantaa Kallatti yookiin Al-kallattiin adeemsa 9.1 keessatti ibsame hordofuu ni danda'a, yookiin gocha sana addaan kutuu ni danda'a. Kana gochuu baannaan hojjetaan sun gocha disipilini(balleessaa) akkaataa seerotaa fi imaammatoota Kutaa Hojii Humna Namaa(Human Resources) itti ni adabama.

9.3 Hojjetaan ulaagaa hayyama dantaa waldhabdee dhaabbata hayyamaa dhimmi ilaallatuun hundeesse cabse seeraa fi imaammata Kutaa Humna Namaa waliin walsimuun tarkaanfii naamusaa fudhachuuf itti gaafatamummaa qaba.

9.4 Hojjettoonni tumaalee waldhabdee dantaa cabsan qoqqobbii seericha keessatti tumame hundaaf, akkasumas imaammataa fi hojimaata Kutaa Humna Namaa jalatti tarkaanfii naamusaa ni fudhatu.

Caamsaa 8, 2017 irraa eegalee Imaammanni Waldhabdee Dantaa kun irra deebiin fudhatamee akkaataa fooyya'een hojiirra oola.

KAN MIRKANEEFFAME:

[MALLATTOO]

ROBERT J. MARTINEAU, JR.
KOOMISHINARA
MUUMMEE NAANNOO FI KUNUUNSA
QABEENYA UUMAMAA

DABALATA(APEENDIKSII)

Yuunitii Dhaabbataa diipartimentii Naannoo fi Kunuunsa Qabeenya Naannoo Tennessee

Dalagaalee

Yuunitiiwwan Dhaabbataa:

Tajaajiloota Hattatamaa
Tajaajila Faayinaansii/To'ataa
Baajeta
Ittii gaafatamummaa Faayinaansii (Maallaqaa)
Bittaa(Procurement) fi Imaammata
Ooditii Keessaa
Tajaajiloota Odeeffannoo
Kennaawwanii fi Bulchiinsa Koontiraataa
Galmeewwan/Bakkee/Qabeenyota

Waajira Paarkiiwwanii fi Kunuunsa Qabeenya Uumamaa

Yuunitiiwwan Dhaabbataa:

Bulchiinsa
Aarkiyoolojii
To'annaaa Qabeenyotaa
Sagantaalee Hiikkaa Itti Laachuu fi Barnoota
Maarkeetiingii fi Ijaarsa Prioodaaktii
Naannoowwan Uumamaa
Tajaajiloota Barnootaa Bashannanaa
Dalagaalee Paarkii Naannoo*
*Paarkiin Naannoo Hundi isaanii yuunitii dhaabbataati

Waajira Naannoo

Yuunitiiwwan Dhaabbataa:

To'annaa Faalama Qillensaa
Fayyaa Raadiyoolojikaalaa
Sirreeffama
Sarveeyii(Qorannoo) Heela Teessuma Lafaa(Ji'oolojii)
To'annaa Balfaa jajjaboo/Balaafamoo
Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa
Qabeenyota Bishaanii
Abbaa Taayitaa Laga Tennessee Lixaa(West Tennessee River Basin)

Waajjira Komishinaraa, Waajjira Gorsaa Waliigalaa, Waajjira shaakalliiwwan Hojii Itti Fufiinsa Qabanii, Waajjira Sagantaa Anniisaa(Inaarjii), Imaammataa fi Karoora, Komunikeeshinii(Qunnamtiiwwan), Humna Namaa/Hoggansa Dandeettii, Dhimma Alaa, akkasumas hojjettootni waajjira hunda kan waajjirri isaanii addatti armaan olitti hin tarreeffamne hundi isaanii Waajirichatti guutuu akka Yuunitii Diipartimentichaa akka qabanitti fudhatamu.



MUUMMEE NAANNOO FI WAAJIRA GORSAA WALIIGALAAA
EEGUMSA NAANNOO
William R. Snodgrass TN Tower
312 Rosa L. Parks Avenue, Darbii 2^{ffaa}
Nashville, TN 37243

WAL-DHABDEEWWAN DANTAA TA'UU MALAN IFATTI BAASUU

Hojjetaa:

Guyyaa:

Diviizhini:

Gahee hojii:

Kutaa:

Buufata Hojii:

Haalli uumama Wal-dhabdee Dantaa Ta'uu maluu maalidhaa? Dalagaan ati raawwattu fi akkamitti kallattiinis ta'e al-kallattiin waldhabdee dantaa ta'uu akka danda'u ykn akkamitti waldhabdee dantaa fakkaachuu akka danda'u ibsi. kutaalee imaammatachaa irratti addatti hojjedhaa akkasumas akeeka(rifeeraansii) ta'uu malan irratti hojjedhaa. Yoo barbaachisaa ta'e fuulota dabalataa irratti maxxansaa akkasumas dookimenteeshinii kamiyyuu kan akka Koomishinarichi murtoo irra qaqqabuuf gargaaran itti dabalaa.

Yoo kallattiidhumaan waldhabdee dantaa ibsaa jirta ta'e, Poolisii(Imaammata) Waldhabdee Dantaa cimsee hojiirra oolchuun maaliif haqa(gitaan ilaaluu dhiisuu) akka hin taane yookin rakkina hin malle akka fidu fi maaliif ala ta'uun kennamuu akka qabu ibsi. Waldhabdee dantaa al-kallattiin ykn gocha waldhabdee dantaa fakkaachuu danda'u yoo ibsaa jirta ta'e, maaliif akka gocha kana irratti hirmaachuu kee itti fuftu hayyamamuu akka qabdu ibsi.

Yoo ni ta'a ta'e, taayitaan hojii keetii fi gaheen hojii keetii TDEC'n alatti maal jedhamaa?

Itti gaafatamummaawwan hojii TDEC keessan ibsaa:

Itti gaafatamummaawwan hojii TDEC keessaniif ramaaddii teessuma lafaa(jioogiraafii) ni qabduu, akkasumas yoo qabaattan eessa dhaa?

Yoo ni ta'a ta'e, maamila akka yaadaatti dhiyeessitan, qacaraa akka yaadaatti dhiyaate yookin dhaabbata akka yaadaatti dhiyaate adda baastuu? Maqaa(aalee) fi teessoo(wwan) tarreessaa.

Gocha hojjechuudhaaf dhiyeessitan keessatti, maamilli isin dhiyeessitan, hojjetaan isin dhiyeessitan, yookin dhaabbanni dhiyeessitan TDEC dhaan qajeelfamuu yookin TDEC waliin hojii daldalaa hojjechaa jiruu?

EEYYEE LAKKI

Maamiltoonni kee kan akka yaadaatti dhiyeeffame, hojjechiisaan yaadame, ykn dhaabbati yaadame hayyama TDECn kenname kamiyyuu ni qabaa, yookin TDEC irraa hayyama kamiyyuu iyyachuuf adeemsa irra jira? Yoo akkas ta'e, lakkoofsa(oota) hayyamaa tarreessi yookin ta'uu baannaan hayyama(oota) isaa addatti baasi.

Hojii yaadame akka raggaasifte gaafattuuf beenyaan siif kaffalamaa? Yoo akkas ta'e, beenyaa sana nuuf ibsi.

Maamila akka yaadaatti dhiyaate sana, hojjechiisaa akka yaadaatti dhiyaate sana, ykn dhaabbata yaadame sana dhimmoota hayyama TDEC ykn TDEC fi/ykn tarkaanfii (wwan) raawwachiisummaatiin to'ataman akka eegu gorsitaa? Yoo akkas ta'e, ibsi.

Yoo ni ta'a ta'e, gahee hojii maatii dhiyoo keessan yookin hojii maaliitiif ifaa baasinsa kana akka guutaa jirtan ibsaa:

Yoo ni ta'a ta'e, maalummaa dantaa to'annoo keetii ykn daldala faayinaansii ati keessatti hirmaattu kan ibsa kana barbaadu ibsi:

Dhaabbatni kun fandiiwwan yookin kennaawwan TDEC irraa argachuudhaaf iyyachuu ni danda'aa?
EEYYEE LAKKI

Yoo akkas ta'e, ni gamaggamna, fandiiwwan yookin deeggarsa kanneen kamiyyuu ni badhaastuu yookin sadarkaa ni kennituufii? _____

Hojjetaa TDEC kan biraa kamiyyuu kan gocha wal-fakkaataa keessatti hirmaachaa jiru ni beektuu?
EEYYEE LAKKI

Eeyyee yoo ta'e, maqaa fi bakkee hojii isaanii dhiyeessaa:

Odeeffannoon guca kana irratti galfaman hundi isaanii dhugaa fi sirrii ta'uu isaanii nan mirkaneessa. Gaaffiin kun kan hin taanee ta'ee yoo mul'ate didamuu akka danda'u guutummaa guutuutti nan hubadha.

Mallattoo Hojjetaa

To'ataa: _____
Akeekaa/Yaadota: _____

Guyyaa: _____

Daarikteerii
Divizhinii: _____
Akeekaa/Yaadota: _____

Guyyaa: _____

Koomishinara Gargaaraa: _____
Akeekaa/Yaadota: _____

Guyyaa: _____



**NAANNOO TENNESSEE
TO'ATAA KAASINAA
WAAJIRA GORSAA GALMEEWWAN BANAA**

MUUXANNOOWWAN GAARII FI QAJEELFAMOOTA

KAAYYOO:

Akkaataa Tenn itti. Code Ann. § 8-4-604(a)(4), Office of Open Records Counsel(Waajirri Gorsaan Galmee Banaa) imaammata muuxannoowwan gaarii fi galmee ummataa moodeela ta'e kan eegdonni galmee Tenn eeguun itti fayyadamaniiif hundeessuun dirqama. Koodii Ann. § 10-7-503. Haaluma kanaan, Imaammanni armaan gadii kun muuxannoowwan gaggaarii waliigalaa fi qajeeltoowwan eegdonni galmee yeroo gaaffii sanadoota mootummaa seera galmee ummataa Teeneesii jalatti dhiyaateef deebii kennan hordofuu qaban ibsa.

IMAAMMATA:

Imaammanni galmee ummataa fedhii qaamni mootummaa tokko gahumsaan hojjechuu, odeeffannoo iccitii eeguu, fi qulqullina galmee eeguu akkasumas mirga ummanni galmee argachuu bu'uura Seera Galmee Ummataa Teeneesii (Tennessee Public Records Act, TPRA) tiin madaaluu qaba. Shaakalliiwwan akkasumas qajeelfamootni kamiyyuu, kanfaltiiwwan adabbii dabalatee, TPRA jalatti mirgoota lammiif kennaman hojii irra oolchuu irratti gufuu ta'uudhaaf faayidaa irra ooluu hin qabu. Kutaaleen armaan gadii muuxannoowwanii fi qajeelfamoota naannoo dhimma tokkon tokkoonii keessatti jiran beekamoo ta'an, yaalii madaallii fedhiiwwan kanneenii galmaan gahuu keessatti furmaata ni laata.

TPRA hiikuu keessatti, mannen murtii murtewwan isaanii haqaawwanii fi daangessiiwwan haalota adda ta'aanii irratti hundaa'uudhaani. Shaakalliiwwanii fi qajeelfamootni kunneen haalota hundumaa kan haguugan miti. Eegdonni galmee mootummaa naannoo gaaffii galmee addaa tokkoof akkamitti deebii akka kennan gaaffii qaban Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gabaasaa qunnamuu qabu. Eegdonni galmee waajjiraa hundi gaaffii galmee akkaataa deebii itti kennan ilaalchisee gaaffii qaban Waajjira Gorsaa Galmee Banaa(Office of Open Records Counsel, OORC) qunnamuu qabu.

I. Itti Gaafatamummaawwan TPRA

- A. Qaamootni mootummaa kan TPRA imaammata galmeewwan uummataa kan abbaa taayitaa isaaniitiin gaafa Adoolessa 1, 2017'n dura fudhataman bu'ureessuu qabu. Tenn ilaalaa. Koodii Ann. § 10-7-503(g).
- B. Gaaffiin galmee ummataa gara eegduu galmee barbaachisaa ta'etti akka darbu mirkaneessuu fi akkaataa Tenn tiin raawwatamuu isaa mirkaneessuudhaaf, qaamoleen mootummaa, imaammata galmee ummataa isaanii keessatti, Qindeessaa Gaaffii Galmee Uummataa ("PRRC") ykn Qindeessitoota adda baasuu qabu. Koodii Ann. §

10-7-503(a)(2)(B). Tenn ilaalaa. Koodii Ann. § 10-7-503(a)(1)(B).

- C. Qaamolee mootummaa, namoota akka eegduu galmee ta’anii tajaajilan hunda akka armaan gadiitti ibsametti adda baasuu qaba jedhamee “waajjira, qondaala ykn hojjetaa [qaama mootummaa] galmee ummataa kallattiin kunuunsuu fi kunuunsuuf seeraan itti gaafatamummaa qabu kamiyyuu” ibsamee jira. Tenn ilaalaa. Koodii Ann. § 10-7-503(a)(1)(C).
- D. Qaamoleen mootummaa gosoota galmee ummataa “bu’uura seeraa ykn dambiitiin ykn daldala hojii [isa] ofiisaa wajjin walqabatee hojjetaman ykn fudhataman” adda baasuu qabu. Tenn ilaalaa. Koodii Ann. § 10-7-503(a)(1)(A). Sagantaa tursiisaa fi hayyama balleessuu gamaaggamuun galmee adda baasuu keessatti gargaaruu danda’a.
- E. Qaamootni mootummaa galmeewwan uummataa banuudhaaf gahinsa hatattamaa kennuu qabu, yoo seeraan haala biraatiin dhiyaate malee. Tenn ilaalaa. Koodii Ann. § 10-7-503(a)(2)(A).
 - 1. Yeroo hunda sa’aatii hojiitti, galmeen qaamolee mootummaa TPRA jala jiran lammii Teeneesii kamiinuu dhuunfaan akka sakatta’amuuf banaa ta’a.
 - 2. Sa’aatiwwan hojii hoospitaalota hawaasaa akka sa’aatiwwan hojii waajira bulchiinsaa isaaniitti hiikamu.
 - 3. Galmeewwan uummataa banaa jedhamee tilmaamama. Kanarraa kan ka’e, dhaabbileen mootummaa yeroo galmeen uumamu ykn dhiyaatutti tarkaanfii barbaachisaa ta’e fudhachuun dafee dhaqqabamaa akka ta’u gochuu qabu.

II. Lammummaa

- A. Galmeewwan uummataa argachuudhaaf lammiiwwan Tennessee qofaatu mirga hojii irra ooluu danda’u qaba. Haala jiru irratti hundaa’uun, qaamni mootummaa tokko ragaa lammummaa Teeneesii malee namoota dhuunfaaf qaqqabummaa kennuu ni danda’a. Imaammanni galmee ummataa dhaabbata tokkoo gaaffii gaafattoota lammii Teenisii hin taane irraa dhiyaateef deebii kennuu fi dhiisuu isaa ifatti ibsuu qaba.
- B. Barbaachisaa ta’uu baatus, eegduun galmeewwanii(records custodian) lammummaa mirkaneessuuf waraqaa eenyummaa suuraa mootummaan kenne kan teessoo nama tokkoo of keessaa qabu gaafachuuf mirga qaba. Imaammata galmee ummataa qaama mootummaa keessatti adda baasuun suuraa ifatti ibsamee gaafattoota hunda irratti walfakkaataan hojiirra ooluu qaba.
- C. Eegduun galmeewwanii lammummaa mirkaneessuudhaaf gucoota bifa garaagaraa fudhachuu mala. Gucootni filannoo eenyummeessituu sunneen fudhatama yoo argatan, kanneen akka ID barataa mana barumsaa Tennessee fa’aa, qaamotni mootummaa tarreeffama gucoota filannoof dhiyaatanii kanneen fudhatama qabaatan irratti galmeessuuf baasuu qabu.
- D. Gaaffiin hidhamtoota ykn hidhamtoota mana amala sirreessaa Teenisiitti hidhaman irraa dhiyaatu lammii Teenisiin ragaa lammummaa dabalataa malee akka dhiyaatetti ilaalamuu qaba, yeroo waraabii mana amala sirreessaa sanatti gaafattootaaf dhiyaatu.

- E. Garagalcha unka eenyummaa gaafataa tokkoo qabachuuf murteessuu dura, qaamni mootummaa tokko waraabbii ragaa eenyummaa dirqama “odeeffannoo dhuunfaa adda baasu” kamiyyuu iccitii ta’ee eeguu caalu qabaachuu fi dhiisuu isaa murteessuu qaba, akka Tenn jalatti ibsametti. Koodii Ann. § 10-7-504(a)(29)(C).
- F. Eegduun galmee tokko kooppii hayyama konkolaachisummaa karaa elektirooniksii akka argatu yoo tilmaame, qaamni mootummaa odeeffannoowwan waraabbii elektirooniksii hayyamaa keessatti argaman iccitii isaanii eeguuf hojimaata qopheessuu qaba.

III. Kaffaltiiwwan

- A. Kanfaltiiwwan gaaffii galmee ummataa abdiin kutachiisuuf ykn gufachiisuudhaaf hojii irra ooluu hin qabani.
- B. Murtoon kaffaltii waraabbii ykn dachaa kaffaluu baajata dhaabbata mootummaa, madda maallaqaa, qabeenya jiruu fi hojjettoota ilaalcha keessa galchuun murtaa’uu qaba.
- C. Murtoon waraabbii yookiin dachaa ta’eef kaffaltii akka kaffalamu kan murtaa’e yoo ta’e, qaamni mootummaa haalawwan murtaa’aniif kaffaltii dhiifama ilaaluu qaba. Hiri’isiin gatii(yookin gadii qabiin) kanfaltii sababoota garaagaraa irratti kan hundaa’e ta’uu danda’a, kanneen armaan gadii dabalatee:
 1. Lakkoofsa garagalchawwan gaafatamanii;
 2. Hammentaa doolaaraa adabbiidhaaf kaawame;
 3. Gosa yookin uumama galmee gaafatamee; yookin
 4. Gahinsa galmeewwanii.

Akkasumas galmeen odeeffannoo faayidaa ummataa bal’inaan babal’isuuf(kanneen akka beeksisa cufamuu daandii ykn beeksisa dhaddacha ummataa) gargaaru kan of keessaa qabu yoo ta’es hiri’isiin gatii(dhiisuun) sirrii ta’uu danda’a.

- D. Garagalchaawwan yookin dachaawwaniiif kanfaltii kanfalchiisuufii dhiisuu dhaaf murtoon kennamu imaammata galmeewwan uummataa qaamota mootummaa keessatti haalaan ibsamuu qabu.
- E. Dhaabbanni mootummaa tokko waraabbii ykn dachaa ta’eef kaffaltii kaffaluuf yoo murteesse, qaamni akkasii Imaammata Gabatee Kaffaltii Madaalawaa OORCn labsame akka eegu ni gorfama, kun himannaan akkasii sababa qabeessa ta’uu isaa tilmaama waan uumuudhaaf. Qaamni mootummaa tokko baasii qabatamaan isaa maallaqa OORCn hundeesse caalaa akka ta’e yoo murteesse, qaamni mootummaa sanada barreeffamaa baasii akkasii qabachuu qaba.
- F. Hojii humna namaaf kaffaltii yoo kaffalan hojjettoonni ogummaa fi beekumsa barbaachisaa ta’e qaban itti fayyadamuu qabu, garuu hojjettoota gaaffii sana guutuuf yeroo filataman baasii xumuraa waliigalaa yaada keessa galchuu qaba. hojii sana caalaatti gahumsaan raawwachuu yoo danda’an, Hojjettoonni beenyaa gadi aanaa

- argatan filatamaa ta'us, hojjetaa beenyaa olaanaa argatu fayyadamuun caalaatti faayidaa qabaachuu danda'a, kunis baasii humna namaa gadi buusuu danda'a.
- G. Kaffaltii adeemsisuu irraa maallaqa akka hin dhabneef kaffaltiin xiqqaan barbaachisaa ta'e jiraachuu waan danda'uuf, garagalchawwan yookiin humna namaa kaffaluunis ta'e, qaamni mootummaa tokko baasii bulchiinsaa kaffaltii kaffaluun walqabatee bahu murteessuu qaba.
- H. Qaamni mootummaa tokko Kooppiiwwan(garagalchoota) baay'isuu isaaniin dura, yeroo baasii dachaa galmeewwan gaafataman guddaa ta'eetti, kaffaltii tilmaama kaffaltii guutuu ykn gartokkee gaafachuu fi argachuu ilaaluu qaba.
- I. Eegduun galmeewwan tokko oomisha galmeewwan gaafatame qoqqooduuf jira yoo ta'e, galmeewwan oomishamuu isaaniin dura kaffaltiin barbaachisus haaluma sirrii ta'een qoqqoodamuu qaba.
- J. Eegduun galmeewwanii tokko garagalcha ykn waraabbii akka dhiyeessuuf yeroo gaafatamutti, karaa keessa'atiin garagalchaa ykn waraabbii galmeewwan tokko dhiyeessuu dadhabuun dirqama irra jiru hin hambisu.
1. Eegduun galmeewwan(records cutodian) tokko qaamni mootummaa galmeewwan ummataa irra deddeebiin gaafataman baay'isuuf dandeettii keessoo akka hin qabne yeroo beeku, qaamni mootummaa daldaltoota tajaajila waraabbii, qulqulleessuu fi dacha'uu haala nageenya qabuun, kennuu danda'an adda baasuu fi dursee ulaagaa guutuu qaba.
 2. Eegduun galmeewwan gaafatame waraabbii ykn dachaa gochuuf dandeettii keessoo yeroo hin qabnetti, eegduun galmeewwan gaafataa beeksisuu fi gurguraa galmeewwan gaafatame oomishuuf itti fayyadamu, akkasumas tilmaama baasii galmeewwan oomishuuf bahu adda baasuu qaba.
 3. Tilmaama baasii irratti hundaa'uun, yeroo gurgurataan(Vendor) alaa itti fayyadamu, eegduun galmeewwan dursee kaffaltii gaafataa gaafachuu qaba.
- K. Dhaabbanni mootummaa tokko daldala hojii ofiisaa keessatti kaffaltii bifa dachaa (kan akka maallaqaa, cheeki, kaardii liqii ykn deebii, ajaja maallaqaa, fi iyyannoo kaffaltii toora interneetii) yeroo fudhatu, qaamni mootummaa waraabbii galmeewwan ummataa bifa kaffaltii walfakkaataa hayyamuu yaaduu qaba.

IV. Adeemsa

- A. Qaamoleen mootummaa imaammatawwan galmeewwan ummataa beeksisaa ummataaf kennuu qabu, akkasumas salphumatti argachuu qabu.
- B. Qaamotni mootummaa galmeewwan hawaasaa banaa ta'an gaaffii TPRA dhaan hatattamaan akka dhiyaataniif simatoo ta'uu qabu. Gaaffii galmeewwan deebii kennuuf, guyyoota hojii 7(Torba)'f eeggachuun TPRA jalatti akka "hatattamaatti" hin ilaalamu.
- C. Qaamni mootummaa dirqama TPRA jalatti bilisawwan galmeewwan isaaniin irratti hojii irra oolan adda baafachuu qaba.

- D. Yeroo gaaffii tokkoof hatattamaan deebii kennuun qabatamaa hin taane hundatti, qaamni mootummaa tokko akkaataa Tenn keessatti ibsametti karaa sadii keessaa tokkoon deebii kennuu qaba. Koodii Ann. § 10-7-503(a)(2)(B). Galmeewwan gaafataman dhiyeessuu yookiin argachuu dhorkuu irraa kan hafe deebii kennuudhaaf, qaamni mootummaa tokko Unka Deebii Gaaffii Galmee Uummataa OORCn qophaa'e fayyadamuu qaba.
- E. Bifa addaa tokko irratti, imaammata galmee ummataa qaama mootummaa keessatti yoo barbaachise, imaammata galmee ummataa qaama mootummaa keessatti yoo barbaachise. Gucichi imaammaticha keessatti hin ibsamne, eegduun galmeewwanii tarii Guca Deebii Gaaffii Galmeewwan Hawaasaa kan OORC dhaan ijaaramee fayyadamuu malu.
- F. Gucni(ootni) kamiyyuu garagalchaawwan galmeewwanii gaafachuudhaaf barbaachisan hundi qophaa'oo ta'anii argamuu qabu.
- G. Qaamni mootummaa tokko sanada akkamii PRRC fi eegduun galmee akka qaban murteessuu qaba kanaaf dhaabbatichi TPRA akka eegu mirkanaa'a.
- H. Gaaffiin galmee, galmee baay'eedhaaf, ykn galmeewwan dhiyeessuuf torban muraasaa ol kan fudhataniif yeroo ta'utti, galmeewwan argachuun hanga galmeewwan hundi argamanitti qaqqabummaa kennuu eeguu mannaa qoqqoodamee dalgaan kennamuu qaba. gaaffiin sun koppii(garagalcha) argachuudhaafi yoo ta'e, qoqqooduun barbaachisaa miti, gaafataan kooppiiwwan sanaaf dursee kaffaltii taasisa, akkasumas guyyaa tokko keessatti argachuudhaaf walii galaa jira jechuudha.
- I. TPRA'n galmee ummataa argachuun yeroo danda'amutti hatattamaan akka raawwatamu ajajuu malee gaaffii galmee dursa kennuu ilaalchisee qajeelfama tokko illee hin kennu. Kanaafuu, qaamotni mootummaa gaaffiiwwan yeroo baay'ee fudhataniif deebii kennuu isaanii yeroo itti fufanitti, hojii irra yeroo oolanitti, gaaffiiwwaniif deebii hatattamaa ta'e kennuu qabu.
- J. Qaamni mootummaa baasiiwwan poostaa fi garagalchaaf yeroo dursee beenyaa kanfalutti, eegduun galmeewwanii gara mana nama gaafate sanaatti geessuudhaaf dirqama Meeyilii Sadarkaa Tokkoffaa USPS fayyadamuu qaba. Qaamotnii mootummaa yeroo mijataa ta'etti karaalee geessisii gaafataman biroo xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu.

V. Qindeessaa Gaaffii Galmeewwan Hawaasaa

- A. Gaaffiin galmee gara eegduu galmee sirrii ta'etti akka darbu, akkasumas eegduun Tenn akka eegu gochuun gahee PRRC ti. Koodii Ann. § 10-7- 503(a)(2)(B), galmeewwan gaafataman hatattamaan akka argatan gochuudhaan yookiin yoo qabatamaa ta'uu baate hatattamaan qaqqabummaa kennuudhaan, guyyoota hojii torba (7) keessatti tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu.
- B. Gaheen PRRC adeemsi gaaffii galmee gahumsaan akka hojjetu gochuu malee deebii gaaffii galmee irratti kennamu ba'aa ykn gufachiisuu miti.
- C. PRRCn waa'ee TPRA fi qaama mootummaa (sirna bulchiinsa galmee fi imaammata bulchiinsa galmee waliin walqabatu kamiyyuu dabalatee) beekumsa qabaachuu qaba.

- Akkasumas PPRC'n waayee TPRA ala ta'uu malanii kanneen qaamota mootummaa waliin wal-qabatanii sirrittiin beekuu qaba.
- D. Qaamni mootummaa sun guddaa yoo ta'e, PPRC'n tokko ol ta'e barbaachisuu mala.
 - E. PPRCn waa'ee gaaffii galmee dhaabbatichaa sochii fi TPRA eeguu yeroo yeroon qaama mootummaa bulchuf gabaasa dhiyeessu qaba. PPRC'n waayee imaammata galmeewwam uummataa irratti abbaa taayitaa bulchaa jiruuf akeeka gorsaa taasisuu qaba.
 - F. Qaamni mootummaa PPRC eegduu galmeewwanii barbaachisoo ta'an hundumaa beeksisuu qaba akkasumas jijjiiramni kamiyyuu kan eegduu galmeewwanii irratti jiru hatattamaan gara PPRC itti dhiyeeffamuu mirkaneessuu qaba.

VI. Eegduu Galmeewwanii

- A. TPRA'n eegduun galmeewwanii yeroo sa'aatiwwan hojiitti sakatta'insa galmee uummataa akka eeyyamu irraa eega. Haaluma sirrii ta'e kanaa, yeroo danda'ametti, eegduun galmee bakka murtaa'e, ibsaa gaarii fi mijataa, sa'aatii hojii idileetti argamu, bakka gaafattoonni to'annoo eegduu galmee jalatti galmee uummataa sakatta'uu danda'an qabaachuu qaba.
- B. Eegduun galmeewwanii gaaffiilee galmeewwan argachuuf dhiyaataniif "hatattamaan" deebii laachuu qaba. Gaaffii galmeedhaaf deebii kennuuf, hanga guyyaa hojii isa torbaffaa(7^{ffaa})tti eeggachuun akka deebii "hatattamaatti" hin ilaalamu.
- C. Eegduun galmeewwanii dirqama haala diinagdeetiin akkasumas gahumsa qabeessa ta'een gaaffiiwwan galmee argachuudhaaf dhiyaataniif deebii kennuuf kutatee kan ka'u ta'uu qaba. Fakkeenyaaf, kaffaltiin humna namaa madaaluuf yoo ta'e, sana booda hojjetoota gahumsa qaban kanneen mindaa sa'aatii gadi aanaa qaban galmee gaafatame dhiyeessuuf itti fayyadamuu qabu.
- D. Galmeewwan karaa elektiroonikaalaa yeroo eegamanitti, eegduun galmeewwanii galmeewwan gaafataman karaa elektiroonikaalaa dhiyeessuu qaba. Galmeewwan yeroo danda'ametti karaa elektirooniksiitiin oomishamuu qaba, akka mala galmee oomishuuf dinagdee fi bu'a qabeessa ta'etti fayyadamuudha. Eegduun galmee sun galmee haala nageenyi isaa eegameen dhiyeessuu akka qabu ni gorfama. Eegduun galmee sana foormaatii(bifa) fakkeeffamuu yookin ittiin (gowwamfamuu) danda'uun dhiyeessuun dirqama isaa miti. (Fakkeenyaaf, sanadi barreeffamaa bifa(Word Document) dhaan jiru yeroo namni sun gaafatutti bifa PDF dhaan kennuufiin ni danda'ama.)
- E. Eegdonni galmeewwanii garagalcha galmeewwani haala sababa qabeessa ta'een gaafataman bakka galmeewwan salphaatti argamuu danda'anii fi yeroo baay'ee haala gaariin dhiyaachuu danda'anitti qabachuu qabu. Galmeewwan yeroo irra deddeebiidhaan gaafatamanitti haaromsii gochuun ni barbaachisa, eegduun galmees garagalcha galmeewwan haaromfaman sanaa ol kaa'uu qaba. Yoo danda'ama ta'e, galmeewwan yeroo baay'ee gaafataman akka idileetti toora interneetii irratti maxxanfamuu qabu.
- F. Haalota murtaawan keessatti, galmee jalqabaa argachuun hin kennamu. Fakkeenyaaf,

galmeewwan jalqabaa yeroo irratti fooyyessii gochuun barbaachisutti yookiin galmeewwan sababa umurii yookiin haalawwan birootiin dadhaboo ta’anii fi kallattiin argachuun kan jalqabaa irratti miidhaa geessisuu yeroo danda’utti kennamuu hin danda’u. Haalota akkanaa keessatti, eegduun galmeewwanii nama gaafate sanaf, gahinsi galmees sanaa koppii(garagalcha) galmees sanaatiin akka dhiyaatuuf beeksiisuunii qabu.

VII. Haaromsii

- A. Eegduun Galmees Odeeffannoo icciitaawoo ta’an eeguun dirqama isaati. Odeeffannoo iccitii sana qabaachuu ykn eeguuf dirqamni seeraa yoo hin jiru ta’e, iccitii eeguuf tooftaan inni salphaan galmees odeeffannoo iccitii hin barbaachifne qabu uumuu ykn fudhachuu dhiisuudha.
- B. Eegduun galmeewwanii amanamummaa(qindoomina) galmeewwanii eeguun dirqama isa’atii. Haaromsiin odeeffannoo Icciitaawoo ta’an ni dukkaneessa yookin ni balleessa. Eegduun galmeewwanii dirqama sanadoota jalqabaa kan ta’an irratti yoo eegduun sun akkas akka godhuuf kaawonsilii dhaan ajajame male haaromsa kamillee gochuu hin qabu. Odeeffannoon Icciitawoo karaa haaromsii sanaa kan hin mul’anne ta’uu isaanii mirkaneessuudhaaf eegduun galmeewwanii sanada haaromfame garagalchee(koppii) godhee kaawuu qaba.
- C. Yeroo haalota galmeen bifa waraqaatiin qabame, ykn karaa elektirooniksii dubbifamee fi kuufame, eegduun galmees, galmees sanaa waraabbii hojjechuu, odeeffannoo qulqullaa’aa jiru mallattoo gurraacha mallattoo kaa’uu fi waraqaa sana bifa pdf tti dubbisee jijjiiruu qaba.
- D. Eegduun galmees dirqama galmeewwan elektiroonikaa yeroo haaromsutti of eeggannoo gochuu qaba. Odeeffannoon haaromfame sun kan hin mul’anne ta’uu danda’a; garuu, meetadaataan ammallee galmeewwan hin haqamne keessatti haamatamee jira. Kana jechuun odeeffannoon qulqullaa’e ija jalqabaatiin mul’achuu baatus, meetadaataan galmees odeeffannoo qulqullaa’e kuusuu danda’a, kunis fayyadamaan meetadaataa akka salphaatti akka too’atuu fi odeeffannoo qulqullaa’e akka argatu taasisa. Dhaabbanni mootummaa tokko odeeffannoon iccitii akka ta’u mirkaneessuuf sagantaalee hiikuu elektirooniksii qofa irratti hirkatuu hin qabu.

VIII. Marsariitii(weebsaayitii)

- A. Qaamni mootummaa dirqama imaammata galmeewwan uummataa isaa ifaan ifatti maxxansuu qaba, yookin geessituu gara imaammata sanaa geessuu fuula duree marsariitii(weebsaayitii) isaa irra kaawuu qaba.
- B. Qaamni mootummaa dirqama odeeffannoo qunnamtii Qindeessaa Gaafataa Galmeewwan Uummataatiif fuulduree marsariitii(weebsaayitii) isaanii keessatti dabaluu qaba.
- C. Galmeen ummataa adda durummaan dhaggeeffattoota ummataa (kanneen akka ibsa faayinaansii waggaa, ibsa gaazexeessummaa, fi sanadoota walgahii qaamolee bulchiinsa’atiin walqabatan kan akka beeksisa, ajandaa, fi daqiiqaa fa’aa) qabaniifi galmeewwan yeroo baay’ee gaafataman yeroo danda’ametti marsariitii dhaabbata

mootummaa tokkoo irratti maxxanfamuu qabu.

- D. Qaamni mootummaa gaaffiilee galmeewwan argachuuf dhiyaatan haalan keessummeessuuf dirqama marsariitii(weebsaayitii) isaa hojii irra oolchuu qaba. Eegduun galmee nama gaaffii sana dhiyeessu gara marsariitii galmeewwan ittin gaafataniitti akeekuu mala. Haa ta'u malee namni gaaffii gaafatu sun yeroo sa'aatiiwwan hojii baratamaa ta'eetti galmeewwan uummataa sakatta'uudhaaf akkasumas/yookin koppii yookin garagalcha eegduu galmeetiin taasifame fudhachuudhaaf yookin dachaa gochuudhaaf mirga qaba.

*Gara ACOG itti galfamee jira: Sadaasa 8, 2016
Hojii irra kan oolu: Amajjii 20, 2017*

GUCA GAAFFII GALMEEWWAN HAWAASAA

Seera Galmeewwan Uummataa Tennessee(TPRA)'n lammiiwwan Tennessee dhaaf galmeewwan uummataa banaa ta'an, kanneen yeroo gaafatamanitti argamuu danda'an akka fayyadamaniif mirga kennaafi. TPRA'n odeeffannoowwan qindeessuudhaaf yookin galmeewwan hin jirre uumuu fi irra deebiin tolchuudhaaf eegduun galmeewwanii isa hin barbaachisu.

(Maqaa Qaama Mootummaa fi Maqaa akkasumas Odeeffannoo Qunnamtii Qindeessaa Gaaffii Galme Uummataa)

Gara:

(Maqaa Nama Gaafachaa Jiruu fi Odeeffannoo Qunnamtii isaa galchaa (akkasumas teessoo deebiiwwan barreeffamaa TPRA dhaan barbaadamani keessatti dabalaa))

Irraa:

Gaafataan sun Lammii Tennessee dhaa? Eeyyee Lakki

Gaaffii: Sakatta'insa (TPRA'n sakatta'insa qofaaf kanfaltiiwwan hin eeyyamu yookin sakatta'insa qofaaf gaaffii barreeffamaa hin gaafatuⁱ.)

Garagalcha/Dachaa

Kanfaltiin garagalchawwanii yoo gamaggamame, namni gaafatu sun tilmaamaan fudhachuudhaaf mirga qaba. Mirga tilmaamuudhaaf qabdu kaasuu fi gatii koppii(garagalchaa) fi gatii ittiin gachaa godhamuu kan ammentaan isaa \$ hin dabarree kanfaluudhaaf waliigaltaa _____? Yoo akkas ta'e, maqaa jalqabaa asitti: _____.

Filannoo qaqqabsiisaa: Bakka Sana Deemanii Fudhachuu Ergaa Sadarkaa Tokkoffaa USPS
 Karaa Elektiroonikaalaa Kan biroo: _____

Galmeewwan Gaafataman:

Ibsa bal'aa galmeewwan gaafatamanii dhiyeessaa, kanneen armaan gadii dabalatee: (1) Gosa galmeewwan; (2) Fireemii sa'aatii yookin guyyoota galmeen itti argaman; akkasumas (3) Dhimma waanta sanaa yookin jechoota ijoo galmeewwan sanaan walitti dhufan. TPRA jalatti, gaaffileen galmeewwan dirqama qaamotni mootummaa galmeewwan barbaadame sana akka adda baafataniif dirqama haala quubsaa ta'een odeeffannoo qabaachuu qabu. Akkasumas, gaaffii galmeewwan keessanii dirqama odeeffannoo quubsaa ta'e qabaachuu qaba, eegduun galmeewwanii gaaffii keessaniif yeroo deebii laatu galmeewwan isin barbaadaa jirtan salphumatti akka adda baafatuu isa dandeessisa.

Mallattoo Nama Gaafatee fi Guyyaa Itti Gaafatame

Mallattoo Qindeessaa Gaaffii Galmeewwan Hawaasaa fi Guyyaa
Gaaffiin Itti Fudhatame

ⁱ Hubachiisa, Tenn. Koodiin A nn. § 10-7-504(a)(20)(C) Haaromsii galmeewwan dhuunfaatiif kanfaltii kanfalchiisuu ni eeyyama.

Muummee Naannoo fi Kunuunsa Qabeenya Uumamaa Tennessee

Imaammata Haasawoota Galmeessuudhaaf Jiran

I. DUBDUUBEE

Tennessee fi seerotni Federaalaa namni kamiyyuu haasawa bilbilaa isaanii karaa elektiroonikaa akka waraabanii galmeessan ni eeyyama. Qaamoleen haasawa sanaa biroo waraabbii akka raawwatamuuf hayyama kennuu fi dhiisanis akkasumas qaamoleen biroo haasofni sun waraabamaa akka jiru beeksisuu fi dhiisanis kuni dhugaadha.

Dhorkaan seeraa haasawa waraabuu adda durummaan haasawa namni waraabe qaama hin taane waraabuu bilbilaan dhaggeeffachuu ilaallata. Qaamolee seera kabachiisan waliin ta'uun yeroo socho'an malee fi kunis dhimma imaammata kanaan alatti, kuni rakkoo Diippartimenticha mudachuu danda'u miti.

Seerummaa cinaatti dhiifnee, haasawa dhaabbata mootummaa tokko osoo hin ibsamin waraabuun isaa ifatti ummanni dhaabbata sana waliin wal qunnamuu irratti qabu qabbaneessuu danda'a. Haasaa dhaabbata mootummaa tokkoon taasifamu yeroo hunda osoo hin ibsamin waraabuun sodaa fi amantaa dhabuu ummanni dhaabbaticha irratti akka horatu gochuu danda'a.

II. IMAAMMATA

Akka armaan gadiitti addatti ibsameen alatti hojjettoonni biiroo naannoo Kutaa Naannoo fi Eegumsa Teeneesii haasawa miseensota uummataa waliin taasisan osoo hin ibsamne sagalee waraabuu(riikord gochuu) hin qaban. Yeroon yaalii kun haasawoota hunda irratti hojii irra hin oolu, kanneen qaamaan akkasumas karaa bilbilaa gaggeeffaman dabalatee.

Imaammanni kun erga qaamota hundaaf waraabbii haasawa sanaa akka raawwatamu erga itti himamee booda haasawa waraabuu hin dhorku.

Imaamatni kun, qaamoni hundi galmee haasawaa jiruuf eeyyama isaanii akka kennan hin gaafatu.

III. KANNEEN HIN TAANE

hojjataan akkasii dhimma yakkaa tokko qorachuuf yookiin himachuuf yeroo gargaaraa jirutti, Imaammanni kun hojjettoonni ajaja seera kabachiisa ta'an ykn hojjettoonni biroo qajeelfama qaamolee seera kabachiistoota naannoo ykn federaalaatiin socho'an qaamni haasawa sanaa hundi osoo hin beekiin haasawa waraabuu hin dhorku.

IV. DIRQISIISUU(HOJII IRRA OOLCHINSA)

Hojjataan imaammata kana sirrittiin baree fi jeequmsoota ciccimoo imaammata kanaa beeke to'ataa fi/yookin Ooditii keessaa isaa beeksisuu qaba. Gochi yakkaa imaammata kana irratti yakka dalaguu yaada gorsaa kennuu, jijjiiramuu ramaddiiwwan hojii, akeekkachiisa barreeffamaa yookin ceepha'uu, addaan cituu, fi/yookin addaan citinsa hojii of keessatti haammachuu malu.

GAAFA Fulbaana 21ffaa, 2007 KANA IRRAA KAASEE HOJII IRRA OOLA.

[MALLATTOO]

PAUL SLOAN, KOOMISHINARA ITTI AANAA

**MUUMMEE NAANNOO FI EGUMSA GAREE KUUSAA LAFA JALAA
TENNESSEE
WAAJIRA DAARIKTEERAA**

Qajeelfama Imaammataa

GUY YAA: Guraandhala 28, 2007

GARA: Hojjetoota Diviizhini UST Hunda

IRRAA: Stanley R. Boyd [MALLATTOO]

DHIMMA: Hojjetootni Imaammata qajeelchan Waliigalteewwan miidhaa Hin qabne irratti hin mallatteessuu hin qabani

Dubduubee

Inspektaroonni kutaa ykn hojjettoonni biroo dhiheenya kana yeroo iddoowwan murtaa'an gahan sakatta'iinsa dhaabbataa raawwachuuf ykn haala madaallii ykn sirreeffama iddoo sanaa mirkaneessuuf "Waliigaltee Miidhaa Hin Qabne" akka mallatteessan gaafatamaa akka turan sammuu kootti dhufee jira.

Kaayyoo

Kaayyoon memo kanaa miseensotni waajirichaa "Waliigaltee Hold Harmless" irratti mallatteessuu akka hin dandeenye beeksisuudhaafi.

Sababa

Hojjetaan bakka hojii itti kan argamuu qabu hojii isaa/ishee hojjechuu qofaafidha, kunis dalagaa mootummaa naannooti. Kaayyoon "Waliigaltee Hold Harmless" mallatteessaa(nama waliigaltee mallatteessu) bilisummaa abbaa biyyummaa Mootummaa Teenesii akka dhiisu ykn furmaata seeraa Bulchiinsa Teenisiitti argamu akka daangessu gochuudha. Hojjetaan naannoo waliigaltee kan Naannoo Tennessee(State of Tennessee) dhaan wal-qabatu irratti mallatteessuudhaaf aangoo hin qabu. Waajirri Yaa'ii Waliigalaa(General Council) ilaalchotni dhuunfaa baay'een Waajjira Abbaa Alangaa Waliigalaatiin akka kennamanii turan nutti himee jira.

Dhaabbanni yookiin daldalli biroo hojjettoonni kutaa sakatta'an yookiin daawwatan gocha yookiin hojjetaan mootummaa tokko raawwii idilee hojii mootummaa/ramaddii hojii keessatti dhiisuu isa'atiin yoo miidhamee jira ta'e, dhaabbatiichi ykn daldalli sun mootummaatti himannaa dhiyeessuuf mirga qaba.

Iyyata Hojiitti Hiikamaa

Hojjetaan waajiraa bakka sana akka geenyeef yoo dhorkame, dhimma sakatta'insaaf jecha, abbaa qabeenyaa taankarii fi/yookin opireetaraan, miseensi waajiraa sun bakkee sana gadhiisuu qaba akkasumas furmaata argachuuf dhimmicha gara Qindeessaa Waajira Bakkee kan Waajira Gidduugaleessaatti(Field Office Cordinator) itti akeekuu qaba.

Divizhiniin kun abbaa taankii fi/yookin opireetara seeraa 1200-1-15-.03(5) balleessaa jiru ni caqasa, kunis kan ibsu:

Abbootiin qabeenyaa fi/ykn opereetoroonni sirnoota UST inspeekshinii, hordoffii fi qorannoo Kutaan gaggeeffamu guutummaatti tumsuu qabu, akkasumas bu'uura Seera Taankii Kuusaa Lafa Jala Boba'aa Teenisiin T.C.A. § 68-215-107 jalatti kan tumame abbaa qabeenyaa ykn operetera sanadni akka dhiyaatu, akka qoratamuu fi hordofuuf gaaffii dhiyeessu.

Seerota Tennessee hojiirra oolan:

T.C.A. § 9-8-101 *fi kanneen itti fufan* fi T.C.A. § 68-215-107(e)(1) akkasumas (2)



NAANNOO TENNESSEE
MUUMMEE NAANNOO FI KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAA
Waajira Naannoo

QAJEELFAMA IMAAMMATAA

GUYEAA: Waxabajjii 16, 2010

GARA: Daariktaroota, Hoggantoota
Raawwachiisoo

IRRAA: Paul Sloan, Koomishinara Itti Aanaa
E. Joseph Sanders, Gorsaa Waliigalaa

[HARKAAN KAN
BARREEFFAME]
[HARKAAN KAN
BARREEFFAME]

[CHAAPPAA: KAN
FUDHATAME;
WAXABAJJII 28 [HIN
DUBBIFAMU] MUUMMEE
NAANNOO FI EEGUMSA
NAANNOO; WAAJIRA
GORSAA WALIIGALAA

DHIMMA: Hojjetootni Imaammata qajeelchan Waliigalteewwan miidhaa Hin qabne irratti hin mallatteessuu hin qabani

Darbee darbee, hojjettoonni TDEC yeroo bakka tokko ga'an sakatta'iinsa, madaallii iddoo, ykn hojii Biirichaa biroo gaggeessuuf Waliigaltee Miidhaa Hin Qabne akka mallatteessan gaafatamanii jiru.

Kaayyoon Qajeelcha Imaammata kanaa hojjettoonni waajiraa waliigalteewwan Hold Harmless(Miidhaa Maleessummaa) irratti mallatteessuu akka hin dandeenye beeksisuudhaafi.

Yeroo akka eejantii TDEC itti dalagutti, hojjetaan dirqama hojii isaa/ishee hojjechuuf qofa kana bakka sanatti argamuu qabu, kunneenis dalagaa mootummaa naannooti. Kaayyoon Waliigaltee Miidhaa Hin Qabne qabachuu, bilisummaa abbaa biyyummaa Mootummaa dabarsee kennuu ykn furmaata seeraa Bulchiinsa Teeneesii qabu daangeessuudhaaf nama mallatteessuu(haala kana keessatti hojjetaa TDEC) argachuudhaafi. Hojjetaan naannoo waliigaltee kan Naannoo Tennessee(State of Tennessee) dhaan wal-qabatu irratti mallatteessuudhaaf aangoo hin qabu. Adeemsa sakatta'insaa, daawwannaa iddoo hojji, yookiin hojii biroo qaama raawwii idilee hojii hojjetaa tokkoo ta'e keessatti gocha yookiin dhiisuu hojjetaan mootummaa tokkoon yoo miidhame, qaamni sun mootummaatti himannaa dhiyeessuuf mirga qaba.

Hojjetaan tokko sababa Waliigaltee Miidhaa Hin Qabne Qabuu mallatteessuu diduu isa'atiin iddoo hojii akka hin seenne yoo dhorkame, hojjetaan bakka hojii sanaa ba'ee, to'ataa isaanii qunnamuu fi akkaataa Qajeelfama Yuunifoormii Biirichaa Haleellaa, Sodaachisaa, Sodaachisaa, ykn Gidduu-galummaa Gabaasuuf baheen itti fufuu qaba (Adoolessa 7, 2008 kan ba'e)



Kan mirkaneesse: Juan Williams, Koomishinara	Lakkoofsa Imaammataa: 12-060 (Keessadeebii. 04/19)
Mallattoo: [MALLATTOO]	Bakka bu'a: 12-060
Iyyata: Eejansiwwan Damee Hojii Irra oolchituu, Hojjetoota Damee Hojii irra oolchituu Hundumaa	Guyyaa Itti Hojii Irra Oolu: Hagayya 1, 2013
Taayitaa: 29 U.S.C. § 651 fi kanneen itti fufan; T.C.A. § 39-17-1350; T.C.A. § 50-3-101 fi kanneen itti fufan; T.C.A. § 8-30-104	Seera: Hojiira hin oolu

Jeequmsa Bakkee Hojii

Naannoon Teeneesii nageenyaafi fayyaa hojjetootaa fi daawwattoota isa'atiif kutannoo cimaa qaba. Kanaafis Mootummaan naannoo hojii nageenya qabu, fayyaa fi nageenya qabu kan jeequmsa bakka hojii irraa bilisa ta'e dhiyeessuu fi eegu barbaada. Dabalataan, hojjetootni oomishummaa fi saffisa sadarkaa olaanaa ta'e eegatanii turuutu irraa eegama. Argamuun meeshaa waraanaa, yoo seeraan qaamolee seera kabachiisan ykn komishinii birootiin kan qabame yoo ta'e malee akkaataa Tenn kan bu'ureeffatanidha. Koodii Ann. § 39-17-1350, fi jeequmsi bakkee hojii keessaa, doorsisas, isa dhugaas, yookin yaadaanis ta'u, kaayyoowwan kanneen waliin kan wal simu waan hin taaneef hin hayyamamu.

Hojjettoonni hundi kanneen armaan olitti bilisa hin taane hundi meeshaa waraanaa osoo hin qabaatin bakka hojiitti gabaasuu fi jeequmsa ykn doorsisa jeequmsaa nama dhuunfaa kamiyyuu irratti osoo hin raawwatamin haala nageenya qabuu fi bu'a qabeessa ta'een hojii isaanii raawwachuutu irraa eegama. Jeequmsa, doorsisa, yookin doorsisni nama dhuunfaa kamiyyuu irratti raawwatamu gochoota obsamuuf miti.

Hiikaawwan

Jeequmsa Bakka Hojii jechuun amala haleellaa yookin doorsisaa bakka hojiitti mul'atu kamiyyuu jechuudha. Kunis kanneen armaan gadii of keessatti haammata, gochi yookin doorsisni jibbaa kamiyyuu, qaamaanis, dubbiinis yookin barreeffamanis ta'u, kunis haala sababa qabeessa ta'een sodaa miidhaa qaamaa fidu; Kan du'a ykn miidhaa qaamaa fidu ykn saaxiluu danda'u; Kan nageenya nama waliin hojjetu, daawwataa, maamila ykn miseensa ummata bal'aa balaadhaaf saaxilu danda'u ykn kan qabeenya miidhu danda'u kamiyyuu of keessatti haammata garuu isa qofaan hin daangeffamu.

Jeequmsi bakka hojiitti raawwatamu gocha qaamaa (rukutuu, dhiibuu, dhiibuu, rukutuu, tuquu fi rukutuu); Gochoota afaaniin raawwataman murtaa'an (dorsiisa, rakkina, arrabsoo fi sodaachisuu dabalatee garuu kanneen kanaan hin daangeffamne); Gochoota afaaniin ala ta'an murtaa'an (sochii qaamaa doorsisaa fi sodaachisuu dabalatee garuu kanneen kanaan hin daangeffamne); Qunnamtii barreeffamaa murtaa'e

Diippartimentii Humnoota Namaa (Human Resources) Tennessee

Hoggansa humnoota namaa kaayyoo qabaate dhiyeessuu akkasumas furmaatota kalaqaan guutaman argachuudhaaf maamiloota waliin miiltummaa uumuu (waliin ta'uun hojjechuu)

(yaadannoo doorsisaa, iimeelii fi maxxansa miidiyaa hawaasaa dabalatee garuu kanneen kanaan hin daangeffamne); fi gochoota biroo (ibidda qabsiisuu, sabotage, manca'uu fi hordofuu dabalatee garuu kanneen kanaan hin daangeffamne) of keessatti haammachuu danda'a, garuu kanneen armaan olii qofaan kan daangeffamu miti.

Meeshaa waraanaa jechuun divaayizii, meeshaa, maateeriyaaala yookin waantota nama ajjeesuuf, miidhaa qaamaa geessisuuf, yookin meeshaalee barbaadeessuuf fayyadan jechuudha. Meeshaaleen waraanaa jechuun meeshaa adda durummaan meeshaa dhoo'aa geessuuf ykn dhukaasuuf qophaa'e, hojjetame ykn madaqfame, qawwee maashinii, qawwee ykn qawwee dhukaasaa, qawwee harkaa, qawwee sagalee dhaamsu, jilba naasaa, yookiin meeshaa biroo miidhaa qaamaa, qabeenya irratti miidhaa geessisuu, yookiin du'aaf oolu kan kaayyoo seera qabeessa waloo hin qabne kamiyyuu of keessatti haammatu, garuu kanneen qofaan hin daangeffamu. Haaduu Kiisii(Pocket knives) yookin haaduuwwan nyaataa, nyaata ittiin nyaachuuf ykn nyaata qopheessuu qofaafidha kan hojii irra oolu, miidhaa qaamaa ykn qabeenya irratti miidhaa geessisuudhaaf yoo itti fayyadaman malee kaayyoo imaammata kanaaf akka meeshaa waraanaatti hin ilaalaman.

Bakka Hojii jechuun bakka kamiyyuu, yeroo dhaabbataafis ta'u yeroo muraasaaf, bakka hojjetootni dalagaa hojiidhaan wal qabatan itti dalagan jechuudha. Kunis gamoowwan naannoodhaan qabaman yookin liizii dhaan fudhataman of keessatti haammata, garuu isa qofaan hin daangeffamu.

Abbummaa yookin *Abbaa Qabeenya sanaa* jechuun bakka hojiitti ykn bakka hojiitti meeshaan waraanaa jiraachuu jechuudha. Kunis hojjetaa qofaan osoo hin daangeffamne, teessoo hojjetaa, saanduuqa laaqanaa yookin baattuu, korojoo, boorsaa, meeshaa kuushina, waajira fi kkf of keessatti haammata.

Shakkii sababa qabeessa jechuun haalli dhiyaachaa jiru dhugaa ta'uu isaa caalaa dhugaa ta'uu akka danda'u amanuuf, sadarkaa beekumsa nama akka idileetti of eeggannoo fi of eeggannoo qabu kakaasuuf gahaa ta'e jechuudha. Shakkiin sababa qabeessa ta'e bu'uura ibsame, addaa fi kaayyoo irratti hundaa'uu qaba, akkasumas kallattiin ilaaluu fi/ykn odeeffannoo madda amanamaa ta'ee amanamu irraa argame of keessatti qabachuu danda'a.

Gochoota(Amaloota) Dhorkaman

Naannoon Teeneesii itti fayyadama hayyama hin qabne cimsee dhorkas, obsee bira hin tarus; meeshaa waraanaa kamiyyuu bakka hojiitti qabatanii dhufuu, yookiin gurguruu ni dhorka; Meeshaa waraanaa kamiyyuu bakka hojiitti walitti qabanii kaawuu ni dhorka; Shakkii sababa qabeessa ta'e irratti hundaa'uun meeshaan waraanaa jiraachuu isaa sakatta'iinsaaf dhiyaachuu diduun kan dhorkamedha; Seera yakkaa kamiinuu meeshaa waraanaa seeraan ala fayyadamuu yookiin qabachuu yookiin nama yookiin qabeenya nama biraa irratti gocha jeequmsaa raawwachuu isa'atiin yakkamaa ta'uu ni dhorka; jeequmsa bakka hojiitti bobba'uu, jeequmsa bakka hojiitti doorsisuu, ykn sodaachisuu ni dhorka; jeequmsi bakka hojii ykn doorsisni jeequmsi bakka hojiitti uumamuu yookin mudatu akka danda'u himannaa yookin shakkii, yookin qorannoo waa'ee meeshaa waraanaa hojjetaan biraa qabachuu irratti gaggeeffamuuf tumsuu diduun amaloota yookin gochoota dhorkamanidha.

Diipartimentii Humnoota Namaa (Human Resources) Tennessee

Hoggansa humnoota namaa kaayyoo qabaate dhiyeessuu akkasumas furmaatota kalaqaan guutaman argachuudhaaf maamiloota waliin miiltummaa uumuu (waliin ta'uun hojjechuu)

Gabaasuu

Hojjetaan kamiyyuu taatee jeequmsa bakka hojii, doorsisni bakka hojii, yookiin amalli shakkisiisaa argame ykn saaxilame kamiyyuu gocha akkasii hatattamaan to'ataa dhimmi ilaallatu, waajjira humna namaa ykn Human Resource, ykn gorsaa waliigalaa fi yoo barbaachisaa ta'e immoo qaamolee seera kabachiisaniif gabaasuu qaba.

Yoo ni danda'ama ta'e, akkasumas balaan ariifachiisaa yoo hin jiraanne, gabaasa barreeffamaa taatee kana bal'inaan ibsu guutamee dafee waajjira humna namaatti dabarfamee geeffamuu qaba. Hojjetootni hundi mudannoowwan gabaasuudhaaf Guca Fudhannaa/Akeekaa asitti maxxanfamee jiru fayyadamuu danda'u. Diippartimentii dhimmi ilaallatu himannaa jeequmsa bakka hojii hunda irratti qorannoo ni gaggeessa. Qorannoon tokko imaammata kana jalatti argannoo yoo argamsiise, gabaasa qorannoo qaama mudamaa ykn nama mudamaaf ni dabarfamee ilaalamuu fi tarkaanfii barbaachisaa ta'e akka fudhatamuuf ni taasifama. Qaamoleen mudannoo sanaa, yoo barbaachisaa ta'e, waayeen qorannoo sanaa ni beeksifamaafi.

Imaammata kana cabsuu

Hojjetaan kamiyyuu kan ama imaammata kana dabsu yookin amaloota akkanaa namoonni biroo akka hojjetaniif jajjabeessu tarkaanfii sirreessaa fi tarkaanfii naamusa'atiin ni adabamu, hanga fi qacarrii addaan kutuu dabalatee.

Hojjettoonni to'annoo gocha akkasii yeroo baratan tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu baatan hanga hojii addaan kutuu dabalatee, tarkaanfii sirreeffamaa ykn tarkaanfii naamusaa tiin ni adabamu.

Haaloo Bahinsa

Mootummaan haaloo bahinsa kamiyyuu kan hojjetaa mudannoowwan doorsisiaa, jeequmsa bakka hojii, gocha sossodaachuu, yookin meeshaa waraanaa qabachuu gabaase irratti taasifamu kamiyyuu ni dhorka akkasumas obsa hin qabuufis. Hojjetaan kamiyyuu kan waayee jeequmsa yookin komiiwwan akkanaa qorannaa gaggeessuu irratti deeggarsa taasisu, haala fi haala hojiitiin dhiibbaa hamaa hin geessisu, sababa komii akkasiitiin loogiin hin raawwatamu ykn hojiirraa hin ari'atamu.

Kan hin beekamne

ParTNers Employee Assistance Program(Sagantaan Gargaarsa Hojjetaa ParTNers, EAP) miseensotaa fi hirkattoota isaaniif gorsa maallaqaa, seeraa fi miiraa icciti ta'e baasii tokko malee ni kenna. EAP'n hojjetoota jeequmsa bakka hojii irratti mudachuu jiruuf akka qabeenyaa(risoorsiitti) ilaalama. Tajaajilootni EAP hojjetoota naannoo sa'aatii guutuu fi barnoota sadarkaa olaanaatiif akkasumas miseensota maatii isaanii kanneen ulaagaa guutaniif ni kennama. Optum gurguraa tajaajiloota EAP, fayyaa sammuu fi miidhaa balaa sammuu namaa hadoochuu dhiyeessudha. Tajaajilootni hundi icciitaawoodha akkasumas torbeetti guyyoota torbaaf(7)'f 1.855.HERE.4.TN(1.855.437.3486), guyyaatti sa'aatiiwwan digdami afur(24)fi bilbiluudhaan argachuu dandeessu. Odeeffannoowwan dabalataa waayee ParTNers EAP as irraa argamuu danda'u <https://www.tn.gov/finance/article/fa-benefits-eap>.

Hojjetaan yeroo waldhabdee keessatti yeroo hirmaatu yookin erga waldhabdee sana qoratee booda yoo miidhame, haala seera mootummaa waliin wal-simuun sana booda mirga faayidaa beenyaa hojjetootaa dhorkamuu ni danda'a. Waayee beenyaa hojjetootaan wal-qabatee odeeffannoo bal'aan asitti argama <http://treasury.tn.gov/wc/>.

Gaaffileen waayee imaammataatiin wal-qabatan waajira humna namaa eejansii keessanii yookin Waajira Gorsaa Waliigalaa(General Council) itti qajeelfamuu qaba.

Maxxansa - Guca Fudhannaa/Akeekaa

Ibsa Iccitummaadhaan wal-qabatu

Akkaataa Koodii Tennessee § 10-7-503(a)(2)(A) itti ibsametti, “galmeewwan . . . naannoo hundi . . . yeroo tokkotti, yeroo sa’aatii hojiitti, qorannoo dhuunfaa lammiilee Tennessee dhaan taasifamuuf banaa ta’uu qabu, akkasumas warri galmeewwan akkasii irratti itti gaafatamummaa qaban, seera mootummaa keessatti haala biraatiin yoo tumame malee, mirga sakatta’iinsaa akkasii lammii kamiifuu hin didan.” Haaluma kanaan, Mootummaan kan uumame yookiin himatamaa, himatamaa, yookiin ragaalee irraa kan argame ta’us, Mootummaan iccitii sanada kanaa yookiin yaadannoo, faayiloota, gabaasa, yookiin sanadoota biroo kamiyyuu wabii kennuu hin danda’u, hin kennus.

MAQAA NAMA KOMII DHIYEESUU SANAA YOOKIN NAMA MUDANNICHA GABAASUU:

IMEELII/LAKKOOFSA BILBILAA KOMII DHIYEESAA YOOKIN NAMA MUDANNOO SANA GABAASUU:

IMEELII: _____

HOJII: _____

KAN FILATAME: _____

MAQAA EEJANSII FI DIVIZHINII IRRATTI HIRMAATEE:

MAQAA NAMA(OOTA) HIMATAMEE/HIMATAMANII:

HARIIROO NAMA HIMATAMEE FI ISIN GIDDUU JIRU(JECHUUN. TO’ATAA KALLATTII, HOJJETAA WALIIN):

GUYAAN MUDANNOO DHIYEENYAA GOCHA SANAA?

Diipartimentii Humnoota Namaa (Human Resources) Tennessee

Hoggansa humnoota namaa kaayyoo qabaate dhiyeessuu akkasumas furmaatota kalaqaan guutaman argachuudhaaf maamiloota waliin miiltummaa uumuu (waliin ta’uun hojjechuu)

HOJJETTOOTNNI BIROO ISIN CAALA KARAA BIRAATIIN ILAALAMANII JIRUU? EEYEE YOO TA'E, AKKAMITTI AKKA TA'E IBSAA:

GAAFFII KANA DURAATIIF DEEBIIN KEESSAN EEYEE YOO TA'E, MAALOO MAQAA HOJJETTOOTA KARAA ADDA TA'EEN ILAALAMANII DHIYEESSAA:

NAMA KAMIYYUU(RAGAALAA, HOJJETTOOTA KAAWWAN, TO'ATTOOTA, KANNEEN BIROOS TA'EE) KAN ODEEFFANNOO DABALATAA KOMII KANA DEEGGARUU DANDA'AU YOOKIN IFA TAASISUU DANDA'U QABAACHUU DANDA'U HUNDA ASITTI TARREESSAA. TOKKON TOKKOO ISAANII ODEEFFANNOO AKKAMII AKKA DHIYEESSUU DANDA'AN IRRATTI MARI'ADHAA.

EEJANSIIN YOOKIN HIMATAMAAN MAALIIF AKKA KANATTI AKKA ILAALMTAN AKKA TA'E IBSUUDHAAF IBSA AKKAMII NUUF KENNU JETTANII YAADDUU?

Imaammata DOHR:
Jeequmsa Bakkee Hojii

Lakkoofsa Imaammataa: 12-060
(Keessadeebii. 04/19)

MAALOO ODEEFFANNOOWWAN BIROO KAMIYYUU(RAGAALEE BARREEFFAMAA, KANNEEN AKKA DIYAARII(YAADANNOO SEENAA), BARRUUWWAN ODEESSAA, WARAABBIIWWAN JIRAN, IMEELIIWWAN, MEEYILII SAGALEE, KANNEEN WALQABATAN, KKF) ADDA BAAFADHAA. KAN DHIMMA KANAAN WALQABATA JETTANII YAADDAN.

SABABA KOMII KANAATIIF MAALTU AKKA MUDATU BARBAADDUU?

MALLATTOO KOMII DHIYEESSAA: _____

GUYAA: _____

Diipartimentii Humnoota Namaa (Human Resources) Tennessee

Hoggansa humnoota namaa kaayyoo qabaate dhiyeessuu akkasumas furmaatota kalaqaan guutaman argachuudhaaf maamiloota waliin miiltummaa uumuu (waliin ta'uun hojjechuu)

Imaammata DOHR:
Jeequmsa Bakkee Hojii

Lakkoofsa Imaammataa: 12-060
(Keessadeebii. 04/19)

BU'AA KOMII GAAFFII FI DEEBII GOCHUU IRRAA KAN KA'E TO'ATAA YKN BAKKA BU'AA MOOTUMMAATIIN YOO GUUTAME, MAALOO ODEEFFANNOO ARMAAN GADII KENNI:

MAQAA BARREEFFAMAA: _____

MALLATTOO: _____

AANGOO: _____

EEJANSII FI/YOOKIN DIVIIZHINII: _____

LAKKOOFSA BILBILAA HOJII: _____

GUY YAA KOMIIN ITTI FUDHATAME: _____

GUY YAA GUCNI ITTI GUUTAME: _____

SABABA TURTII, YOO JIRAATE, GUY YAA KOMIIN DHIYAATEE FI GUY YAA GUCNI ITTI GUUTAME GIDDUUTTI:

MAQAA FI AANGOO NAMA GUCICCHI AKKA TARKAANFII FUDHATUUF ITTI ERGAMEE:

GUY YAA GUCICHI ITTI DABARFAMEE ERGAME:

Diipartimentii Humnoota Namaa (Human Resources) Tennessee

Hoggansa humnoota namaa kaayyoo qabaate dhiyeessuu akkasumas furmaatota kalaqaan guutaman argachuudhaaf maamiloota waliin miiltummaa uumuu (waliin ta'uun hojjechuu)

BOE (Waajjira Naannoo)-P-4-Imaammata Ofiinii(Self-Policing)-111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

AKEEKKACHIISA: Sanadni kun imaammata qofaa isaati akkasumas mirgoota seeraa fi dirqamoota seeraa kan uumu miti. Hojjettoonni Biiroo Naannoo Diippartimentichaa (Department's Bureau of Environment) murtii, hojimaata, fi gochaalee hojii keessoo ykn gocha biiroo ilaallatan akkamitti hojiirra akka oolchan qajeelfama kennuudhaaf kan yaadame dha. Hawaasa to'annan irratti gaggeeffamu dabalatee murtoowwan hawaasa tuqan kamiyyuu, seerotaa fi qajeelfamoota haala kamiyyuu irratti hojii irra ooluu danda'anii haqoota murtaawaniif hojii irra kan oolan ta'u.

GUYYAA ITTI HOJII IRRA OOLU: SADAASA 30, 2020

MALLATTOOWWAN:

[MALLATTOO]

Gregory T. Young (Sadaasa 25, 2020 09:56 CST)

Greg Young

Koomishinara Itti Aanaa

[MALLATTOO]

E. Joseph Sanders

Gorsaa Seeraa Olaanaa,

Wixineessaa

A. Kaayyoo

Imaammanni kun qaamoleen qajeelfama qaban fedhii isaaniitiin ulaagaalee naannoo Teeneesii cabsuu akka argatan, akka ibsan, akka sirreessanii fi akka ittisan jajjabeessuudhaan, eegumsa fayyaa namaa fi naannoo guddisuuf kan qophaa'edha. Odeeffannoo waayee seenaa dubduubee fi hojii irra ooltummaa imaammata

BOE (Waajjira Naannoo)–P–4–Imaammata Ofiinii(Self-Policing)–111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

kanaa Appendiksii kana keessatti haammatamee jira.

B. Hiikaawwan

Dhimma Imaammata kanaatiif, hiikaawwan armaan gadii hojii irra oolu:

1. "Gargaarsa walsimannaa" jechuun sagantaalee akka Clean Air Act(Seera Qilleensa Qulqulluu) jalatti argaman dabalatee, garuu kanneen kanaan hin daangeffamiin, gargaarsi naannoo kabajuu yookiin ittisa faalamaa dhaabbata mootummaa yookiin dhaabbata barnoota olaanootiin yookiin kan deeggaramuun daldala xixiqqaa tokkoof kan kennamu yoo ta'e jechuudha.
2. "Diipartimentii" jechuun Sippartimentii Naannoo fi Eegumsaa fi hojjettoota isaa jechuudha, garuu boordii naannoo Biiricha waliin walqabatee jiruu fi miseensota isaanii hin hammatu.
3. "Due Deligence/Carraariin sirrii" sarbamiinsa seeraa karaa armaan gadii ittisuu, adda baasuu fi sirreessuuf, tattaaffii sirnaa dhaabbata qajeelfama qabu, guddinaa fi maalummaa daldala isaa wajjin walsimu of keessatti haammata.
 - a. Imaammatawwan, istaandaardiiwwanii fi hojimaatilee walsimannaa hojjettoonni fi ergamtoonni ulaagaalee seera, dambiiwwan, hayyamaa fi maddoota aangoo biroo ulaagaalee naannoof barbaachisan akkamitti guutuu akka qaban adda baasan;
 - b. Tokkoon tokkoon dhaabbataa ykn hojiitti walsimannaa mirkaneessuuf, Imaammata, istaandaardii fi hojimaata kabajuu to'achuuf itti gaafatamummaa waliigalaa ramaduu, itti gaafatamummaa addaa ramaduu.
 - c. Sirna hordoffii fi odiitii sarbama seeraa adda baasuu fi sirreessuuf haala madaalawaa ta'een qophaa'e, madaallii raawwii waliigalaa sirna bulchiinsa walsimannaa yeroo yeroon madaaluu, akkasumas hojjettoonni yookiin ergamtoonni ulaagaalee naannoo cabsuu isaanii sodaa haaloo ba'uu malee akka gabaasan mala dabalatee, Imaammattoonni, istaandaardii fi hojimaatni

BOE (Waajjira Naannoo)–P–4–Imaammata Ofiinii(Self-Policing)–111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

walsimannaa sirnaan raawwatamaa akka jiran malawwan sirnaan mirkaneessuu.

d. Istaandardiiwwanii fi hojimaatawwan dhaabbata to’atame hojjetoota hundaafi ergamtoota biroof haala bu’a qabeessa ta’een beeksisuudhaaf tattaaffii taasifamu;

e. Mala naamusaa barbaachisaa ta’een raawwachiisummaa wal irraa hin cinne dabalatee, hoggantootaa fi hojjettoonni akkaataa imaammata, istaandaardii fi hojimaata walsimannaatiin akka raawwatan kaka’umsa sirrii ta’e kennuu; akkasumas

f. Hojimaata sarbama seeraa kamiyyuu saffisaa fi haala sirrii ta’een sirreessuu, fi fooyya’iinsa barbaachisaa sagantaa dhaabbata qajeelfama qabu irratti taasifamu kamiyyuu sarbamiinsa gara fuula duraa ittisuuf qajeelfamoota jiran.

4. "Odiitii naannoo" jechuun gamaaggama sirnaa, barreeffamaan, yeroo yeroon, fi kaayyoodhaan qaama qajeelfama qabuun hojiiwwanii fi gochaalee ulaagaalee naannoo guutuu wajjin walqabatan jechuudha. ISO 9001(yookin Siistema To’annaa Qulqulliina Sadarkaa Dhaabbilee Idil-addunyaa inni yeroo dhiyeenyaa), fakkeenya adeemsa akkanaati.

5. "Gabaasa Ooditii Naannoo" jechuun xinxala, guduunfaa, fi yaadota gorsaa ooditii naannoo irraa dhufan jechuudha, garuu daataa argame, yookin ragaa rageessaan wal-qabatee akkasumas ooditii naannoo of keessatti hin dabalatu.

6. "Regulated entity" jechuun nama yookin qaama kamiyyuu, eejansii yookin dhaabbaata federaalaa, naannoo, yookin bulchiinsa magaalaa, kan seerota naannoo Tennessee jalatti bulan jechuudha.

C. Onnachiiftuu Ofiin-Imaammata baasuuf kennamu

1. Adabbii Siivillii.

a. Qaamni qajeelfama qabu tokko ulaagaalee naannoo Teeneesii cabsuu wajjin walqabatee haal-

BOE (Waajjira Naannoo)-P-4-Imaammata Ofiinii(Self-Policing)-111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

duree kutaa D hunda akka guutu yoo mirkaneesse, waajirichi sababa sarbama seeraatiin dhaabbatichi bu'aa dinagdee guddaa akka argate yoo murteesse malee, sarbama seeraa sanaaf adabbii siviilii hin barbaachifne hin barbaadu.

b. Qaamni qajeelfama qabu tokko qubee ulaagaalee yookiin haal-dureewwan keewwata xiqqaa D.1 yookiin keewwata xiqqaa D.3 keessatti ibsame hunda kan hin guunne yoo ta'e, waajirichi adabbii siviilii kamiyyuu yeroo madaalu gocha dhaabbatichaa hunda ni ilaala. Diviizhinichi gadi aanaa yoo ta'e, dhaabbatichi haala kutaa xiqqaa C.1.a keessatti ibsame argachuu ni danda'a.

2. Yaada Yakkaa Hin Qabu.

a. Yoo Kutaan Hojicha haal-duree kutaa D keessatti ibsaman hundi guutamuu isaanii murteesse, hanga sarbamni sun kanneen armaan gadii hin agarsiifne ykn hin hirmaannetti, waajirichi qaama abbaa alangaa kamiifuu himannaan yakkaa qaama qajeelfama qabu irratti sarbama seeraatiin akka banamu yaada hin kennu.

i. falaasama ykn gocha bulchiinsa babal'ate kan sarbama naannoo dhoksu ykn kan hayyamu; ykn

ii. Hoggantoonni(qondaaltonni) dhaabbataa sadarkaa olaanaa ykn hoggantoonni sarbama seeraa kana keessatti dammaqinaan hirmaachuu ykn fedhiidhaan jaamsuu.

b. Diippaartimentichi qaama qajeelfama qabu bu'uura keewwata kanaatiin himannaa yakkaaf yoo ergus ta'e kennuu baatus, Biirichi imaammata jiran kanneen murtii raawwachiisummaa hojiirra oolchuuf qajeelchan jalatti gocha yakkaa hoggantoota dhuunfaa ykn hojjettootaa irratti himannaa akka dhiyaatu yaada dhiyeessuuf mirga qaba.

3. Gaaffii Ooditiwwaniif idilee hin qabu. Diippartimentiin idileedhaan gabaasa ooditii naannoo hin gaafatu yookin hin fayyadamu. Fakkeenyaaf, diippaartimentichi gabaasa ooditii naannoo sakatta'insa idilee keessatti hin gaafatu.

BOE (Waajjira Naannoo)–P–4–Imaammata Ofiinii(Self-Policing)–111711
IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

D. Haalota

1. Habuurraa Siistamaatikii(Sirnaa). Jeequmsichi yeroo armaan gadii barama ture:

a. yeroo ooditii naannoo;

b. Jeequmsoota ittisuudhaan, adda baasuudhaan akkasumas sirreessuudhaan qaamni to'annaan irratti godhamu kaayyoo, sanada, qajeelfama tooftaan qajeelu yookin muuxannoo carraaqii ta'uu malu ibsuu, (Waajirichi akka haal-duree adabbii salphisuutti ibsi tattaaffii qorannoo sirrii qaama to'atame ummataaf akka dhiyaatu gaafachuu ni danda'a); yookiin

c. gargaarsa walsimannaa bakka sanatti argamu.

2. Habuurraa Fedhiidhaanii. Sarbamni kun fedhiidhaan kan adda baafame yoo ta'u, bu'aa hojii seeraan ajajame kan seera, dambii, hayyama, ajaja abbaa seerummaa ykn bulchiinsaa, ykn waliigaltee hayyamaatiin tumame irraa kan ka'e miti. Fakkeenyaaf, Imaammatichi kanneen armaan gadii irratti hojii irra hin oolu:

a. Gara sarbama gadi lakkifamuu karaa hordoffii gadi lakkifamuu walitti fufiinsa qabuun (ykn hordoffii filannoo hayyama keessatti hundeeffame) bakka hordoffiin akkasii kamiyyuu barbaachisuutti adda baafame

b. Daangaa dhangalaa'uu Sirna Faalama Biyyaalessaa Dhabamsiisuu (NPDES) karaa saamuda ykn hordoffii barbaachisuun adda baafame cabsuu; yookaan

c. Sarbaminsootni karaa oditii walsimannaatiin argame haala ajaja hayyamaa ykn ajaja dhumaa kamiinuu raawwatamuu qabu.

3. Hatattamaan Ifatti Baasuu. Erga sarbamni seeraa barreeffamaan Biiricha beeksisuudhaan akka raawwatame hubatamee booda, qaamni qajeelfama qabu sarbama seeraa addaa guyyoota 21 keessatti (ykn yeroo gabaabaa akkasii seeraan tumame) guutummaatti ibsa.

4. Argannoo fi Ibsa Mootummaa ykn Himatamaa Qaama Sadaffaa irraa Walaba ta'e. Akkasumas

BOE (Waajjira Naannoo)-P-4-Imaammata Ofiinii(Self-Policing)-111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

sarbamiinsa seeraa qaama qajeelfama qabuun kanneen armaan gadii dura adda baafamee ifa ta'uu qaba:

- a. sakatta'iinsi yookiin qorannoon dhaabbata qajeelfama federaalaa, naannoo yookiin naannoo osoo hin jalqabin dura, yookiin ejensiin akkasii gaaffii odeeffannoo qaama to'ateef kennuu isa'atiin dura;
 - b. himata lammii beeksisuu dura;
 - c. qaamni sadaffaan himanni osoo hin dhiyaatin dura;
 - d. Sarbama seeraa sana hojjetaa "whistleblower(Afuuftuu fiishkaa)" ta'een, qaama qajeelfama ba'e bakka bu'ee dubbachuuf hayyamameef osoo hin taane, diippartimentichaaf (ykn dhaabbata mootummaa birootti) gabaasuu isaa dura; yookaan
 - e. Sarbamiinsa seeraa dhaabbata dambii federaalaa, naannoo, ykn naannootiin dhiyeenyatti argachuu.
5. Sirreessii fi Furmaataa Barbaaduu Qaamni qajelfamu sun dirqama waantota armaan gadii gochuu qaba:
- a. Qaamni qajeelfama qabu sarbamni seeraa erga argamee guyyoota 60 keessatti sirreessuu fi sarbamni sun sirreeffamuu isaa, fi tarkaanfiiwwan sirreeffamaa barbaachisoo ta'an kamiyyuu, kanneen Diippartimentichi murteesse dabalatee, xumuramuu isaanii barreeffamaan Diippartimentichaaf mirkaneessuu qaba; yookaan
 - b. Sarbama seeraa sirreessuu fi tarkaanfiiwwan sirreeffamaa xumuruuf guyyoota 60 ol kan barbaachisu yoo ta'e, yoo jiraate qaamni to'atame yeroon guyyoota 60 osoo hin darbiin dura barreeffamaan diippartimentichi beeksisuu kan qabu yoo ta'u, sagantaa sirreeffama yaadame, ji'a 24 akka hin caalle dhiyeessu qabu.

Qaamni qajeelfame D.5.b jalatti itti fufe, akkasumas sochiiwwan karoorfaman guyyoota dhiyaatan keessatti xumuruu qaba yookin akkuma diippartimentichaan fooyyeffametti dhiyeessuu qabu. Diippartimentichi tarii yeroo dhumaa Sababoota Gaarii dhaaf dheeressuu yookin gabaabsuu ni danda'a. Jijjiiramootni akkasii

BOE (Waajjira Naannoo)-P-4-Imaammata Ofiinii(Self-Policing)-111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

dirqama bifa barreeffamaatiin ta'uu qabu

6. Irra deddeebii Ittisuu. Qaamni qajeelfame irra deddeebii sarbamaa uumamuu ittisuu irratti tarkaanfii fudhachuuf waliigalu, kunis fooyyessiiwwan ooditii naannoowwanii fi carraaqqiwwan qorannoo sirrii ta'ee of keessatti haammachuu malu.

7. Sarbamootni Irra Deebi'an Hin Jiran Sarbamni addaa ta'e (ykn kan dhiyeenyaan sarbama waliin wal walqabatu) kanaan dura waggoota sadan darban keessatti bakka walfakkaataa ykn dhaabbilee biroo qaama qajeelfama qabuu keessatti hin raawwatamne ykn qaama akkaataa sarbama seeraa federaalaa, naannoo, yookiin naannoo dhaabbata warra dhaabbatichaatiin (yoo jiraate), waggoota shanan darban keessatti raawwataman miti. Dhimma kutaa D.7 kanaatiif, sarbamni akka armaan gadiiti:

a. seera naannoo federaalaa, naannoo, yookiin naannoo ajaja abbaa seerummaa yookiin bulchiinsaa, waliigaltee yookiin ajaja hayyamaa, komii, yookiin beeksisa cabsuu, kenninsa murtii, kan murtii yookiin waliigaltee himannaa irratti adda baafame kamiyyuu; yookin

b. gocha yookiin dhiisuu qaamni to'atame kanaan dura Biiricha yookiin ejensii federaalaa yookiin naannoo irraa adabbii salphisuu argate kamiyyuu.

8. Sarbaminsootni Murtaawan Keessatti Hin Dabalamne. Kanneen armaan gadii sarba jalatti hin ramadamani (a) Miidhaa qabatamaa hamaa kan fide ykn fayyaa namaa ykn naannoo irratti balaa dhiyoo fi guddaa ta'e kan fide miti. yookin (b) Haala addaa ajaja abbaa seerummaa ykn bulchiinsaa ykn waliigaltee hayyamaa kamiyyuu kan cabsu miti.

9. Gamtoomina. Qaamni to'atame akkaataa Kutaan Hojichaa gaafateen tumsa ni taasisa, akkasumas hojiirra oolmaa imaammata kanaa murteessuuf odeeffannoo barbaachisaa fi waajirichi gaafate ni kenna. Gamtoominni yoo xiqqaate waantota armaan gadii of keessatti haammata, sanadoota gaafataman hunda kennuu fi hojjetoota bira gahuu fi sarbama seeraa qorachuuf gargaarsa kennuu, rakkoolee seera kabajuu dhabuu ibsamuu wajjin walqabatan kamiyyuu, fi bu'aa naannoo sarbama seeraa wajjin walqabatee dhufu kamiyyuu fa'aa.

BOE (Waajjira Naannoo)–P–4–Imaammata Ofiinii(Self-Policing)–111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

E. Xiyyeeffannoo keessa galchinsa Waliigalaa.

1. Seera Tennessee(Tennessee law) cabsuu kamiyyuu hojiirra oolchuudhaan fayyaa hawaasaa ykn naannoo eeguuf, diippartimentichi, tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuuf mirgaa fi itti gaafatamummaa isaa qaba.

2. Imaammanni kun dhimmoota ilaalamuu qaban kanneen Diippartimentichi murtii raawwachiisummaa isaa hojiirra oolchuuf qajeelchan lafa kaa'a. Qabeenyi raawwachiisummaa isaa sirnaan akka ramadamu ilaalcha Diippartimentichi qabu ibsa. Imaammatichi gocha Diippartimentii isa dhumaa miti akkasumas akka qajeelchaatti tajaajiluuf malee. Mirgoota, Dalagaalee, dirqamootaa, yookin mormiiwwan ibsaman yookin kanneen hin ibsame, qaama sadaffaa kamiyyuu hin uumu.

3. Imaammanni kun tarkaanfiiwwan raawwachiisummaa abbaa seerummaa bulchiinsaa fi siviilii lamaan isaaniif marii qubsumaa keessatti yeroo hojiirra oolu hundatti fayyadamuu qaba. Iyyannoo irratti, dhaddacha irratti ykn dhaddacha irratti akka itti fayyadamaniif kan yaadame miti. Imaammatichi tarkaanfiiwwan raawwachiisummaa bulchiinsaa fi abbaa seerummaa kan Adoolessa 17, 2011 dura jalqabaman, garuu hanga ammaattillee furmaata hin arganne qulqulleessuuf fedhii Diippartimentichaatiin hojiirra ooluu ni danda'a.

BOE (Waajjira Naannoo)-P-4-Imaammata Ofiinii(Self-Policing)-111711 IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

DABALATA(APEENDIKSII)

DUBDUUBEE

Imaammani kun adda durummaan imaammata Ejensii Eegumsa Naannoo Ameerikaa (United States Environmental Protection Agency, EPA) dhaan Mudde 22, 1995, bu'uureeffame, gaafa Caamsaa 11, 2000 fooyyeffame irratti kan hundaa'edha Akkasumas yaadonna kutaalee "ibsa imaammataa" sanadoota sanaa keessatti kennaman hedduun isaanii imaammata kana irrattis raawwatiinsa qabu. Imaammata kana hojiirra oolchuu keessatti, Diippartimentichi qajeelfama EPA Imaammata Odiitii (duraan, "Onnachiiftuu Of Poolisii: Onnachiiftuu Of Poolisii Argachuuf, Ibsuuf, Sirreessuu fi Ittisa Sarbamiinsa") irratti kenne kamiyyuu fi ibsa hiika EPA imaammata jedhame kamiyyuu ilaaluu ni danda'a, kan EPA "Imaammata Odiitii Abbootii Qabeenyaa Haaraa Irratti Hojiirra Oolchuuf Mala Yeroo". dabalatee garuu kan daangeffame miti 73 C.F.R. §109 (2008).

Diippartimentichi qophii istaandaardii walduraa duubaan Sirna Bulchiinsa Qulqullinaa Dhaabbata Istaandardii Idil-addunyaa ni beeka. Akkuma armaan olitti ibsametti odiitiin akkaataa sadarkaa ISO 9001 tiin gaggeeffamu hiika odiitii naannoo imaammata kana jalatti kenname ni guuta. Diippartimentichi sirna bulchiinsa naannootti akka fayyadamanis jajjabeessuu barbaada, kanneen Sirna Bulchiinsa Qulqullinaa istaandaardii tartiiba hafan keessatti kaa'aman fa'aa.

HOJIIRRA OOLMAA

Sagantaalee naannoo Diippartimentichaa bulchu jalatti ajaja aangoo kennameen kenname dabalatee, Imaammani kun ajajaa fi madaallii komishinaraa kennuu irratti kallattiin raawwatiinsa qaba. Akkasumas yaada Diippartimentichaa adabbii siviilii ilaalchisee nama ykn qaama biraa (kan akka boordii bulchiinsaa ykn mana murtii chaansilarii) kamiifuu kennuu danda'u irrattis raawwatiinsa ni qabaata. Tumaaleen imaammata kana keessaa muraasni isaanii himannaa yakkaa ilaalchisee yaada hojjettoonni Diippartimentichaa kennuu

BOE (Waajjira Naannoo)-P-4-Imaammata Ofiinii(Self-Policing)-111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

danda'an irratti kallattiin raawwatiinsa ni qabaatu. Diippartimentichi murtoo manneen murtii, yookin kanneen yakka himachuuf aangoo qaban daangeessuuf aangoo hin qabu.

Yoo bu'aa dinagdee guddaa seera kabajuu dhabuu kamiyyuu irraa argamu argatan malee, Diippartimentichi dhaabbilee akkaataa imaammata kanaan socho'an irratti adabbii siviilii hin madaalu. Murtoon kun kan itti fayyadamaa jiru qaamoleen qajeelfama qaban tarkaanfiiwwan kutaa D keessatti tumaman yoo hordofan, Diippartimentichi walsimannaa dabaluu ni jiraata jedhee waan amaneef. Diippartimentichi ammallee hawaasa qajeelfama qabu biratti "dirree tapha sadarkaa" eeguuf jecha bu'aan dinagdee guddaan yoo jiraate adabbii ni madaala. Qaamni qajeelfama qabu tokko seera naannoo kabajuu dhabuu isa'atiin faayidaa dorgommii argachuun isaa waanta haqa ta'e miti.

Imaammata kun waanta diippaartimentii yeroo hunda adabbiwwan "up-front(duree)" jedhu irraa akeekun fura. Imaammata kana keessatti wanti ajajaa fi madaallii keessatti adabbii hin murtoofne fayyadamuu daangeessuu hubatamuu hin qabu. Adabbiwwan hin tilmaamamne yoo deebii kennaan ajaja keessatti maqaan isaa ibsame ajaja sana kan hin eegne yoo ta'e qofa yeroon isaa kan ga'uudha. Fakkeenyi kanaa inni tokko akkaataa kutaa D.5 itti sagantaalee naamusoota adabbii kan of keessatti haammate dha akkasumas sagantaa yeroo guutuu dhiisuudhaan ajaja adabbiwwan yeroo of keessatti haammatedha.

BEEKSISOOTA GARA DIIPPARTIMENTII

Beeksisootni barreeffamaa keewwata xiqqaa D.3 fi D.5 jalatti barbaachisan kutaa naannoo Diippartimentii sarbama seeraa irratti aangoo qabuuf ykn teessoo armaan gadiitti ergamuu qaba:

Waajjira Gorsaa Waliigalaa(General Counsel), Diippaartimentii Naannoo fi Eegumsa Isaa, William R.Snodgrass Tennessee Tower, 312 Rosa L. PArks Avenue, 2nd Floor, Nashville, Tennessee 37243-1548.

ODEEFFANNOO UUMMATAA(IFA JIRU)

Yoo mirga seeraa jala jiran ykn bilisa ta'uu seeraa jala yoo kufan malee, seera Teenisi Mata duree 10,

BOE (Waajjira Naannoo)–P–4–Imaammata Ofiinii(Self-Policing)–111711

IMAAMMATNI TDEC IMAAMMATA OFIINII FI SIRREESSII TOLA OOLTUMMAA

boqonnaa 5, kutaa 7ffaa irratti ibsa kenname jalatti, sanadoonni imaammata kana jalatti Biirichi argate ykn maddisiisan ummanni akka ilaalamu ni dhiyaatu (fkn, odeeffannoo Seera Teenesiitiin uwwifame Kutaa 68-212-109 fi 69-3-113(b) tiin ibsame).

TILMAAMA HAQA GAARII

Qaamoleen faayidaalee Imaammata kun dhiyeessu barbaadan kanneen to'annaan irratti taasifamu tilmaama gaarummaa fedha isaaniitiin hojjetaa jiru jedhu irratti kan hundaa'edha. Dhimmi isaa yeroo kana ta'utti, Diippartimentichi faayidaalee sana kennuudhaaf duubatti jechuu hin qabu, sababni isaas waantota biroo keessaa, kaayyoon ajajamuu imaammatootaan fooyya'uu qaba. Diippartimentichi qaamni to'annoon irratti gaggeeffamu feedha gaarummaa isa'atiin hojjetaa hin jiru jedhuun kan itti amanu haalota kamiyyuu keessatti, Diippartimentichi imaammata hordofuuf hin dirqisiifamu akkasumas walumaagalatti hin godhus.

GABATEE SEENAA KEESSA DEEBII

Lakkoofsa Keeddeebii	Guyyaa	Ibsa Cuunfaa jijjiiramaa
1	11/25/20	Keessa deebii foormaatii fi akkaataa.



**NAANNOO TENNESSEE
MUUMMEE NAANNOO FI KUNUUNSA QABEENYA UUMAMAA
DIVIIZHINII TAANKARIHWWAN KUUSAA LAFA JALAA**

MIIMORANDAMII(YAADANNOO) WAAJIRA KEESSAA

Guyyaa: Amajjii 25, 2008

Irraa: Stan Boyd [MALLATTOO]

Gara: Hojjettoota UST n ajajaman fi raawwachiisan hundumaa

Dhimma: Raawwachiisummaa Sarbama Dhaabbii Valve Cufiinsa Hatattamaa fi Yaadannoo Hagayya 15, 2007 haquu - Beeksisa Rifaralaa Balaa Ibibdaa

Yoo adeemsa sakatta'iinsa dhaabbatichaa keessatti valve(s) cufiinsa hatattamaa hin hidhamne argame, yaadannoon kun hojii irra oola, akkasumas miimorandamii gaafa 15, 2007 kenname bakka bu'a. Adeemsi seera UST dabsuu meeshaalee armaan gadiitiin wal-qabatan hojii irra oolchuu:

1. Sakkattaatonni UST ujummoowwan cufamoo yeroo balaa hatattamaa dadhabuu isaanii haala cimaa ta'een seera 1200-1-15-.02(1)(b) dabsuu akka ta'e ni ibsu.
2. Sakattaatonni UST hojimaata amma diriire hordofuun, sarbama seeraa biroo yeroo sakatta'insaatti argaman kamiyyuu tarreessuun NOV gara abbaa taankiitti erguun saktta'insa yeroo ammaa hordofa;
3. Sakatta'aa(inspeektarri) UST bu'aa sakkatta'insa sanaa gara raawwachiisummaa Divishinichaatti erguu irratti hojimaata amma diriiree jiru hordofu;
4. Kutaan raawwachiistummaa ajaja baasuudhaaf qajeelfamoota amma bu'uureeffaman, saffisaan yookiin haala sadarkaa isaa eeggate, abbaan taankii deebi'uu isaa yookiin gara walsimannaatti deebi'uu dhabuu irratti hundaa'uun hordoffii ni taasisa;
5. Kutaan raawwachiistummaa balleessiin(sarbamni) sun akka akkaataa mudannaa isaatti akka qoratamuuf adabbii of keessatti haammata; akkasumas
6. Abbaan taankii tokko gara walsimannaatti yoo hin deebine fi ajajni istaandaardii yoo barreeffame, kutaan raawwachiisummaa xalayaa mallattoo daayreektaraa kan qopheessu yoo ta'u, kunis abbaa taankii fi maarshaala ibiddaa naannoo sanaaf waraabbii ajaja sanaa waliin ni ergama.

Achiin booda adeemsi raawwachiisummaa akkuma duriitti itti fufuu qaba akkasumas raayyaan ittisa abiddaa naannoo sanaa akka barbaachisummaa isaatti tarkaanffiiwwan biroo fudhachuu danda'u.

XALAYAA BARREEFFAMAA WAAJIRA MUUMMEE NAANNOO FI EEGUMSA GAREE KUUSAA LAFA JALAA TENNESSEE

GUYYAA: Caamsaa 8, 2007

GARA: Hoggantoota Waajira Bakkee, To'attoota Ittiin Bulmaataa fi hojii irra ooltummaa
[MALLATTOO]

IRRAA: Stanley R. Boyd, Daayiriikteera

IRRA Imaammata Raawwachiisummaa Irraa Deebi'ame: Coccopha Peetirooliyeemii
DEEBII: Seeraan Alaa

Kaayyoon yaadannoo kanaa imaammata raawwachiisummaa kutaa kanaa fooyya'e kan boba'aa seeraan alaa raabsitoota boba'aa fi geejjiba waliigalaatiin raawwatamu ilaalchisee hojjettoota hundaaf qajeelfama kennuu dha. Gaafa 4/10/07, Waajirri Abukaattoo Waliigalaa, Waajira Gorsaa Waliigalaa TDEC's, akkasumas divizhiniichi rakkoo jiru irratti mari'achuudhaaf walgahanii imaammata haaromfame baasanii jiru. Guduunfaa wal-gahii kanaa irratti, qaamotni hundi qajeelfamoota(hojiimaatota) armaan gadii irratti walii galanii jiru:

- 1.) Sakatta'insa(Inspeekshinii) dhaabbilee yeroo gaggeessan, hojjettoonni dirree tikkeettii kufaatii jiru hunda bitachuuf yaalu, yoo dhaabbatichatti gadi bu'iinsi boba'aa seeraan alaa mudate ta'e.
- 2.) Galmeewwan argaman hundi gara hogganaa kutaa hojii irra oolchinsaa NCO keessaa, kan pirootokooliiwwan akeekaa bu'ureeffaman itti fayyadamaa jiruutti dabarfamanii ergamuu qabu.
- 3.) Yeroo qaqqabutti, rifarallichii hojjettoota raawwachiistootaaf ni ramadama, akkasumas adabbii siviilii rogummaa qabu shallaguuf hojimaata armaan gadii hojii irra ni oolu:
 - a.) Dabsiiwwan seeraa waliigalaan mudatan murteessuudhaaf tikkeetiiwwan delivery(geessisii) ni qoratamu. Gaafa raabsitoonnii bobo'aa gara dhaabbatichaattii daawwannaa taasisan sadarkaalee karaa seeraan alaatiin bobo'aa gatani lakkaawuudhaan dabsii(badii) jiru safaruun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, yeroo cophaa bobo'aan sadarkaa sadi ta'u yoo cophe akka sarbama(badii) addaa sadiittii lakkaawama.
 - b.) Hojjettoonni raawwachiistuu maallaqa adabbii siviilii maxxanfamee tooftaa(meetriksii) adabbii kutaa sanaa keessatti tarreeffame fayyadamuun adabbii siviilii waliigalaa sarbama(wwan) sanaaf shallagu.
- 4.) Hojjettoonni raawwachiistuu ajaja raabsaa boba'aa/geejjibaa waliigalaa kan adabbii siviilii madaalu irratti caasaa armaan gadii fayyadamuun ni qopheessu:
 - a.) Raabsaa/baattuun waliinii bobo'aa ajajicha erga fudhatee booda guyyoota 30 keessatti adabbii siviilii %20 dursee kaffaluu qaba.

- b.) Adabbiin siivilii inni haf 80% guyyaa ajajichi divizhiniidhaan irratti mallatteeffamee kaasee waggaa 1 f kan murtaawu ta'a. Yeroo kanatti, baattuun raabsituu/waliinii bobo'aa yeroo yaalii(probation) irra kaawama. Yoo Divizhiniin sun baattuun raabsaa/waliinii bobo'aa yeroo yaaliitti kufaatii seeraan alaa akka taasise hubate, ajajni kun raabsaan boba'aa/ba'aan waliigalaa adabbii siviilii %80 hafe hatattamaan akka kaffalu ni tuma.

Dabalataan, Diviizhinichi cophoota seeraan alaa haaraawaa argaman irratti dabalataan adabbii siviilii akka barbaadu ajajichi tumee jira. Adabbiwwan siivilii sababoota wal-fakkaato armaan olitti keewwata 3 keessatti eeraman fayyadamuudhaan shallagama akkasumas hammentaan waanta kanaa hir'ifamuu hin qabamu. Ajajichi baattuun raabsituu/waliinii adabbi siivilii fuula guutuu akka kanfalu ni gaafatama.

Gaaffillee qajeelcha kana waliin walitti dhufan yoo qabaattan, maaloo Randall Mann karaa (615)532-0989 qunnamaa.

BOE (Waajira Naannoo) - P - 01 - Imaammata Ijaaroo - 112717
Sanadoota Imaammataa yookin Qajeelcha Ijaaroo

AKEEKKACHIISA: Sanadni kun imaammata qofaa isaati akkasumas mirgoota seeraa fi dirqamoota seeraa kan uumu miti. Hojjettoonni Biiroo Naannoo Waajirichi murtii, hojimaata, fi gochaalee hojii keessoo ykn gocha biiroo ilaallatan akkamitti hojiirra akka oolchan qajeelfama kennuudhaaf kan yaadame dha. Hawaasa to'annaan irratti gaggeeffamu dabalatee murtoowwan hawaasa tuqan kamiyyuu, seerotaa fi qajeelfamoota haala kamiyyuu irratti hojii irra ooluu danda'anii haqoota murtaawaniif hojii irra kan oolan ta'u.

GUYAATA ITTI HOJII IRRA OOLU: SADAASA 27, 2017

MALLATTOOWWAN

[MALLATTOO]
Koomishinara Itti Aanaa

[MALLATTOO]
Wixineessaa / Qopheessaa

KAAYYOO

Kaayyoon imaammata kanaa hojjettoota Waajira TDEC Naannoo tiif ijaarsaa fi keessa deebii imaammataa fi/yookin qajeelchaa irratti qajeelfamoota dhiyeessuudhaafi. Imaammatoonni maamiloota alaa irratti dhiibbaa kallattiin hin qabne addatti baafamanii jiru(kana jechuun, Imaammatoonni hojjettoota TDEC hojiiwwanii fi adeemsota bulchiinsaa qajeelchu jechuudha).

HIKAAWWAN

Imaammata, qajeelchaa fi seerotni akka armaan gadiitti Waajira TDEC Naannootiin(TDEC's Bureau of Environment) ibsamani jiru:

- “Imaammata” jechuun tuta murtoowwan, hojimaataa fi gochaalee hojii keessoo yookiin gocha ejensii tokkoo ilaallatanii jechuudha. Kunneenis kan of keessatti haammatan:

BOE (Waajjira Naannoo) - P - 01 - Imaammata Ijaaroo - 112717

Sanadoota Imaammataa yookin Qajeelcha Ijaaroo

Hojimaata(Qajeelfama) Oopireetiinii Sadarkaa Isaa eeggate(Standard Operating Procedures, SOPs), Qajeelfamoota Shaakallii Gaarii(Good Practice Guidliness, GxP), Cheekliistiiwwan, Yaadannoo Walhubannaa(Memoranda of Understanding) ykn Yaadannoo Waliigaltee(Memoranda of Agreement) Divizhiniwwan gidduutti, kkf.

- "Seera" jechuun tokkoo-tokkoon ibsa ejensii hojiirra oolmaa waliigalaa kan seera yookiin imaammata hojiirra oolchu yookiin tumaa yookiin hojimaata yookiin ulaagaalee hojii ejensii kamiyyuu ibsu jechuudha. "Seerri" fooyyessii yookin shaarama seera duraan turee of keessatti haammata, garuu kanneen armaan gadii of keessatti *hin* haammatu:
 - Ibsootni bulchiinsa keessaa mootummaa naannoo qofaan wal-qabatan akkasumas mirgoota dhuunfaa, mirgoota addatti kennaman yookin hojiimaatota hawaasaaf jiran irratti dhiibbaa hin qabneen wal-qabatanidha;
 - Ajajoota Ibsaa § 4-5-223 irratti hundaa'uudhaan bahan;
 - Yaadannoo eejansii keessaa; akkasumas
 - Ibsootni Imaammata waliigalaa seera amma jiruu sirrittiin irra deddeebi'uun jiru;
- "Qajeelcha" jechuun ibsa ejensii dirqama hin qabne kan kaayyoo dambii yookiin ulaagaalee danbiwwanii ibsu fi seera kabajuu irratti gorsa kan kennu jechuudha. Kunneenis kan of keessatti haammatan: Qajeelfama Ittiin Bulmaataa(Compliance Guides), Yaadannoo Hiikaa To'annaa Dambii(Regulatory Interpretive Memorandum), fi kkf

CAASAA QOQQOODINSAA(DIVIZHINII)

Qoqqoodinisi(Divizhiniin) hundi nama(oota) imaammatii fi qajeelfama sanadoota suphuu yookin eegsisuuf qophaa'e qabaachuu qabu.

FEDHII IMAAMMATAA YOOKIN QAJEELFAMAA MURTEESSUU

Haalotni yookin sababootni armaan gadii kan barbaachisummaa ijaarsaa fi keessadeebii imaammataa yookin qajeelfamaa jiru agarsiisuu danda'aniiti.

- Hiika kenninsa seera ittiin bulmaataa;
- Galmeessii(dookimenteeshinii) adeemsa leenjiisii hojjetoota haaraa deeggaruuf jiran;

BOE (Waajjira Naannoo) - P - 01 - Imaammata Ijaaroo - 112717

Sanadoota Imaammataa yookin Qajeelcha Ijaaroo

- Walitti fufinsa ijaaroo fi/yookin hojjettootaaf ifa taasisuu;
- Qoqqoodinsi(divizhiniin) inni kam akka taayitaa olaanaa qabu baasuu(dhimma Yaadannoo Wal-hubannaa yookin Waliigaltee keessatti);
- To'annaa fi argannaa beekumsaa; akkasumas
- Teekinoolojii haaraa beeksisuu.

IMAAMMATA YOOKIN QAJEELFAMA IJAARUU

1. Yaadni qajeelcha yookin Imaammata dhiyaatee gara Hoggansa Diviizhiniin yookin qindeessaa Imaammata Divizhiniitti ol ka'uu qaba.
2. Hoggansi Divizhiniin ijaarsi qajeelcha yookiin imaammata dhiyaatee barbaachisaa ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa murteessa. Yoo barbaachisaa dha jedhanii murteessan, hojjetaa tokko ramaduun, sagantaa yeroo fi barbaachisummaa hirmaannaa qooda fudhattoota alaa murteessu.
3. Hoggansi Divizhiniin hojjetaan sirrii ta'e, imaammata yookiin qajeelcha haaraa irraa akka beeku godhamuu, irratti leenjifamuu isaa mirkaneessuudhaaf karoora qunnamtiiwwanii ni ijaaru. Hoggansi Divizhiniin qooda fudhattoota alaa dhiibbaan irratti qaqqabe akka beekan godhamuu isaanii, akka barbaachisummaa isaatti yaada mataa isaanii akka kennaniif eeyyama argachuu isaanii, akkasumas qajeelfama isa haaraa irratti leenjifamuu isaanii mirkaneessuuf karoora qunnamtiiwwanii ni ijaaru.

FOORMAATA SANADA IMAAMMATAA YOOKIN QAJEELCHAA

Imaammatoonnii fi qajeelfamootni hundi teempileetii marsaririi intranetii TDEC irratti dhiyaateen wal simachuu qabu.

BOE (Waajjira Naannoo) - P - 01 - Imaammata Ijaaroo - 112717 **Sanadoota Imaammataa yookin Qajeelcha Ijaaroo**

HIRMAANNA QOODA FUDHATTOOTAA

Divizhinootni(yookiin waajirri Naannoo kan Imaammata guutuu waajiraa fi sanadoota qajeelchaa) dirqama hirmaannaan qooda fudhattootaa barbaachisaa ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaanii murteessuu qabu. Sanadootni imaammataa ykn qajeelfamaa hundinuu osoo hin kennamin ykn hin fooyya'iin dura qooda fudhattoonni akka hirmaatan hin mirkaneessan. Divizhiniin yookin Biirron imaammata teeknikaa ykn sanada qajeelfama addaa qopheessuu ykn fooyyessuu keessatti hirmaannaan qooda fudhattootaa sirrii ta'uu isaa yoo murteesse, sana booda sadarkaa hirmaannaa qooda fudhattootaa sirrii ta'e murteessuuf wantootni armaan gadii ilaalamuu qabu:

- Dhiibbaa fayyaa hawaasaa yookin qabeenyota uumamaa irratti qabu;
- Sadarkaa fedhii jiru;
- Hirmaattota(dhaggeeffattoota) murtaawan yookin dhaggeeffattoota waliigalaa;
- Digirii jijjiiramaa haala amma jiruu irraa qabu; akkasumas
- Fedhii galchii alaatiif jiru.

Kanneen armaan gadii erga sadarkaan sirrii murteeffamee booda, filannoowwan hirmaannaa qaamota qooda fudhataniitiif jiranidha:

- Interneetii irratti yaada argachuuf maxxansuu;
- Weebinaarota yookin koonfiraansii bilbilaa gaggeessuu;
- Walgahiiwwan qooda fudhattootaa gaggeessuu; yookin
- Mariiwwan garee xiyyeeffannaa qabuu.

SANADOOTA IMAAMMATAA FI QAJEELCHAA MAXXANSUU

- Sanadoota imaammataa yookin qajeelfamaa maamiloota alaa irratti dhiibbaa fidan, sanadoota imaammataa fi qajeelchaatiif fuula marsaritii isaan wal-qabatanii fi fuula marsaritii TDEC irratti maxxanfamuu qabu. Sanadoota wixinee imaammataa yookin qajeelfamaa kanneen gamaggammii fi yaada qaamota alaatiif maxxanfamanii jiran,

BOE (Waajjira Naannoo) - P - 01 - Imaammata Ijaaroo - 112717
Sanadoota Imaammataa yookin Qajeelcha Ijaaroo

fuula marsarii Sanadoota wixinee imaammata yookin qajeelchaa irratti maxxanfamuu qabu.

FOOYYEESSIIWWAN SANADA IMAAMMATAA FI QAJEELCHAA

- Sanadoota imaammataa fi qajeelchaa akka barbaachisummaa isaaniitti waggaa shan shaniin (5)'n gamaggamamuu qabu. Diviizhiniin kamiyyuu duraa duuba gamaggammii/keessadeebii sanadoota imaammata fi qajeelfama amma jiruu murteessuu qabu Duura duuba qabsiisuun dhiibbaa qabiyyeen sun maamiloota alaa irratti qabu xiyyeeffannoo keessa galchuu mala.
- Tartiiboleen imaammata yookin qajeelfama ijaaruudhaaf bahan dirqama sanadoota lamaan keessaa tokko yeroo keessaa deebinutti hordofamuu qabu.

GABATEE SEENAA KEESSA DEEBII

Lakkoofsa Keeddeebii	Guyyaa	Ibsa Cuunfaa jijjiiramaa
0	08/03/17	Sanada Oriijinaala
1	11/27/17	Balleessii teempileetii Imaammata irraa

Naannoo Tennessee

LAKK. BOQONNAA HAWAASAA 929

LAKK BIILII SENATE. 1572

Bell, Stevens, Kelsey dhaan

kan bakka buufameef: Lakk Biilii Manaa. 1895

Matlock, Faison, Daniel 'n

GOCHA(SEERA) Tennessee Code Annotated, Mata Duree 4, Boqonnaa 5 jala jiru fooyyessuudhaaf jiru, Seera Hojimaata Bulchiinsa Walfakkaataa(Uniform Administrative Procedures Act) wajjin wal-qabatee.

YAA'II WALIIGALAA KUTAA BIYYAA TEENISEEN KAN TUMAME HAA TA'U:

KUTAA 1. Tennessee Code Annotated, Kutaa 4-5-102, kutaa xiqqaa(10) balleessuudhaanii fi bakka isaa kanneen armaan gadii bakka buusuudhaan fooyyeffamee jira:

(10) "Imaammata" jechuun ibsa, sanada, yookiin qajeelfama bu'uura aangoo kennameefiin ejensiin kamiyyuu qophaa'e yookiin bahee hiika dambii yookiin seera tokkoo qofa kan ibsu yookiin kan ibsu jechuudha. Akkasumas "Imaammata" jechuun ibsa, sanada, ykn qajeelfama bulchiinsa keessoo mootummaa naannoo qofa ilaallatu kan mirga dhuunfaa, mirga, ykn hojimaata ummanni bira jiru irratti dhiibbaa hin geessisne kamiyyuu jechuudha. Dhimmoota ramaddii xiqqaa(10) kanaatiif, "Hoggansa keessaa" jechuun bulchiinsa dalagaalee keessaa eejansiwwanii dhimma si'aayinaa fi saffisaa dalagaa mijeessuu jechuudha;

KUTAA 2. Tennessee Code Annotated, Kutaa 4-5-102, kutaa dabalataa (12) haquudhaan akkasumas bakka isaa kanneen armaan gadii bakka buusuudhaan fooyyeffame.

(12)"Seera" jechuun dambii ejensii, istaandaardii, ibsa, yookiin sanada raawwatiinsa waliigalaa imaammata akka kutaa xiqqaa (10) keessatti ibsametti hin taane kamiyyuu jechuudha, kan:

(A) Ulaagaalee eejansii hojiimaatota yookin muuxannoowwan (shaakalliwwanii) ibsu dha; yookiin

(B) Kan labsii yaa'ii waliigalaa ykn kongireesii ykn dambii ejensiin federaalaa fudhate hojiirra kan oolchu, ni tuma, ykn ni hiika. "Dambii/Seerri" kaffaltii tokko hundeessuu akkasumas seera duraan ture fooyyessuu ykn haquu of keessatti dabalata. "Seerri" kanneen armaan gadii of keessatti hin dabalatu:

(i) Ajajoota Ibsaa § 4-5-223 irratti hundaa'uudhaan bahan;

(ii)Yaadannoo eejansii keessaa;

(iii) Ibsoota Imaammata waliigalaa seera amma jiruu sirrittiin irra deddeebi'uun jiruu;

(iv) Ibsoota Eejansii kan kanneen armaan gadiitiin:

(a) Ibsa ejensii itti fayyadama daandii guddaa waliin walqabatee fi mallattoo ykn mallattootiin(signals) ummataaf kan beekamu; yookaan

(b) Ibsa ejensii kaarikulamii dhaabbilee barnoota sadarkaa lammaffaa boodaa dhuunfaa mootummaan deeggaraman yookiin barattoota dhaabbilee dhuunfaa akkasii seensa yookiin eebbisuu wajjin kan walqabatu ta'us naamusa yookiin mana jireenyaa barattootaa kan hin ilaallanne;

(v) Kenninsa reetii Galmeessiiwwanii akkaataa mata duree 56, boqonnaa 5 fi 6 itti dhiyaatee; yookin

(vi) Ibsootni sirreeffamtoota seeraa mana dhidhaa yookin mana sirreessa'atiin wal-qabatan, yookin ibsoota yakkamtoota hawaasa keessatti gaaffii hir'isii adabbii yookin adabbii dhiifamaa irratti adabbii geessisaa jiraniin wal qabatan; akkasumas

KUTAA 3. Tennessee Code Annotated, Mata duree 4, Boqonnaa 5, Kutaa 2, kanneen armaan gadii akka kutaaleetti itti dabaluuhaani kan fooyyeffame:

4-5-230.

(a)(1) Waggaa waggaan Adoolessa 1 irratti, ejensiin mata duree 4, boqonnaa 29 jalatti ilaalamuu qabu tarree imaammata hunda ejensiiwwan waggaa darbe keessatti fudhataman dura taa'aa koree hojii mootummaa seeneetiif akkasumas dura taa'aa koree hojii mootummaa mana maree bakka bu'oota uummataatiif ni dhiyeessa.

(2) Odeeffannoowwan kutaa xiqqaa (a)(1) jalatti dhiyaatan gabaabinaan imaammatachaa fi sababa ejensichi seera labsuu dhiisee imaammata dhimmicha irratti fudhachuuf qabu of keessatti qabata.

(b) Odeeffannoon armaan gadii akkaataa kuta xiqqaa (a)(2) itti hogganaa koomiteewwaniitti ergamuun irraa hin eegamu:

(1) Galmeewwan yookin odeeffannoo biroo mata duree 10, boqonnaa 7, kutaa 5 jalatti yookin icciitaawoo ta'anii fudhatamu yookin kuni ta'uu baannaan ifatti baafamuun yookin seera § 10-7-503(a) jalatti hin argamuun irraa hin eegamu;

(2) Galmeewwan yookiin odeeffannoo biroo kan ejensiin mootummaa federaalaa tokko maallaqa federaalaa mirkaneessuuf, seera federaalaa eeguuf, nageenya biyyaa eeguuf, yookiin beekamtii barbaachisu argachuuf ulaagaa guutuuf yookiin eeguuf barbaachisu, kana gochuu dadhabuun isaa sagantaa federaalaa, maallaqa, ykn beekamtii dhabuudhaaf saaxiluu danda'a; akkasumas

(3) Ibsootni, sanadootni, yookin meeshaaleen maxxanfaman, kanneen adeemsa quunnamtii waliigalaa namoota ykn dhaabbilee waliin taasifamu keessatti qophaa'anii fi itti fayyadaman.

(c) Kutaan kun imaammatoota gaafa Adoolessa 1, 2018 dhiyaatan yookin eejansiidhaan ijaaraman hundumaa irratti hojii irra ni oola.

4-5-231.

(a) Ejensiin seeraan uumamee fi mata duree 4 boqonnaa 29 jalatti ilaalamuu qabu kamiyyuu seera labsuu ykn imaammata bilisummaa dubbii miseensa ejensichaa sarban heera mootummaa Teeneesii, keewwata I, § 19, ykn fooyya'iinsa Jalqabaa Heera Mootummaa Yunaayitid Isteetis cabsuun hojiirra oolchuu hin danda'u.

<p>Bu'aan komii qorannoo bakka kanatti gara oliidha hanga gadiitti kan galchamu dha.</p> <p>Odeeffannoo HUNDA kan ilaallatu galchi ykn filadhu.</p> <p>Qaamni dhimmi isaa ilaallatu abbaa qabeenyaa/opireetara yeroo qorannoo fi/yookaan peerirooliyeemin gadhiifametti galmee beeksisaa irratti mul'ifame dha.</p> <p>Guyyaan xumurame erga himanni qoratamee booda torban hojii tokko booda caaluu hin qabu.</p> <p>Yoo Diviizhinii TDEC biraa, ejensii alaa ykn mootummaa naannootti ergame, kanneen ilaallatu hunda ilaali.</p> <p>Guyyaa eerame, yoo barbaachisaa ta'e sanduuqa filannoo suuraa guuti, fi biinkoo "Apply Changes" filadhu.</p>	

Dabalata F (Itti fufa)

Bakka Gara Dalagaa UST	
<div data-bbox="191 304 894 569" style="border: 1px solid black; padding: 5px;"><p>UST Action PathWay --> Select those that Apply</p><p><u>NOV Issued</u> <input type="radio"/> Yes <input type="radio"/> No</p><p><u>Inspection Conducted</u> <input type="radio"/> Yes <input type="radio"/> No</p><p><u>Release Investigated</u> <input type="radio"/> Yes <input type="radio"/> No</p><p><u>Notification Application Required</u> <input type="radio"/> Yes <input type="radio"/> No</p><p><u>No Further Action Required</u> <input type="radio"/> Yes <input type="radio"/> No</p></div>	<p>Komii bilchiinsa UST jala jiruuf, tokkoon tokkoon isaaniif “Eeyyee” ykn “Lakki” jedhaa.</p>



UST-COM-G-Rule 0400-18-01-.09(6) Qajeelfama Adeemsa Sakattii-WIXINEE-03162022

TDEC

**Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa
Jalaa**

Qajeelfama Seeraa 0400-18-01-.09(6)

**Daangaa Maallaqi Itti Deebi'u
Adeemsa Sakattii Guutinsa Ulaagaa Hojmaataa**

Bitootessa 16, 2022

AKEEKKACHIISA: Sanadi kun qajeelfama qofa waan ta'eef mirgootaa fi dirqamoota seeraan kennaman irratti dhiibbaa hin uumu. Haalota kam keessattuu murtoowwan ejensiin kennaman seeroota fi dambiiwwan haalicha irratti hojiirra ooluu danda'an hojiirra oolchuun kan godhaman ta'u. Maqaalee daldalaa yookin oomishoota daldalaa maqaa dhahuun gargaarsa yookin gorsoota haala itti fayyadamaa of keessatti hin haammatu.

FUULA GABATEE SEENAA MALLATTOO FI KEESSA DEEBII

[MALLATTOO]	3/16/2022
Daarikteerii Divizhinii	Guyyaa
[MALLATTOO]	3/16/2022
Wixineessaa/Qopheessaa	Guyyaa
[MALLATTOO]	3/16/2022
Gulaala	Guyyaa

Lakkoofsa Keeddeebii	Guyyaa	Ibsa Cuunfaa jijjiiramaa
0	03/16/2022	Imaammata Wixinee Originaalaa Isa Dhumaa

Dubduubee

Waxabajjii 15, 2021 tti, Diviizhiniin Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa dambii keenya fooyyessanii jiru. Sababa jijjiirama kanaan wal qabatee seerri ulaagaa fandii Divizhinichaa seera 0400-18-01-.09(10)(c) irraa gara seera 0400-18-01-.09(6) tti socho'eera. Ulaagaa seera qabeesummaa fandii adda baasuuf, duraan kutaan kun keessoodhaan adeemsa .09(10)(c)tti kan eerame qaba ture. Adeemsi kun yeroo ammaa fooyyeffamee akka adeemsa .09(6) tti eerama.

Adeemsi .09(6) kun sakattii hojimaataa kanneen shakkamuun yookaan mirkaneeffamuun gadi dhiifamuun ulaagaa guutuun Kutichaaf(kan waxabajjii 15, 2021 ykn sana booda uumame) gabaafaman yookaan argaman hundaa kan of keessatti qabata. Sanadni kun hojjettoota Kutaa adeemsa sakatta'iinsaa.09(6) sagantaalee ulaagaa guutuu fi sirreeffama Divizhinichaa lamaan isaaniif bu'aa yeroon, ulaagaa guutuu fi sirrii ta'e mirkaneessuuf qajeelfama kenna.

Adeemsa To'annoo Hojii Waliigalaa

Gabaasi yookaan argannoo gara ykn karaa hojjettoota Diviizhinichaa shakkamuun ykn mirkaneeffamuun gadi dhiifaman hundi, inspeektaroota Kutaa fi hoggantoota dhimma sirreeffamaaf sirnaan akka kennamuu fi raabsuuf, ykn qabeenyi dabalataa Waajjira Dirree Naannoo biraa irraa barbaachisaa ta'uu isaa murteessuuf, Hoogganaa Naannoo (EFOM) tti akka dhimma isaa ilaaluu kan darbu ta'a. Armaan gaditti tarkaanfiilee walii galaa adeemsa .09(6) rawwachuuf gargaaran tarreeffamanii jiru:

- 1) Gabaasa yookaan argannoo gara ykn karaa Diviizhinichaa shakkaman ykn mirkaneeffamuun gadi dhiifaman¹.
- 2) Karaa gara EFOM (akkaataa EFO aadaa kaawuntii) ykn nama EFOM mudame.
- 3) EFOM hatattamaan GasLog irratti sakattii ulaagaa guutuu uumuun akkasumas sakatta'iinsa ulaagaa guutamuuf ramaddii taasisa.
 - a) Yeroo GasLog irratti sakatta'iinsi uumamu, kutaa fuula sakatta'iinsa "Operator and Site Question" irratti gaaffii "Is there evidence of a suspected release?" jedhuuf "Yes" kan jedhu filadhaa.
 - b) Sirni Taankarii kuusaa Lafa jalaa (UST) ni jiraa?
 - i) **Eeyyee** - "Purpose of the Visit" kan jedhu akkaataa fuula sakatta'iinsa jalqabaatti "Operational" filadhaa.
 - ii) **Lakki** - "Purpose of the Visit" kan jedhu akkaataa "Compliance Review" tti filadhaa.
 - c) "Inspection Date" guyyoota dhahaa **10** kan ta'e beeksisa yaa'aa shakkame irraa kaastee filadhu. Sakatta'iinsi erga beellamamee booda, "Inspection Date" inspeektara ramadameen guyyaa beellamameetti haaromfamu qaba.
 - d) "Inspection History" jalatti koodii taatee "12a Report of Suspected Release" ykn "12b Report of Confirmed Release" kan jedhu akka barbaachisummaa isaatti guutaa. Guyyaa beeksisaa akka guyyaa "Received" jedhuutti guutaa. Galagalcha beeksisaa ol kaa'aa.
 - e) Koodii taatee "14a Operations Inspection-Compliance" guyyaa xumuraa guyyaa dhahaa **10** yeroo yaa'aan akka jiru shakkamee beeksifamee guutaa. Sakatta'iinsi erga beellamamee booda, guyyichi guyyaa beellamametti inispeektara ramadameen sirreeffamuu qaba.

¹ Dhimmoota naannoo irratti dhiibbaa fidaniif, guyyoota **24** gidduutti deebii kenni akkasumas akkaataa imaammata komii Diviizhiniin yeroo ammaatti komii biraaf guyyoota hojii **10** keessatti deebii kenni. Sakatta'iinsa .09(6) dhiibbaa naannoo fi yaaddoo nageenyaa salphisuuf dursa lammaffaadha.

- 4) EFOM yeroo qorannoon lafa jalaa barbaachisutti DDCA qunnama (mirkaneeessa xiinxala peetirooliyeemiin naannootti gadhiifamuu). Sana booda, DDCA tarkaanfiiwwan qorannoo yaa'aatti aanan, kan akka ramaddii bulchiinsa dhimmaa, hordoffii bulchiinsa dhimmaa GasLog fi kkf kan qajeelchu ta'a.
- 5) EFOM qaamolee sirna UST kufaatii caasaa qaban² (taankarii, ujummoo, qabiyyee sadarkaa lammaffaa) kanneen hayyama Diviizhiniin barbaadan yeroo argaman battalumatti Hordoftoota Naannoo qunnama.

Adeemsa Hojii Waliigalaa Hojjettootaa

Inspeektariin walsimannaa .09(6) sakatta'iinsa hojii ykn gamaaggama walsimannaa abbaa qabeenyaa fi/ykn opereteraa waliin guyyoota hojii **2** keessatti beellama qabachuu qaba, akkasumas beeksisa yaa'aa shakkame irraa eegalee guyyoota dhahaa **10** keessatti sakatta'iinsa gaggeessuu qaba. *Yoo dhaabbatiichi **raawwachiisummaa** irra jiraate, imaammata amma jiruun sakatta'iinsa gaggeessuu dura hogganaa dhimma raawwachiisummaa Kutaa sanaa qunnamuu qabdu.

- a) Inspeektariin/Hogganaan Dhimmaa xalayaa FO-00X sirrii ta'e xalayaa sagantaa FO-030 waliin ni kenna (Gabatee 1 ilaalaa)
- b) Waa'ee dhimmaa beellamaa fi akkamiin sakatta'iinsa akka taasisan irratti Inispeekitarri Qajeelfama Sakatta'iinsa Sadarkaa Isaa Eegatee (SIM) kan hordofu dha.
- c) Inspeektariin gabaasa sakatta'iinsaa *14a Sakatta'iinsa Hojii* – koodii taatee hordoffii walsimannaa GasLog keessatti olkaa'a.³
- d) Inspeektariin unka "Murtii Fandii Peetirooliyeemii UST Hir'ifamuu Danda'u" (aka unka .09(6)) koodii taatee hordoffii *Murtii Fandii UST Hir'ifamuu Danda'u 68* jalatti olkaa'a.³
- e) Sarbamni seeraa argameeraa?
 - i) **Lakki** – GasLog haaromsuun adeemsa sakatta'iinsa idilee hordofuun cufaa.
 - ii) **Eeyyee** – Ragaan gara walsimannaatti deebi'uu ni barbaachisaa?
 - (1) **Lakki** – GasLog haaromsuun adeemsa sakatta'iinsa idilee hordofaa.
 - (2) **Eeyyee** – Xalayaa FO-36**FED** karaa poostaa mirkanaa'een guyyaa xumuraa 30 keessatti kennuu. Guyyaan xumuraa wal simannaa guutamee?
 - (a) **LAKKI**. EAR kan dhimmaa bakka gadhiisisuu mallatteeffame "Cabiinsa seeraa yeroo sakatta'iinsa .09(6) keessatti argame kan furmaata argate/hin arganne" jedhuun dhiyeessu."
 - (b) **Eeyyee** – Adeemsa sakatta'iinsa idilee hordofaa.

HUBACHIISA: Xalayaan bu'aa walsimannaa tokkoo ol hin kennamu. Yoo walsimannaa hin argamne, sakatta'iinsa gara raawwachiisummaatti dabarsuu. Yoo sakatta'iinsi dachaa .09(6) dhaabbata tokkoof sarbama walfakkaatuun banaa ta'e, yeroon xumuraa jalqabaa guyyoota 30 irratti dhaabbata. Sakatta'iinsa .09(6) itti aanu irratti sarbamni haaraan yoo argame, guyyaa sakatta'iinsaa irraa eegalee guyyoota dabalataa 30 ni argatu.

² Kufaatii caasaa qorannoowwan walitti siqeenya taankii ykn sararaa sa'aatii 72 keessatti battalatti hin qoratamne, miidhaa taankarii, ujummoo, ykn qabiyyee sadarkaa lammaffaa irratti mul'ate, ykn "haala hojii hin baratamne" biroo inspeektariin murtaa'ee fi gamaaggama teeknikaa barbaadu kan dabalatudha.

³ Yeroon xumuraa unki kuni olkaa'amuu Adeemsa Iyyannoo Fandii armaan gadii keessatti ibsameera.

Gabate 1: Unka Adeemsa Xalayaa Hojii

Unka Xalayaa	Gabaasa Dhiyeessaa	Hordoffii
FO-000: Qorannoo gad lakkisuu - Argannoo. Faalama Hamaa	To'attoota haalota Dhimmaa	Sirreeffama
FO-001: Qorannoo gad lakkisuu - Qorannoo Sirnaa fi Saayitii To'achuu	To'attoota haalota Dhimmaa Gamaggama qorataa waliin	Sirreeffamaa fi Ulaagaa guutuu
FO-001scd: To'ataa Yaa'aa Saayitii adda baasu Kan Fooyyeffame	To'attoota haalota Dhimmaa	Sirreeffama
FO-001scsp: Qorannoo Dhangala'aa Baaldii	To'attoota haalota Dhimmaa	Sirreeffama
FO-002: Qorannoo gad lakkisuu - Dhiibbaa Bishaan dhugaatii saayitiin alaa	To'attoota haalota Dhimmaa	Sirreeffama
FO-003: Qorannoo gad lakkisuu - Qorannoo Sirnaa	Inispeektara	Ulaagaa guutuu
FO-004: Deebii gad lakkisuu - Gagi lakkifamuu mirkanaa'e		

ADEEMSA IYYANNOO FANDII GUUTUU (FE)

- 1) Takkaa erga iyyati FE fudhatamee booda, sanadi taatee sakatta'iinsa GasLog irraa fudhatama.
 - a) *Unka Bu'aa Sakatta'iinsa Hojimaataa UST* - sakatta'iinsa irraa eegalee guyyaa hojii **1** keessatti olkaa'amu qaba
 - b) *Unki Fandii Peetirooliyeemii UST Hir'ifamuu Murteessuu Danda'u* - **guyyaa hojii 1** keessatti guutamee gara galme'e hordoffii madaallii ulaagaa Eegumsa Hojii 14a tti olkaa'amu kan qabu:
 - i) Sanada gaaffii ulaagaa guutuu fudhachuu yookaan;
 - ii) Guyyaa xumuraa 30 ulaagaa guutuu xalayaa FO-036FED keessatti
- 2) Sarbamiinsa ulaagaa guutuuf sanadi akka jiraatu barbaadan:
 - a) **Lakki** - Iyyanni guutuun erga dhiyaatee guyyoota 30 keessatti adeemsa fi sanadoonni barbaachisoo ta'an hundi Waajjira Dirree Naannoo (EFO) tiin GasLog irratti olkaa'amee jiraa?
 - i) **Lakki** - sanada GasLog irratti fe'amu xumuruuf EFO quunnamaa
 - ii) **Eeyyee**
 - (1) FEn mirkaneeffamee?
 - (a) **Lakki** - Wixinee ajaja FED.
 - (b) **Eeyyee** - xalayaa FE mirkaneeffame ergaa.
 - b) **Eeyyee** - Hanga yeroon xumuraa guyyoota 30 kan FO-36**FED** darbutti murtii dhumaa kennuu tursiisaa. FEn mirkaneeffamee?
 - i) **Lakki** – Sarbamiinsi sirreeffamee?
 - (1) **Lakki** – Ajaja FED wixinuu fi adabbii siviilii sarbamiinsa sanaaf ta'u hammachuu.
 - (2) **Eeyyee** – Wixinee ajaja FED adabbii siviilii hin qabne.
 - ii) Eeyyee – Sarbamni sarbamiinsa hir'ifama irratti dhiibbaa geessisu argameeraa?

- (1) **Lakki** – Sarbamni seeraa sirreeffamee turee?
 - (a) **Lakki** – Wixinee ajaja FDA adabbii siviilii sarbama seeraa sanaaf
 - (b) **Eeyyee** - Wixinee xalayaa raggaasifamuu FE.
- (2) **Eeyyee** – Sarbamni seeraa sirreeffamee turee?
 - (a) **Lakki** – Wixinee ajaja FDA adabbii siviilii sarbama seeraa sanaaf.
 - (b) **Eeyyee** – Wixinee ajaja FDA adabbii siviilii hin qabne.

WIXINEE



Boba'aawwan wal-makan

UST duraa duuba kaawuudhaan siistamichi boba'aawwan itaanooliidhaan wal-makan itaanolii 10% ol -ta'an yookin makaa baayoodiiseelii 20% ol ta'e gara tajaajilaatti kuusuudhaaf tolfame, abbootiin taankariichaa dirqama qabiyyeewwan siistemicha UST oomishoota kuufaman waliin wal-simuu isaanii ibsu agarsiisuudhaa [Cheeklistii Mijaa'ana Meeshaa \(CN-1285\)](#) fi [Ibsa Mijaa'inaa \(CN-1283\)](#) guutanii deebisuu qabu.

Boba'aawwan itaanooliidhaan wal-makaman itaanoli boba'aan sun of keessaa qabuutiin kan tolfamanidha. Boba'aan akka E-85 jedhamuun irratti barreeffame, alkoolii ethyl 85% fi gasoline 15% of keessaa qaba. E-10, alkoolii ethyl 10% fi gasoline 90% of keessaa qaba. Boba'aawwan itaanooliidhaan wal-makaman hammentaa itaanoli boba'aan sun of keessaa qabuutiin kan tolfamanidha. Boba'aan B-20 jedhamuun irratti barreeffame, biodiesel 20% fi diesel 80% of keessaa qaba. Fedhii boba'aawwan filannoodhaan jiran hunda waliin, siistema UST baay'ee keessaa qabiyyeewwan hundi isaanii oomishoota peetrooliyeemii kuusuu fi raabsuudhaaf kan tolfaman akka hin taane yaadachuun barbaachisaadha.

Diviizhinichi oomishoota boba'aa kan boba'aawwan hiikaa to'annaa peetrooliyeemii jalatti wal-makan(TCA 68-215-102) of keessaa qabu kuusaa nageenyi isaa eegametti qoodee jira. Siistamoonni UST kan boba'aawwan wal-makan of keessaa qabu ulaagaalee UST hunda guutuun irraa eegama. Diviizhinichi waa'ee mijaa'ina boba'aawwan dhibbantaa peetrooliyeemii parsanteejii olaanaa qabu kuusuudhaaf qabiyyeewwan siistema UST dhaan wal-makanii yaadda'ee jira. Qabiyyeewwan siistema UST boba'aawwan waliin makaman waliin ta'uudhaan haala hin taaneen dhibbaa irratti fiduu danda'a.

Filannoowwan Raabsituu(Dispenser)

Raabsituuwwan qabiyyee ijoo siistema boba'aa UST ti. Oomishoonni Diispeensaraa, diispeensaroota kan isaan boba'aawwan waliin makaman waliin wal-simatu jedhanii raggaasan gurguru. Kunis filannoo Diviizhinichi boba'aawwan waliin makaman waliin itti fayyadamaniif yaada gorsaa kennudha.

Abbaan taankariichaa dispeensara isa amma jiru boba'aawwan wal-makan waliin itti fayyadamuudhaaf yoo barbaade, kan fe'u sun qabiyyeewwan dispensaroota Ethanol Equipment Compatibility Checklist (CN-1285) Kutaa 2 keessa jiran hundumaa warshaa oomishoo sanaan yookin kanneen Mallattoo UL Marked jedhu qaban, boba'aa waliin makamaniif mijaawaa ta'uu isaanii odeeffannoo mirkaneessii isaa guutuudhaan mirkaneesuu qaba. Qabiyyeewwan hundi mallattoo "Yes" jedhu yoo qabaatan diispeensarichi akka boba'aawwan waliin makaman waliin wal-simutti ilaalama.

Qabiyyeewwan tarreeffaman keessaa tokkoyyuu akka mallattoo UL Marked 'n hin mirkaneeffamne yookin oomishootaan akka mijaawaa ta'etti ragaa kan hin qabne yoo ta'e, diispeensarichi boba'aa e-blended waliin akka wal-simutti hin ilaalamu. Raabsituuwwan waarshaa isa'atiin hin raggaafamne yookin Mallattoo UL hin qabne boba'aa E-blend'f mijaa'aa ta'uu isaaniif dirqama guyya guyyaadhaan dhangala'aa akka yaasaniif fi qabachuu dadhabuu isaanii beekuuf [Unka Sakatta'iinsa Hoggayyuu Raabsituu \(CN-1284\) fayyadamuudhaan qoratamuu qaba](#). Gucni tokko raabsituu yookin MPD (multi-product dispenser) taankarii boba'aa wal-makaa qabun wal-qabatee jiru hundaaf ni tajaajila. Galmeewwan kunneen dirqama turtii waggaa tokkootiif bakkicharra turuu qabu.

Waa'ee carraawwan boba'aa biroo odeeffannoo dabalataa argachuuf, websaayitii EPA:

<https://www.epa.gov/ust/emerging-fuels-and-underground-storage-tanks-usts#tab-1> daawwachuu dandeessu



**Abbaa Qabeenyaa
Taankarii
Qajeelfama wabii si'aawaa**

Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Kuni maaliif barbaachisaa ta'ee

Divizhiniin Taankeriwwan Kuusaa Lafa Jalaa(Divizhinichi) Waldaa Kuusaa boba'aa fi Mijuu Tennessee waliin ta'uudhaan haala sirrii ta'een taankerii kuusaa lafa jalaa(UST) Tennessee keessa jiru dalagsiisuudhaaf ulgaalee xixiqqoo Qajeelcha Riiferaansii Ariifataa Abbaa Qabeenyaa Taankerii kana qindeessee jira. Kunis kanneen armaan gadii of keessatti haammata garuu qofaan hin daangeffamu:

- Kaffaltiiwwanii fi Galmee
- Leenjii Hojjetaa
- Yaa'aa Taankarii Ji'a ji'aanii Adda baasuu
- Yaa'aa Ujummo Adda baasuu
- Ittisa Daanda'uu
- Ittisa dhangala'uu fi Guutiinsa Humnaan olii
- Raabsituu Boba'aa mootoraa
- Qorannowwan keessa adeemmii
- Taankarii fi/yookin Cufaminsa ujummo
- Galmee Kaa'uu
- Gabaasuu

Seerota jiran yoo hordoftan, kaffaltii fandii argachuu dandeessu; geessisiwwan argachuu keessan itti fuutu; maamila, hojjetootaa fi hawaasa keessan ni eegdu; akkasumas kaffaltiiwwan adabbii ni hambistu. Akkasumas, meeshaalee keessan ji'a ji'aan to'achuudhaaf, boba'aan kamiyyuu kan shaakallii daldala gaarii akka hin badne ni mirkaneeffattu.



Akkasumas abbaan qabeenyaa itti gaafatamummaa maallaqaa eeguudhaaf ulaagaalee guutuu qabu qaba. Kana jechuun, gadhiisiin boba'aa yoo jiraate, qoratamuu fi qulqulleeffamuu isaa mirkaneessuun itti gaafatamummaa abbaa qabeenyaati. **Kunis tarii qaalii ta'uu danda'a.**

Tennessee fandii Isteetii abbootii qabeenyaa maallaqaan yaa'a boba'aa qulqulleessuudhaaf gargaaruu argachuudhaaf carraa qabeettiidha. Galmeewwan guutuun hojii irra ooltummaa yoo hin dhiyaanne deebisiin maallaqa dhibbantaa guddaa qabuu hojii irra ooluu danda'a. Deebisii maallaqichaa fudhachuudhaaf guuyyaa dhuma sanaan dura iyyannoo galchuun barbaachisaadha. Waan kana ta'eef hojii irra ooltummaa seeraa kabajuu fi galmeessuun barbaachisaadha.

Kaasaan kaffaltii maallaqaa mata duree wal-xaxaa waan ta'eef adeemsa iyyannoo isaa hubachuun baay'ee barbaachisaadha. Akka faayidaalee kana argachuu dandeessan waan barbaadnuuf gaaffilee kamiyyuu yoo qabaattan maaloo nu quunnamuudhaaf duubatti hin jedhiinaa. Odeeffannoo dabalataaf maaloo maanuwaalii opireeteroota Taankarii yeroo ammaa ilaalaa.

Galmeen kun bakka bu'aa seera fi ittiin bulmaata naannoo Tennessee miti, yookin ofii isa'atiin seera yookin danbii miti. Hubannaa sirrii fi guutuu seeraa fi danbii ittiin bulmaataattif, maaloo Seera Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa Peetirooliyeemii Tennessee T.C.A. § 68-215-101, Dambii boqonnaa 0400-18-01 ilaalaa akkasumas odeeffannoon dabalataa Maanuwaalii Opireetera sakatta'insa sadarkaa isaa eeggatee irratti ni argama. Sanadni kun marsariitii Divizhinichaa irraa argamuu danda'a:

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/compliance-inspections/standardized-inspection-process.html>

Qajeelcha wabii kanaa yookin ulaagaalee to'annoo ilaalchisee gaaffilee kamiyyuu yoo qabaattan, waajira bakkee keessaniif bilbilaa(fuula dhumaa galmee kanaa ilaalaa) yookin Divizhinichaaf Imeelii karaa Tanks.UST@tn.gov.



Kaffaltiiwwanii/Galmee

- Kaffaltii waggaa barbaachisu kaffaluu qabdu, innis taankarii/baattuu tokkotti \$125 dha. **(Kaffaltiiwwann 7/1/21 hanga 6/30/26 dhorkamanii jiru)***
- Siistema UST yeroo ijaartan, dirqama Guca Beeksisa Ijaarsaan Duraa Divizhinichaa (CN-1288) galchuu qabdu akkasumas kaffaltiiwwan ijaarsichaan dura guyyoota 15 dura kaffaluu qabdu.
- Guca beeksisa Divizhinichaa(CN-1260) fayyadamuudhan jijjiirama siistema UST keessan irra jiru kamiyyuu guyyoottan 30 keessatti gabaasuu qabdu. Kunneenis kanneen armaan gadii of keessatti haammachuu danda'u:
 - Odeeffannoo waa'ee mooraa
 - Jijjiiraa abbummaa
 - Jijjiirama meeshaa yookin oomishicha irraa
 - Jijjiirama haalaa

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/notification-fees.html> irraa buufachuu dandeessu

HIN GEESSISIINAA (DELIVER HIN GODHIINAA)

Geessisiin kamiyyuu seera T.C.A. sarbinaan 68-215-106(a)

Deeliiveriin adabbii hanga \$10.000 ta'u fiduu danda'a,
T.C.A. 68- 215-121

**Eeyyama malee mallattoo buqqisuun balleessaa
Gita C ti**

Diviizhinii UST (615) 532-0945 irratti quunnamaa

Kaffaltiiwwan keessan hin kaffalle yoo ta'e yookin balleessaa adabbii isa dhumaa fidee yoo qabaattan, taankariwwan keessan mallattoo diimaan mallatteeffamu qaba. Yoo kuni mudate, hanga irraa haquudhaaf xalayaa eeyyamaa barreeffamaan Division Director irraa argattanitti **MALLATOOWWAN SANA HIN HAQIINAA**. Dursitanii kaasuun adabbii maallaqaa Gita C isinitti fiduu danda'a. Odeeffannoo dabalataaf, maaloo waajira bakkee naannoo keessan jiru qunnamaa yookin gara bakka bu'aa biiroo keessanii adeemaa:

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks.html>

Leenjii Hojjetaa

Herreega banachuudhaaf, leenjii hojjetaa xumuruudhaaf, akkasumas bakkeewwan hundaaf hojjetaa Gita A fi B qopheessuudhaaf dirqama marsariitii Gargaaraa Taankarii Tennessee fayyadamuu qabdu.

<https://tdec.tn.gov/tankhelper>

Gargaarsa ni barbaadduu? Imeelii BG-Help_Desk@tn.gov ykn (615)532-0287 irratti bilbilaa.

Hubadhaa, yoo dalagaan bakka keessanii jijjiirame, dirqama guyyoota 30 keessatti dalagdoota Gita A fi B qopheessuu qabdu.

Gabateen armaan gadii ibsa waliigalaa sadarkaa leenjii hojjetaa tokko tokkoo of keessaa qaba. Abbaan qabeenyaa ulaagaalee sadarkaa hundaa guutuu ni danda'a.

	Oppireetera Gita A	Oppireetera Gita B	Oppireetera Gita C
<i>Ulaagaa Gita oppireetera kana eenyu guutaa?</i>	Walii galatti namoonni dhuunfaa kanneen sirna UST hojjechuu fi eeguu waliin wal-qabatee ulaagaalee seeraa fi to'annaa irratti xiyyeeffatan	Walii galattii kanneen sirna to'annoo hojii irra oolmaa UST kanneen bakkeetti hojjetaman qabanii fi kan UST waliin dhaabbilee tokko yookin isaa ol ta'aniif hojiilee hoggayyuu, seerota sirreessuu fi galmeessuu kan hojii irra oolchudhaaf itti gaafatamummaa qaban	Walii galattii haalota yeroo balaa kan agarsiisan yookin bibila dammaqinsa'atiif deebii kennuudhaaf nama toora jalqabaa irra jiran

Yaa'aa Taankariiwwanii Adda baasuu

Gaafa adoolessa 24, 2007 ykn isa booda taankariiwwan fe'aman hundaaf to'annoo gidduudhaan hojii irra ooluu qaba.

Taankariiwwan dirqama bifa yaa'aa adda baasuu kan ji'aanii qabaachuu qabu, kunis filannoowwan armaan gadii keessaa isa tokko ta'uu danda'a:

- Safartuu taankarii awutoomaatikaalaa (**ATG**)
- Safartuu taankarii Maanuwaalii (**MTG**)
- Istaatistikaal inventerii riikoonsileeshinii (**SIR**)
- To'annoo Inteeristishiyaalii (**IM**)

Qabiyyeewwan meeshaa yaa'aa adda baasuu(elektiroonikaa fi mekaanikaalaa) dirqama hojii irra oolmaadhaaf wagga waggaadhaan qoratamuu qabu.

- Odeeffannoo dabalataaf maanuwaalii oopireetaroota Taankarii ilaalaa

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/compliance-inspections/standardized-inspection-process.html>

Yaa'aa Ujummoo Adda baasuu

Adoolessa 24, 2007 tti yookin isaa booda kaasee sarara ujummoowwan dhiibbaa qaban kanneen fe'aman hundaaf to'annoo gidduudhaan hojii irra ooluu qaba.

- Ujummoowwan bishaanii dhiibbaan irratti taasifame qorannoo wal-gadhiisii gosa lama qabaachuu qabu:
 - Yeroo yeroodhaan(yaa'a xiqqaa)
 - Miidhaa qabeessa(yaa'a guddaa)
- Waggaa sadi sadiin to'annoo gidduu fayyadamuudhaan ujummoo dhiibbaa qabuuf wal-simannaan saampii ujummootiif qorannoo gochuun ni barbaachisa.
- Ujummoowwan harkisan qorannoo wal-gadhiisa ujummoo beekuuf gargaaru barbaaduu danda'u.
- Odeeffannoo dabalataaf maanuwaalii oopireetaroota Taankarii ilaalaa.

Ittisa Daanda'uu

- Taankariiwwanii fi ujummoowwan lafa jalaa dirqama dammeessa'uu(dandaa'uu) irraa eegamuu qabu. Kunis qabiyyeewwan sibiilaa kanneen bishaan dhaabbatee jiru akkasumas lafa waliin qunnamtii qaban of keessatti haammata.
- Siistemoonni ittisa kaatodikii dirqama waggaa sadi sadiin haala sirrii ta'een hojii irra ooluu fi qoratamuu qabu.
- Odeeffannoo dabalataaf maanuwaalii oopireetaroota Taankarii ilaalaa.



Mala ittisa dandaa'uu sirrii ta'een hin fayyadamne taanaan, wal-gadhiisiin oomishaa mudachuu danda'a.

Ittisa dhangala'uu fi Guutiinsa Humnaan olii

- Meeshaan dhangala'aa fi humnaan ol guutinsaa dirqama taankariwwan geessisii tokkoon gaaloonii 25 fi isaa ol fudhatan irratti hidhamuu qaba. Baaldiiwwan ittiin dhangalaasan yeroo deliveriitti boba'aa hammaan xiqqaa ta'e qofaa qabachuu akka danda'aniif kan tolfamanidha.
- Spill Bucket dirqama ji'atti al tokko ilaaluu qabdu akkasumas Guca ilaalchaa ji'aanii Divizhinichaa(CN-2544) fayyadamuudhaan galmeessuu qabdu.
- Meeshaan yaasaa fi humnaan ol guutinsaa dirqama wal-simannaa fi hojii irra ooltumaadhaaf yoo xiqqaate waggaa sadi sadiin qoratamuu qabu.

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/forms-guidance.html>



Baaldiin ittin dhangalaasan(Spill Bucket) keessaa boba'aa/dhangala'aa/balfa qulqulleessuu keessan akkasumas balfaawwan haala gaariin to'achuu keessan yaadadhaa.

Odeeffannoo dabalataaf maanuwaalii oopireetaroota Taankarii ilaalaa.

Raabsituu Boba'aa mootoraa

Raabsitoonni(Dispensarootni) qulqulleessituu kutaa sana jala jiruun yookiin ujummicha irratti cophaa fi dhagala'insa irratti bu'an kaamifiyyuu nuusa waggatiin sakatta'amuu akkasumas galmees sakatta'insaa qabaachuu qabdu.

Sakatta'insi gaggeeffamu kun dirqama Guca Qorannoo Adeemsaa Divizhinichaa(CN-2544) irratti liinkii armaan olitti argamu fayyadamuudhaan galmeeffamuu qabu.

Eejansiwwan biroo, Muummee Qonnaa, akkasumas aangawoo faalama qilleenssaa naannoo fi biyyittii dabalatee dalagaa dispeensaraatiif ulaagaalee to'annoo adeemsaa ni qabu. Deeggarsa yoo barbaaddan, maaloo Deeggaraa Daldala Xixiqaa karaa (615) 532-8013 ykn 1-800-734-3619 ykn imeelii BGSPEAP@tn.govnu quunnamaa.

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/sbeap-small-business-environmental-assistance.html>



Ujummoo dispensarii(raabsituu) keessa keessaa boba'aa/dhangala'aa/balfa keessaa qulqulleessuu keessan akkasumas balfawwan haala gaariin to'achuu keessan yaadadhaa.

Qorannowwan keessa adeemmii

Miilaan adeemuudhaan ji'a ji'aan yookin waggaadhaan qorannoon taasifamuu qaba:

- Ji'a ji'aan
 - Meeshaalee ittisa dhangala'aa
 - Meeshaalee Yaa'aa adda baasan
- Waggaa waggaadhaan
 - Taankarii Kuusaa Qabiyee(Containment Sumps)
 - Meeshaa Yaa'aa adda baasan kan Harkatti Qabatamu



Qorannoon keessa deemuun gaggeeffamuun dirqama galmeeffamuu fi Guca Qorannoo Adeemsaa Divizhinichaa(CN-2544) irratti galmeeffamuu qabu. Odeeffannoo dabalataaf maanuwaalii oopireetaroota Taankarii ilaalaa.

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/forms-guidance.html>

Taankarii fi/yookin Cufaminsa ujummoo

Taankarii(wwan) fi/yookin ujummoo keessan cufuudhaaf yoo karoorsitan, *Iyyata Guutummaan guututti cufinsaa Taankarii Kuusaa Lafa jalaa* (CN-0928) guutuudhaan gamaggammii fi mirkaneessiidhaaf waajira bakkee itti deebisaa galchaa. Erga Iyyatichi mirkaneeffamee booda akkaataa ulaagaalee Divizhinichaatti cufinsa isaa xumuruudhaaf waggaa tokko qabdu. Erga Cufinisichi xumuramee booda, dirqama *Gabaasa Cufinsaa Yeroo Dhaabbataa* (CN-0927) Guca Beeksisa Divizhinichaa(CN-1260) dabalatee galchuu qabdu. Odeeffannoo dabalataaf, maaloo cuqaasa kana ilaalaa:

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/closure.html>

Galmeewwan Kaa'uu

Galmeewwan armaan gadii eeguu qabdu:

- Ittisa daanda'uu
- Galmeewwan cufaminsaa, yoo ni ta'a ta'e
- Galmeewwan mijaa'inaa
- Moggaasa oopireetera Gita A/B
- Yaa'aa adda baasuu, qorannoo hojii irra oolmaa of keessatti dabalachuudhaan
- Qorannoo yaasuu fi humnaan ol guutuu
- Seenaa galmeewwan qorannoo raabsituu(Dispensaraa)
- Galmeewwan ijaarsaa, yoo ni ta'a ta'e
- Suphaa/bakka buusa, hojiirra oolmaa yoo qabaate
- Qorannowwan galmeessiiwwan keessa adeemmiin taasifamanii

Ulaagaalee addaatiif maanuwaalii oopireetaroota Taankarii ilaalaa. Divizhinichi gucoota marsariitii Divizhinichaa irratti argaman kaa'uudhaan galmeewwan guutamuu danda'an qindeessaa jira:

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/forms-guidance.html>

Gabaasuu

Jijjiirama siistema UST irraa, odeeffannoo waa'ee mooraa, yookin odeeffannoo abbummaa/opireetaraa keessan irra jiru kamiyyuu guyyoottan 30 keessatti gara Divizhinichaatti gabaasuu qabdu. Wal-gadhiisii shakkame yookin mirkaneeffame erga beektanii kaasee sa'aattii 72 keessattii gabaasuu qabdu. Waayee wal-gadhiisii shakkame/mirkaneeffamee ilaalchisee odeeffannoo dabalataa yoo barbaaddan, Maanuwaalii Opireeterootaa Taankarii ilaalaa.

Walsimsiisaa Boba'aa

Siistemoonni UST qabiyyeewwan to'annan irratti godhamu kan Itaanolii 10% yookin baayodizeelii 20% oliin makamarii jira kuusuudhaaf mijuu boba'aattif ulaagaalee guutuu qabu.

Cheekliistii fi unkawwan barbaachisan marsariitii kana irratti argamuu danda'u:

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/compliance-inspections/alternative-fuels.html>

Taankarii mana barnootaa

Divizhinichi leenjii bilisaa kan addatti abbootii qabeenyaa taankarii haaraadhaaf faayidaa qabeessa ta'e bilisaan ni kenna. Sakatta'insa Divizhinii leenjicha ni gaggeessuu akkasumas ajajaminsaaf sakatta'insa gaggeessuuf akkasumas danbiiwwan itti fayyadamaa kabajuudhaan maal akka gochuu qabamu ni ibsu. Sakata'insi meeshaalee itti fayyadamtanii yoo xiqqaate waggoota sadi sadiin al tokko ni taasifamu, akkasumas meeshaaleen itti fayyadamaa haaraa waggaa jalqabaa keessatti sakatta'amuu ni danda'u.

Sagantaan barnootaa fi odeeffannoon galmees marsariitii kana irratti ni argamu:

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/operator-training.html>

Cuunfaa/Gudunfaa

Abbummaan Sirna UST boba'aa taankarii keessatti naquu fi keessaa gurguruu caala gahee guddaa qabaa. Beekumsa akkaataa dalagaa fi suphaa maashinichaa akkasumas galmeewwan gaarii qabachuu barbaada. Danbiiwwan jiran kabajuu dadhabuun badii oomishaa, qulqullina naannoo qaalii ta'e, akkasumas kaffaltii fandii fi/yookin adabbiwwanii kaffaluu dhabuudhaan dhiibbaa maallaqaa guddaa ta'e qabaachuu danda'a.

Gaaffiiwwan?

Waajira bakkee naannoo keessaniif bilbilaa yookin Imeelii ergaa.

Waajira Bakkee Naannoo

<https://www.tn.gov/environment/contacts/about-field-offices>

Waayee Naannoo Tennessee
irratti gaaffii qabduu?
1-888-891-TDEC (8332)
irratti bilbilaa
ask.tdec@tn.gov

Nashville


711 R.S. Gass Boulevard
Nashville, Tennessee 37243
Bilbila: (615) 761-7590
[Rhonda Key](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Cookeville

1221 South Willow Avenue
Cookeville, Tennessee 38506
Bilbila: (931) 337-4172
[Frank Pointer](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Johnson City

2305 Silverdale Road
Johnson City, Tennessee 37601
Bilbila: (423) 438-9100
[Kevin Rice](#)
Hogganaa Waajira Bakkee



Knoxville

3711 Middlebrook Pike
Knoxville, Tennessee 37921
Bilbila: (865) 320-6168
[Holly Marlowe](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Jackson

1625 Hollywood Drive
Jackson, Tennessee 38305
Bilbila: (901) 232-5968
[Roshanda Forsythe](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Chattanooga

1301 Riverfront Parkway, Suite #206
Chattanooga, Tennessee 37402
Bilbila: (423) 326-7935
[Frank Pointer](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Memphis

8383 Wolf Lake Drive
Bartlett, Tennessee 38133
Bilbila: (901) 232-5968
[Roshanda Forsythe](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Columbia

1421 Hampshire Pike
Columbia, Tennessee 38401
Bilbila: (931) 306-8712
[Dale Robinson](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

TN Department of
**Environment &
Conservation**
Stan Boyd, Daarikteeraa
Diviizhini Taankariiwwan
Kuusaa Lafa Jalaa
(615) 532-0945
Stan.Boyd@tn.gov



Opireetora Taankarii Qajeelfama wabii

Ebla 12, 2022

Diviizhinii Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa

Gabatee Qabiyyee

Boqonnaa 1	Seensa	13
	Unka Guutamu	14
	Yaadachiisa	14
	Guutinsa Ulaagaa Hojmaataa	14
Boqonnaa 2	Kaffaltii fi Galmee, Mallattoo Diimaa, fi Itti gaafatamummaa Faayinaansii	16
Boqonnaa 3	Leenjii Hojjetaa (Opireetaraa) Fi Gargaaraa Taankarii Tennessee	9
	Cuunfaa Gita Opireetaraa	9
	Gargaaraa Taankarii Tennessee https://tdec.tn.gov/tankhelper	11
	Eenyummeessa haaraa uumuu	11
	Seensa Eenyummeessaa Kan Duraanii	19
	Daashiboordii Leenjii	20
	Opireetara: Eenyummeessa Abbaa qabeenyaa itti dabaluu	23
	Abbaa qabeenyaa: Opireetara mooraa keessaniif muuduu	26
	Opireetara: Muudama maqaa Abbaa Qabeenyaa irraa Fudhadhaa	29
Boqonnaa 4	Qorannoo Yaa'aa Taankariiwwanii fi Ujummoo Adda Baasuu	31
	Yaa'aa Taankariiwwanii Adda baasuu	31
	Safartuu Taankarii Awutoomaatikaalaa (ATG)	32
	Istaatistikaal Invenetarii Riikoonsileeshinii (SIR)	33
	Hordoffii Giddu galeessaa Qabiyyee Lammaffaa Fayyadamuun	35
	Safartuu Taankarii Maanuwaalii (MTG)	37
	Yaa'aa Ujummoo Adda baasuu	38
Boqonnaa 5	Ittisa Daanda'uu	41
	Ulaagaalee:	42
	Galmee Kaa'uu:	42
Boqonnaa 6	Meeshaalee ittisa dhangala'aa	43
	Ulaagaalee:	43
	Suphaa fi Bakka buusuu	43
	Galmee Kaa'uu:	44
Boqonnaa 7	Meeshaalee ittisa dhangala'aa Humnaan olii	45
	Ulaagaalee fi Galmee Kaa'uu:	46
Boqonnaa 8	Raabsituu Boba'aa mootoraa	47
Boqonnaa 9	Sakatta'iinsa Hojii fi Suphaa Keessa adeemuu	48
	Ulaagaalee:	48
	Galmee Kaa'uu:	48
Boqonnaa 10	Yeroo Muraasaaf Tajaajilaan Aladha(TOS)	49
	Ulaagaalee TOS:	49

Taankarii TOS (Yeroo Muraasaaf Tajaajilaan Aladha) Gara CIU (Yeroo Ammaa Hojiirra Kan Jiru)		
	tti Deebisuuf:	49
Boqonnaa 11	Cufiinsa Sirna UST	50
Boqonnaa 12	Suphaa fi Bakka buusuu	51
	SUPHAAWWAN:	51
	BAKKA BU'INSA:	51
	QORUU, GALMEESSUUN KAA'UU, FI GABAASUU	51
Boqonnaa 13	Boba'aawwan wal-makan	52
	Filannoowwan Raabsituu(Dispenser).....	52
Boqonnaa 14	Sagantaawwan To'annoon Wal qabatan Kanneen Biroo	53

Boqonnaa 1 Seensa

Qajeelchi Wabii Opireetara Taankarii Kuni Opireetara Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa (UST) f kan qophaa'e fi akkamiin haala sirrin akka dalagamuu fi sirna UST Tennesseeef haalduree wal fakkaataan yeroo hundaa akka guutamuf ulaagaa xiqqaa dhiyeessa. Akkaataa Seera Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa Peetirooliyeemii Tennessee (UST Act) T.C.A. § 68-215-101 et. seq tti abban qabeenyaa fi Opireetari qaama itti gaafatamummaa qabu dha. Qajeelfamni kun odeeffannoo kanneen armaan gadii irratti kenna:

- Unkaa fi Beeksisa
- Kaffaltiiwwanii fi Galmees
- Mallattoowwan Diimaa
- Ittii gaafatamummaa Faayinaansii(Maallaqaa)
- Leenjii Hojjetaa
- Yaa'aa Adda baasuu
- Ittisa Daanda'uu
- Ittisa dhangala'uu fi Guutiinsa Humnaan olii
- Raabsituu Boba'aa mootoraa
- Yeroo Muraasaaf Tajaajilaan Aladha(TOS)
- Cufiinsa Sirna UST
- Suphaa fi Bakka buusuu

Akkasumas qajeelfamni kun muuxannoowwan bulchiinsa gaarii fi tarkaanfiiwwan tola ooltummaa eegumsa naannoo fooyyessuu fi itti gaafatamummaa maallaqaa hir'isuuf fudhachuu dandeessanis ni ibsa.

Kuni maaliif barbaachisaa ta'ee

- Fayyummaa hawwaasaa fi naannoo eeguuf deeggarsa kee kennaa jirta. Yaa'aan UST, ittisi yaa'aa, humnaan ol guutuun, taankariin yaa'aa qabu fi ujummoowwan irraa kan gadhiifaman biyyee fi bishaan lafa jalaa faalu. Hawwaasi naannoo kee bishaan lafa jalaa akka madda bidhaan dhugaatiitti fayyadamu. Itti dabalataan yaa'aan UST balaa abiddaa yookaan dhohiinsa fiduu danda'a, kunis nageenya hawwaasaaf sodaachisaa dha.
- Yaa'aa gadi dhiifamu ittisuun investimantii daldalaa keessan isiniif eega. Ulaagaa eeguu fi yaa'aa gadhiifaman dafanii adda baasuu fi gabaasuu barbaachisaa dha. Baasiin yaa'aa gadhiifamu qulqulleessuuf oolu, adabbii ta'u dabalattatti qaala'aa ta'uu danda'a kunis yeroo daldalaa hojii dhaabuu fiduu danda'a. Akkasumas, gatiin qabeenya keessan yaa'aa peetirooliyeemii gadhiifamuun hubamuu danda'a. Hatattamaan deebii kennuun fi yaa'aa gadhiifamu to'achuun baasii qulqulleessuuf baafamuu fi balaa naannoo hir'isuu dandeessu.

Galmeen kun bakka bu'aa seera fi ittiin bulmaata naannoo Tennessee miti, yookin ofii isa'atiin seera yookin danbii miti. Hubannoo seeraa fi dambii bal'aa fi guutuu argachuuf, maaloo Seera UST fi Seera Taankarii Kuusaa Lafa Jala, Boqonnaa 0400-18-01 ilaalaa. Seerri kunis marsariitii Barreessaa Naannoo Tennessee : <https://publications.tnsosfiles.com/rules/0400/0400-18/0400-18.htm> irraa argachuu dandeessu.

Unka Guutamu

Unki sanadoota guutamuu Diviizhinii Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa (Diviizhinii) marsariitii:

<https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/forms-guidance.html> irratti argama:

Yaadachiisa

IBSA UNKAA	LAKKOOFSA
Yaadachiisa Warra Bitanii	CN-1392
Jijjiirraa Teessoo Ergaa Abbaa Qabeenyaa	CN-1383
Yaadachiisa Taankariwwan Kuusaa Lafa Jalaa	CN-1260
Yaadachiisa Agarsiistuu Abbaa Qabeenyummaa	CN-1186
Unka Yaadachiisa Fee'umsaan Duraa	CN-1288
Jijjiirraa Abbaa Qabeenyummaa Gurguraan Gabaafamu	CN-0911

Guutinsa Ulaagaa Hojmaataa

IBSA UNKAA	LAKKOOFSA
Gabaasa Qorannoo Hojmaata Safartuu Taankarii Aawutomaatikaalaa Kan Waggaa	CN-2624
Gabaasa Qorannoo Elektiroonikaalaa To'annoo Bakka Duwwaa Qaama Lamaan Gidduu Jiru Kan Waggaa	CN-1339
Gabaasa Qorannoo Haayidiroostaatikii Qindoomina Qabiyyee Saampii	CN-2664
Ragaa Guyyuu Kan Sakattii Ijaan Qaamolee Raabsituu Mijaawoo Hin Taane Irratti Godhamuu	CN-1284
Cheekliistii Mijaa'ummaa Meeshaalee	CN-1285
Gaafannoo Qormaata Eegumsa Gaalvaanik Kaatodikii	CN-1140
Unka Dubbisa Reektifaayerii Eegumsa Iimpireesdi Kaarentii Kaatodikii	CN-1282
Gaafannoo Qormaata Eegumsa Iimpireesdi Kaarentii Kaatodikii Kan Yeroo Ammaa	CN-1309
Unka Qorannoo Xuuxxuu Dhangala'aa Kan Haayidiroostaatikii Sadarkaan Isaa Gadi Bu'aa	CN-2644
Gabaasa Safartuu Taankarii Maanuwaalii Kan Ji'aa	CN-1367
Unka Sakattii Daawwannaa Faasiliitii Kan Ji'aa / Waggaa	CN-2544
Gabaasa Qorannoo Elektiroonikaalaa To'annoo Bakka Duwwaa Qaama Lamaan Gidduu Jiru Kan Ji'aa	CN-1340
Galmeessii Sakattii Baaldii Dhangalaatii To'atuu Kan Ji'aa	CN-1286
Sakattii Hojmaata Guutiinsa Irra Darbaa Ittisuuf Gargaaranii	CN-2584
Sakattii Jabeenya Sarara Sirroominaa fi Kan Adda Baastuu Dhimmuu	CN-1341
Galmees sakatta'iinsa Raabsituu Kurmaanaan Godhamu	CN-1287
Gabaasa Qorannoo Haayidiroostaatikii Kan Meeshaa Yaa'iinsa Ittisuu	CN-1366
Ibsa Mijaa'inaa	CN-1283
Gabaasa Qorannoo Dhimmisuu Taankarii	CN-1601

Waajjira dirree dhaabbata keessanitti dhiihoo jiru qunnamuuf kaartaa fuula itti aanu irratti argamu fayyadamaa.

Waajira Bakkee Naannoo

<https://www.tn.gov/environment/contacts/about-field-offices>

Waayee Naannoo Tennessee
irratti gaaffii qabduu?
1-888-891-TDEC (8332) irratti
bilbilaa
ask.tdec@tn.gov

Nashville


711 R.S. Gass Boulevard
Nashville, Tennessee 37216
Bilbila: (615) 761-7590
[Rhonda Key](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Cookeville

1221 South Willow Avenue
Cookeville, Tennessee 38506
Bilbila: (931) 337-4172
[Frank Pointer](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Johnson City

2305 Silverdale Road
Johnson City, Tennessee
37601
Bilbila: (423) 438-9100
[Kevin Rice](#)
Hogganaa Waajira Bakkee



Jackson

1625 Hollywood Drive
Jackson, Tennessee 38305
Bilbila: (731) 431-2924
[Ronda Johnson](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Chattanooga

1301 Riverfront Parkway, Suite #206
Chattanooga, Tennessee 37402
Bilbila: (931) 337-4172
[Frank Pointer](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Knoxville

3711 Middlebrook Pike
Knoxville, Tennessee 37921
Bilbila: (865) 320-6168
[Holly Marlowe](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Memphis

8383 Wolf Lake Drive
Bartlett, Tennessee 38133
Bilbila: (901) 232-5968
[Roshanda Forsythe](#)
Hogganaa Waajira Bakkee

Columbia

1421 Hampshire Pike
Columbia, Tennessee 38401
Bilbila: (931) 306-8712
[Dale Robinson](#)
Hogganaa Waajira Bakkee



Stan Boyd, Daarikteeraa
Diviizhinii Taankariiwwan Kuusaa
Lafa Jalaa
(615) 532-0945
Stan.Boyd@tn.gov

Boqonnaa 2 Kaffaltii fi Galmee, Mallattoo Diimaa, fi Itti Gaafatamummaa Faayinaansii

Galmeen abbaa qabeenyaa taankarii, meeshaa kaa'aman, bakka isaan qaamaan argaman, lakkoobsa taankarii, qabiyyee, hanga, meeshaa isaan irraa ijaaramanii fi kkf kan ibsu dha. Taankarii kuusaa peetirooliyeemii lafa jalaa fi/ykn sirna UST dhaabuun dursa yoo xiqqaate **guyyoota 15** dursuun *Beeksisa Dhaabbii Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa*(CN-1288) kan: <https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/notification-fees.html> irratti argamuun beeksisaa.

Taankaroonni boba'aa makaa etaanoonii %10, ykn baayoodiizilii %20 ol qaban *Tarree Sakatta'iinsa Walsimsiisaa Meeshaalee* (CN-1285) fi *Ibsa Walsimsiisaa* (CN-1283) guutuu fi dhiyeessu qabu. Yoo sirna UST haaraa fe'aa kan jirtan ta'e, unki keessan Unka CN-1288 waliin hammatamuu qabu.

Unka dursanii dhaabuu dabalatatti, *Beeksisa Taankarii Kuusaa Lafa Jalaaf* guutame unka CN-1260 erga sirni UST haaraan kaa'amee booda **guyyoota 15** keessatti dhiyeessu qabdu.

Abban qabeenyaa/dhaabbati taankarii kamiyyuu maqaa daldalaa Waajjira Barreessaa Tennesseeen galmaa'e qabaachuu qabu.

Yeroo jijjiiramni kamiyyuu UST keessan irratti taasifame Diviizhinicha beeksisuu qabdu. Jijjiiramootni haala armaan gadii dirqama **guyyoota 30** keessatti gara Diviizhinichaatti gabaafamuu qabu:

- Abbummaa: teessoo abbaa qabeenyaa fi operetera, fooyya'iinsa ykn bakka buusuu taankarii ykn ujummoo, yeroof ykn dhaabbataadhaan kutaa taankarii ykn taankarii cufuu, mala yaa'aa adda baasuu, oomisha kuufame, fi odeeffannoo quunnamtii
- Jijjiirama tajaajilaa yookaan kuufama oomisha bakka to'annoo qabu gara hin qabneetti jijjiiramuu
- Jijjiiramni Opireetaraa Gita A yookaan Gita B dirqama kuus deetaa leenjii weebii irratti hundaa'e kan Diviizhinichaa <https://tdec.tn.gov/tankhelper> tti gabaasuu qabu

Unka beeksisa marsariitii keenya:

- <https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/notification-fees.html> irraa buufachuu dandeessu yookiin
- Unka beeksisaa argachuuf yeroo kamiyyuu hojjettoota waajjira dirree quunnamuun (kaartaa armaan olii ilaala) ykn iimeelii UST.Tanks@tn.gov fayyasamaa.

Adoolessa 1, 2004 Seerri Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa Peetirooliyeemii Tennessee (UST Act) ragaa yeroo ammaa malee taankarii kamiifuu beeksisa ykn mallattoo dispenser fi/ykn buufata guutuu irratti maxxansuuf aangoo kennuu jalqabe. Itti aansee labsiin Imaammata Annisaa Federaalaa bara 2005 bahe, naannoleen maallaqa Federaalaa irraa argataniin sagantaa dhorkaa geejjibaa akka qabaatan gaafateera. Kanarraa kan ka'e, Diviizhinichi adeemsa seerota kabajuu qopheessee hojiirra oolcheera.

Adoolessa 1, 2008 fooyya'iinsi haaraan Seera UST irratti taasifame ragaa waggaa dhabamsiisuudhaan boba'aan UST keessa kaa'amuu fi dhiisuu isaa salphisee kaa'eera. Kanarran kan ka'e, Adoolessa 1, 2008 irraa eegalee jijjiiramootni kunneen ni taasifamu:

- Diviizhinichi kana booda tokkoon tokkoon dhaabbataaf waraqaa ragaa hin kennu;
- Diviizhinichi nagahee kaffaltii taankarii waggaa dandeettii boba'aa fudhachuu wajjin hin qabanne ni kenna; fi
- Diviizhinichi tokkoon tokkoon buufata UST guutuu hundaa irratti mallattoo diimaa maxxansuuf aangoo qaba, akkasumas dhorkaa boba'aa bakka bakkatti geejjibamu kaneen:
 - Kaffaltii Taankarii waggaa kan hin kaffalle fi adabbii yeroon isaa irra darben kan wal qabate; fi **Kaffaltiin addan kan cite 7/1/2021 hanga 6/30/2026* tti.**
 - Sarbama seeraa ajaja dhumaa fi adabbii siviilii fidan

Saayitonni dhorkaa geejjibaa jala jiran marsariitii Diviizhinichaa jalatti maxxanfamu. Tarreeffamni dhorkaa yeroo ammaa guyya guyyaan raabsitonni akka ilaalaniif ni fooyyefama. Adeemsi mallattoo diimaa taankarii dhaabbata tokko keessa jiran hunda irratti kan hojjetu yoo ta'u, mallattoo diimaan buqqifamuuf hanga hayyama barreeffamaa Daarektarii Diviizhinii irraa argattutti baafamuu hin danda'u. Akkuma mallattoo diimaa irratti ibsame, mallattoo diimaa hayyama malee buqqisuun akkaataa T.C.A. § 68-215-106(d) mallattoo diimaatti dhorkaa Gita C dha.

**HIN GEESSISIINAA
(DELIVER HIN GODHIINAA)**

Geessisiin kamiyyuu seera T.C.A. sarbinaan 68-215-106(a)

Deeliiveriin adabbii hanga \$10,000 ta'u fiduu danda'a.
T.C.A. 68-215-121

Eeyyama malee mallattoo buqqisuun balleessaa
Gita C ti

Diviizhinii UST (615) 532-0945 irratti quunnamaa

Fakkeenya Mallattoo Diimaa

Abbootiin qabeenyaa/opereetoroonni UST sirna UST irraa gadhiifamuuf dirqama kaffaltii maallaqaa eeguu qabu. Ittii gaafatamummaa Faayinaansii(Maallaqaa) jechuun:

- 1) Baasii qulqulleessa faalamaa hundaaf kaffaluu danda'uu qabdu, fi/yookaan
- 2) Badii meeshaa fi/yookiin miidhaa qaamaatiif qaama sadaffaa bakka buusuu.

Tennessee fandii isteetii abbootii qabeenyaa maallaqaan yaa'a boba'aa qulqulleessuudhaaf gargaaruu argachuudhaaf carraa qabeettiidha. *Iyyati Ulaagaa Fandii* (CN-0943) marsariitii: <https://www.tn.gov/environment/program-areas/ust-underground-storage-tanks/forms-guidance.html> irratti argamu. Iyyatichi kaffaltii deebi'u argachuuf yeroo murtaa'e keessatti guutamee galmaa'uu qaba. Yeroo gadhiifamuun peetirooliyeemii shakkametti ykn mirkanaa'etti ulaagaa guutuu kee murteessuuf sakatta'iinsi hojiimaata ulaagaa guutuu ni gaggeeffama. Maallaqni hir'ifamuu danda'u kan ati saayitii kee qulqulleessuuf kaffaltu yoo dhaabbati kee seera hin eegne ykn galmeewwan hojimaata ulaagaa guutuuf barbaachisan hunda yoo hin dhiyessine ta'e guddaa ta'uu danda'a; kanaaf, hojimaata ulaagaa guutu eeguu fi galmeessuun barbaachisaa dha. Akkasumas, hangi hir'atu yoo sirni meeshaa UST ulaagaa murtaa'e kan guutu ta'e ni hir'ata.

Boqonnaa 3 Leenjii Hojjetaa (Opireetaraa) Fi Gargaaraa Taankarii Tennessee

Cuunfaa Gita Opireetaraa

Akka seerra Imaammata Annisaa Federaalaa kan bara 2005 tti dhaabbati kamiyyuu Opireetaroota murtaa'anii fi leenji'an kan Gita A, Gita B fi Gita C ni qaba.

	Oppireetera Gita A	Oppireetera Gita B	Oppireetera Gita C
Ulaagaa Gita oppireetera kana eenyu guutaa?	Walii galatti namoonni dhuunfaa kanneen sirna UST hojjechuu fi eeguu waliin wal-qabatee ulaagaalee seeraa fi to'annaa irratti xiyyeeffatan	Walii galattii kanneen sirna to'annoo hojii irra oolmaa UST kanneen bakkeetti hojjetaman qabanii fi kan UST waliin dhaabbilee tokko yookin isaa ol ta'aniif hojiilee hoggayyuu, seerota sirreessuu fi galmeessuu kan hojii irra oolchudhaaf itti gaafatamummaa qaban	Walii galattii haalota yeroo balaa kan agarsiisan yookin bibila dammaqinsa'atiif deebii kennuudhaaf nama toora jalqabaa irra jiran

Abbaan qabeenyaa Taankarii Opireetaroota Gita A fi Gita B dhaabbata isaaniif muuduuf dirqama qabu. Abban qabeenyaa Taankariis Leenjii Opireetarummaa Gita A fi/yookaan Gita B fudhachuu filachuu danda'u.

Ulaagaalee opereteraa Kutaa C guutuuf, mallattoon ykn maanuwaalii qajeelfamaa (bakka nama hin qabneef hin barbaachisu) bakka yeroo hojii idilee mul'atutti kaa'amuu qaba. Yoo xiqqaate, mallattoon yookaan maanuwaaliin wantoota armaan gadii of keessatti haammachuu qaba:

1. Dhangala'aa fi guutinsa humnaan olii irratti deebii kennuuf gahee hojjettoonni qaban,
2. Of eeggannoo, dammaqsituuwwanii, fi deebii koosolii mala uumamuu dhimmuu adda baasu irraa argameef qajeelfamoota jiran (hojiirra oolmaa yoo qabaatan),
3. Maqaa fi lakkoofsa nama qunnamtii wayita balaa hatattamaa fi to'annaa meeshaa dammaqsituuwwani,
4. Lakkoofsa balaa yeroo hatattamaa naannoo keessaa, fi
5. Qajeelfama balaa mudachuu danda'u kamiyyuu irraa fageenya murtaa'e eeggachuu.

Yoo dhaabbati keessan humna namaa hin qabaanne, Opireetarra gita kutaa B kan leenjii Opireetara gita kutaa C fudhate ulaagaa kana guutuu danda'a.

Filannoowwan ulaagaalee leenjii opereteraa guutuuf jiran:

✓ **Gargaaraa Taankarii Tennessee**

Diviizhiniin kun ulaagaa gita kutaa opireetaraa guutuuf sagantaa leenjii kallattii intarneetaa bilisaan kan kennuu dha. Abbaan qabeenyaa sirna UST tokko odeeffannoo beeksisa dhaabbatichaaf jiru irratti hundaa'uun leenjii opereteraa xumuruu ni danda'a. Abbaan qabeenyaa Beeksisa Taankarii Kuusaa Lafa Jalaa (CN- 1260) fooyya'e guutuudhaan odeeffannoo sirrii hin taane haaromsuu qaba. Opireetaroonni sirna UST moojulii leenjii hunda xumuruun irraa eegama. Waraqaan ragaa erga moojuliin leenjii sirnaan xumuramee kan maxxanfamu ta'a.

✓ **Qormaata Opereetara Sirna UST Biyyaalessaa**

